مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني- إثيوبيا

# منظومة القيم العليا
## التوحيد والتزكية والعمران

فتحي حسن ملكاوي

# Seerota Safuulee Ol'aanaa
# Tokkichummaa Rabbii
# Qulqullinaa fi Ijaarsa

**Qopheessaan:**
Fathii HasanMalkaawii

**Hiikaan:**
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

# منظومة القيم العليا
# التوحيد والتزكية والعمران

## فتحي حسن ملكاوي

# Seerota Safuulee Ol’aanaa Tokkichummaa Rabbii Qulqullinaa fi Ijaarsa


## Qopheessaan:

## *Fathii Hasan Malkaawii*

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri



*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/72**

## ***Galata:***

*Sheek Xaahaa Jaabir Al-Alwaaniif kenna, kabajaa fi galata isaaniif qabuuf jecha. Namni beekaan tokko hanga dhuma umrii isaatti carraa argame hunda irraa akkamitti akka fayyadamuu fi irraa barachuu qabu isaan irraa baradhee jira.*

# Baafata

BOQONNAA TOKKOFFAA ........ 18
RABBIIN TOKKOCHOOMSUUN SEEROTA SAFUULEE OL'AANOO KEESSATTI BU'UURA ISA JALQABAATI ...... 18
Tokkoffaa: Jechoota Towhiidaa Qur'aana Kabajamaa Keessatti ........ 21
Lammaffaa: Jechoota Toowhiidaa Sunnaa Nabiyyii Keessatti: 39
Sadaffaa: Dhama Toowhiidaa fi Saayinsii Toowhiidaa ........ 44
Afraffaa: Fakkeenyota Kitaabolee Barnoota Toowhiidaa ........ 52
Shanaffaa: kitaaba Ismaa'iil Al-Faaruqii kan Toowhiidaa fi Qabiyyee isaa kan Xiinxalaa fi jireenyaa jedhu ........ 64
BOQONNAA LAMMAFFAA ........ 111
LUBBUU OFII QULQULLEESSUUN SIRNA SAFUULEE OL'AANAA KEESSATTI MAAL AKKA TA'E ........ 111
Tokkoffaa: Jechoota Tazkiyaa Qur'aana Kabajamaa Keessatti ........ 113
Lammaffaa: Jechoota Qulqullina (tazkiyaa) Hadiisa Nabiyyii Keessatti ........ 140
Sadaffaa: Tazkiyaa Manneen Barnoota Suufiyyaa, Jihaadaa fi Fedhii Namoota Qabeenyaa Irraa Gabaabachuu Filatan Biratti ........ 144
Afraffaa: Lubbuu Namaa Qulquleessuu ........ 152
Shanaffaa: Tooftaalee Qulqulleessaa ........ 171
BOQONNAA SADAFFAA ........ 194
IJAARSA AKKA SAFUULEE OL'AANOOTTI ........ 194
Tokkoffaa: Ijaarsa Akka Afaan Qur'aanaatti ........ 197
Lammaffaa: Hiikkaa Ijaarsaa Hadiisa Nabiyyii Keessatti ........ 226
Sadaffaa: Ijaarsa (kunuunsa) Ibnu Kalduuniin Biratti ........ 232

Afraffaa: Ijaarsaa fi Qaroomina ........ 241
Shanaffaa: Ijaarsa, Siyaasaa fi Mootummaa ........ 252
Xumura kitaabaa ........ 264

## **Dursa**

Waa’ee seera beekkumsa Islaamummaa irratti barumsa dur kenname irraa ka’uudhaan barreessaan kitaaba kanaa qabiyyeedhan seera beekkumsa kanaa daangessuuf yaalee jira. Yeroo qabiyyeewwan kana irratti qorannoo taasisu gaaffilee dhumaa kan waa’ee Rabbii, waa’ee dhala namaa fi waa’ee hawaa irratti yeroo baay’ee kaafamaniif deebii Islaamni kennu keessa barbaadaa turee jira. Yaaliin inni yeroo san taasises, qabiyyeewwan beekkumsa seera Islaamaa kun, dhuma gamaaggamiinsaa irratti deebiiwwan sadanii fi dameewwan isii armaan gadii kana irra naannofti ilaalcha jedhu irra gayee jira:

- Rabbii fi tokkichummaa isaatti amanuu, Rabbiin uumaa waan hundaati, Isatu dhimma uumaa Isaa olii fi gadi gargalcha, uumaa fi dhimmi isaaniis harka Isaa jira jedhanii amanuu.
- Rabbiin hawaa kana guutuu uumee ijaarsaa fi akkaataa sirna sosochii isaa bifa seeraa fi heera hubatamuu fi qoratamee irra gayamuun danda’amuun akka ilmi namaa bifa qajeelluma Rabbiin isaaf kenneen uumama (hawaa) kana ijaaruu (misoomsuu) qabu itti gaafatamaa isa godhee jira jedhanii amanuu.
- Ilmi namaa uumama kana kunuunsuu fi misoomsuuf itti gaafatamummaan itti kennamte tun, seera hawaasaa fi lubbuu namaa qulqulleessuudhaan mirkanaaya jedhanii amanuu.

Wanti salphaan, seerota iimaanaa sadan olitti dubbannee fi yaaliin sheekni keenna *Al-Alwaaniin* ilaalcha isaanii kan qajeelluma Qur’aanaa fi sonoota gurguddoo qajeellumni kun itti geessu irratti qaban wal-simuu isaati. Sonoonni gurguddoon sunis seerota safuulee murtii waan jedhamutti akeekee jira. Sonootuma

san irraa ka'uun Al-*Alwaaniin* qabiyyee safuulee sanii bakka saditti qoodee jira. Isaanis: Tokkichummaa Rabbii, lubbuu ofii qulqulleessuu fi ijaarsa (dachii fi hawaa guutuu misoomsuu)dha. Akka ilaalcha *Al-Alwaaniitti*, safuuleen sadan kunniin waliin ta'uun kaayyoo Rabbiin uumaa kana uumeef ibsuu fi ulaagaalee seerota safuu kan safuuleen ijoo fi dameen irraa burqan ifa godhuuf akka madda kaayyootti fayyada. Seeronni safuulee kunis wanta ala irraa dhufe ykn waan dirqamaan irratti ragga'e osoo hin taanee, dhugaalee wantootaa fi haala battala yeroo dhimmi sun keessa jiru ibsa.

Seerota safuulee sadan kana yeroo qopheessinu, tokkoon tokkoo qabiyyee safuulee kanniinii hariiroo cimaa akka waliin qabanii fi dirree irratti fayyadan keessatti ga'ee wal-guutiinsaa kan taphatan ta'uu mirkaneessuu feeneeti. Akka ilaalcha hayyuu Ismaa'iil Al-Faaruuqiitti, Xiinxala Islaamaa keesatti tokkichummaan Rabbii (Toowhiinni) mataa waan maraa, dhuka shaakallii amantii fi qarooma Islaamaa keessatti hundee ijaarsaa waan ta'eef, yoo toowhiida san irraa lubbuu fi miira namaa qulqulleessuun irraa hin burqin, yoo nama waliin jiraachuu fi akkaataan amala namaa ittiin hin sirraayin, gatiin toowhiinni jireenya namaa keessatti qabu, xiinxala duwwaa fi waan nama jalaa dhokate (*geeybaa*) qofa akkana ta'uu hin oolu jedhanii tilmaamuu qofa ta'a.Toowhiidaa fi qulqullinni lubbuu kun hawaasa ijaaruu, qarooma jajjabeessuu fi ilmi namaa dachii kana irratti bakka buufamaa ta'ee waan Rabbiin addunyaa kanaaf fedhe hojjate jedhame san hojiin yoo hin mul'ifamin; lubbuu fi miira namaa qulqulleessuun kun bifa sirrii hin ta'iniin addunyaa

irraa gabaabachuu fi jireenya walii galaa keessaa bayutti nama geessiti.

Yeroo waa'ee seerota safuulee haasofnu, qabiyyeewwan seerota safuulee kana jidduu addummaan walitti hidhamiinsaa fi wal-guutiinsaa jiraachuu mirkaneessina. Seera amantii fi dameelee beekkumsa isaa keessatti toowhiinni bu'uura yoo ta'e, qulqullini lubbuu eenyummaa nama tokkoo, waa'ee lubbuu fi sammuu isaa hojiin argisiisuu yoo ta'e, ijaarsi immoo seera hawaasummaa fi dameewwan isaa kan diinagdee fi siyaasaa mul'isuu keessatti seera walii galaa ta'ee yoo argame, seera kana keessatti cinaa jireenya namaa fi bifa si'aa'ina namaa mul'isu walitti qabnee jirra jechuudha.

Kanuma waliinuu qabiyyeen seerota safuulee kun wal-qixa jennee hin dubbannu. Gariin isaa hundee waan ta'eef dameeletu irraa fottoqa. Hojii fi xiinxala kamiyyuu keessatti toowhiinni tuqaa ka'umsaa waan ta'eef, eenyummaa nama tokkoo ykn garee gara qulqullina lubbuutti fuulleffachiisuun, hariiroowwanii fi seerota diinagdee fi hawaasummaa ijaaruun, damee sona toowhiidaa irraa fottoqeedha. Eenyummaa namaa bocuu fi hariiroowwan ijaaruun sona toowhiidaa kana hojii irra oolchuu irraa waan argameedha.

Amantiin Islaamaa aqiidaa, Rabbiin gabbaruu fi seera. Aqiidaa Islaamaa keessatti toowhiinni sona isa jalqabaati. Amantiin Islaamaa utubaalee shan irratti ijaarame. Shanan san keessaa tokko: Rabbii tokkicha malee dhugaan gabbaramaan hin jiru; Muhammad ergamaa Rabbiiti jedhanii ragaa bayuudha. Kanaafuu wanti ragaa bayiinsi kun bakka bu'u safuu ol'aanaa ragaan sunii fi utubaaleen afran hafan irratti gadi dhaabattan ta'uu


mul'isa. Utubaaleen afran hafan tooftaa qulqullina lubbuu fi wantoota fofokkuu irraa qulqullaayuu kan namni kamiyyuu bifa dhuunfaanis ta'ee bifa gareetiin itti hajaman ta'uu mul'isa.

Fakeenyaaf: salaanni wantoota fofokkisaa fi badii ta'an irraa nama qulqulleessa. Zakaa baasuun cubbuu irraa nama qulqulleessa. Soomni tooftaa sadarkaa sodaa Rabbii namaa dabaluudha. Dirqama *Hajjii* godhuu bayachuun immoo akka araarama Rabbii argataniifi. Rabbiin ilma namaa irraa waa tokko fudhachuu hin barbaadu. Wanti akka gorraasaa fi gabbartii ilmi namaa raawwatuu abbama saniif toltuu, *barakaa* (faaydaa heddu) fi sodaa Rabbii isaaf dabala.

Safuuleen ol'aanoo ta'an kunniin ulaagaa safuulee dameewwanii isa irraa fottoqan ittiin too'atanii yoo ta'e, jireenyi ilmi namaa addunyaa kana irratti kallattii hundaan hundaa'e, bu'uura tokko irraa waan burqeef sirritti walitti hidhata qabaata. Akkasumas fedhii fi hawwii guyyaa boodaa (aakiraa) irratti namni sun argachuu barbaaduunis hidhata qaba. Namni sun Rabbii fi ergamaa Isaa jaalata. Hojii gaggaarii dalaguu barbaada, miira isaatii fi hariiroo nama waliin qabu bareecha. Ilma namaatiif waan gaggaarii malee hin hawwu. Amalli isaa nama wal-qixxeessuu, amaanaa eeguu, dhugaa dubbachuu, waadaa guutuu fi amala gaggaarii hundaan ibsama. Bifuma wal-fakkaatuun hojii isaa keessatti waan gaarii dalaga, dirqama isaa ni bayata, mirga nama biraa ni kabaja, nama wal-qixxeessa, miidhaa (gidira) ni balaaleffata; of qofaaf hin jiraatu, fedhii lubbuu ofii jala hin deemu.

Addunyaa safuulee tanaan guutamte keessa jiraachuun, jireenya nama dhuunfaa tokko irratti nagayaa fi tasgabbii lubbuu

qofa kan fiduu osoo hin ta'in, ilma namaa kan wal-qabatu, waliif mararfatuu fi keessi isaa humna qabu ijaaruuf gargaara. Akkasumas hawaasa diina ala irraa isatti duulu qolachuuf dandeettii qabu, gootummaa fi obsa cimaa qabu ijaara. Akka seenaa irraa barannetti, hawaasni safuulee fi bu'uura kana irratti guddate duula alaa of irraa qolachuu keessatti akka cimaa ta'e nuuf hima.




Yaaliiwwan koloneeffattootaa fi warroota amantii Islaamaa keessaa nama baasaniis, jalqaba irratti safuulee kana irratti kan fuulleffateedha. Kunis wanti godhameef, haala jireenyaa haaraya kan jaalalli qabeenyatti amanuu ulaagaa qaroomaa fi guddinaati jedhuun bakka buusuun hawaasa Islaamaa keessaan dadhabsiisuu ture. Hawaasa Islaamaa keessatti dhaloonni seerota safuulee Islaamaa irratti hin guddatin, kanneen tooftaalee ijaarsa hawaasaa keessaa kan hawaasa warra Dhihaa malee toofaa biraa hin argin dirree hooggansa ummatichaa irratti baay'inaan argamu. Dhaloonni sun addunyaa meeshaa qofatti amantu warra Dhihaa irraa dhaalanii gara biyya keessaa galchu.

Isattis dabaluun xiinxalaa fi eenyummaa nam-tolchee (fakkeessuu) warra Dhihaa irraa ergifatu.

Mul'anni akkanaa kun babal'atuu fi dhaloonni kana irratti guddifamanii abjuun isaanii hundi kanaan walitti hidhamaa dhufuu waliin seeronni safuuwwanii kan mul'ataa fi amala namaa ittiin rogeessuuf akka hundeetti fudhatamu sun hanqataa dhufee jira. Kun immoo akka mul'anni namaa dhama'uu fi hawaasni eenyummaa ofii dhabee wanta dhama hin qabne, hoffaa jala fiigu godhee jira. Qaroomaa fi guddina qabeenyaa kan eenyummaa fi safuu isaa isa hin gachisiifnes hin ijaarre, ijaarsaa fi firii qaroomaa argamsiisuu keessattis gumaacha boonsaa hawaasni biraa godhan sanis hin gumaachine. Kuusaa qabeenya dheedhii kan hattuun saamu, gabaa soorannaa banaa kan namoonni biraa meeshaa, safuu fi seera mataa isaanii itti dhiyeeffatan ta'ee hafee jira. Safuu fi seeronni isaan fidan kunis safuu isaatiin wal-dida, bolola biyyattii booji'uu fi too'annaa ofii jala galchuutiifis saaxila baasa.

Qabiyeewwan seerota safuu kana walitti qabuu irraa bu'aa argamuu fi hariiroo toowhiinni, qulqullinni lubbuu fi ijaarsi waliin qaban ibsuun baay'ee salphaadha. Tokkichummaan Rabbii guddaa ol ta'ee dhugaa beekkamaa waa hubachuu, xiinxaluu fi sammuun qaroon itti nama geessituudha. Rabbiin tokkichoomsuun jallina, dhama'iinsaa fi dhiphina nama toowhiida hin qabne mudatu irraa nama boqachiisa. Qulqullinni immoo lubbuu namaa tana waan fofokkuu irraa qulqulleessuun wantoota gaggaariin faayuudha. Hawaasas badii fi karaa maqiinsa irraa qulqulleessuu, qabeenya namaa dhalaa fi hanna irraa qulqulleessanii misoomsuu, jidduu namaatti naannessuu (misoomsuu)dha. Kunis miiraa fi qomni namaa akka nagaya

argatu godha, mallattooleen itti gaafatamummaan namatti dhagayamuu fi birmadummaa hawaasaa akka cimu godha. Kunis gama isaatiin hawaasa tokko ta'e, kan manaa fi seera isaa keessatti sirritti wal-qabate ijaaruuf oola.

Ijaarsi uumama (hawaa guutuu) kunuunsuu fi irraa fayyadamuu kun immoo tattaaffii dhalli namaa jireenya waan gaggaariin faayamte ijaaruuf taasisuu fi humna tattaaffii san hojii irra oolchuuf baasuudha. Tattaaffiin namni taasisu kunis kaayyoo ilmi namaa dachii kana irratti bakka bu'aa godhameef galmaan gayuuf gargaara. Akkasumas qabeenya dachii fi hawaa guutuu keessa jiran baasanii jireenya ofii ittiin mijeeffachuuf, qarooma dhala namaa guddisuu fi karaa sirrii ta'e irra kaayuuf nama gargaara. Haala kanaan seeronni safuulee sadan akka ilaalcha Islaamaatti qabiyyee mul'anni addunyaa Rabbiif, namaa fi hawaaf qabu akka wal-guutan taasisa.

Aqiidaan Islaamaa argama kana irratti dhugaan guddaan Rabbiin tokkochoomsuu akka ta'e ibsuu keessatti shakkiin wayiituu hin jiru. Dhugaan kunis dhugummaa ofii ofumaa fi dhugaalee biraa irraa fudhata. Hawaan guutuun uumamumaan murtii toowhidaatiif bitamaadha. Ilmi namaa uumama hawaatiin wali-simachuu yoo barbaade, qulqullaayuu qaba, Rabbiin qofa gabbaruu qaba. Rabbiin waan isaan hin malle irraa qulqullaaye inni Rabbii namni hundi Isa gabbaruudha (kunis towhiida gabbartii jedhama). Akkasumas Inni gooftaa nama hundaati (Toowhiida Rabbummaa jedhama).

Dhimmi lubbuu ofii qulqulleessuu jedhu kunis ilma namaa dachii kana irratti bakka bu'aa ta'e ilaala. Innis akka qajeelfama Rabbiin guddaan tokkicha ta'e nama ajajetti dhimma

haala jireenya namaa jijjiiruudha. Asumaanuu lubbuu qulqulleessuun kunis tooftaa fi kaayyoo ijaarsatti nama geessuudha. Kunis dhuka ykn dhama ijaarsa hawaasaa fi kunuunsa dhala namaati.

Kitaabni kun boqonnaa sadi qaba. Tokkoon tokkoo boqonnaalee kanaas seerota safuuwwan ol'aanoo san irratti kan fuulleffataniidha. Adeemsi qopheessaan kitaabichaa hordofes safuulee sadan san irraa haasayuuf Qur'aana madda bu'uuraa kan godhateedha. Qur'aanattis ida'ee Hadiisa ergamaa Rabbii kanneen kitaaba sirrii *Bukaarii* fi *Muslim* keessatti dubbatamanis akka maddaatti itti fayyadamee jira. Bifa baay'ee muraasa ta'een immoo bakka hiikkaan Hadiisichaa rakkina hin qabnetti, hadiisota kitaabolee biraa keessatti dubbatamanis akka ragaatti dhimma itti bayee jira. Kanuma waliinuu tattaaffiiwwan beektonni Muslimaa safuulee kana irratti taasisan dubbachuunis dirqama. Sababni Qur'aana akka bu'uura hubannaa seerota safuuleetti itti fayyadamneef, Qur'aanni kun waan jiru ibsuu fi rakkina jiru hunda isaa furuuf gahaa ta'eefi.

Safuuleen ol'aanoon sadan: toowhiinni, qulqullinaa fi ijaarsi hundee safuulee biraa akka ta'an bakkee heddutti dubbannee jirra. Rabbitti amanuu, haala guddisa lubbuu ofii, eenyummaa nama tokkoo ijaaruu, haala jireenya siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa rog-qabeessa taasisuuu, hariiroowwan Muslimaa kan alaa fi keessaa irratti maddi furmaataa Qur'aana. Safuuleen sadan kun amantii Islaamaa keessatti safuulee gurguddaa ta'anis, akka ilaalcha warroota amantii biraa kan Rabbii tokkichatti amananiittis, akka deeggartoota guddinaa fi dammaqina qaroomaattis, akka

sadarkaa hawaasa dhala namaa fi akka sadarkaa guutuu addunyaattis akka safuulee ilma namaa fi addunyaa guutuutti fudhatamti.

Safuuleen kun bifa ilma namaa fi addunyaa hundaan malu qabdi jennee raggaasisuun keenna kun, akkaataan boca isaa hordoftoota amantii gara garaa fi qarooma hawaasa adda addaa biratti akkuma mul'anni isaanii adda adda ta'e, safuuleen kunis halluu biraa qabaachuu danda'u yaada jedhu kan mormuu miti. Yahuudonni fi Kiristaanonni hordoftoota amantii Tokkichummaa Rabbii mirkaneessuu keessatti lakkaayamanis, isaan biratti toowhiinni Rabbitti waan adda addaa dabaluun kan laaqameedha. Akkasumas Rabbii guddaa ibsa isaan hin malle isatti irkisanii jiru. Qajeelfamoota ijaarsaa fi lubbuu ofii qulqulleessuu kana qarooma biraa kan akka qarooma warra Dhihaa keessatti arginus, ilaalchi lubbuu, guddisa ilmaanii fi akkaataan jireenya hawaasaa isaan biratti babal'atee jiru badii, karaa irraa maqiinsaa fi dabiinsaan kan guutameedha.

Wanti asitti ibsuun nurraa eeggamu, keeyyatoonni gariin kitaaba kanaa kitaaba *Manhajiyyatu Attaakaamul Al-Ma'arafii* jedhamu keessatti dubbatamee jira. Sunis bifa hariiroo safuuwwanii fi sonoota jidduu jiru ibsuutiin dubbatame. Akkasumas toowhiida, qulqullinaa fi ijaarsa bifa sonoota adeemsa xiinxalaa, qorannoo adeemsaa fi naamusa adeemsaa too'ataniin ibsame. Kitaaba kana keessatti immoo bifa seerota ulaagaalee kan mul'ata dimshaashawaa aragama dhalli namaa hojii dachii irratti bakka bu'ummaa itti kenname bayachuuf qabu keessatti gahee wal-guutiinsaa akka taphatan mul'isuuf dhiyaate. Ulaagaaleen sunis naamusa nama dhuunfaa fi garee sirreessa,

gama qabeenyaa fi hamileetiin qarooma ijaara, qarooma kanas qajeelluma wahyii Rabbii fi ergamaa Isaatti dhiyeessa.

Kitaaba kana keessatti sirnoonni safuulee kunniin bifa gadi bu'iinsa qabuu fi caalatti qayyabatamuu danda'uun dhiyaate. Namni waa'ee kanaa irratti hubannaa jalqabaa naaf kennee akka kitaabichi kun bifa guutuu amma jiru kanaan qophaayuuf na gargaare sheeka kenna *Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii* waan ta'eef, kitaaba kana kennaa isaaniin godha. Akkuma dur dubbanne, wanti irra laafaan seerota sadan (toowhiida, qulqullinaa fi ijaarsa) fi sirna beekkumsa Islaamummaa keessatti qabiyyeewwan ijoo sadan (Rabbiin, hawaa fi ilma namaa) wal-maddii qabanii ilaaluudha. Kanaafuu safuuleen ol'aanoon: tokkichummaa Rabbii, addunyaa ijaaruu (misoomsuu) fi lubbuu ilma namaa cubbuu fi wantoota fofokkuu irraa qulqulleessuudha.

Akka ilaalcha *sheek Al-Alwaaniitti* seeronni tokkichummaa Rabbii, ijaarsaa fi qulqullina lubbuu namaa kun osoo seerota safuu hin ta'iniin duratti seerota kaayyooti. Wantoota fiqhii fi xiinxala Islaamummaa jala seenan hunda irratti seera ol'aantummaa qabu akka ta'u barbaada. Yoo akkas hin ta'in fiqhii fi xiinxalli keennas Islaamawaa hin ta'u. *sheek Al-Alwaaniin* sammuu isaa ta seera shari'aa fi waa mormii baratte saniin seeronni kunniin hambaalee Islaamaa laaqama hambaalee warra kitaaba kennamanii fi hambaalee ummatoota biraa irraa qulqulleessuuf akka seensa adeemsaatti itti fayyadamuu barbaada. Barnoota ummatoota biraa irraa fudhanne, dhimmoota seenaa isaanii fi ji'oogiraafii isaanii osoo akka seensa safuu Islaamaatti itti hin fayyadamnee saayinsiiwwan ammayaa irratti

murtii hin kennine dursinee sakatta’uuf akka seensa nuuf ta’u barbaada.

Kanuma waliinuu, haasofni *sheek Al-Alwaaniin* seerota kana irraa haasaye, haasaya kaayyolee Qur’aanaa ol’aanooti. Sababni isaas safuu ol’aanaa fi safuu waa ittiin murteessan kan murtiiwwan shari’aa fi gar-tokkee qofa irratti hundaa’e ykn kan kaayyoleen *Usuula Al-Fiqhiin* keessatti kutaa baay’ee barbaachisaa waan ta’eef isa furuuf qofa osoo hin taane, kaayyoo Rabbiin uumaa kana uumeef Qur’aana irraa argachuu fi dhugaa dalagaa ilma namaa fi hariiroo inni kaayyoo Qur’aanaa san waliin qabu hubachuudha.

Akka ilaalcha *sheek Al-Alwaaniitti* kaayyoleen ol’aanoon murtiif oolan kunniin barnoota shari’aa fi saayinsiiwwan hawaasummaa keessatti beekkumsa walii galaa cimsuuf nama gargaaru jedhee yaada. Kaayyoleen Qur’aanaa dimshaashawaan kunniin heerota hundaa kan fiqhii fi seeraas hojii irra oolchuuf, eenyummaa nama Islaama dhuunfaa fi garees deebisanii ijaaruuf, addunyaa Islaamaatiif akka fakkeenya gaariitti akka fudhatamu godhuuf, akka Islaamummaan amantii hunda irratti ol ta’ee argamu cimsuu keessatti gahumsa gahaa qabdi. Kaayyoleen ol’aanoon murtiif ta’an kunniin hundi isaaniituu ykn gariin isaa kan nama hundaaf ta’uudha.

Iddoo biraatti, yeroo tokkotti seerota safuu kana akka seera kaayyoo, safuu fi sonaatti itti fayyadamnee turre. Sababni isaas dhimma kamiyyuu keessatti tuqaa ka’umsaa murtaawaa irraa kaanee, sochii keenna keessatti gara karaa sirrii fi adeemsa qajeelaatti fuulleffannee kaayyoo fi galma gayamuuf barbaadamutti fuulleffachuu irraa waan kaanuufi. Seeronni

hubannoolee sadanii: kaayyolee, sonootaa fi safuulee wal-keessa seenaa ta'uun isaa, wal-keessa seeniinsa wal-guutiinsaa kan hubannaan hunduu hubannaa isa biraa ofitti harkisu ta'uu isaa agarsiisa.

Wal-guutiinsi kunis wal-guutiinsa duraa fi duuba qabsiisuu kan hubannaan tokko isaan lamaan hafan irraa qabu mul'isa. Ijoon dubbii kanaa dalagaawwan ilma namaati. Ilmi namaa hojii wayii yeroo raawwatu, jalqaba hojii isaa irratti seerotaa fi ulaagaalee jalqabbii hojii san nagaya qabeessa godhan beekuu qaba. Akkasumas kallattii sirrii irra deemuu qaba, hojii san kaayyoo nagayaatiif hojjachuun kaayyoo isaa galmaan gayachuu qaba.

Yeroo itti fayyadamnu, yaad-rimeeleen sadan kan wal-keessa seenan ta'uu argina, bifti isaaniis wal-fakkaataa ta'uu ni qayyabanna. Yeroo kaayyoo ibsinu kaayyoo murteessaa, safuus safuu murteessaa, sonas sona murteessaa jennee ibsina. Kunis waan hubannooleen kunniin hojii namaa jalqabsiisuu, kallattiiwwan hojii sanii fi kaayyolee isaa irratti murteessuu keessatti waan wal-simataniifi. Yeroo seerota sadan ibsinu immoo seerota ol'aanoo jenna: seera kaayyolee ol'aanaa, seera safuulee ol'aanaa fi seera sonoota ol'aanaa jenna. Wanti seerota kanaa olii hin jiru, wanti isaa gadii hunduu isa irraa kan fottoqaniidha.

Jalqabni yaada boqonnaawwan kanniinii, yaada Dr. Xaahaa Al-Alwaaniin seerota safuulee ol'aanoo sadan: toowhiida, qulqullina lubbuu fi ijaarsaa irratti barruulee isaa hedduu keessatti irra deddeebi'ee barreesseedha. Garuu barruu san keessatti bifa gadi bu'iinsa qabuu fi gab nama godhuun hin

ibsine. Waa'ee kanaa yaaduu fi kitaaba kana qopheessuuf kan na kakaases, Rabbii gaditti bu'uura isa irraa argadheedha. Kanuma waliinuu afaan sheek Al-Alwaaniitiin dubbadha ykn qalama isaatiin barreessa ykn immoo yaada ifa galaa qabadhee dhufe ykn mata duree kana bifa nama quubsuun qopheesse jedhee of hin ibsu.

Ibsootaa fi barruulee qorannoo dabalataatiif karra saaquun nuuf gayaadha. Akkasumas dhimmicha irra deebi'anii ilaaluu fi hubachuuf xurree banuudha. Ibsamoota akkanaa kana keessatti wantoonni baay'ee barbaachisan, ibsa bifa haasyaatiin dhiyaate kanniin akkaataa hojii irra itti oolchan bocuu fi fakkeenya saayinsaawaa hojii guddisa ilmaanii raawwatuu fi dhimmoota saayinsaawaa fayyaduu danda'u dhiyeessuudha.

Kitaabni kun kitaaba 'Seerota safuulee mul'ata Islaamaa' kan isa keessatti waa'ee yaad-rimee safuulee fi barbaachisummaa isaa, addummaa isaa, qoqqoodama isaa fi safuulee kana barachuu fi barsiisuu of keessatti hammate qopheessuuf akka seensaatti akka fayyadu abdii qabna.

*Kan nama qunnamu Rabbi, Inniin waan Isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye isatu karaa sirrii ta'etti nama qajeelcha.*

*Fathii Hasan Malkaawii*

# BOQONNAA TOKKOFFAA
# RABBIIN TOKKOCHOOMSUUN SEEROTA SAFUULEE OL'AANOO KEESSATTI BU'UURA ISA JALQABAATI

# BOQONNAA TOKKOFFAA
# RABBIIN TOKKOCHOOMSUUN SEEROTA SAFUULEE OL’AANOO KEESSATTI BU’UURA ISA JALQABAATI

## Seensa

Akka ilaalcha sheeka keenna *Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alwaaniitti*, seeronni safuulee safuu: Toowhiidaa, qulqullina fi ijaarsa of keessatti hammata. Amantiin Rabbii yoo Rabbii waan hunda uume hin tokkochoomsin, ilma namaa uumamaa yoo hin qulqulleessin fi akka inni amaanaa bakka bu’ummmaa isati kenname bayatee hawaa kana guutuu abuuree qarooma keessatti ijaaru yoo hin godhin hiika hin qabaatu. Ilmi namaa uumamaan kun isatu *wahyii* (beeksisa) Rabbii tokkicha biraa bu’een dubbifama, tokkichummaa Rabbiitti amana, Rabbi gabbaramaa ta’uu Isaa mirkaneessa, dandeettii Isaa kan beekkumsaa fi hojii dachii kana misoomsuu fi haala jireenya dhala namaa guddisuu keessatti itti fayyadama. Haala kanaan ilmi namaa kaayyoo qulqullina jedhu kan lubbuu ofii, qabeenyaa fi hariiroowwan ofii qulqulleessuu fi kunuunsuu jedhu san mirkaneessa.

Seerota bu’uuraa kan tokkichummaa Rabbii, booda lubbuu ofii qulqulleessuu fi itti aansee hawaa guutuu kunuunsuu jedhu kana irraa safuulee hunda maddisiisuu dandeenna. Namni tokkichummaa Rabbiitti amanu, Rabbiin gabbaruu fi tokkochoomsuun wantoota addaan hin baane, kan kallattiidhaan walitti hidhata qaban ta’uu ni hubata. Akkasumas sonoonni lamaan kun akka ilmi namaa ajaja wahyii Qur’aanaa kan sodaa Rabbii qabaachuu, hawaasa dhugaaf falmatu ijaaruu, obbolummaa namummaatti amanuu, amaanaa bakka bu’ummaa

baadhachuu fi humna qabnu hawaa fi qarooma ijaaruuf akka dhimma itti bayuu qabnu nu ajaju san jala deemuu qabnu mul'isa.

Seeronni safuulee sadan: tokkichummaa Rabbii, qulqullina lubbuu fi dachii/hawaa kunuunsuun hariiroo wal-guutiinsaa fi walitti hidhataa qaba yoo jennu safuuleen sadanuu sadarkaan kabajaa fi barbaachisummaa isaa tokko jechuu miti. Amantii Islaamaa keessatti toowhiinni mataa waan hundaati. Ifaajeen ilma namaa addunyaa kana irratti isaan madaalamti, mindaan guyyaa boodaas (*aakiraa*) isaan namaa kaffalama. Yeroo hundaa toowhiinni Rabbiin biratti bu'uura amantiiti, xalayaa Rabbiin ergamtoota hunda gara dhala namaatti ittiin ergeedha. Kana irratti Rabbiin akkana jedha:

﴿ وَمَآ أَرۡسَلۡنَا مِن قَبۡلِكَ مِن رَّسُولٍ إِلَّا نُوحِيٓ إِلَيۡهِ أَنَّهُۥ لَآ إِلَٰهَ إِلَّآ أَنَا۠ فَٱعۡبُدُونِ ٢٥ ﴾ الأنبياء: ٢٥

*[(Yaa Muhammad!) ergamtoota si duraa hunda waan biraatiif hin ergine, ana malee gabbaramaan biraa hin jiruu, anuma gabbaraa jechuufi] (Al-Anbiyaa'u: 25).*

Ragaa lamaan: Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan hin jiru, Muhammad ergamaa Isaati jedhu ragaa bayuun balbala gara Islaamummaa ittiin seenanii ijaarsa utubaalee Islaamaa shanan ittiin jalqabaniidha. Dhugaan amantii Islaamaa yoo ilaallu, amantii aqiidaa, seeraa jireenyaa fi gabbartii Rabbii walitti qabatuudha. Qabiyyee ragaan lamaan of keessatti hammattu kanaan utubaaleen iimaanaa jahanuu daangeffamti. Isa kanaan anniisaa namaa kan xiinxalaa fi argamaa kaka'a.

Ragaa lamaan kanaan hidhaa meeshaa (qabeenya) qofattu amanuu keessaa bayuun gara qabeenyaa fi afuura wal-

madaalsisuutti lubbuun namaa ol guddatti. Mana hidhaa duniyaa keessaa bayuun qilleensa addunyaa fi aakiraa keessa balali'uu fi ololaa fi oduu sobaa irraa qulqullaayuun gara beekkumsaatti dhufuuf nama gargaara. Yeroo dirqamoota utubaaleen iimaanaa dirqama nama irratti godhan galmaan geenne, obbolummaan Mu'umintootaa cimuun ummata tokkoome ijaaruun akka isaan tattaaffii ilmi namaa bakka bu'ummaa fi kunuunsa hawaa isatti kenname kana bayachuuf taasisu irratti isaan gargaaran godhuuf fayyada.

Ergaan toowhiidaa utubaalee Islaamaa fi Iimaanaa qofa irratti kan dhaabbatee miti. Inumayyuu gara sadarkaa *Ihsaanaa* (tola ooluutti) ol siqa. Kaka'umsi sammuu, onnee fi qaamaa sadarkaalee qulquullinaatiin hidhata qaba, balbala waan gaggaarii dalaguu dhaabachuu fi aqiidaa ykn amala ofii *shirkii* (Rabbitti waa dabaluu) irraa qulqulleessuuf Ihsaana barbaachisa.

Boqonnaa kana keessatti toowhiinni wanta guddaa waan ta'eef waa'ee isaa irraa haasofna. Boqonnaa kana keessatti bifa toowhiidaa ibsina. Akkasumas keeyyatoota Qur'aanaa fi hadiisaa waa'ee isaa dubbatanis ni ilaalla. Isatti aansee seenaa ummata Muslimaa keessatti waa'ee toowhiidaa irraa wantoota dubbataman faana dhooyna. Dhuma irratti kabaja toowhiidaa kan afuura namaa, jireenya hawaasummaa fi dhugaa battalaa namni keessa jiraatu irratti inni qabu ilaalla.

## Tokkoffaa: Jechoota Towhiidaa Qur'aana Kabajamaa Keessatti

Jalqaba barraaqa seenaa dhala namaa irraa eegalee, waa'een amantii jireenya ummataa keessatti baratamaadha. Garuu beektonni amantii jijjiirama amantii irratti godhamaa

dhufe kana irratti hubannoon isaan qaban wal-qixaayaa miti. Beektonni kunniin qu'annoo *Antirooppoolojii* isaanii keessatti yaada armaan gadii kana ka'umsa godhatanii ka'an. Innis:'Ummanni baadiyaa wayii kutaalee seenaa garii keessatti mul'atanii turan. Waa'ee waaqaa ilaalchisee amantii mataa ofii bocatanii turan. Amantii kunis sadarkaalee sadi keessa dabree ture. Innis: waaqni baay'achuu, waaqa baay'ee kana keessaa kan caalu filachuu fi waaqa tokkochoomsuudha'. Hayyuun *Abbaas Al-Aqqaad* jedhamus ilaalcha hayyoota amantii kana eega ilaaleen booda, waa'een amantii waaqaa kun ummata keessa bifa adda addaatiin faffaca'ee ture waan ta'eef, amantii hundaa fi ummatoota hunda biratti sadarkaa wal-fakkaataa keessa kan dabree miti jedhe.

Garuu wanti maddeen amantii Islaamaa kan Qur'aana kabajamaa fi Hadiisni nabiyyii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* raggaasisu, akka gaafa Rabbiin abbaa ilma namaa Aadamiin (AS) uume irraa eegalee dhukni amantii Rabbiin tokkochoomsuudha. Garuu ilmaan Aadam booda irra toowhiida dagataa dhufanii amantiin isaanii oduu fi olola adda addaatiin walitti laaqamaa dhufe. Wanti Rabbiin ergamtootaa fi nabiyyoota isaanitti ergeef kanaafi, akka isaan ilma namaa kana gara Rabbii tokkichatti amanuu fi bifa inni karaa godheen Isa qofa gabbaruutti akka deebisaniifi. Turtiin yeroo dheerachuu waliin, daguu fi wallaalli akka namni karaa toowhiidaa irraa dabuuf sababa ta'ee jira. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ وَقَالُوا۟ لَا تَذَرُنَّ ءَالِهَتَكُمْ وَلَا تَذَرُنَّ وَدًّا وَلَا سُوَاعًا وَلَا يَغُوثَ وَيَعُوقَ وَنَسْرًا ﴿٢٣﴾ ﴾ نوح: ٢٣

*[Waaqa keessan gabbaruu hin dhiisinaa jedhan. Waddi, Suwaa'a, Yaguus, Ya'uuqii fi Nasriin gabbaruu hin dhiisinaa] (Nuuh: 23).*

Akka Ibnu Abbaas jedhanitti yeroo keeyyata Qur'aanaa kana nuuf hiiku, Waddi, suwaa'a… kunniin maqaa namoota gaggaarii hortee nabi Nuuhiiti. Eega isaan du'aniin booda namoonni soodduu yaadannoo isaaniif dhaabanii turan. Turtii yeroo dheeraatiin booda namoonni gaarummaa warra du'ee san dhiisanii, soodduu san gabbaruu eegalan[1].

Beektonni Muslimoota hin ta'in yaanni tokkichummaa Rabbii jedhu kan amantii Islaamaa keessa jiru, yaada amantiiwwan biraa tokkichummaa Rabbiitti ni amanna jedhanii irraa akka baay'ee adda ta'e ibsu. Addummaan amantii Islaamaa keessa jiru kunis gama ilaalcha Rabbii tokkichaaf qabanii fi gama ilaalchi kun hariiroo Rabbiin uumaa isaa waliin qabuu fi gama hariiroo namni jidduu isaatti waliin qabuunis isa amantiiwwan biraa bira jiru irraa adda ta'uu isaati.

Rabbiin wal-qixxeessaa fi mararfataa nama hundaa waan ta'eef, nabiyyootaa fi ergamtoota ummatoota hundattuu erguun akka yaamicha Rabbiin tokkichoomsuu isaaniif dhiyeessan ajaje. Kana irratti Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha:

﴿ ۞ إِنَّآ أَوْحَيْنَآ إِلَيْكَ كَمَآ أَوْحَيْنَآ إِلَىٰ نُوحٍ وَٱلنَّبِيِّـۧنَ مِنۢ بَعْدِهِۦ ۚ وَأَوْحَيْنَآ إِلَىٰٓ إِبْرَٰهِيمَ

وَإِسْمَٰعِيلَ وَإِسْحَٰقَ وَيَعْقُوبَ وَٱلْأَسْبَاطِ وَعِيسَىٰ وَأَيُّوبَ وَيُونُسَ وَهَٰرُونَ وَسُلَيْمَٰنَ ۚ وَءَاتَيْنَا

[1] - Kitaaba Sahiiha Bukaarii keessatti, Ibnu Abbaas irraa odeeffame.

دَاوُۥدَ زَبُورٗا ﴿١٦٣﴾ وَرُسُلٗا قَدۡ قَصَصۡنَٰهُمۡ عَلَيۡكَ مِن قَبۡلُ وَرُسُلٗا لَّمۡ نَقۡصُصۡهُمۡ عَلَيۡكَۚ وَكَلَّمَ ٱللَّهُ
مُوسَىٰ تَكۡلِيمٗا ﴿١٦٤﴾ رُّسُلٗا مُّبَشِّرِينَ وَمُنذِرِينَ لِئَلَّا يَكُونَ لِلنَّاسِ عَلَى ٱللَّهِ حُجَّةُۢ بَعۡدَ ٱلرُّسُلِۚ
وَكَانَ ٱللَّهُ عَزِيزًا حَكِيمٗا ﴿١٦٥﴾ ﴾ النساء: ١٦٣ – ١٦٥

*[(Yaa Muhammad) akkuma nabi Nuuhii fi nabiyyoota isa boodaan dhufanitti wahyii goone, sittis (akka gara amantii Islaamaatti nama yaamtu) wahyii goonee jirra. Ibraahiim, Ismaa'iil, Is-haaq, Ya'aquub, Asbaax, Iisaa, Ayyuub, Haaruunii fi Suleeymaanittis wahyii goonee jirra. Daawuudiifis kitaaba Zabuur jedhamu kennineefii jirra. Ergamtoota garii waa'ee isaanii siif himnee fi kan waa'ee isaanii siif hin odeessinis (erginee jirra). Rabbiin Muusaa dubbisee jira (kallattiidhaan jiddu deemaa tokkoon alatti). Ergamtoota akka isaan nama gammachiisanii fi nama seeraniif (ergine), sunis eega ergamtoonni ergamaniin booda ilmi namaa waan sababatu akka hin qabaanneefi. Rabiin danda'aa fi ogeessa] (Annisaa: 163-165).*

Qur'aanni jala sararee akka ergamtoonni hundinuu amantii tokko qabatanii dhufan ibsa. Sunis Rabbii waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye tokkichoomsuudha. Garuu seeronni (*shari'aan*) isaanii adda adda. Kana irratti Rabbi akkana jedha:

﴿قَالَ يَٰقَوۡمِ ٱعۡبُدُواْ ٱللَّهَ مَا لَكُم مِّنۡ إِلَٰهٍ غَيۡرُهُۥٓ ﴿٨٥﴾ ﴾ الأعراف: ٨٥

*[Rabbiin gabbaraa, isa malee gabbaramaan biraa isiniif hin jiru]* (Al-*A'araaf: 59, 65, 73, 85, Huud: 50, 61, 84, Mu'uminuun: 23, 32).*

Amantii nama hundaa tokko godhuun kaayyoo xalayaa ergamtootaa fi nabiyyoota hundaati. Kanaafuu namoonni dhugumaan tokkichummaa Rabbii, Rabbummaa isaa fi ibsoota isaatti amanan, jidduu ergamtoota kamiituu addaan baasanii hin ilaalan, tokko ta’uu isaanii irrattis wal-hin dhaban.

﴿ لَا نُفَرِّقُ بَيْنَ أَحَدٍ مِّن رُّسُلِهِۦ ٢٨٥ ﴾ البقرة: ٢٨٥

*[Jidduu ergamtoota kamiituu addaan hin baafnu] (Al-Baqarah: 285).*

Namoonni Rabbitti waa dabalan immoo kan Rabbiin waliin ykn Rabbii gaditti waaqa biraa gabbaran, wallaala waan qabaniifi, waan lubbuu ofii miidhaniifi, waan boonaniifi. Miidhaa fi bu’aan isaan irratti fuulleffatantu tokkichummaa Rabbii irraa ija isaanii jaamse. Kanaafuu toowhiidatti yoo waamaman itti ulfaata, isatti amanuun isaanitti cima. Garuu tokkichummaan Rabbii waan namni hundi irratti uumame, isatu dhugaa hawaa fi amala lubbuu waliin deema. Kana irratti Rabbiin waan isaan hin malle irraa qulqullaaye akkana jedha:

﴿ ۞ شَرَعَ لَكُم مِّنَ ٱلدِّينِ مَا وَصَّىٰ بِهِۦ نُوحٗا وَٱلَّذِيٓ أَوۡحَيۡنَآ إِلَيۡكَ وَمَا وَصَّيۡنَا بِهِۦٓ
إِبۡرَٰهِيمَ وَمُوسَىٰ وَعِيسَىٰٓۖ أَنۡ أَقِيمُواْ ٱلدِّينَ وَلَا تَتَفَرَّقُواْ فِيهِۚ كَبُرَ عَلَى ٱلۡمُشۡرِكِينَ مَا تَدۡعُوهُمۡ إِلَيۡهِۚ ٱللَّهُ
يَجۡتَبِيٓ إِلَيۡهِ مَن يَشَآءُ وَيَهۡدِيٓ إِلَيۡهِ مَن يُنِيبُ ١٣ ﴾ الشورى: ١٣ *[ Amantii irraa waan Nuuhiif dhaame karaa isiniif godhee jira. Ka nuti sitti wahyii goone (yaa Muhammad) fi wanti Ibraahimiif, Muusaa fi Iisaafis dhaamne, amantii (Diinii gadi dhaabuu) ykn jabeessuudha. Isa irratti addaan hin bayinaa. Wanti ati Mushrikoota (warroota Rabbitti waa dabalan) itti yaamtu kun baay’ee itti ulfaatee jira. Rabbiin (isa tokkichoomsuu kanaaf)*

*abbaa fedhe filata, nama gara isaatti deebi'e karaa sirrii irratti isa qajeelcha] (Ashuuraa: 13).*

Qur'aana kabajamaa keessatti *suuraan Samad* waa'ee tokkummaa Rabbii sirritti kan ibsituudha.

﴿قُلْ هُوَ ٱللَّهُ أَحَدٌ ۝١ ٱللَّهُ ٱلصَّمَدُ ۝٢ لَمْ يَلِدْ وَلَمْ يُولَدْ ۝٣ وَلَمْ يَكُن لَّهُۥ كُفُوًا أَحَدٌۢ ۝٤﴾ الإخلاص: ١ - ٤

*[Rabbi tokkicha jedhi (yaa Muhammad). Rabbiin kan namni hunduu itti dhimmamuudha. Hin dhalle, hin dhalannes. Wanti isatti qixxaayu kamiyyuu hin jiru] (Assamad: 1-4).*

Rabbiin guddaan waan Isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye tokkicha masaanuu ykn waan Isatti fakkaatuu fi waan Isatti qixxaayu hin qabneedha. Rabbiin guddaan tokkicha, wanti Isaa gaditti jiru hunduu waan baay'ina qabu.

﴿وَإِلَٰهُكُمْ إِلَٰهٌ وَٰحِدٌ ۖ لَّآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ ٱلرَّحْمَٰنُ ٱلرَّحِيمُ ۝١٦٣﴾ البقرة: ١٦٣

*[ Rabbiin keessan, Rabbii tokkcha, Isa malee Rabbiin biraa hin jiru] (Al-Baqarah:163).*

﴿إِنَّمَا ٱللَّهُ إِلَٰهٌ وَٰحِدٌ ۝١٧١﴾ النساء: ١٧١

*[Rabbi tokkicha] (Annisaa: 171).*

﴿وَمَا مِنْ إِلَٰهٍ إِلَّآ إِلَٰهٌ وَٰحِدٌ ۝٧٣﴾ المائدة: ٧٣

*[Rabbii tokkicha malee Rabbiin biraa hin jiru] (Al-ma'ida:171).*

﴿وَلِيَعْلَمُوٓا۟ أَنَّمَا هُوَ إِلَٰهٌ وَٰحِدٌ وَلِيَذَّكَّرَ أُو۟لُوا۟ ٱلْأَلْبَٰبِ ۝٥٢﴾ إبراهيم: ٥٢

*[Rabbi tokkicha ta'uu haa beekan] (Ibraahim: 52*

﴿ فَإِلَٰهُكُمۡ إِلَٰهٞ وَٰحِدٞ فَلَهُۥٓ أَسۡلِمُواْۗ وَبَشِّرِ ٱلۡمُخۡبِتِينَ ٣٤ ﴾ الحج: ٣٤

*[Gooftaan keessan Rabbii tokkicha] (Al-Hajji: 34*).

﴿ وَمَآ أُمِرُوٓاْ إِلَّا لِيَعۡبُدُوٓاْ إِلَٰهٗا وَٰحِدٗاۖ لَّآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَۚ ٣١ ﴾ التوبة: ٣١

*[Rabbii tokkicha gabbarutti malee waan biraatti hin ajajamne. Isa malee Rabbiin biraa hin jiru] (Attowbah: 31).*

Haala kanaan Rabbiin tokkicha. Ibsa keessatti homtuu Isatti hin fakkaatan. Isa qofatu waa uuma, Isa malee uumaan biraa hin jiru. Rabbiin uumaadha, tokkicha, kan hiree nama hundaaf qoodu, kan dhimma hunda olii fi gadi gagargalchu, Isa qofa kan dhimma waan dachii irra jiru, samii keessa jiruu fi waan jidduu jara lamaanii jirutti yaadu. Kan hiree namaa kennus, kan dhimma waan hundaa olii gadi gargalchus Rabbii tokkicha kana qofa. Gooftaan tokkichi kun Rabbii waan hundaati.

﴿ إِنَّ إِلَٰهَكُمۡ لَوَٰحِدٞ ٤ رَّبُّ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ وَمَا بَيۡنَهُمَا وَرَبُّ ٱلۡمَشَٰرِقِ ٥ ﴾

الصافات: ٤ - ٥

*[Rabbiin keessan tokkicha. (Innis) Rabbii samii, dachii fi waan jidduu jara lamaanii jiruuti. Inni Rabbii warra Bahaati] (Assaaffaat: 4-5).*

Keeyyatoota Qur’aana kabajamaa kanneen waa’ee Rabbii tokkichaa fi tokkichummaa Isaa dubbatan hunda asitti tarreessinee xumuruufii miti. keeyyatoonni Rabbi tokkicha jedhanii fi kanneen Rabbiin malee gabbaramaan biraa hin jiru jedhan qoftinuu, keeyyatoota waa’ee tokkichummaa Rabbii dubbatan hunda tarreessuu irraa nuuf gahu.

Keeyyatoota kanniin keessatti tokkichummaan Rabbii gama jechaatiinis ta’ee gama himaatiinis kan dhufe bifa baay’ina,

fakkeenya, ida’amaa fi isatti qixxaayuu dhabamsiisuuni. Gama lakkoofsaatiin Rabbiin tokkicha waa uumuu fi waa olii fi gadi gargalchuudha.

﴿ ۞وَقَالَ ٱللَّهُ لَا تَتَّخِذُوٓاْ إِلَٰهَيۡنِ ٱثۡنَيۡنِۖ إِنَّمَا هُوَ إِلَٰهٞ وَٰحِدٞ فَإِيَّٰيَ فَٱرۡهَبُونِ ﴿٥١﴾ ﴾ النحل: ٥١

*[Rabbiin gooftaa (waaqa) lama hin qabatinaa jedhee jira. Inni (Rabbi) gooftaa tokkicha] (Annahlu: 51).*

Kan waa uumu Rabbiin qofa. Isatu uumaa uume kana tiksa, dhimma isaaniis xumuraaf. Tokko bakka saditti hin qoodamu ykn sadi tokkicha keessatti walitti hin qabamu.

﴿ وَلَا تَقُولُواْ ثَلَٰثَةٌۚ ٱنتَهُواْ خَيۡرٗا لَّكُمۡۚ إِنَّمَا ٱللَّهُ إِلَٰهٞ وَٰحِدٞۖ ﴿١٧١﴾ ﴾ النساء: ١٧١

*[(Rabbi) sadihi hin jedhinaa. Akkas jechuu dhiisutu isinii caala. Rabbi gooftaa tokkicha] (Annisaa: 171).*

Osoo addunyaa kana irra gooftaan heddu jiraatee, silaa humni isaanii wal-caala. Jireenya uumama kanaa adeemsisuu keessatti silaa wal-dhabanii walitti bu’u. Bu’aan walitti bu’iinsa isaanii sun immoo, hawaan kun akka baduu fi burjaaja’u godha ture.

﴿ لَوۡ كَانَ فِيهِمَآ ءَالِهَةٌ إِلَّا ٱللَّهُ لَفَسَدَتَاۚ فَسُبۡحَٰنَ ٱللَّهِ رَبِّ ٱلۡعَرۡشِ عَمَّا يَصِفُونَ ﴿٢٢﴾ ﴾ الأنبياء: ٢٢

*[Osoo dachii fi samii kana keessa gooftaan lama jiraatee, silaa (dachii fi samiin) kun badan. Rabbiin guddaan arshiin irratti ol ta’e waan Iisaan ibsan irraa qulqullaaye] (Al-Anbiyaa’u: 22).*

Osoo argama kana keessa Rabbiin moggatti gooftaan biraa jiraatee, silaa gooftaan hunduu waan ofii uume san qabatee adda bayee, dhimma uumaa ofii uumee san bifa ofii barbaadeen kophatti gaggeeffata. Silaa seeraa fi akkaataan sosochii sirna hawaa kun wal-dhaba. Silaa gooftaalee jiran kana keessaa tokko

kabajaan ykn aangoon isa kaan caalee argama. Silaa jidduu jaraatti wal-dhiibuu fi wal-falmuun gar-malee babal’atee argama.

﴿ وَمَا كَانَ مَعَهُۥ مِنۡ إِلَٰهٍۚ إِذٗا لَّذَهَبَ كُلُّ إِلَٰهِۭ بِمَا خَلَقَ وَلَعَلَا بَعۡضُهُمۡ عَلَىٰ بَعۡضٖۚ سُبۡحَٰنَ ٱللَّهِ عَمَّا يَصِفُونَ ٩١ ﴾ المؤمنون: ٩١

*[Isa waliin gooftaan kamiyyuu hin jiru. (osoo gooftaan biraa waliin jiraatee) gooftaan hunduu waan ofii uume qabatee adda baya. Silaa tokko isa kaan irratti ol ta’ee argama. Rabbiin waan Jarri ittiin isa ibsan kana irraa qulqullaayee jira] (Al-Mu’iminuun: 91).*

Argamni (uumamni) kun tasgabbaayee dhimma ofi bayachuun, bifa seera qabeessa ta’een sosocho’uun, uumama kana hunda seerri tokkichi bulchuun, kan waa uumuu fi dhimma wantoota uumee san xumuruuf tokkicha ta’uu irratti ragaadha. Ka waa uumuu fi ajajus Isa, Rabbiin addunyaa hunda uume ol ta’e, waan Isaan hin malle irraa qulqullaaye. Toowhiida (tokkichummaa Rabbii) qulqulluu makaa hin qabne ilaalchisee, Qur’aana kabajamaa keessatti bifa adda addaatiin akeekni hedduun dubbatamee jira. San keessaa akka fakkeenyaatti:

- Seenaalee Nabiyyoota hundaa keessatti, amantiin tokko ta’uun isaa dubbatamuu fi ergamtoonni hundi amantii toowhiidaatiin kan dhufan ta’uu isaati. Kunis ibsa keeyyata Nabiyyoonni Qur’aanaa keessatti waa’ee nabiyyootaa fi ergamtoota hundaa dubbatu keessatti akkana jechuun ibsame:

﴿ وَمَآ أَرۡسَلۡنَا مِن قَبۡلِكَ مِن رَّسُولٍ إِلَّا نُوحِيٓ إِلَيۡهِ أَنَّهُۥ لَآ إِلَٰهَ إِلَّآ أَنَا۠ فَٱعۡبُدُونِ ٢٥ ﴾ الأنبياء: ٢٥

*[ (Yaa Muhammad) ergamtoota si dura ergine hundayyuu Ana malee Rabbiin biraa hin jiru, Ana gabbaraa jechuu wahyii itti goone] (Al-Anbiyaa: 25).*

Kunis waa'ee dhugaa Rabbi tokkicha ta'uu irratti ergamtoonni hundinuu jecha wal-fakkaataan ergaman jechuu ibsa. Suuraa *Al-Araaf* keessattis waa'ee Nuuh, Huud, Saalihii fi Shu'eeybi gosa isaaniitiin jedhan ilaalchisee kan dhufes isuma kana:

﴿لَقَدۡ أَرۡسَلۡنَا نُوحًا إِلَىٰ قَوۡمِهِۦ فَقَالَ يَٰقَوۡمِ ٱعۡبُدُواْ ٱللَّهَ مَا لَكُم مِّنۡ إِلَٰهٍ غَيۡرُهُۥٓ إِنِّيٓ أَخَافُ

عَلَيۡكُمۡ عَذَابَ يَوۡمٍ عَظِيمٖ ٥٩﴾ الأعراف: ٥٩

*[ Nuuhiin gara gosa isaatti ergine. Yaa lammii (kiyya) Rabbiin gabbaraa. (Isaan) alatti gooftaan biraa isiniif hin jiru jedheen] (Al-A'araaf: 59).*

﴿ ۞ وَإِلَىٰ عَادٍ أَخَاهُمۡ هُودٗاۚ قَالَ يَٰقَوۡمِ ٱعۡبُدُواْ ٱللَّهَ مَا لَكُم مِّنۡ إِلَٰهٍ غَيۡرُهُۥٓۚ أَفَلَا تَتَّقُونَ ٦٥

﴾ الأعراف: ٦٥

*[ (Lammii) Aaditti obboleessa isaanii Huudiin ergine. Yaa lammii (kiyya) Rabbiin gabbaraa. (Isaan) alatti gooftaan biraa isiniif hin jiru jedheen] (Al-A'araaf: 65).*

﴿وَإِلَىٰ ثَمُودَ أَخَاهُمۡ صَٰلِحٗاۚ قَالَ يَٰقَوۡمِ ٱعۡبُدُواْ ٱللَّهَ مَا لَكُم مِّنۡ إِلَٰهٍ غَيۡرُهُۥۖ ٧٣

﴾ الأعراف: ٧٣

*[ (Gosa) Samuuditti obboleessa isaanii Saalihiin ergine. Yaa lammii (kiyya) Rabbiin gabbaraa. (Isaan) alatti gooftaan biraa isiniif hin jiru jedheen] (Al-A'araaf: 73).*

﴿وَإِلَىٰ مَدۡيَنَ أَخَاهُمۡ شُعَيۡبٗاۚ قَالَ يَٰقَوۡمِ ٱعۡبُدُواْ ٱللَّهَ مَا لَكُم مِّنۡ إِلَٰهٍ ﴿٨٥﴾

﴾ الأعراف: ٨٥

*[ (Lammii) Madyanitti obboleessa isaanii Shu'eeybiin ergine. Yaa gosa (kiyya) Rabbiin gabbaraa. (Isaan) alatti gooftaan biraa isiniif hin jiru jedheen] (Al-A'araaf: 85).*

Jechummaan [Rabbiin gabbaraa, isaan ala gooftaan biraa isiniif hin jiru jedhu] kun bifuma wal-fakkaatuun suuraa Huud keessatti si'a sadi, Suuraa Mu'uminuun keessatti si'a lama, bifuma kanatti dhiyaatuun immoo suuraalee biraa hedduu keessattis dhufee jira.

- Rabbitti waa dabaluu mormuu fi namoota Rabbitti waa dabalan irratti ragaa itti rageessuu. Sunis guddina Rabbii, abbaa waan hunda irratti murti kennu ta'uu isaa, argamni hundi seer-qabeessa ta'uu fi seera sosochii hawaa isaaniif akeekuuni. Kana irratti Rabbi akkana jedha:

﴿أَمَّنۡ خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضَ وَأَنزَلَ لَكُم مِّنَ ٱلسَّمَآءِ مَآءٗ فَأَنۢبَتۡنَا بِهِۦ حَدَآئِقَ ذَاتَ بَهۡجَةٖ
مَّا كَانَ لَكُمۡ أَن تُنۢبِتُواْ شَجَرَهَآۗ أَءِلَٰهٞ مَّعَ ٱللَّهِۚ بَلۡ هُمۡ قَوۡمٞ يَعۡدِلُونَ ﴿٦٠﴾ أَمَّن جَعَلَ ٱلۡأَرۡضَ قَرَارٗا
وَجَعَلَ خِلَٰلَهَآ أَنۡهَٰرٗا وَجَعَلَ لَهَا رَوَٰسِيَ وَجَعَلَ بَيۡنَ ٱلۡبَحۡرَيۡنِ حَاجِزًاۗ أَءِلَٰهٞ مَّعَ ٱللَّهِۚ بَلۡ
أَكۡثَرُهُمۡ لَا يَعۡلَمُونَ ﴿٦١﴾ أَمَّن يُجِيبُ ٱلۡمُضۡطَرَّ إِذَا دَعَاهُ وَيَكۡشِفُ ٱلسُّوٓءَ وَيَجۡعَلُكُمۡ خُلَفَآءَ
ٱلۡأَرۡضِۗ أَءِلَٰهٞ مَّعَ ٱللَّهِۚ قَلِيلٗا مَّا تَذَكَّرُونَ ﴿٦٢﴾ أَمَّن يَهۡدِيكُمۡ فِي ظُلُمَٰتِ ٱلۡبَرِّ وَٱلۡبَحۡرِ وَمَن
يُرۡسِلُ ٱلرِّيَٰحَ بُشۡرَۢا بَيۡنَ يَدَيۡ رَحۡمَتِهِۦٓۗ أَءِلَٰهٞ مَّعَ ٱللَّهِۚ تَعَٰلَى ٱللَّهُ عَمَّا يُشۡرِكُونَ ﴿٦٣﴾ ﴾

النمل: ٦٠ - ٦٣

*[Eennutu samii fi dachii uumee, ooyruuwwan argaan isii bareeddu isin biqilchuu hin dandeenne isiniif biqilche. Rabbiin*

*waliin gabbaramaan biraa ni jiraa? Isaan dhugumatti tuuta dhugaa irraa daban. Eennutu dachii diriirsee, laggeen isii keessa yaasee, naannoo isii irra gaarren gadi dhaabee, galaana lamaan (Kuraawaa fi mi'aawaa) jidduu girdoo godhe. Rabbiin waliin gabbaramaan biraa ni jiraa? Hedduun isaanii hin beekan. Eennutu nama dhiphate yeroo inni kadhate isaaf awwaatee (birmateefii) rakkina san isarraa saaqee, dachii kana irratti bakka bu'oota isin godhe. Rabbiin waliin gabbaramaan biraa ni jiraa. Xinnoma hin yaaddanii. Eennutu dukkana badhee fi galaanaa keessatti karaa sirrii irratti isin qajeelcha. Eennutu bubbee fuul-durri isii gammachuu hammatte isiniif erga. Rabbiin waliin gabbaramaan biraa ni jiraa? Rabbiin waan isin itti dabaltan kana irraa ol ta'e] (Annaml: 60-63).*

- Rabbiin waan Isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye, yeroo Qur'aana keessatti waa'ee maqaawwanii fi ibsoota Isaa dubbatu, toowhiidaa fi gabbartii Isaa walitti hidhuu Isaati.

﴿ ٱللَّهُ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَۖ لَهُ ٱلۡأَسۡمَآءُ ٱلۡحُسۡنَىٰ ﴿٨﴾ ﴾ طه: ٨

*[Allaah isa malee gabbaramaan biraa hin jiru. Maqaan gaariin hunduu Isaafi] (Xaahaa: 8).*

﴿ وَمَا مِنۡ إِلَٰهٍ إِلَّآ إِلَٰهٌ ﴿٧٣﴾ ﴾ المائدة: ٧٣

*[Gabbaramaan Rabbii tokkicha malee hin jiru] (Al-Maa'idaa:73).*

﴿ وَإِلَٰهُكُمۡ إِلَٰهٌ وَٰحِدٌۖ لَّآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ ٱلرَّحۡمَٰنُ ٱلرَّحِيمُ ﴿١٦٣﴾ ﴾ البقرة: ١٦٣

*[Isa malee gabbaramaan biraa hin jiru. Inni tola oolaa fi mararfataadha] (Al-Baqarah: 163).*

﴿ ٱللَّهُ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ ٱلۡحَيُّ ٱلۡقَيُّومُ ﴿٢٥٥﴾ ﴾ البقرة: ٢٥٥

*[Gabbaramaan Allaah malee hin jiru. (Inni) jiraataadha, waan hundaan dhaabbataadha] (Al-Baqarah: 255).*

﴿ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ ٱلۡعَزِيزُ ٱلۡحَكِيمُ ﴿٦﴾ ﴾ آل عمران: ٦

*[Isa malee gabbaramaan hin jiru. (Inni) danda'aa fi ogeessa] (Aala Imraan: 16).*

﴿ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ يُحۡيِۦ وَيُمِيتُۖ ﴿١٥٨﴾ ﴾ الأعراف: ١٥٨

*[Allaah malee gabbaramaan biraa hin jiru. (Inni) ni jiraachisa ni ajjeesa] (Al-A'araaf: 158).*

﴿ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ رَبُّ ٱلۡعَرۡشِ ٱلۡكَرِيمِ ﴿١١٦﴾ ﴾ المؤمنون: ١١٦

*[Isa malee gabbaramaan hin jiru. (Inni) Rabbii arshii kabajamaati] (Al-Mu'uminuun: 116).*

﴿ وَمَا مِنۡ إِلَٰهٍ إِلَّا ٱللَّهُ ٱلۡوَٰحِدُ ٱلۡقَهَّارُ ﴿٦٥﴾ ﴾ ص: ٦٥

*[Rabbii tokkicha injifataa waan hundaa ta'e malee gabbaramaan wayiituu hin jiru,] (Saad: 65).*

Ulamaa'onni (beektonni) hedduun keeyyatoota Qur'aanaa kana raga godhachuun toowhiida bakka saditti qoodan. Isaanis:

**1-** ***Toowhiid Arrubuubiyyah***: Hiikkaan isaas Rabbiin uumaa addunyaa guutuuti. Isa qofatu waa uuma, dhimma (uumaa Isaa) kanaaf haala mijeessa, Isa qofatu ajjeesa, Isa qofatu ka du'e kaasa, Isatu namaaf roobsa...fi kkf. Keeyyatoota Qur'aana waa'ee kanaa dubbatan keessaa afakkeenyi:

﴿ أَلَا لَهُ ٱلۡخَلۡقُ وَٱلۡأَمۡرُۗ تَبَارَكَ ٱللَّهُ رَبُّ ٱلۡعَٰلَمِينَ ٥٤ ﴾ الأعراف: ٥٤

*[Dhagayaa! Waa uumuu fi ajajni hunduu isaafi. Rabbiin uumaa guutuu uume (waan isaan hin malle hunda irraa) ol ta'e qulqullaaye] (Al-A'araaf: 54).*

2- ***Toowhiid Al-Uluuhiyyah***: Hiikni isaa Rabbi qofatu gabbaramuu haqa godhata jedhanii amanuu. Isa qofaaf gadi jedhama, ajajni Isaa fudhatama, Isa qofatu kajeelama, Isa qofa irraa waa kadhanna, Isa qofa irratti irkatama, jaalalli isaaf fi kkf. Keeyyatoota Qur'aanaa keessaa akka fakkeenyaatti kana kan ibsu:

﴿ وَمَآ أَرۡسَلۡنَا مِن قَبۡلِكَ مِن رَّسُولٍ إِلَّا نُوحِيٓ إِلَيۡهِ أَنَّهُۥ لَآ إِلَٰهَ إِلَّآ أَنَا۠ فَٱعۡبُدُونِ

٢٥ ﴾ الأنبياء: ٢٥

*[ (yaa Muhammad) si dura ergamtoota ergine hundayyuu Ana malee Rabbiin biraa hin jiru, Ana gabbaraa jechuu wahyii itti goone] (Al-Anbiyaa: 25).*

3- ***Toowhiida Asmaa'aa fi Sifaataa*** *(Toowhiida waa'ee maqaalee fi ibsootaa):* kana jechuun Rabbiin cufuma ibsoota mallattoolee guutamiinsaa ibsaniin himama, cufuma mallattoolee hanqina mul'isanii irraa qulqullaayaadha, ibsoota Isaa kanaan uumama hunda irraa adda ta'aadha jedhanii amanuu. Ibsoonni kunis maqaa fi mallattoolee Inni ittiin of ibsee fi waan ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* ittiin Isa ibse osoo itti hin daballe, osoo irraa hin hir'ifne, osoo wayitti Isa hin fakkeessine, osoo ibsa Inni ittiin of ibse hin dhabamsiifne,

osoo ibsa san hin jallifne itti amanuudha. Fakkeenyi keeyyatoota Qur'aanaa kanneen waa'ee kanaa ibsanii:

**4-** ﴿لَيۡسَ كَمِثۡلِهِۦ شَيۡءٞۖ وَهُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلۡبَصِيرُ ١١﴾ الشورى: ١١

*[Ka isa fakkaatu hin jiru. Inni dhagayaa fi argaadha] (Ashuuraa:11).*

Toowhiinni dhimma amantii kamiyyuu irratti ykn waa'ee ummata isaan bulanii irratti ifa galaa ta'uu isaa keeyyatoota Qur'aanaa akka ragaatti itti fayyadamuu ni dandeenna. Fakkeenyaaf: Qur'aanni kabajamaan toowhiinni Rabbii tokkichummaa ummata Islaamaa akka dirqama godhu nuuf ibsa. Tokkummaan ummata Islaamaa keessatti ibsa hundeedha. Akkasumas dirqamoota amantii keessaa isa tokko.

﴿إِنَّ هَٰذِهِۦٓ أُمَّتُكُمۡ أُمَّةٗ وَٰحِدَةٗ وَأَنَا۠ رَبُّكُمۡ فَٱعۡبُدُونِ ٩٢﴾ الأنبياء: ٩٢

*[Ummanni keessan kun ummata tokkicha. Ani Rabbii keessani Na gabbaraa!] (Al-Anbiyaa'u: 92).*

Namni amantii kanaaf bitame ibsa ilmaan ummata tokkoomee jedhu kanaan ibsamuu qaba. Garuu Qur'aanni keeyyata kana keessatti tokkichummaa ummata kanaa Rabbii tokkichaaf gabroota ta'anii ibsamuun walitti hidhe. Gabbartiin asitti ibsame kun hiika bal'aa fi dimshaashawaadha. Ilmi namaa hojii wayii yeroo hojjatu bifa qulqullina qabuun hojjachuu akka qabus of keessatti hammata. Innis "Rabbiin akka waan argituutti Isa gabbaruu. Yoo atis Isa arguu baatte, Inni si arga".

Garuu amantii Islaamaa keessatti tokkummaan ummataa kun, kutaa tokkummaa dhala namaa kan bifaa fi gosaan gara gara ta'eeti. Tokkummaan kun kan ifa ta'uun, hundee fi bu'uurri dhala namaa tokko ta'uu isaatiini. Rabbiin waan isaan hin malle hunda

irraa qulqullaaye, Inni Rabbii dhala namaa hundaati. Inni tokkicha homtuu Isatti hin dabalaman.

﴿إِنَّ إِلَٰهَكُمْ لَوَاحِدٌ ﴿٤﴾﴾ الصافات: ٤

*[Rabbiin keessan tokko] (Assaaffaat: 4).*

Rabbiin tokkichi uumaa ilma namaa hunda lubbuu takka irraa uumuu jalqabe. Kana irratti akkana jedha:

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ ٱتَّقُواْ رَبَّكُمُ ٱلَّذِي خَلَقَكُم مِّن نَّفْسٍ وَٰحِدَةٍ وَخَلَقَ مِنْهَا زَوْجَهَا وَبَثَّ مِنْهُمَا رِجَالًا كَثِيرًا وَنِسَآءً ﴿١﴾﴾ النساء: ١

*[Yaa ilma namaa, Rabbii keessan sodaadhaa! Isaa lubbuu takka (Aadam) irraa isin uume, isii irraa xundaa isii (Hawwaa'a) uume. Jara lamaan irraa dhiira baay'ee fi dubartoota bakka hunda keessa facaase (sodaadhaa)] (Annisaa'u: 1).*

Tokkummaa uumaa kana irraa kan maddu immoo ilmi namaa hundi kabaja namummaa isaa keessatti guutumatti wal-qixa ta'uu isaati, akkasumas hundi isaaniituu booddeen deebii isaanii gara Rabbiititti ta'uu isaati.

﴿ثُمَّ إِلَىٰ رَبِّكُم مَّرْجِعُكُمْ فَيُنَبِّئُكُم بِمَا كُنتُمْ تَعْمَلُونَ ۚ إِنَّهُۥ عَلِيمٌۢ بِذَاتِ ٱلصُّدُورِ ﴿٧﴾﴾ الزمر: ٧

*[Eega sanii deebiin keessan gara Rabbiititti ta'a. inni waan isin dalagdan isiniif hima. Inni waan qoma keessa jiru beeka] (Azzumar: 7).*

Tokkummaan dhala namaa tokkummaa ilma namaa jiruu addunyaa kanaan walitti hidhata qabdi. Akkuma yeroon dhalli namaa dachii kana irratti itti mul'achuu eegale jirtu, yeroon jiruun kun itti dhumatee, jiruun guyyaa boodaa eegalu dhuma jiruu kanaa ta'a. Jidduu jiruu kana lamaaniitti namoota dhalatanii jiruu

eegalantu jira. Namoonni gariin immoo du’anii jiruun isaanii dhaabatti *[Rabbiin jiraachisee ajjeesa] (Aala Imraan: 156). Rabbii biratti ummata hundaa fi lubbuu hundaafuu guyyaa dhumaa (beekamatu) jira.*

﴿إِنَّ أَجَلَ ٱللَّهِ إِذَا جَآءَ لَا يُؤَخَّرُۚ لَوۡ كُنتُمۡ تَعۡلَمُونَ ۝٤﴾ نوح: ٤

*[Beellamni Rabbii yoo dhufe gara duubaatti hin deebifamu yoo ka beeytan taate] (Nuuh: 4).*
Tokkummaan jireenyaa tokkummaa Rabbiin ittiin ibsamu san ifa godha.

Tokkummaan dhugaa immoo bu’uura beekkumsi mul’ata Islaamaa irratti bu’uureffamuudha. Rabbiin waan Isaan hin malle irraa qulqullaaye Isatu dhugaadha, Inni tokko, dhugaan immoo baay’ina lakkoofsaa hin qabu tokkuma. Dhugaan jiru wantoota addunyaa kana irra jiran keessatti dhokatee jira. Rabbiin guddaan wantoota dhokatan kana keessaa muraasa bifa gama wahyiitiin nuuf ibsa, akka qorannee irra geennus nu ajaja. Yeroo hundaa wanti nuti arginu wahyiin buufamu dhugaa battalaa kan Rabbiin uumeen kan wal hin dhabne ta’uu isaati.

Seerri uumamaa seera Rabbiin uumama isaa keessa kaayeedha. Seera kanniin keessaa garii isaa Rabbiin xiinxalaa fi gamaaggamaaf nutti mul’isa, garii isaa immoo akka nuti qorannee irra geennuuf. Dhuma qu’annoo keennaa irratti odeeffannoon wahyiin nuuf himuu fi kan qorannoo goone irraa argannu gama hojiitiin fi gama dhugaa sammuun namaa fudhattuutiinis guutumatti wal-simatu ta’uu isaa argina. Wal-simannaan akkanaa kun tokkummaa dhugaa jennee waan ibsinuudha.

Tokkummaan dhugaa kunis dhugaa lafa irra jiruu fi keeyyatoota wahyii jiddutti wal-faallessuun gonkumaa akka hin argamne ibsa. Dhugaa sammuun namaa itti amantuu fi keeyyatoota wahyii jidduus wal-diddaan akka hin jirre agarsiisa. Hanga ragaan tokkummaa beekkumsaa hidda godhatutti, hubannaa dhala namaa ragaalee haaraya mul'atan irra deebi'ee qayyabachuuf balballi yeroo hundaa banaa taatee hafti.

Ifa galiinsa toowhiidaa muraasa bifa gadi bu'iinsa qabuun booda itti deebinee haasofna. Keessattuu ifa galiinsa toowhiinni waa'ee jireenya maatii, hawaasummaa, siyaasaa, diinagdee, saayinsii, aartii fi kkf irratti qabu Qur'aana kabajamaa ka'umsa godhannee irraa haasofna. Sunis yeroo kitaabota waa'ee toowhiida akka dhimmaatti fi akka saayinsiitti dubbatan, keessattuu ibsoota *Al-Faaruuqiin* kitaaba isaa kan waa'ee toowhiidaa fi fakkeenyota xiinxalaa fi jireenya irratti inni qopheesse yeroo dubbannu bal'inaan ilaalla.

Hariiroon Rabbii guddaa waan hunda irraa qulqullaayee onnee namaa fi sammuu isaa keessa jiraachuun, jaalala Rabbiitiif jedhanii murtiiwwan Isaa guddisuun bu'aan isaa miiraa fi fedhiiwwan namaa too'achuu fida, sababoota addaan fageenyaa, balaa fi addaan qoqqoodamutti nama geessan Mu'umintoota keessaa dhiqa. Saniin booda ilmaan ummata kanaa akka aqiidaa tokkichummaa Rabbii irratti walitti qabaman godha.

Kana bu'uura godhannee, haala ummanni ammayaa ammaa kan dadhabina, qoqqoodamiinsaa fi addaan ciccitiinsaan ibsamu keessa jiru kana qayyabachuu dandeenna. Kunis akka ummanni kun Rabbii waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye gabbaruu keessatti hanqina qabu ibsa. Tola ooliinsi

Rabbiin ummata kana tokko godhuu fi afaan isaanii walitti fiduuf godhu hanga isaan Rabbiin sodaatanii isa gabbaranitti fiixa hin bayu. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ وَلَا يَزَالُونَ مُخْتَلِفِينَ ۝١١٨ إِلَّا مَن رَّحِمَ رَبُّكَ ۝١١٩ ﴾ هود: ١١٨ - ١١٩

*[Nama Rabbiin kee rahmata godheef malee, wal-dhabiinsa hin dhiisan] (Huud: 118-119).*

## Lammaffaa: Jechoota Toowhiidaa Sunnaa Nabiyyii Keessatti:

Akkuma keeyyatoota Qur'aana kabajamaa keessatti ilaalle san, asittis Hadiisota kallattiin ykn al-kallattiin waa'ee Toowhiidaa dubbatan hunda isaa kan asitti dhiyeessinuu miti. Keeyyatoota Hadiisaa kanneen waa'ee Toowhiidaa ibsan muraasa irratti yaaliiwwan beektonni Islaamaa kanneen Hadiisaan beekaman qofatti akeeknee bira kunna.

*Imaamu Al-Bukaariin* kitaaba isaanii *Sahiiha* keessatti kutaa tokko waa'ee Toowhiidaatiif addatti qopheessanii jiru. Kutaan sunis Hadiisa Dhibba Tokkoo fi Sagaltamii Sadi of keessaa qaba. Isas mata duree Shantamii Saddeetitti addaan qoode. Wanti ijoon *Imaamu Al-Bukaariin* kutaa Toowhiidaa kana kutaalee Sagaltamii Torbaa kitaaba *Sahiihaa* keessaa isa dhumaa irra kaaye.

*Imaamu Al-Muslim* immoo Toowhiida kutaa addaa hin gooneef. Kan inni godhe kitaaba isaa *Sahiiha* keessaa kutaa jalqabaa mata duree Iimaana jedhu godhe. Kutaa kana keessatti hadiisota hedduu kan *Imaamu Al-Bukaariin* kutaa Toowhiidaa keessatti tarreessanii kaayanii jiran. Hadiisota biraa kan *Kitaaba Sahiiha Muslima* keessatti kutaa kana jalatti argamanii fi kan

*Kitaaba Sahiiha Bukaarii* keessatti kutaa Toowhiidaa jalatti jiran, *Imaam Muslim* kutaalee adda addaa keessatti tarreessanii jiru. Keessattuu kutaa waa'ee Rabbiin yaadachuu fi Isa kadhachuu keessatti.

*Imaam Al-Bukaariin* kitaaba isaanii keessatti kutaa Toowhiidaa jalatti Hadiisota gosa adda addaa dhiyeessee jira. Kutaaleen biraa hedduun maqaalee Rabbii guddaa fi ibsoota Isaatiin wal-qabata. Kutaaleen hafan immoo dhimmoota aqiidaa kan akka Qadaraa (murtii dur dabre), fedhii, dhimmoota waa'ee nama jalaa dhokataii, waa'ee guyyaa dhumaa, waa'ee hirreega guyyaa boodaa, dhimmoota Qur'aana kabajamaa waliin hidhata qaban kanneen gama isa dubbisuu fi keeyyatoota isaa hiikuutiin jiran fa'aan wal-qabatan.

*Imaam Al-Bukaariin* Rabbiin rahmata haa godhuufii, kutaa Toowhiidaa jalatti hadiisuma waa'ee toowhiidaa irraa jecha tokko kallattiin ykn al-kallattiin of keessaa qabu hunda achi jala galchan. Dhimmi waa'ee Hadiisaa dimshaashaan kutaa biraa ka toowhiida hin ta'in kan akka Kabaja Qur'aanaa ykn kutaa hiikkaa Qur'aanaa keessa galuu danda'a. Hadiisonni gariin kutaa Toowhiidaa jalatti dubbataman yoo sirritti gadi fageessanii hiika isaa hubatan malee, maaliif akka kutaa san jala gale beekuun nama dhiba.

Akkuma Qur'aanni kabajamaan waa'een Toowhiidaa kaayyoo Rabbiin ergaa hunda ilma namaatiif erge jedhee jala sararee himu, Hadiisni Nabiyyiis waa'ee dhugaa ta'uu tokkummaa Rabbii beekuun dirqama isa jalqabaa kan ilmi namaa jireenya isaa keessatti beekuu qabuu fi kan jalqaba nama gara amantiitti ittiin yaaman jedhee kaayee jira. Hadiisni ergamaan

Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* yeroo Mu'aaziin *(Rabbi isarraa haa jaalatuu)* gara biyya *Yaman* ergan dubbatan hiika kana ibsuuf gayaadha. Hadiisni kun *Imaam Al-Bukaarii* biratti bifa sadihiin, *Imaam Al-Muslimiin* biratti bifa lamaan dhufee jira. Bifti gariin isa kaan jabeessa. Bifa *Al-Bukaariin* ittiin odeesse keessaa takka haa filannu. Sunis jecha ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)Mu'aaziin* jedhan kana hammata:

*" Ati tuuta warra kitaaba kennamaniitti ni dhayxa. Jalqabni wanti ati isaan itti yaamtuu Rabbiin tokkichomsuu haa ta'u. yoo isaan san fudhatan, halkanii fi guyyaa keessatti akka salaata shanan sagadan Rabbiin dirqama isaan irratti godhuu itti himi. Yoo isaan salaatan, Rabbiin qabeenya isaanii irraa zakaa dureessa isaanii irraa fuudhamtee hiyyeessa isaaniitiif kennamtu dirqama isaan irratti godhuu itti himi. Yoo isaan tole jedhan, irraa fuudhi, irra* ***bareeda*** *(mi'aa) qabeenya namaa sodaadhu (eeggadhu)*[2]. Kana jechuun tokkichummaa Rabbiitti amanuun dirqamoota Rabbiin gabbaruu kan biraa namaaf laaffisa jechuudha. Yeroo nama karaa Rabbiititti yaaman wanti jalqabni yaamichaa Rabbiin tokkichoomsuu ta'eef kanaafi.

[2] - Al-Bukaarii, Sahiih Al-Bukaarii, Kutaa toowhiidaa, boqonnaa kadhaa ergamaan Rabbii ummata isaanii gara Rabbiin tokkochoomsuutti yaaman jedhu, lakkoofsa Hadiisaa 7372, fuula 1820.

Waa'ee Toowhiidaa (tokkichummaa Rabbii) irratti karaalee Qur'aanni kabajamaan ittiin dhiyeesse keessaa muraasa:

1) **Jechoota Kallattiin Toowhiida ibsan fayyadamuu:**
Tokkicha, tokkichummaa, tokko: [Rabbi tokkicha jedhi], [Rabbiin keessan Rabbii tokkicha], [Inni tokkicha waa hunda injifatuudha].

2) **Bifa ibsoota of keessatti qabataa:**
[Allaah malee gabbaramaan hin jiru], [Isa malee gabbaramaan hin jiru], [Si malee gabbaramaan hin jiru] Qur'aana keessatti bakka 37tti dubbatame.

3) **Bifa baay'ina dhabamsiisuutiin:**
[Gooftaa lama hin godhatinaa], [Inni sadihi hin jedhinaa], [Osoo (samii fi dachii) kana keessa gooftaan biraa jiraate silaa (dachii fi samiinis) badde].

4) **Bifa isatti waa dabaluu dhabamsiisuutiin:**
[isaaniif hin jiru isaan lamaan keessatti waa dabaluun], [Inni yagutoo hin qabu], iddoo jahatti deddeebi'ee dubbatame.

5) **Maqaalee gaggaarii fi Ibsoota gugguutuu:**
[Beekaa waan dhokatee], [Araaramaa cubbuu], [Rabbii Arshii], [uumaa waan hundaa], [kan sadarkaalee ol fuudhu], [Irra ariifachiisaa hirreegdotaati], [handhuurfataa mootii].

6) **Bifa waan Isaan hin malle irraa qulqulleessuutiin:**
Rabbii guddaa waan Isaan hin malle, hanqinoota, Isatti waa fakkeessuu, ykn Isa uumama biraatiin walitti fakkeessuu irraa qulqulleessuu. [Fakkaataan akka Isaa hin jiru], [eenyumaanuu kan Isaan wal-gituu miti].

Waahillan ergamaa Rabbii (sahaabonni) fi warroonni isaanitti aananii dhufan, waa’ee dhimma wal-dhabbii afaanii keessa osoo hin seenne keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisaa irratti hundaayanii Toowhiida hubataa turan. Haa ta’u garuu yaaliiwwan tokko tokko dhimma siyaasaa ofii fiixaan baafachuuf jecha hiikkaa keeyyatootaa jallisuuf yaalamanii turan. Fakkeenyi saniis waan *Kawaarijoonni* godhaniidha. Innis murtiin Rabbiif malee hin jiru kan jedhu.

Ergaan keeyyatoonni Qur’aanaa waa’ee Toowhiidaa irratti ibsan guutumatti ifa gala akka ta’e shakkiin hin jiru. San keessaa akka fakkeenyaatti jecha Rabbii guddaa:

﴿ قُلْ إِنَّمَآ أَنَا۠ بَشَرٌ مِّثْلُكُمْ يُوحَىٰٓ إِلَيَّ أَنَّمَآ إِلَٰهُكُمْ إِلَٰهٌ وَٰحِدٌ ﴿١١٠﴾ ﴾ الكهف: ١١٠

*[(Yaa Muhammad) Ani namuma akka keessaniiti. Wahyitu natti buufama malee. Rabbiin keessan Rabbii tokkicha jedhiin] (Al-Kahf:110).*

Akkasumas Hadiisonni gariinis, kan akka Hadiisa kanaan olitti dubbannee *(jalqabni wanti ati isaan itti yaamtuu Rabbiin tokkochoomsuudha…)* jedhuu ergaan isaanii ifa galaadha. Kanuma waliinuu keeyyatoonni Qur’aana kabajamaa gariin ykn keeyyatoonni Hadiisa Nabiyyii muraasni ergaa murtaa’e qofa irratti qajeelchuun isaanii tattaaffii ilma namaa kan dhugaa qunnamu ykn dogongoruu ta’uu danda’a.

Qur’aanni kabajamaan walumaa galatti, kitaaba qajeelluma walii galaati. Keeyyatootaa fi suuraaleen isaa qajeelluma kana mirkaneessuuf kan wal-guutaniidha. Keeyyanni Qur’aanaa tokko hiika walii galaa guutuu keessatti ergaa murtaa’e qabaachuu danda’a. Qur’aana kutaalee fi bifa addaan qoqqoodiinsaatiin itti fayyadamuu irraa of eeguun dirqama.

Keeyyatuma tokko keessatti waan qooda toowhiidaa jala isii galchu arguu dandeetta, waan murtiiwwan shari'aa kan haala bittaa fi gurgurtaa jala galuu danda'u, tariitii waa'ee sodaachisuu fi gammachiisuu of keessatti hammatuu danda'a, tariitii waa'ee kutaalee seenaa Qur'aanni ibsuutti akeekuu danda'a.

**Sadaffaa: Dhama Toowhiidaa fi Saayinsii Toowhiidaa**

Jidduu waa'ee dhama toowhiidaa fi saayinsii isaa addaan baasnee beekuu qabna. Dhamni toowhiidaa dhuka hiikkaa Islaamummaa, Iimaanaa fi Ihsaanaati. Amantii Islaamaatti kan seenamuun 'Rabbiin malee gabbaramaan biraa hin jiru, Muhammad ergamaa isaati' jechuuni. Utubaan iimaanaa kan jalqabaa: Rabbiin dhugoomsuudha. Ihsaana (waa tolchuu) jechuun immoo waan hunda keessattuu Rabbiin na waliin jira jedhee namni miira isaa keessatti yaaduudha. Hadiisni Jibriil beekamaan waa'ee kanaa hunda of keessatti hammatee ibsee jira. *Hadiisa Abu Hureeyraa (RA)*irraa odeeffame keessatti akkana jedhe: "Gaafa tokko osomaa ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* ummatatti gadi bayanii jiran Jibriil itti dhufee Iimaanni maali? jedheen. Iimaana jechuun: ati Rabbitti amanuu, Malaa'ikaa isaatti amanuu, kitaabota isaatti amanuu, ergamtoota isaatti amanuu, kaafamatti amanuudha jedhaniin. Islaamummaa jechuun hoo maali? jedheen. Islaamummaa jechuun Rabbiin gabbaruu fi isatti waa dabaluu dhabuu, salaata salaatuu, zakaa dirqama nama irratti ta'e kennuu, baatii Ramadaanaa soomuudha jedhaniin. Ihsaanni hoo maali? jedheen. Rabbiin akka waan argaa jirtuutti gabbaruudha, yoo ati arguu baattes, inni si arga jechuudha jedhaniin. Qiyaamaan hoo

yoomi? jedheen, namni gaafatamu nama gaafatu caalaa waa’ee isii ka beekuu miti jedhaniin. Mallattoolee isiin siif hima jedhaniin: yoo ilmi gabrittiin deesse isii irratti mootii ta’e, namoonni tikseen ijaarsa dhedheeressuu yoo eegalan, waa shan kan Rabbiin malee namuu hin beekne lakkaayanii, sana booda ergamaan Rabbii*(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* jecha Rabbii kana qara’an:

﴿ إِنَّ ٱللَّهَ عِندَهُۥ عِلۡمُ ٱلسَّاعَةِ وَيُنَزِّلُ ٱلۡغَيۡثَ وَيَعۡلَمُ مَا فِي ٱلۡأَرۡحَامِۖ وَمَا تَدۡرِي نَفۡسٞ مَّاذَا
تَكۡسِبُ غَدٗاۖ وَمَا تَدۡرِي نَفۡسُۢ بِأَيِّ أَرۡضٖ تَمُوتُۚ إِنَّ ٱللَّهَ عَلِيمٌ خَبِيرُۢ ٣٤ ﴾ لقمان: ٣٤

*[Rabbiin beekkumsa qiyaamaa Isa bira jira. Rooba namaaf buusa, waan gadaamessa haadhaa keessa jiru beeka. Lubbuun takka waan bor dalagdee ooltu hin beektu, eessattis akka duutu hin beektu. Rabbi danda’aa fi ogeessa] (Luqumaan: 34).*

Saniin booda dugda gargalee deemnaan Nabiyyiin as deebisanii jedhan, sahaabonnis homaa hin argine. Kuni Jibriili, ilma namaa waa’ee amantii isaanii isaan barsiisuu dhufe jedhaniin.

Dhammi Toowhiidaa iimaanaa fi hojii iimaana saniin wal-simate. Bifa kanaan toowhiinni aqiidaa Muslimni tokko itti amanuu fi seera haala jireenya isaa isaaf qindeessa. Toowhiini mul’ataa fi ibsa argama kanaati. Akkasumas jireenya battalaa kan mul’anni isaa qajeelluma kana ta’eedha. Qabiyyeewwan toowhiidaa dhaabbatoodha hin jijjiiraman. Baay’inaa fi ergaa isaa keessatti kan murtaa’eedha. Qabiyyeewwan kun guddaa fi xiqqaafis, beekaa fi barataafis ni taati. Ragaaleen isaas Qur’aanaa fi Hadiisa keessa jira waan ta’eef kallattiidhaan achi keessaa fudhatama.

Kanaafuu akka Qur’aanni fi Hadiisni dhiyeessutti wanti aqiidaa toowhiidaa adda godhu, salphaa, onnee fi sammuu namaatti dhiyoo ta’uu fi ifa galaa ta’uu isiiti. Addummaa isii kana jalqaba yeroo dhufiinsa amantii Islaamaa Araboonni addummaa kana arganii bifa uumaa fi salphaa ta’een amanticha seenan. Ummatoonni namoota biyya Islaamaa hin ta’in banan sahaabota, daldaltootaa fi warra isaan boodaan dhufe irraa amantii fudhatanis addummaa isii kana arganii dhokatiinsa waa hedduu fi ifa galiinsa dhabuu amantiiwwan biraatiin wal-bira qabanii amantii Islaamaa seenan.

Yeroo ammaa kanattis dachii hunda keessatti warrooni fiixee qaroomaa keessa jiran Awurooppaa fi Jaappaan keessaa, warroonni jireenya baadiyummaa jiraatan kanneen bosona Afrikaa keessa jiraatanis addummaa Islaamummaa kana arganii amantii fudhataa jiru. Wanni guddaa aqiidaan toowhiidaa kun yeroo nama irra fidamtu bifa dhugaa irratti hundaa’een, bifa salphaa fi ifa galaa ta’een, namoota ulamaa’ota (beektota) aqiidaa bareeda qabanii kan aqiidaa kanaaf bitamaniin namaaf dhiyeeffamuudha.

Qabiyyeewwan aqiidaa Rabbiin tokkichoomsuu kun argama kanaaf mul’ata dimshaashawaa ta’e qabdi. Rabbiin tokkichi uumaa waan hundaati, isatu dhimma isaanii too’ata. Isatu uumama hundaa uume, isatu uumama saniif seeraa fi akkaataa sosochii hunda godheef. Isatu ergamtoota hunda gara ilma namaatti ergee akka waan jireenya isaaniitiif tolutti isaan qajeelchaniif isaan erge. Jireenya kana booda immoo jiruu guyyaa boodaatti akka namni waan dalage irraa hirreegamu godhe.

Toowhiinni, Nabiyyummaa fi beellamni aqiidaadhaaf hundeewwan sadan walitti hidhamanii wal-guutanii gaafii sammuu namaa keessa yaa'an kamiifuu deebii laataniidha. Rabbiin waan isaan hin malle irraa qulqullaaye inni tokko, uumaa fi ajajni hundi kan isaati. Kanaafuu argamni hundi bifa qindaayaa fi tasgabbaayaa irratti hundaa'e. Rabbiin ilma namaatiif mararfatee ergamtoota isaanitti ergee, kitaaba isaan irratti buuse. Kunis akka ergamtoonni kunniin ilma namaa kana jireenya isaanii bu'uura qajeelluma Rabbiin isaaniif lafa kaaye irratti akka sirreeffatan haa ajajaniifi.

Rabbiin waan Isaan hin malle irraa qulqullaaye jireenya boodaa guyyaa beellama hirreega dhugaa irratti hundaa'ee godhe. Guyyaa sanitti namni hunduu Rabbii waan hunda uume dura dhaabbata. Namni Aadamiin irraa kaasee hanga guyyaa dhumaatti jiru hunduu isatti dhufa. Jireenyi addunyaa fi guyyaa boodaa wal-guutu. Jireenya addunyaa kana keessatti ilmi namaa ni jiraata. Jireenya isaa kana keessatti waan sirrii, dogongora, nama miidhuu, wal-qixxeessuu fa'a dalaga. Namni gariin dureessa, gariin hiyyeessa, gariin kabajamaadha, gariin xiqqaataadha, gariin tole jedhaadha, gariin didaadha…

Garuu namoonni kun hunduu ni du'u. Jireenya addunyaa kana irratti haqqummaan mirkanaayuu dhabuu dandeetti. Kanaafuu jireenyi guyyaa boodaa jireenya addunyaa har'aa kana guutuuf dhufa. Jireenya guyyaa boodaa keessa gaarii dalagan irratti mindeeffamuu fi cubbuu irratti adabamutu dhufa. Jidduu ilma namaatti murtiin yeroo kennamu bifa haqa qabeessaan raawwatama. Namni miidhame nama isa miidhe irraa harka kaffalata. Namni nama miidhe immoo miidhaa saniif adabama.

Namni hunduu waan carraaqateen Rabbii wal-qixxeessaa irraa mindaa argata. Isa kana dhamni toowhiidaa.

Saayinsiin toowhiidaa immoo, akkaataa fi adeemsota beektonni dhama toowhiidaa kana ittiin dhiyeessan irratti fuulleffata. Yeroo durii fi ammaa keessattis ulamaa'onni hedduun akkaataa adeemsa dhama toowhiidaa kaa itti dhiyeessa irratti wal-dhabbii guddaa wal-dhaban. Wal-dhabbii kunis kan ifatti mul'atuun gosa barnoota waa'ee toowhiida kanaa dubbatanii irratti mata dureeleen hedduun ka'uudha. San keessaa barnoota toowhiidaa, barnoota aqiidaa, barnoota afaanii, barnoota hundee amantii *(usuulu addiin),* fiqhii guddichaa fi kkf.

Ulamaa'onni gariin mata dureelee kanniin hundayyuu waan addaa kan itti fayyadamiinsi isaa daangaa addaa qabu wayiitiin addaan fooyanii jiru. Gariin beektotaa barnoonni toowhiidaa kutaa barnoota aqiidaa kan aqiidaa toowhiidaa fi aqiidaawwan biroos ibsuuti jedha. Beektonni gariin immoo mata dureelee lamaanuu dhuma irratti waan tokko irratti fuulleffatu waan ta'eef, garaagarummaan jidduu hin jiru jedhu.

**Dhama Toowhiidaa:**

Rabbiin gama dalagaatiin, gama gabbartii fi gama maqaalee fi ibsootaatiin tokkicha jedhanii amanuudha. Akkasumas akka iimaanni kun itti nama ajajutti dalaguu. Kunis dhama hiika Iimaanaa, Islaamaa fi Ihsaanaati. Toowhiinni kun uumama dhala namaa waliin wal-simata. Amaloota isaa keessaa salphaa fi ifa galaa ta'uu isaati.

**Barnoota Toowhiidaa:**

Barnoota Iimaanaa, barnoota afaanii, barnoota hundee amantii, barnoota fiqhii guddichaa fi kkf. Barnoonni kunis barnoota addaa kan ulamaa'onni waa'ee aqiidaa keessatti qu'ataniidha. Qu'annaa kana keessattis tooftaalee fi adeemsota adda addaa kan aartiiwwanii fi kutaaleen qabiyyee isaa gargar ta'e fayyadamu.

Garuu jalqabni bu'uureffama barnoota kanaa (barnoota aqiidaa) *Hijraa* irraa jalqaba jaarraa lammaffaa keessa. Gadaa san keessa barnoota aqiidaatiif dhimmootaa fi adeemsa isaa ilaalchisee mallattooleen bu'uuraa kan kaayaman. Turtiin guutamiinsaa fi bilchinaa jaarraa 3ffaa, 4ffaa fi 5ffaa hunda itti fudhate. Mata dureeleen barnoonni kun ragaa fi qorannoon dhiyeesse babal'atee yeroo kana hunda fudhachuu danda'e.

Kitaabota bebeekkamoo yeroo san irraa eegalanii nu bira gayan keessaa: kitaaba abbaan murtii *Abduljabbaar Binu Ahmad* kan *Hijraa* irraa bara 417tti du'e qopheesse, kan maqaa '*Al-Mugannii fi Abwaab Attoowhiidi wa al-Adli*' jedhamuun moggaafame, kitaaba *Abu Al-Hasan Al-Ash'arii* kan *Hijraa* irraa bara 323tti du'e maqaa '*Maqaalaatu Al-Islaamiyyiin*' jechuun moggaase, kitaaba *Abu Haamid Al-Gazaaliin* kan *Hijraa* irraa bara 505tti du'e, maqaa '*Al-Iqtisaadu fi Al-I'itiqaad*' jedhuun moggaasee fi kitaaba *Abu Mansuur Al-Maaturiidiin* bara 333tti du'e maqaa '*Attowhiid*' jedhuun qopheesse isaa muraasa.

Jaarraalee sadan itti aanan (jaarraa 6ffaa, 7ffaa fi 8ffaa) keessatti, barnoonni aqiidaa kun qopheeffamee, waan silaa turtiilee dabran keessatti qophaaye san sadarkaa wal-duraa duubaatiin kaayuu, kutaalee fi boqonaadhanitti addaan qoqqooduu fi bifa bareedaan dhiyeessuu irra gayuu danda'ee jira. Jaarraalee kana keessa hayyoota beekkaman keessaa abbaa kitaaba '*Ma'aalimu Usuulu Addiin'* ka ta'an *Fakruddiin Al-raazii* kan Hijraa irraa (bara 606tti du'e), *Ibnu Teeymiyyaa* Hijiraa irraa bara 728tti kan du'an kitaaba isaanii *Al-Aqiida Al-Wasaxiyyaa* jedhamu kan qopheessan, *Sa'aduddiin Attaftaazaanii* (bara 793tti

kan du’e) abbaa kitaaba *Sharhu Al-aqaa’id Annisfiyyaa* jedhamuu fa’a.

Jidduu jaarraalee 9$^{ffaa}$ irraa hanga jaarraa 13$^{ffaa}$tti barnoonni kun sadarkaa goggogiinsaa fi akkeeffannaa keessa seene. Jaarraalee kanniin keessatti beektonni kitaabota kanaan dura qophaayan hiikuu fi gaggabaabsanii qopheessuu irratti fuulleffatan, baay’inaan xiyyeeffannaa jechootaa fi himoota irratti ta’uu eegale. Turtii jaarraa tokkootti waa dhiyaatuu asitti barnoota aqiidaa kana irratti sosochiin haaroomsaa fi dadammaqiinsaa godhamuu eegale. Kunis ragaalee durii kanneen qabatama sammuu ammayyaa kan dhugaa saayinsiitiin hubame kana biratti waan hin fudhatamne keessaa haquuf yaalii taasifameedha.

Tariitii imala haaraya kana keessatti namni gumaacha jalqabaa godhe, imaam *Muhammad Abdah* nama jedhamu kan bara 1905tti du’eedha. Innis kitaaba *Risaalatu Attoowhiid* jedhamu nama qopheesseedha. *Sheek Musxafaa Sabrii* (1954tti du’e) abbaa kitaaba *Moowqifu Al-aqli wa Al-Ilmi wa Al-Aalam min Rabbi al-Aalamiin waIbaadihii Al-Mursaliin* jedhamuu, *Muhammad Iqbaal* (bara 1938tti du’e) abbaa kitaaba *Tajdiid Al-Fikra Addiinii fi al-Islaam, Hasan Al*-Bannaa (bara 1949tti du’e) abbaa kitaaba *Risaalatu Al-Aqaa’id* jedhamuu, *Muhammad Baaqir Assadr, Muhammad Sa’iid, Ismaa’iil Al-Faaruuqii, Muhammad Al-Gazaalii, Yuusuf Al-qardaawii* fi kanneen birooti.

Hayyootaa fi beektonni ammayyaa kunniin barnoota aqiidaa kana bifa baay’ee salphaa adeemsa eeggateen, bifa sammuu Mu’umintootaa fi mormitoota ammayyaa amansiisuu danda’uun qopheessan. Haa ta’u malee beektonni fi barsiisonni

ammayyaa hedduun kan adeemsuma durii san qofa hordofanis baay'eedha. Isaanis kitaabuma yeroo sadarkaa bilchina barnoota aqiidaa ykn yeroo barreeffamni dhaabbatee akkeeffannaan garmalee babal'ate keessatti qophaayan qofa irratti irkatu.

## Afraffaa: Fakkeenyota Kitaabolee Barnoota Toowhiidaa

### 1ffaa: Kitaaba Toowhiidaa kan Maaturiidiin[3] Qopheesse

Seenaa Islaamummaa keessatti, kitaabni kun madda deebi'iinsa warra afaanii jedhamuun beekama. Addummaa kitaaba kanaa keessaa waa'ee aqiidaa irratti mul'ata xiinxalli Islaamaa aqiidaaf qabu qofa dhiyeessuu osoo hin taane, dhimmoota kana irratti ijjannooleen garee warraaqsota biraa (keessattuu garee *Mu'utazilaa*) maal akka ta'e mari'achiisa. Akkasumas ijjannoolee amantiiwwanii fi ilaalchota falaasamaas ifa godha. Akkuma *Imaam Al-Ash'ariin* dhuma jiruu isaa irratti garee *Mu'utazilaa* kana qorachuu fi deebii isaan irratti deebisuun Jiddu-gala addunyaa Islaamaatti beekkamaa ture, *Al-Maaturiidiinis* Baha addunyaa Islaamaa keessatti dhimmuma saniin beekama.

*Al-Maaturiidiin* waggoota muraasaan *Al-Ash'arii* dura dhalate, waggoota muraasaan isa booda hafee du'e. Hayyoonni lameen kunniin dhimmoota muraasa irratti yaanni isaanii wal-dhabus, garuu waa baay'ee irratti walii galu. Garuu jarri lameen qaamaan wal-arganii ykn ka inni tokko barreesse inni kuun dubbisee jira wanti jedhamee raggaasifame hin jiru. *Al-*

[3] - Al-maaturiidiin Abu Mansuur Muhammad bin Muhammad bin Mahmuud, qopheessaa Kitaaba Toowhiidaati.

*Maaturiidiin* karaa sheeka isaa Abuu Haniifaa hordofaa ture. Garuu dirree fiqhii irraa gara dirree aqiidaa fi xiinxalaatti dhimma itti baye malee.

Wanti adda isa godhu, aqiidaa Sunnii keessatti hundeewwan sadi walitti qabuu isaati. Isaanis: gooftummaa, Nabiyyummaa fi dhegeettummaadha. Kitaaba isaa kanas eega seensa waa'ee sadarkaalee beekkumsaa dubbatuun eegaleen booda kutaalee shanitti qoqqoode.  Isa keessatti madden beekkumsaa tarreesse. Innis madda dhageettii fi madda sammuuti jedhee maddeen lameen kanatti qoode. Tooftaalee beekkumsaas argaa (miira), oduu fi ilaalcha jedhee daangessee ture.

Al-Maaturiidiin kutaa jalqaba kitaaba isaa kana keessatti waa'ee dhimmoota gooftaaleen wal-qabatanii, jechoota warroota gooftaan addunyaa dursee dhufe jedhuu, dhimmoota uumamaa fi ibsoota Rabbii guddaa irratti xiyyeeffate. Kutaan kunis kutaalee hafan caalaa guddaadha, gara walakkaa kitaabaatti dhiyaata. Kutaa 2ffaa keessatti immoo waa'ee nabiyyummaa irratti fuulleffate. Ergamuu raggaasisuu, Nabi Muhammad (SAW) ergamuu isaanii mirkaneessuu irratti marii godhe. Dabalataanis ilaalcha warra Al-Rowaandii, Al-Wuraaq fi kiristaanotaa irratti marii taasise.  Kutaan 3ffaan waa'ee *qadaa'aa* fi *qadaraa* (murtii dur Rabbiin irraa tartee fi raawwii Isaa) yoo ta'u kutaan 4ffaan immoo waa'ee cubbuuwwan gurguddoo fi namoota isii dalaganii ilaala. Kutaan 5ffaan immoo waa'ee Iimaanaa fi Islaamaati.

## 2ffaa: Kitaaba Fakruddiin Al-Raazii kan Al-Maxaalib Al-Aaliyaa jedhamu

Namoonni gariin marii, wal-falmii, qoqqoodiinsa, akkana ta'uu hin oolu jedhanii yaada dhiyeessuu fi isa irratti marii taasisuu keessatti kan bira dabarsantu jiru. Isaan keessaa tokko abbaa kitaaba gubbatti dubbannee kana. Kitaaba isaa kana kutaalee sagalitti addaa qoqqoode. Kutaaleen hundinuu waa'ee toowhiidaa fi aqiidaa irratti ka xiyyeeffatan yoo ta'u, kutaa tokko guutuu mata duree: ragaalee tokkichummaa fi qulqullina Rabbiitti akeekan jedhuun qopheessee, seensa isaas akkana jechuun jalqabe:

Rabbi tokkicha yoo jennu, hiika lama qabaa beeki. Hiikni tokko zaanni ykn Inni mataan isaa (Physical) Rabbii kutaalee adda addaa irraa kan walitti hin qabamin ta'uu isaati. Kunis kan ifa ta'uun Rabbiin guddaan gara kamittuu hin dabu, kallattii kamittuu hin garagalu ka jedhuudha. Hiikni lammataa immoo Rabbiin guddaan faallaa fi masaanuu irraa qulqullaayaadha. Sababa kanaaf kutaa kana bakka lamatti qoode. Qoonni duraa Rabbiin kallattii fi gara wayii dabuu irraa qulqullaayaadha jechuu kan ibsuu fi kutaan lammataa Rabbiin faallaa fi masaanuu irraa qulqullaayaadha kan jedhuudha.

Qopheessaan kitaabichaa yaada kana ibsuudhaaf naannoo fuula Dhibbaa fi Shantamaa itti fudhate. Isa keessattis jechoota falaasifootaa, kan warra afaanii fi kan suufiyyootaa bifa jedhan, himatan… nu immoo ka jennu jedhuu fi bifa akkana ta'a jedhii fudhu…. Qorannoo fi mariin isaa addaan qoqqooduu, gaaffileen baay'achuu, kallattiilee fi ragaalee sadarkaalee hedduu fi wal-keessa seenaa fi baay'ee wal-xaxaa ta'e of keessatti qabatee jira.

Eega mariin isa dadhabsiise dhiise booda, dhimmichi wal-xaxaa fi ulfaataa ta'uu murteessuu irraa duubatti hin jedhu. Fakkeenyi sanii: "waa'ee kanaa irraa haasayuun cimincaa fi ulfaatinni isaa waan sammuun hedduun baachuu hin dandeenne ta'ee jira. Rabbitu beeka", "Dhimmichi baay'ee ulfaataa ta'uu isaa irraa kan ka'e, sadarkaa sammuun ilma namaa itti gayuu dadhabdu gayee jira. Rabbitu beeka" jechuu isaa fa'a. Jechoota akkanaa kana irra deddeebi'ee fayyadama.

Adeemsa akka Al-Raaziin hordofee kun barnoota toowhiidaa xaxaa godhee dhimmoota falaasamaa fi bifa warra Giriikiitiin waa'ee afaanii keessa galchee jira. Kanaafuu mata dureen dameen kitaaba isaa kan olitti dubbannee kun akka itti aanu kana ta'uun nama hin dinqisiisu: 'Inni afaan warra Girikootaatti Paatoolojiyaa jedhama' afaan warra Muslimootaatti saayinsii afaanii ykn falaasama Islaamaa jedhama jedhee kaaye. Ammas dhuma umrii isaa irratti Al-Raaziin akkana jechuun isaa nama hin ajaa'ibu:

### 3ffaa: Kitaaba Risaalatu Al-Toowhiid jedhamu Kan Muhammad Bin Abdulwahhaab Qopheesse:

Risaalaan(ergaan) toowhiidaa kan *sheek Muhammad bin Abdulwahhaab* qopheesse waa'ee dimshaashummaa aqiidaa salafaa ibsuu keessatti baay'ee bifa salphaa ta'een qopheeffamte. Innis keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa qofa raggaasisutti geeffate. Faantuulee iimaana faallessan irratti duula bane. Kitaabni isaa kan *kitaaba toowhiidaa kan haqa Rabbiin gabricha isaa irraa qabu ibsu* jedhu, shirkii fi faantuulee yeroo san keessatti gar-malee babal'ataa turan balaaleffachuuf kan

qopheeffameedha. Innis bid’aa (faantuulee) babal’ataa dhufan kana falmee, Rabbiin tokkichoomsuu, amantii aqiidaa Isaa qulqulluu dhaloota namaa waliin deemu fi kan salphaa ta’e kan murtii Qur’aanaa fi sunnaa irratti bu’uureffame sanitti yaamuu eegale.

Toowhiida irraa ibsa kennuu fi isatti nama yaamuu irratti, adeemsa sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa hordofe. Keessattuu kutannaa fi gara jajjabinaatti dabuu irratti. Akkasumas gabbartii Rabbiif qofaaf qulqulleessutti nama yaamaa ture. Bida’aa (faantuu) akka qabrii gabbaruu fi isitti tawassula ta’uu fa’a akka malee jabeessee irraa seera ture. Jiddu deemaa fi jiddu dubbataa tokko malee kallattiidhaan gara Rabbiitti akka garagaluu qabnu irratti baay’ee cimsee dubbata.

Kitaabni isaa fuula Dhibbaa fi Shantamii Tokko irraa kan walitti qabame yoo ta’u, boqonnaalee Jahaatamii Jaha qaba. Tokkoo tokkoo isaa keessa keeyyatoota Qur’aanaa fi hiikkaalee isaa gama Hadiisaatiin ibse. Boqonnaalee hedduu keessatti dhimmoota baay’ee kan digdamaa ol ta’an addaan baasee jira. Kitaabichi akka walii galaatti keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisota nabiyyii kan keeyyata Qur’aanaa saniin hidhata qabuu fi kan toowhiidaa fi kabaja isaa irraa dubbatu, waan toowhiida namaa balleessuu kan akka shirkii guddoo ykn shirkima xinnoo ta’ee waan toowhiida namaa diigu irratti kan fuulleffateedha.

**4ffaa: Risaalaa Toowhiidaa kan Muhammad Abdaah Qopheesse:**

*Muhammad Abdaah* jidduu bara 1849-1905tti jiraate. Walakeessaa jaarraa 19ffaa keessa haalli jireenya addunyaa

Islaamaa dadhabina, duubatti hafiinsa, addaan qoqoodamiinsa, walitti bu'iinsa, wallaalli babal'achuu, xiinxalli namaa goggoguu (dhaabbachuun) ibsama. Keessattuu ardii Awurooppaa tan guddina warshaalee fi saayinsiitiin dagaagde, tan humna waraanaatiin guddatteen yoo wal-bira qabanii ilaalan garaagarummaa guddatu jira. Biyyoonni Awurooppaa kunniin addunyaa Islaamaa hedduu too'annaa ofii jalaa qabdi, mootummaa Kilaafaa Usmaaniyyootaa sodaachifti.

Hubaatiin biyyoonni Awurooppaa addunyaa Islaamaa irraan gayan kun guddisa *sheek Muhammad Abdaah* irratti dhiibbaa geessuun, akka inni qorannoo dhugaa haala ummanni keessa jiruu fi dammaqiinsa qarooma isaaniitiiif karoora kaayatu isa godhe. Sababa kanaaf jecha hojiilee siyaasaa keessa seenuu eegale. Sun immoo akka inni biyyaa ari'amee Libaanuus qubatu isa godhe. Achitti waa'ee aqiidaa kan ilmaan ummata kanaa irratti wal-dhaban irratti haaroomsa aqiidaa mata duree jedhuun barnoota kennuu eegale. Yeroo gara biyya Misriitti deebi'e, barnoota kennaa ture san cuunfee maqaa *Risaalatu Attowhiid* jedhuun maxxansee raabse.

Kitaaba isaa kana keessatti, ibsi isaa salphaa fi ifa galaadha, jechootaa fi gaaleewwan barnoota afaanii *(Ilmu Al-Kalaam)* keessatti baay'atan fayyadamuu irraa of qusate. Bifuma walii galaatiin aqiidaa guutuu haaroomsuun ilmaan ummata Islaamaatiif sirritti barbaachisa jedhee jala sarare. Barruu isaa keessatti adeemsa *salafootaa* fayyadame. Haa ta'u malee aqiidaa kana hubachuuf sammuun namaa argama meeshaalee fi hawaasummaa kana xiinxalee hubachuu keessatti ga'ee guddaa akka qabu mirkaneesse. Dhimmoota Muslimoota addaan

qoqqoodan dubbachuu irraa of qusatee, dhimmoonni namoonni irratti wal-dhaban gariin gama ilaalcha afaaniitiin kan wal-simataniidha; keessattuu dhimmi Rabbiin arguu fi dhimmi kabajaa gama kallattii afaaniitiin walitti dhufeenya qaba jedhe.

*Sheek Muhammad Abdaah* waa'ee *Ilmu Al-Kalaam* barsiisutti dhimmamuuf ykn suuraa isaa kanneen gareeleen warra afaanii fokkisan sirreessuun kan shaagalamu osoo hin taane, garuu adeemsa haaraya kan akkaataa itti fayyadama *Ilmu Al-Kalaam* hundeesse. Yaad-rimeewwanii fi jechamoota isaa tarreessee, akkaataa hundeeffama isaa, sadarkaalee guddina isaa, manneen barnoota isaa baay'achuu, haala siyaasaatiin faalamuu isaa fi falaasama *Girikootaatiin* kan laaqame ta'uu isaa ifatti baase.

Bifa addaatiin, gareewwan *Ilmu Al-Kalaam* sadarkaan sammuun ilma namaa qabdu baay'ee guddaadha jedhanii irratti wal-dhabuu isaanii ibsuun, sammuu yeroo garii fedhiin olii fi gadi waan hargufuuf osoo biras hin dabarsine bakkeen isaan malu kennamuufi qaba jedhe. Akkasumas ilaalcha irra gubbaa keeyyataa qofatti geeffannee ilaalcha sammuu dhiisuu qabna jedhus mormee ture. Kana irratti adeemsa *Abu Al-Hasan Al-Ash'arii* jajuun adeemsi isaa jiddu-galeessa jedhee rageef. *Ash'ariyyoota* keessaa warroota boodarra dhufan kanneen boolla Mu'utaziloonni keessatti kufanitti kufan mormee ture. Waa jajjabeessuu fi dhimmoota aqiidaa falaasama Girikootaatiin walitti laaquu isaaniis baay'isee falme.

Akka *Sheek Muhammad Abdah* ibsutti, "Hundeen hiika toowhiidaa Rabbiin tokkicha homtuu itti hin dabalamne jedhanii yaaduudha. Toowhiinni Rabbi tokkicha ta'uu raggaasisuu, kan

uumama hawaa keessatti dalagaa oofu isa qofa, isa qofatu hawaa hunda dhuunfata, isa qofatu waan hunda keessatti hamilama. Akkuma keeyyatoonni Qur'aana kabajamaa ibsanitti, kaayyoon guddaan ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* ergamaniif isa kana galmaan gayuufi. Wanti *Ilmu Al-Kalaam* maqaa kanaan yaamameef, tariitii wal-dhabbiin guddaan gadaa san keessa ulamaa'ota jiddutti argame haasofni Rabbii kan qara'amu kun (Qur'aanni) waan guyyaa keessa argame moo waan turaadha ka jedhu irratti, ykn immoo bu'uurri isaa ragaa sammuu waan ta'eefi, jijjiiramni isaa haasaya nama dubbatuu hunda irraa waan mul'atuuf ta'uun mala".

Kaayyoon barnoota kanaa immoo, dirqama namni hundi irratti walii galu bayachuudha. Innis Rabbii guddaa ibsoota inni ittiin of ibseen isa beekuu fi ibsoota isaan hin malle irraa isa qulqulleessuudha. Akkasumas akkeeffannaan osoo hin taane ragaa irratti hundaa'anii haala keessi namaa itti amaneen ergamtoonni Rabbiin erge hunda dhugoomsuudha. Uumamaa fi hawaa nu marsee jiru kana hubachuuf ilaaluu fi sammuu keenna fayyadamuu akka qabnu Rabbiin nu ajajee jira.

*Muhammad Abdaah* dhiyeessii isaa kan barnoota Toowhiidaa irratti akkaataa salafoonni hubannaa *Qur'aana* kabajamaa irratti hundaa'anii dhiyeessanii fi ilaalcha warra *Ilmu Al-Kalaam* falaasama irraa qulqulleessuun adeemsa lamaan walitti dhiyeessee jira. Garuu wanti guddaan adeemsa isaa keessa jiru bifa toowhiidni jedhuun iimaanaa fi jijjiirama iimaanni kun jireenya nama Muslimaa fi hawaasa Muslimaa irratti qabuu fi mallattoolee argama hawaa fi seerota sosochii isaa walitti hidhuudha. Ka kana caalu immoo, akka ilaalcha *Muhammad*

*Abdaatti* aqiidaan toowhiidaa kabajaa fi bilisummaa aqiidaan biraa ilma namaatiif hin kennin isaaf mirkaneessiti.

Toowhiida kanaan, kabajni namaa ol fuudhame, gatiin namummaa isaa kan har'aa kun isaan sadarkaa kana irra gayuu danda'e. Sababni isaas namni toowhiidatti amanu Rabbii dachii fi samii uumeef malee eenyuufuu waan gadi hin jenneefi. Isaan lubbuun bilisni kabajaa qabdu namaaf uumamti. Fedhiin namaa kan fedhii nama biraatiin ukkaamamee ture isaan hidhaa keessaa baya. Fedhiin kun fedhii ilma namaa kan Rabbii irraa ta'es ta'u ykn fedhii mootota nama mooyaniis ta'u ykn fedhii hin jirre kan akkanumaan namatti fakkaate kan yaanni namaa qabriiwwan, mukkeen, dhagaawwan, hawaa fi kkf keessatti uume jedhu yaadus ta'uu danda'a.

Namni toowhiida qabate kutannoodhaan namoota nama fayyifna, Rabbitti nama geessina jedhanii waa raagan, kanneen iccitii harkaa qabna jedhan, kanneen hojii namni dalagu Rabbitti geessuuf mirga kennamne qabna jedhanii dhara oofan, kanneen nutu tooftaa nagaya bayiinsaati, hadhaan jiruu fi gammachuun isii harka keenna keessa jira jedhan irraa fagaataadha. Dimshaashumatti lubbuun nama sanii namoota kijibdoota olola oofaniif gabra ta'uu irraa gara gabara Rabbiitti geeddaramti. Waan Rabbiin ala jiru gabbaruu irraa bilisa taati. Mirga namni bilisaa qabu qaba, dirqama nama bilisaa irra jirutu isarras jiraata. Mirga namaa olii hin qabaatu, namaa gadis hin ta'u, gowwaa miti, boonaas miti. ilmi namaa dalagaan malee homaanuu wal-hin caalu, saammuu fi beekkumsaan malee kabajaan addaa inni nama biraa caaluun hin jiru.

Adeemsi *Muhammad Abdaah* kitaaba isaa *Risaalatu Attowhiid* keessatti fayyadame kun barattoota isaa fi beektota isa dhaqqaban kanneen ilaalcha haaroomsa isaatti amanan irratti jijjiirama guddaa fidee jira. Isaan keessaa barataa isaa Muhammad Rashiid Ridaa irraa kaasee, beektotaa fi xiinxalitoota garee Ikwaan Al-Muslimiinaas dabalatee hanga barreessitoota ammayyaa hedduu gayutti adeemsa isaa kanaan jijjiiramanii jiru. Ilaalchi manni barumsa kanaa itti amanu, hundeen tokkichummaa ummata kanaa, aqiidaan isaanii sona Rabbiin tokkichoomsuu irratti yoo bu'uureffamte qofa jedha.

**5ffaa: Kitaaba 'Risaalatu Al-Aqaa'id' jedhu kan Hasan Al-Bannaan Qopheesse**

*Hasan Al-Bannaan* (bara 1949tti du'e) waa'ee aqiidaawwanii ilaalchisee barruu gabaabduu *'Risaalatu Al-Aqaa'id'* jedhamtu kan naannoo fuula shantamaa qabdu qopheesse. Isa keessattis aqiidaa jechuun maal akka ta'ee fi aqiidaan waan sammuu fi ilaalchi sirriin raggaasiftu ta'uu ibse. Aqiidaa Islaamaa bakka afuritti qoode. Sunis: waan gabbaramu, nabiyyummaa, afuuraa fi wantoota gurraan dhagayaman.

Kutaa jalqabaa keessatti waa'ee [zaata] Rabbii, maqaalee fi ibsoota isaa ilaalchisee bifa gadi bu'iinsa qabuun irraa haasaye. Akka namoonni ibsoota Rabbii kana gariin guutumatti dhabamsiisee gariin immoo bocee wayiin wal-fakkeessuu irratti gargar qoqqoodames dubbate. Tarkaanfiin garee lameeniituu fudhatama akka hin qabnes ibse. Ijjannoon *salafootaa* ibsoota Rabbiin ofii raggaasise wayitti fakkeessuu fi hiikuun alatti akkuma jirutti raggaasisuudha. Warroonni *salafootaan* boodaan

dhufan (*kalafni*) immoo ibsoota kanniiniif hiika kennanii jiru. *Salafaa fi kalafnis* hundee hiikaa irratti walii galanis, garuu warri kalafaa Rabbiin qulqulleessuuf jecha hiika san daangessuu barbaadu yaada jedhu irra gaye.

*Hasan Al-Bannaan* yaadnni *salafootaa* kan ibsoota Rabbiin ofiin ibse hiikuu dhiisanii beekkumsa hiika ibsa sanii Rabbitu beeka jedhanii bira kutuu santu sirrii fi gara dhugaatti dhiyaata jedha. Kunis yaada ibsa Rabbiin ofiin ibsetti hiika kennuu fi guutumatti hiika san dhabamsiisuu irraa bilisa bayuufi.Kanuma waliinuu hiika jechootaa irratti wal-dhabuun dhimma salphaa durii fi ammattis wal-dhabbitti nama geessuu miti. wanti guddaan Muslimoonni amma itti dhimmamuu qaban afaanii fi qaamaanis tokko ta’uudha.

**6[ffaa]: Jijjiirama Rabbitti Amanuun Jireenya Namaa irratti Qabu kan Abdulmajiid Al-Najjaar Qopheesse**

Barbaachisummaa toowhiidaa fi Rabbitti amanuun jireenya ammayyaa nama dhuunfaa Muslimaa fi hawaasa isaa irratti jijjiirama akkamii fiduu akka danda’u qorachuu keessatti ulamaa’onni ammayyaa gahee guddaa qabu.Waa’ee kanaa irratti kitaabonni hedduun qophaayanii jiru. Isaan keessaa: kitaaba *Hasan Atturaabiin* qopheesse kan *Iimaanaa fi jijjiirama inni jireenya irratti qabu* jedhu, kan *Muhammad Na’iim Yaassin* qopheesse, maqaan isaa *‘Maalummaa Iimaanaa, utubaalee isaa fi wantoota isa diigan*, kan *Abdallaah Azzaam* qopheesse, maqaan barruu isaas ‘*Aqiidaa fi jijjiirama isiin dhaloota ijaaruu irratti qabdu*, kan *Yuusuf Al-Aziim* maqaa *Iimaanaa fi jijjiirama inni dammaqina ummataa fiduu irratti qabu* jedhuun qopheesse, kan

*Saalih Al-Foowzaan* maqaa '*Malaa'ikatti amanuu fi jijjiirama inni jireenya ummataa irratti qabu* jedhu, kan *Abdullaah Al-Asariin* maqaa '*Guyyaa dhumaatti amanuu fi jijjiirama inni jireenya Muslimaa irratti qabu* jedhuun barreesse isaan muraasa.

Kanaan wal-qabsiifnee wanti asitti itti akeekuu barbaannu, kitaabota waa'ee kanaa waliin wal-qabatan keessaa kitaaba *Abdulmajiid Annajjaar* qopheesse kan Rabbitti amanuu fi taatee inni jireenya irratti qabu jedhuudha. Qopheessaan kun dhimmoota argama Rabbii guddaa fi ibsoota Isaa bifa adeemsa eeggatee fi keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa, ilaalchota sammuun qulqulluun uumamaa itti nama ajajju fi ragaalee hawaa ifa gala ta'an bifa bu'uura godhateen dhiyeessuu qofa osoo hin taane, jijjiirama Rabbitti amanuun jireenya Mu'umina dhuunfaa fi hawaasa Isaa irratti fidu ibsuu keessatti carraaqqii guddaa taassise.

Carraaqqiin inni taasise kunis ibsa iimaanni jireenya badhaadhatti nama geessuu ibsuudha. Kanas yeroo ibsu ragaalee seenaadhan kanaan dura turanii irratti hundaa'uun bu'aa iimaanni qarooma Islaamaa balaqqeessa'aa faaydaan isaa Muslimoota bira kutee addunyaa hunda wal-gaye tarreessuudhaani. Ibsi inni godhe kun, ragaa jajjaba Rabbitti amanutti nama yaamuudha. Sunis yeroo ammaa duudhaan faaydaa jedhu kun sammuu nama hundaa waan booji'eef, sammuun namaa dhugaa jechuun waan bu'aan hojii keessa jiru jechutti amanti. Yoo hojii bu'a-qabeessa isa fayyadu kan rakkinoota battalaa isaaf furuun isatti dhufte sammuun daftee sirraa fudhatti. Kunis sammuudhaaf seensa xiinxalaa fi ilaalchatti amanuu ta'a.

**Shanaffaa: kitaaba Ismaa'iil Al-Faaruqii kan Toowhiidaa fi Qabiyyee isaa kan Xiinxalaa fi jireenyaa jedhu**

Hayyoonni manneen barnoota beekkumsa Islaamessuu waa'ee toowhiidaa irratti baay'ee barreessanii jiru. Keessattuu aqiidaa kallattiiwwan jireenyaa hundaa fi hojiiwwan hawaasummaa fi xiinxala namummaa kan siyaasaa irraa kaasee hanga aartiitti jiruun walitti hidhuu. Hooggantootaa fi gumaachota manneen barumsaa kana keessaa hayyuu beekamaa *Ismaa'iil Raajii Al-Faaruuqii* jedhamu kan bara 1986tti du'ee fi kitaaba isaa *yaad-rimee toowhiidaa fi taatee inni xiinxalaa fi jireenya irratti qabu* jedhu akka fakkeenyaatti fudhanna. Wanti kitaaba kana bifa addaatiin filanneef, waan kitaabichi toowhiidni waan amantii Islaamaa keessatti gatii guddaa qabuu fi safuulee biraa kan amantii keessa jiraniifis madda ka'umsaati jedhee waan ibseefi.

Kana qofatti hin dhaabanne, gatii toowhiinni kallattiiwwan jireenya namaa hunda keessatti qabus bifa gadi bu'iinsa qabuun ibsa. Carraaqqiin abbaan kitaaba kanaa taasise, tattaaffiilee ammayyaa kanneen itti gaafatamummaa *Ilmu Al-Kalaamiin* haaroomsuu, hojitti deebisu, sochii seenaatiin walitti hidhuu fi qu'annoolee akkanaa kana keessatti osoo adeemsa ofii gadi hin dhiifne sagantaalee qaroomaa nama hawwatan kan gadaa ammaa keessatti Muslimootaaf barbaachisan ofitti fudhachuu of irratti fudhatan keessaa isa muraasa.

*Al-Faaruuqiin* barruu isaa kana kan eegale haala battala ummanni Muslimaa keessa jiru irraa ka'uun egaree guddinaa kan itti gayamuuf yaadamu sanitti dhaqqabuuf yaalii taasise. Toowhiidas jireenya nama Muslima dhuunfaa fi kan hawaasa

Muslima bal'aatiif gatii murteessaa jechuun ibse. Kaayyoon kitaabichaa, mul'ata argamaa kan dargaggoota Muslimaa karaa haaroomsaa isa dhugaa irra akka deemaniif isaan gargaaru fi kan yaad-rimeewwan Islaamaa gamaaggamuuf gargaaran isaaniif dhiyeessuudha. Kunis sagantaalee haaroomsaatiif akka ulaagaatti akka fayyaduufi.

Toowhiinni dhama Islaamaa fi eenyummaa isaati, bu'uura haaroomsaa fi qabiyyee isaati. Saniifi wanti kutaaleen kitaabicha kudha sadanuu Toowhiidaan wal-qabateef. Toowhiinni hundee ergaawwan Samii irraa dhufeeti, eenyummaa fi maalummaa Islaamaa ibsa. Inni sona seenaati, sona waan ija namaa jalaa dhokateeti (geeybaa), sona naamusaati, sona seera hawaasummaati, sona maatiiti, sona seera siyaasaati, sona seera diinagdeeti, sona seera addunyaati, sona addummaa wantoota bareedan hundaati. Wanti kitaaba *Al-Faaruuqii* kana adda godhu cufuma kutaalee isaa keessatti handhuurummaa toowhiidaa cimsee ibsa, dhimma boqonnaa san keessatti dubbatame hundaaf furmaata ta'a jedhee waan yaada isaa lafa kaayeefi.

Akka qopheessaan kitaabichaa ibsetti mul'anni toowhiidaa bal'aa waan ta'eef kallattiiwwan qaroomaa kan falaasamaa fi hojiitiin wal-guuta. Dhimma tokkummaa fi wal-guutiinsa jidduu dameewwan beekkumsaa jiru ilaalchisee, ba'aa guddaa hambaaleen Islaamaa maqaa falaasama Islaamaa fi *Ilmu Al-Kalaamiin* baataa turan irraa hir'isuun tattaaffiiwwan isaa hunda gama xiinxala Islaamummaa haaroomsuu fi haala jireenya battalaa kan Islaamummaa fooyyessuu irratti fuulleffate.

Akkuma ulamaa'ota biraatti, *Al-Faaruuqii* biratti Toowhiidni mul'ata walii galaa kan dhugaa, hawaa, yeroo, iddoo,

seenaa ilma namaa fi booddee namaas ittiin arganiidha. Sonni toowhiidaa sirnoota jireenya Islaamaa hunda of keessatti hammata. Qabiyyeewwan qarooma Islaamaa hunda irratti jijjiirama fida, jidduu qabiyyeewwan qaroomaa walitti hidha. Tokkoo tokkoo qabiyyeewwan qarooma Islaamaa keessatti, bocaa fi hamma waa hammachuu isaa bifa gadi bu'iinsi isaa wal-caaluun irra deebi'ee kaaya. Innis jijjiirama salphaa bocaa irraa gara hojii san hundeen jijjiiruutti deema. Muslimoonni yeroo toowhiida kana guddisan dirreelee heddu isa keessatti walitti qaban. Isaanis: dhugaa sammuun fudhattu, ilaalcha beekkumsaa, geeybaa fi naamusa gaariidha. Kunis amala addaa gatiiti.

Toowhiinni Islaamaa jidduu Rabbii waan hunda uumee fi jidduu hawaa uumamee jala sararee addaan baasa. Argama uumamaa, naamusaa fi seera isaa kan daangessu Rabbii uumaa ta'eedha. Dhugummaa toowhiidaa kan ifa godhu hawaan kun seera mataa isaa qabaachuun burjaaja'ina tokko malee yaa'uudha. Kunis booddeen seera isa qabsiisu tokko ta'uu ibsa. Innis Rabbii tokkicha waan isaan hin malle irraa qulqullaayeedha. Osoo uumama kana keessa waaqni tokkoo ol kan jiraatu ta'ee, silaa hawaan kun burjaaja'ee seerri isaa harkaa baraaxaya ture. Sababni isaas si'a tokkotti gooftaa lamaaf ajajamuu waan hin dandeenneefi. Kanaafuu tokkichummaan Rabbii amantii keessatti bu'uura jalqabaati. Waan namni itti amanuu fi mindaa isaa keessatti waan adda isa godhu guddaa qaba.

Tokkichummaa Rabbiititti amanuun tokkummaa dhugummaatti amanuu dirqama nama irratti godha. Dhugaa fi dhugummaan amala dhugummaan toowhiidaa dirqama godhuudha. Toowhiinni sona adeemsaa kan dhugaa tokko godhu

waan ta'eef, akkamitti sonoota damee sadi kan akkaataa beekkumsa namni hundee isaa irraa argatuutiin wal-qabachuu isaa addaan baasee ibsee jira. Sonoonni kunis: tokkoffaan cufuma waan dhugaan wal-hin simannee fudhachuu diduu, lammaffaan waan wal-faallessu mormuu fi sadaffaan ragaalee haaraya fudhachuuf qophii ta'uudha.

Sonni jalqabaa [waan dhugaan wal-hin simne hunda diduu] sun yaada nama Islaamaa keessaa waan sirrii hin ta'in, ololaa fi waan namatti fakkaate haqa. Kanaafuu gamaaggamiinsaa fi dhugaa jirtu cuunfuuf karaan saaqamaa ta'a jechuudha. Dhugaa irraa fagaachuun ykn dhugaan wal-fudhachuu dadhabuun amantii Islaamaa keessatti seera ykn sona naamusaa kan dhuunfaa ykn kan hawaasaa ykn homa kamiyyuu fudhachuu diduuf gayaadha. Kunis nama Muslimaa tokko yaadaa fi fedhii lubbuu irraa isa eega. Wanti kamiyyuu kan ragaan hin deeggaramin shakkii bu'aa wayiituu hin qabne ta'ee hafa.

Sonni lammataa wantoota wal-faallessaniin wal-qabata. Sonni kunis dhuka waa yaaduuti. Isaan ala shakkii irraa qulqullaayuun hin jiraatu. Wantoonni wayii guutumatti wal-faallessuu jechuun dhugatti gayuun hin danda'amu jechuudha. Wal-faallessi kun ilaalcha namaa fi jecha isaa jiddutti argamuu danda'a. Tariitii hubannaa keenna kan irra gubbaa kan sammuu fi wahyii jiddutti wal-faallessuun jiraachuu danda'a. Amantiin Islaamaa wal-faallessi jidduu sammuu fi wahyii jiraachuu dhabuu mirkaneessa; akkasumas yoo dubbiin walitti nu harkaa naqamtes akkamitti wal-faallessa nutti fakkaate san akka itti dhabamsiisuu dandeennu nuuf hima.

Akka ilaalcha *Al-Faaruqiitti* sammuunis wahyiinis tokkoyyuu isa kaan irratti kan ol ta'ee miti. Yoo wahyii qofaaf dursa kennine sonni keeyyatoota wahyii isa biraa irraa addaan baasu dhabame jechuudha. Ykn ilaalcha lama kan wahyiin dhiyeessu sonni addaan baasu dhabame jechuudha. Yoo akkas ta'ee argame hubannoo nuti wahyiif qabnuun waan wal-faallesse ykn wal-simachuu dide furuun hin mijatu. Keeyyannummaan wahyiituu keessa isiitti wal-simatiinsa qabdi waan ta'eef, hubannaa sirrii ta'e hubachuun wal-faallessuun dhabamuuni.

Garuu bu'aalee cuunfaa garii fi hubannaa sammuu waliin keeyyatoonni wahyii gariin wal-falmuu danda'a. Yeroo sanitti wal-falmiin sun dhuma dhimmichaa ta'uu akka hin qabne amantiin Islaamaa nu barsiisa. Falli jiru qorataan sun bu'aalee qu'annoo isaa irra deebi'ee ilaaluu ykn hubannaa wahyiif qabu fooyyeffachuu ykn wahyii fi qu'annoo isaa wal-maddii qabuun sirritti qu'annaa taasisuudha.

Yaada guutumatti wal-dhabuu sammuu fi wahyii jedhu hin fudhannu. Kunis hundeen dhugaa hundaatuu tokko waan ta'eef, gamni wayii kan nuti hin ilaalin jiraachunn waan maluuf, dhimma wal-dhabiinsaatti deebinee irra deebiin ilaaluu nu barbaachisa. Tariitii gama nu jalaa hafe hirreega keessa yoo galchine, rakkinichi furamuu danda'a. Toowhiinni namni wahyii dubbisuuf tattaaffii godhu, dhimma walitti bu'iinsaa san irratti keeyyata wahyii isa biraa akka dubbisu isa ajaja. Sunis yaada dhokate ifatti saaxila, hiika hin hubatamin ifa godha waan ta'eefi wal-falmii jiru san furuun ni mijata.

Wahyii ykn hubannaa sammuu irra deebi'anii ilaaluun keeyyatoota wahyii jiddutti wal-fudhatiinsa kan uumu qofa osoo


hin taane, hiika namni kenneefi hubannaa inni keeyyatootaaf qabu jidduttis wal-fudhatiinsa fida. Wal-fudhatiinsa hundeessuun keenna kun hubannaan nuti wahyiif qabnu dhugaalee gama sammuutiin qoratamee walitti qabameen wal-simata. Wal-faalleessuun ni jiraata jedhanii fudhachuun namoota sammuu dadhaboo injifata. Namni Muslimaa tokko nama beekaa bal'isee yaadu waan ta'eef, hundeen burqaalee beekkumsa wahyii fi sammuu tokko ta'utti amana.

*Al-Faaruuqiin* yaada kana irratti *Ibnu Teeymiyyaan* wal-sima. Yaada falaasama Muslimoota garii kan akka *Ibnu Rushdii, Al-Raazii* fi kkf kanneen keeyyatoota wahyii fi sammuu jiddu wal-dhabiinsi jiraachuu danda'a, sammuun hundee beekkumsaati, isiin wahyii qayyabatan jedhan san hin deeggaru. Akkasumas dhimmuma kana irratti yaada *Al-Gazaalii* kan akkuma warra falaasamaa sammuu fi wahyiin wal-dhabuu danda'a waan ta'eef dursa wahyiif kennuu qabna jedhus hin deeggaru.

| Mana Barumsichaa | Ilaalcha | Tooftaa Furmaataa |
|---|---|---|
| Al-Raazii, Ibnu Rushdii fi kkf | Sammuu fi wahyii jiddutti wal-faallessuun ni argama | Dursi sammuuf kenama (ka sammuutu fudhatama) |
| Al-Gazaalii | Sammuu fi wahyii jiddutti wal-faallessuun ni argama | Dursi Keeyyata wahyiitiif (kan wahyiitu fudhatama) |

| | | |
|---|---|---|
| Ibnu Teeymiyyaa | Sammuu fi keeyyatoota wahyii jidduu wal-faallessun hin jiraatu | Hubannaa sammuun wahyiif qabu irra deebi'anii ilaaluu |
| Al-Faaruuqii | Irra gubbaa kana yoo ilaallu sammuu fi wahyiin wal-faallessuu danda'u. Garuu sun dhuma dhimmichaatii miti | Tokko isa kaan irratti ol ta'uu hin danda'u. furmaanni jiru hubannaa wahyiif qabnu irra deebinee ilaaluu ykn bu'aa qorannoo sammuun irra gaye san sirritti ilaaluu ykn lameenuu wal-maddii qabnee sirritti hubachuudha. |

Sonni sadaffaan kan toowhiinni hundeen dhugaa tokko ta'uu ibsa jedhu, yaada haaraya ykn yaada mormii hubatanii fudhachuuf qophii ta'uudha. Sonni kun nama Muslimaa tokko adeemsa ummata biraa kan akka Lebiraalizimiitti hajamuu ykn bira dabrsuu keessatti kufuun ilaalchi namaa goggogee jijjiirama fudhachuun ala akka hin taane tiksa. Gama biraatiin, sonni kun akka Muslimni xiinxala isaatiin boonee bira hin dabarsine godha, akka inni jecha 'Rabbitu beeka' jedhu fayyadamu dirqisiisa. Sunis namni Muslimaa tokko dhugaan waan dhalli namaa yoomiyyuu beekuu danda'u caalaa bal'oo ta'utti waan amanuufi.




Toowhiinni akkuma tokkummaa Rabbii guddaatti akeeku, madden dhugaas tokko ta’uu raggaasisa. Rabbiin uumama ilmi namaa beekkumsa irraa argatu kana kan uumeedha.

﴿ هُوَ ٱلَّذِى جَعَلَ ٱلشَّمۡسَ ضِيَآءٗ وَٱلۡقَمَرَ نُورٗا وَقَدَّرَهُۥ مَنَازِلَ لِتَعۡلَمُواْ عَدَدَ ٱلسِّنِينَ وَٱلۡحِسَابَۚ مَا خَلَقَ ٱللَّهُ ذَٰلِكَ إِلَّا بِٱلۡحَقِّۚ يُفَصِّلُ ٱلۡأٓيَٰتِ لِقَوۡمٖ يَعۡلَمُونَ ٥ إِنَّ فِي ٱخۡتِلَٰفِ ٱلَّيۡلِ وَٱلنَّهَارِ وَمَا خَلَقَ ٱللَّهُ فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ لَأٓيَٰتٖ لِّقَوۡمٖ يَتَّقُونَ ٦ ﴾ يونس: ٥ - ٦.

*[Inni (Rabbiin) isaa aduu madda ifaa isinii godhee, ji’as ifaa isinii godhe. Kunis akka lakkoofsa waggootaa fi hirreegaa beektaniifi. Kana immoo Rabbiin dhugaaf malee waan biraatiif hin uumne. Tuuta beekaniif (Rabbiin) mallattoolee addaan baaseef (mul’isaaf). Wal-dhabiinsa halkanii fi guyyaa, (akkasumas) waan Rabbiin samii fi dachii keessatti uume keessa namoota (Rabbiin) sodaataniif mallattooletu jira] (Yuunus: 5-6).* Dhimmi beekkumsaa wantoota uumamaa fi haallan Rabbiin isa irratti uumeedha. Rabbiin akkaataa uumama sanii akka beeku shakkiin wayiituu hin jiru. Rabbumatu ilma namaatiif beekkumsa

isaa bal'aa homtuu qaccee isaa hin argine san keessaa hanga muraasa kennaaf.

Toowhiinni akka ilmi namaa Rabbii uumaa waan hundaa ta'etti amanuu fi gosoota beekkumsaa hunda shaakaluu walitti hidhu yaamicha godhaaf. Kunis ilmi namaa tokko dalgaa Rabbiin galteewwanii fi wantoota hunda keessatti dalage yoo hubate, hojii Rabbii gooftaa waan hunda uumee san hordofa. Yeroo dalagaa Rabbiin uumama keessa kaaye argu, saayinsii uumamaa akka shaakalu isa kakaasa. Uumaan Rabbiin uummaa keessa kaaye waan biraa osoo hin taane, seerotaa fi sirna sosochii Rabbiin uumama kana keessa kaayeedha. Ilmi namaa hojii Rabbiin hawaasa isaa ykn mataa isaa irratti dalage yeroo argu, saayinsii namummaa fi hawaasummaa akka shaakaluuf isa kakaasa.

Qorannoolee fi tattaaffii ilma namaatiin hawaan guutuun yeroo abuuramuun seeronni fi sirnoonni sosochii isaa kan Rabbiin isa keessa kaaye sun yoo ifatti bayu, nama Muslimaa tokkoof hawaan sun wanta jiraa Rabbiin ajajaa fi hojii ofiitiin uume kan waa irraa hubachuuf nama gargaaruudha.

Al-Faaruuqiin safuun toowhiidaa, cufuma haala jireenya ilma namaa guutuu keessatti madda safuulee biraa akka ta'e nuuf ibsa. Armaan gaditti ibsoota isaa keessaa muraasa haa ilaallu:

### 1) Ifa Galiinsa Toowhiinni Seera Hawaasummaa (Maatii fi ummataa) keessatti Qabu

Wanti barnoonni Islaamaa of keessatti hammatu cufuma kallattiiwwan jireenyaati. Akka hiika Islaamaatti, amantii jechuun kan jireenya bocu (ijaaru) fi bakkee fi yeroo isaatti kan seenaa sosochoosu jechuudha. Bakka bu'ummaan akka ilmi

namaa bayatu Rabbiin isaaf kenne, gamni caalu jireenya hawaasummaa ijaaruu fi bifa murtiiwwan Rabbiitiin wal-simatuun haala jireenyaa qindeessuudha. Kun immoo dhimma maatii qofa irratti kan gabaabatu osoo hin taane, dhimma itti fayyadama mallaqaa fi diinagdee, dhimma mootummaa fi akkaataa sirna bulchiinsaa, dhimma murtiiwwanii fi seerota wal-qixxummaa mirkaneessan fi cufuma seerota waa'ee hawaasummaan wal-qabatanii hunda of keessatti hammata.

Seerota (shari'aa) Islaamaa keessaa dhimmi waa'ee akkaataa Rabbiin gabbaruu fi naamusa dhuunfaa kutaalee muraasa qofa malee akka sirna jireenya hawaasummaa san bal'ina guddaa hin qabu. Haa ta'u malee ibaadaan (Gabbarri Rabbii) gariin uumamni isii bifa hawaasummaatiin wal-simatti. San keessaa: Hajjii fi zakaa kennachuudha. Gariin immoo bu'aan isiin argamsiiftu bu'aa hawaasaati, kan akka soomaa fi salaataa.

Kallattii kanaan amantiin Islaamaa amantiiwwan bahaa kan akka Hinduu, Buuziyyootaa fi kiristaanaa irraa guutumatti adda. Akkasumas ilaalcha Lebiraalizimii ammayyaa kan hawaasa maddi safuulee isaa amantii ta'e akka hin jiraanne barbaadu san irraayis adda. Jireenya hawaasaa keessatti ifa galiinsi toowhiida maali yoo jenne, jireenya ummataa keessatti kan fiixa bayu ajaja Rabbii ta'uu isaati. Ummanni seera Rabbii kan dhuka amantii ibsuun bula. Jireenya ummataa keessatti bu'uurri aangoos sagalee wayyaba (Dimookiraasii) ykn sagalee hagoo (Liigaarkii) ykn dhuunfaa (Awutoo kiraasii) osoo hin taane, seera Rabbiiti. Akka namni tokko ykn gareen tokko maqaa Rabbiitiin (Tiyoo Kiraasiin) bulchu hin hayyamu.

Qajeellumni naamusa amantii kan Islaamummaan qabatee dhufeen amaanaa ilma namaatti kennamte kan jireenya addunyaa kana irratti safuu ilma namaa hunda taate tana irra deebi'ee bocuu irratti kan karoorfateedha. Ilmi namaas hanga seerri hawaasummaa jiraatutti amaanaa isatti kenname kana fiixaan baasuu hin danda'u. seera hawaasummaa kana keessatti safuun naamusaa dhama hariirooti. Hariiroowwan kana keessaa akka fakkeenyaatti: wal-gargaaruu, waldaan gurmaayuun gama bittaa fi gurgurtaatiin dhimmoota bu'uuraa waliif guutuudha. Ga'een amaanaa yeroo kana dhufa. Innis hariiroo bittaa fi gurgurtaa kana keessatti dhugaa dubbachuu fi yeroo namaan walii galan waadaa guutuu.

Safuuleen naamusa gaarii kunniin argamuuf hawaasni jiraachuun ulaagaa dirqamaa kan hafuu hin dandeenneedha. Ga'een saayinsiin safuulee san keessatti qabu yeroo gara yerootti dabalaa dhufa. Akkasumas naamusa namni hawaasa san keessatti qabu too'achuuf, bifa dhama safuu fi kaayyoo isaa waliin deemuun hawaasaa gara hawaasa biraatti addaani. Kunis dhama safuu fi akkaataa safuu san hojiin lafa irratti mul'isan ilaalchisee mallattoon jiraachuu agarsiisa.

Garuu dhamni safuu bu'uura tokko qofa waliin wal-qabata. Innis: Rabbii tokkicha waan isaan hin malle irraa qulqullaayeedha. Toowhiinni jidduu Rabbii tokkichaa fi jidduu uumama isaa hunda cimsee addaan baasa. Akkuma toowhiida jechuun tokkichummaa Rabbii fi dhugaa fi safuun madda tokko irraa dhufan jechuu ta'e, kabaja jechuun kabaja ilmi namaa hundi osoo addaan hin qoodamin kennamuufii qabu ta'uu isaas toowhiinni cimsee akeeka. Akkuma seerri Rabbii uumama hawaa

keessa jiran kana hunda qixxisu, fedhiin Rabbiin akka namni hundi amala gaarii horachuus nama hunda irratti dirqama. Namni kamiyyuu namoota biraatii olii miti. Gareen kamiyyuu isa biraa of jalatti hin dhiitu.

Haala kanaan hawaasni amantiin Islaamaa itti ajaju, hawaasa kabaja dhuunfaa ykn gosaa ykn sabaa ykn kabaja saalaa irratti bu'uuree miti. Ijaarsi hawaasaa kun yeroo wayii, bakka wayiitti garee muraasa wayiitiin eegalus, sosochiin ijaarsa hawaasaa dhala namaa hunda irratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba. Hawaasni Islaamaa yoo addunyaa hunda qixxisuu dadhabe tooftaa addunyaa hunda ittiin dhaqqaban, yoo addunyaa hunda qixxise immoo kaayyoo silaa barbaadamuudha. Tattaaffiin hawaasa tokko gosaan ykn dhiiga isaatiin hawaasa filatamaadha, dhiiga kabajamaadha jedhanii garee (hawaasa) muraasa qofaaf daangessuu kun waan toowhiinni itti ajajuun wal-faallessa.

Wanti addunyaa kana keessatti walitti bu'iinsi fi wal-diddaan baay'atuuf, gareen muraasni ka'ee nuti madda safuu kanaati jechuun ulaagaa sanii olii kan safuu san tiksee nagaya buusu fudhachuu diduu isaaniiti. Haala akkanaa kana keessatti murtiin keenna nama humna guddaa qabu ta'a.  Kun immoo namoota dhuunfaa, gareelee fi ummata bal'aa jiddutti walitti bu'iinsi uumamuun lola dhuma hin qabneef akka saaxilaman godha.

Seerri hawaasa tokko keessatti barbaachisu, seera waa hunda of keessatti hammatu kan kallattii hundaanuu amala namaa kana too'achuu danda'u ta'uu qaba. Wanti toowhiinni of keessatti hammatuu fi hawaasni amantiin Islaamaa barbaadu, amala addaa kan hawaasa addunyaa kana hunda qixxisu, kan dhimma

jireenyaa guutuu hammatu, kan nama hunda irratti itti gaafatamummaa safuu fiixa baasuu itti kennu, kan dhuunfaan hundinuu keessa isaatiin safuu kanatti amanuu fi akka safuun kun hojiin lafa irratti argamasiifamuu danda'uuf gahee mataa isaa bayatu uumuudha.

Seerri hawaasummaa Islaamaa kan bu'uurri isaa toowhiida ta'e maatii akka dhagaa bu'uura hawaasaa fi dhuka hariiroowwan maatii fi jajjabinaatti fudhachuun isaa shakkii hin qabu. Seerri hawaasummaa Islaamaa, sona kanaan seerota biraa irraa adda baya. Sirni *komiyuunizimii* kan gahee maatii dhabamsiisuuf yaale hidhannaa fi hariiroo maatii jidduu jiru dadhabsiisee ture. Afuurri kophummaa warra Dhihaa immoo tokkummaa maatii diigee hanga cituutti geese. Tiyooriileen Antirooppoolojii kan hariiroo jidduu ilma namaa jiru akkuma hariiroo jidduu horii jiruutti ilaalu immoo sammuun namaa horii irraa baay'ee addummaa hin qabnu, gaheen kabaja maatiitiif kennamu akka dhabamsiifamu fi akka jedhee amanu godhee jira. Kun immoo qaroomni dhala namaa kun akka kufu sodaachisa. Maaliif yoo jenne maatii fi qaroomni dhugaa lamaan wal-keessa seenaa ta'eedha.

Wanti asitti itti akeekuu qabnu, waa'een maatii Qur'aana kabajamaa keessatti murtiiwwan baay'een faayamee jira. Akkasumas seerota gadi bu'iinsaan hariiroo kana qindeessan kan akka seera gaa'ilaa, seera wal-hiikkaa, seera hoossisaa fi seera dhaala qabeenyaatiin faayamee jira. Qur'aanni dhimmoota biraa kan dhimma maatiitiin alatti jiran yeroo dubbatu sonoota walii gala fi murtiiiwwan muraasa qofa gadi bu'iinsaan irraa dubbate. Qur'aanni kabajamaan safuulee hariiroo uumaa kana qindeessan

kan miira namaatiin wal-qabatan, kan nama dhuunfaa fi maatii walitti fidan kan akka: mana jireenyaa, jaalalaa, waliif mararfannaa, wal-gargaaruu, waliin mari'achuu fi kan biraas raggaasisee jira. Seeronni uumamaa kun bu'uura murtiiwwanii fi seera tumataniiti.

Maatiileen Islaamaa sababa sirnoota uumamaa kan maatii ilaalu irratti hundaa'anii fi sababa murtiiwwan shari'aa kan ilaalcha toowhiidaa irraa maddeen hidhata qabaniif jecha, addummaa qaban san hanga har'aatti tikfachuu danda'anii jiru. Kaayyoon Rabbi ilma namaa kana uumeef, ilmi namaa naamusa amalaa akka qabaatuufi. Kunis kan fiixa bayuun sadarkaalee afuriini. Isaanis: gama dhuunfaa, gama maatii, gama gosaatii fi gama ummataatiini. Sadarkaaleen tokkoffaa fi lammaffaan wanta baratamaa uumamaan namni qabuudha.

Sadarkaan sadaffaan immoo safuu isaa isa afraffaa irraa argata malee kophatti safuu addaa kan of danda'e hin qabu. Yoo hariiroon gosaa kun hariiroo namni tokko isa biraa waliin qabu kan dhiiga ykn bifa ykn afaan irratti bu'uure goote, sun kabaja ilma namaa dhabamsiisuudha. Afuura natu si caala jedhu nama jiddutti uuma. Kunis gama isaatiin wal-dhabbii fi lolli jidduu namaatti akka banamuuf haala mijeessa.

Ummanni bu'uurri isaa bu'uura toowhiidaa ta'e, uumamaan wal-simata, wal-fudhata. Waan uumamni sun nama irraa barbaaddu kan akka wal-jaalachuu, waliif mararfachuu, wal-danda'uu jidduu isaaniitti dagaagsa. Hariiroo kana ijaaruuf kutaan bu'uuraa maatiidha. Bu'uurri bocama maatii immoo dhiiraa fi shamarri gaa'ila raawwachuun, gaa'ila kana irraa soddummaa fi firummaan argamuu, jidduu jaraatii ilmaanii fi

ilmaan ilmaanii bayuudha. Kunis abbeeronni fi eessummoonni akka jiraatan godha. Kana irraa immoo itti gaafatamummaan akka firummaa fi maatiif dursa kennuu jedhu kan Qur'aanni bakka heddutti dubbate sun akka uumamu godha. Kunis murtiiwwan shari'aa kan hariiroowwan hawaasummaa sammuun fudhattu tiksaniidha. Yoo maatiin geengoo shari'aa kana keessaa ka bayan ta'e, bu'aan toowhiinni jireenya namaa keesatti qabu hojiin lafa irratti agarsiifamuu hin danda'u.

Tokkichummaan Rabbii ilmi namaa hundinuu isa biratti wal-qixa ta'uu nuuf ibsa. Kanaafuu itti gaafatamummaan isaan Rabbiin biratti qabanis itti gaafatamummaa dhuunfaati. Ilmi namaa dhiiraa fi dubartiinis mirgaa fi dirqama, itti gaafatamummaa amantii fi amala gaarii keessatti wal-qixa. Keeyyatoonni Qur'aanaa waa'ee kanaa ibsan hedduudha. Bifa addaatiin saala tokko isa kaan caalchisee wanti dubbatames wal-qixxummama kana raggaasisuu fi uumamumaan itti gaafatamummaan dhiirri fi dubartiin baachuu danda'an gariin addaan ta'uu agarsiisuufi.

Akkaataa boca qaamaa fi hojii uumamaan hojjatan keessatti addummaan jiraatuun akka ga'een saala lamaaniin raawwataman wal-guutu godha. Kunis safuu fi ulaagaalee naamusaa keessatti, itti gaafatamummaa amantii keessatti addummaan tokko osoo hin jiraatini, dhiirri fi dubartiinis waan itti kenname tokko sirritti hojjachuuf qarummaa, kennaa uumamaa (ogummaa) qabaachuu fi tattaaffii mataa isaanii taasisuu qabu. Kanuma waliinuu dirree hojii manaa, ogummaa fi hawaasummaa muraasa irratti gahee hojii gariin kan saala

lamaaniituu wal-keessa seenuu danda'u. Kunis waan uumamni saala lamaan irraa barbaaduun osoo wal-hin faallessine ta'a.

Maatiin Muslimaa dhiiraa fi dubartiin dhiirsaa fi niitii ta'anii qabeenyaan of danda'anii akka kophaa jiraatan hin dirqu. Kan isaan barbaadan wal-gargaaranii waliin ta'uun akka ilmaan isaanii yeroon gaa'ila raawwatan wantoota barbaachisan isaaniif guutuu, daa'imman maatii buleeyyii waliin akka jiraatan, yoo xinnaate mana keessa dhaloonni sadi akka jiraataniif haala mijeessuudha. Kunis beekkumsa jidduu isaaniitti cimsa, duudhaalee, addaa fi guddisni ilmaa safuu irratti ta'a. Jaalalaa fi waliif mararfannaan isaan jiddutti cimaa dhufa, wal-kabajuu fi garaa waliif laafutu argama.

Maatii haala akkanaa kana keessatti guddate biratti jireenyi uumamaa kan gammachuu fi gadda qabu, kan booyichaa fi kolfaan guutame, kan taphaa fi walitti ciniinnachuu qabu, kan gorsaa fi wareegama waliif kaffalan maal akka ta'e arguu dandeenna. Jireenyi akkasii sun abdii egaree ifaa ta'een kan guutameedha. Kun hunduu fayyaa lubbuu (keessa namaa) kan namni kamiyyuu horachuu qabu mul'isa.

Faallaan kanaa immoo maatii meeshaa fi qabeenyatti amanu. Maatii akkasii biratti dhiirsaa fi niitiin itti gaafatamummaa hawaasaa bayachuu irraa dheessu. Garuu dhugaa lafa irra jirtu yoo ilaalle, itti gaafatamummaa guddaa kan jireenya isaani dhiphinaa fi dadhabinaan guute baatu. Akkasumas jireenyi isaanii bilchina lubbuu, fayyaa lubbuu isaanii mirkaneessuu fi miira namummaa kan uumamaan jiru irraa duwwaadha.

Amantiin Islaamaa maatii akka kutaa ijaarsa ummataatti fudhatee maatiidhaaf hiika ykn hubannaa addaa yoo kennu, gama biraatiin ummataafis hubannaa addaa kennaafii jira jechuudha. Ummata jechuun jecha Islaamaa kan adda ta'e kan dhugaa mul'ata Islaamaa fi addunyaa walitti hidhuudha. Jecha hawaasa jedhu irraa adda. Afaan Arabbiffaatiin ala jecha ummata jedhu kana ibsuun ni ulfaata. Ummata jechuun saba ykn mootummaa ykn biyya ykn gosaa miti. Akka amantii Islaamaatti ummanni iddoo fi daangeffama ji'oogiraafiitiin hin daangeffamu. Cufti ilma namaatuu miseensa ummata Islaamaati ykn immoo akka miseensa ta'aniif kan yaamichi isaaniif dhiyaateedha.

Akka amantii Islaamaatti ummanni akka ummatoota gamtoomaniiti. Namaa fi hawaasa isaa kan walitti qabu amantiidha. Mootummaa fi hoomaan waraanaa murtiiwwan ummataa hojii irra oolchu. Ummata jechuun seera hawaasa Islaamaa jechuudha. Innis seera qajeelchi isaa dhala namaa hundaaf ta'uu fi kan kallattiiwwan jireenya ilama namaa hunda of keessaa qabu waan ta'eef, bifa addunyaawummaatiin ibsama. Namni Muslimaa tokko kutaa jireenyaa wayii keessatti yoo murtii shari'aa argachuu dhabe, hanga murtii san irra gayutti sonoota walii galaa hojii irra oolchuu qaba. Yeroo san ilmi namaa fedhii fi jaalala isaatiin geengoo ummata jedhu keessa seena.

Haala kanaan ummanni tooftaa fedhii Rabbiin hawaa irraa qabu hojitti jijjiiruu ta'a. Innis jechi Rabbii akka waan hundaa ol ta'uudha. Kunis waan gaaritti nama yaamuu fi badii irraa nama dhoorguuni. Amantiin Islaamaa safuulee dhuunfaa kan akka: hojii Rabbiif qulqulleessuu, dhugaa dubbachuu, amanamummaa qabaachuu, lubbuu ofii (waanyoo fi jibbaa irraa) qulqulleessuu

sirritti raggaasisa. Safuulee kanas dhuunfaan jalqaba lubbuu isaa keessatti mirkaneessuu qaba. Garuu safuuleen kunniin yoo hojiin lafa irratti hin mirkanaayin, yoo hawaasa jiddutti hin babal'atin, cufuma jireenya hawaasaa keessatti seerota cimaa bocuun akka hooggantoota addunyaa gara gaarii ummata hundaaf ta'u dalaguutti yoo hin jijjiirin safuulee afaaniin qofa odeeffaman ta'ee hafa.

Rabbiin tole jedhuu fi fedhii isaa galmaan gayuun safuulee wantoota hundaaf gatii kennuudha. Dirqamni naamusaa yeroon inni hiika qabaatu yoo hariiroo nama biraa waliin qabnu kan akka hariiroo maatii, ollummaa, hariiroo oomishaa fi soorannaa, hariiroo waliin daldaluu, hariiroo wal-qunnamtii fi geejjibaa, hariiroo wal-dorgommii fi waraanaa fi nagayaa keessatti lafa qabateedha. Safuun amala gaarii yoo hariiroo namaa fi jireenya hawaasummaa isaa keessatti hojiin hin mirkaneeffamin, abjuu qofa taatee hafti.

Tokkummaan ummata Islaamaa tokkummaa amantii fi amala gaariiti malee tokkummaa Baayolojii dhiigaa, afaanii ykn siyaasaatii miti. Isa kana wanti ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu*) Yahuudaa Madiinaa hawaasa Madiinaa keessa jiraachuu isaanii waliin, naanoo Ji'oogiraafii, afaanii, siyaasaa fi qaroominaa kan Muslimoonni keessa jiraatan keessa jiraachuu isaanii waliin ummata jedhanii akka yaaman isaan godhe. Maalummaa ummataa kan daangessu eenyummaa amantiiti. Kanuma waliinuu tokkummaan siyaasaa, ji'oogiraafii, duudhaa fi afaanii jiraachuun tokkummaa amantii ummatichaa cimsee deeggara. Tola itti oolutti firatu dursa. Garuu kutaaleen kunniin maalummaa ummataa fi boca isaa kaayuuf bu'uuraa miti.

kunniin amallan dirqmaan jiraataniidha. Tariitii fedhii namaatiin alas ta'uu danda'a. Garuu hiika amantiitiin miseensa ummataa ta'uun waan itti yaadamee ta'u kan namni ofii filatee godhuudha. Kanaafi amantii keessatti nama dirquun wanti hin jiraanneef.

Tokkummaan amantii namoonni keessa isaaniitti amantii bu'uura godhatanii addaan qoodamuu hin eeyyamu. Amantii Islaamaa keessatti bu'uurri amantii tokko waan ta'eef addaan qoqqoodamiinsa ofitti hin fudhatu. Sababni isaas bu'uurri yaada amantii dhugaan amantiin tokko ta'uu ibsa. Dhugaan sunis tokkichummaa Rabbiiti. Yoma dhugaa takkittii tana hubachuuf yaanni namaa hedduu ta'es, ummanni kora marii fi wal-hubannaa qopheessuun yaaddan gargara faffaca'an akka hundee tokkotti deebi'an godhuu irratti dirqama qabu. Kana ta'uu waliinuu, tokkummaan amantii ummataa kun haala jireenya hawaasaa tartiibessuuf naannoo ji'oogiraafii murtaa'etti addaan qoqqooduun tajaajila caalu ummataa kennuuf jecha qoqqoodamiinsi haala bulchiinsaa jiraachuu hin falmu.

Hojiin ilma namaa hunduu keessa isaatii safuu wayii qaba. Dirqamni nama irra jirus safuu san argamsiisuudha. Kanaafuu ummata Islaamaa biratti shari'aan kallattiiwwan hojii hunda waan of keessatti hammattuuf, amalli namaa hunduu murtii mataa isaa qaba. Murtiiwwan shari'aa kunis yeroo hojii irra oolan haala bakkaa fi yeroo isaa kan eeggataniidha. Akkaataan murtiiwwan kun hojii irra itti oolfamanis haaraya argamu hunda waliin wal-simata. Argamoota battalaatiif seerota bu'uuraa kan haaroomsaa fi tattaaffiif karaa saaqantu jira. Kunis shari'aan yeroo fi bakkee hundaaf ta'a ka jedhu san fiixa baasuufi. Kunis hordoftoota amantii Islaamaa hundaaf wantoota isaanitti

cufameef akka isaan furtuu baniinsaa qabaataniif gargaara. Kan furtuu kana fudhatee qilleensa keessa balali'ee furmaata fiduu fi kan isa qabatee mana hidhaa dadhabinaa fi duubatti hafiinsaa keessa taa'uuf murteessus ilma namaati.

Safuuleen gurguddoon akka namni Muslimaa tokko tattaaffii isa irraa eegamu hunda raawwatuu fi yeroo barbaachisetti karaa Islaamummaa keessatti wareegama lubbuu isaa hunda kaffalu isa taasisan kun safuulee bu'a-qabeessa namni uumamaan qabutti faaydamuu irraa hin dhoorgu. Rabbiin ilma namaatti jaalal dubartii, ilmaanii, baay'ina qabeenyaa, meeshaalee miidhaginaa fi hiree gaggaarii horachuu itti bareechee jira. Namni Muslimaa tokko jireenya isaa kan dachii kanaa irratti wantoota dubbanne kana irraa qooda isaa akka fudhatu wanti isa dhoorgu hin jiru.

Garuu itti fayyadamni kun safuu waan hunda jiddu-galeessumatti fayyadamuu fi madaalawaa ta'uutiin daangeffamuu qaba. Akkasumas nama miidhuu, nama ganuu fi qabeenya qisaasessuu irraa fagaachuun dirqama. Kunis akkuma qaamni nama jaraan walitti hidhamaa fi waliif birmataa ta'e san, ilmaan ummata kanaa jidduttis miirri waliif mararfannaa fi wal-danda'iinsaa akka jiraatuufi. Miseensummaan kunis miseensa si'aa'aa of fooyyessuu, dandeettii kalaqa dhuunfaa cimsuu fi yaada dhiyeessuu namaaf dabala. Ummata bal'aa keessatti namni dhuunfaan dhagaa gufuu namatti ta'u kan eenuymmaa ofii dhabee itti gaafatamummaa hin qabnee miti.

Amantii Islaamaa keessatti safuun, jiddu-galummaa fi madaalummaadha. *Yahuudaa* fi *Araboota* durii biratti dhibeen gosummaa gama tokkoon safuu kan hin qabne ta'us, addummaa

fi moloksummaan amantii kiristaanaas gama biraatiin safuu qabaachuu dhabuu bakka bu'us, amantii Islaamaa keessatti jiddu-galeessummaan fi madaalummaan safuu ol'aanaadha.

### 2) Ifa Galiinsa Toowhidaa Sirna Siyaasaa Keessatti

Amantii Islaamaa keessatti toowhiinni handhuura safuu fi madda safuulee biraati. Qabiyyeen safuulee isaas seerota xiinxalaa fi hawaasummaa, siran siyaasaa fi aartii hunda keessa jira. Dirree siyaasaa irratti safuun Toowhiidaa kan ifa ta'uun tokkummaa ummataa kan aangoo kilaafaa Islaamaa fiixa baasuuf akka ulaagaa bu'uuraatti fudhatamu keessatti. Kana jechuun sirna siyaasaa Islaamaa keessatti ummanni kutaa caaseffamaa isa guddaa jechuudha. Toowhiinni ibsa Rabbii tokkicha waan isaan hin malle irraa qulqullaayee yoo ta'u, akkas ta'uun isaa tokkummaa ummata amantii Islaamaatiin of ibsanii dirqama godha.

﴿ إِنَّ هَٰذِهِۦٓ أُمَّتُكُمۡ أُمَّةٗ وَٰحِدَةٗ وَأَنَا۠ رَبُّكُمۡ فَٱعۡبُدُونِ ٩٢ ﴾ الأنبياء: ٩٢

*[Ummanni kun ummata keessan tokkicha. Ani Rabbii keessani Ana gabbaraa] (Al-Anbiyaa'u: 920).*

Jechi ummata jedhu jecha Islaamawaa adda ta'e kan addunyaawummaan ibsamu waan ta'eef, gosummaa, dhiiga, afaan, dachii fi aangoo siyaasaatiin hin daangeffamu. Bifa kanaan namni Muslimaa kan aqiidaa toowhidaatti amanu dirqma amantii isa irra jiru akka bayatuu fi dachii kana irra bakka kamiyyuu yoo jiraate mirga seeraa kamiyyuu fayyadamuu akka danda'u isaaf haala mijeessa. Haala biyyi inni keessa jiraatu sun dirqamoota isaa akka bayatuu fi jireenya isaa kan Islaamaa akka jiraatu isa

hin dhoorginiin seera nam-tolchee hawaasni inni keessa jiraatu ittiin bulu san jalatti buluu qaba.

San booda amalaa fi naamusa isaa gaarii saniin gara amantii isaatti nama harkisuuf fakkeenya gaarii ta’a. Namoonni biraa akka amantii san fudhatan kakaasa. Sana booda ummata Islaamaa ta’u. Yoo jireenya Islaamummaa isaa shaakaluu hin danda’u ta’e, filannoon inni qabu biyya biraa tan hojii amantii isaa raawwachuu irraa isa hin dhoorginetti baqatuudha.

﴿وَمَن يُهَاجِرۡ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ يَجِدۡ فِي ٱلۡأَرۡضِ مُرَٰغَمٗا كَثِيرٗا وَسَعَةٗۚ ﴾ النساء: ١٠٠

*[Namni karaa Rabbii keessatti godaansaaf baye, dachii keessatti iddoo qubatuu hedduu fi bal’ina argata] (Annisaa: 100).*

Dhaloonni Muslimoota jalqabaa Hadiisota ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* fi seenaa isaanii fi waahillan (*sahaabaa*) isaanii bifa gadi bu’iinsa qabuun itti dhimmamuun amantiin Islaamaa isaan fudhatan sun maal akka ta’ee fi safuuleen Islaamaa fiixa bayuun sochii seenaa keessatti maal akka fide mul’isa. Jalqaba irratti inni amantii hojiin mul’ifamu kan dhugaa battalaa waliin deemu malee ilaalcha duwwaa hawwii malee hojiin hin argamsiifamnee miti. Haalli isaan keessa turan hubanna sadarkaa jechaatiin jiru irraa gara dirree waan dhagayan san hojiin lafa irratti mul’isuutti isaan geeddaree jira. Akkaataan hojii kun safuu amantii mul’isa. Achumaan jijjiirama guddisa ilmaanii bu’a-qabeessa kan safuu kana gara hubannaa fi qayyabannaatti dhiyeessu ta’a.

Akka Ilaalcha Islaamummaan ummata tokko yaada jedhu kana ilaalutti amala sadi of keessaa qaba:

**Amalli Tokkoffaan**: ilaalcha addunyaaf qabu irratti ummanni kun tokko ta’uudha. Ilaalchi sunis xiinxalaa fi

hubannaa irratti wal-simataadha. Ilaalchi amantiin Islaamaa addunyaaf qabu kun beekkumsa safuuwwanii kan fedhii Rabbii fi waan saniin wal-qabatu kan akka sochii seenaa, safuuwwanii fi sochiiwwan isaa kun waan yeroo ammaa fi egaree itti gayuuf hamilaniin hidhata qabaachuu irraa walitti qabameedha. Ammas ergaawwan safuu kanaa fi seenaan isaa argamoota guyyaa keessaa kan nama Muslimaa akka inni safuulee kana bifa haaroomaan hubatee dhugaa battalaa fi dhimma isaa qayyabatee, safuulee kana hojiin lafa irratti agarsiisuuf carraaqqii taasisuuf banaa ta’uudha. Kunis safuu Islaamaatiif gahumsaa fi si’aa’ina haaroomaa kennaaf.

**Amalli Lammaffaan**: Ummanni kun muxannoowwanii fi taateewwaniif argamoota irratti tokko. Akkasumas safuulee wantoota ta’amuu qaban murteessan sadarkaa dhuunfaa, hawaasaa fi hooggansaatti gara hojiitti jijjiiruu irrattis tokko. Haala kanaan tokkummaan ummanni kaayyoo itti gayuu barbaadu irratti tokko ta’uu argama. Isaan ummata kanaaf seerri hojii fuulleffannaa isaa gara kaayyolee kanaatti gargalchu argamaaf.

**Amalli Sadaffaan**: ummanni kun fuulleffannaa isaanii kan hojii, kalaqa qabeenyaa fi bu’aa qaroomaaf argamsiisan keessatti tokko. Kun hunduu wanta nama dachii kana irratti bakka buufamee fi ummata Islaamaa irraa eeggamuudha. Sunis akka badhaadhina dachiin biqilchitu kana irraa bifa seera hawaatiin wal-simatuun namni hundi fayyadamuuf, akka namni qabeenya dachii kana keessa jiru baasee anniisaa isaa sanitti fayyadamuufi. Kunis akka namni haga danda’ameen jireenya addunyaa kanatti qanani’ee, jireenya bareeda, tasgabbii lubbuu fi hawaasummaa

akka jiraatuuf gargaara. Akkasumas babal'ina wallaalaa, hiyyummaa fi dhibee hir'isuu ykn akka miidhaan inni nama irraan gayu xinnaatu godhuufi. Amallan addaa sadan kunniin akka ummanni Islaamaa mul'ata, bulchiinsaa fi hojii irratti walii galan mul'isa.

Rakkooleen siyaasaa ummanni Islaamaa yeroo ammaa kana isaan mudataa jiru baay'ee fi wal-xaxaadha. Garuu rakkinoota kana keessaa irra guddaan hooggansi siyaasaa mul'ata Islaamaa qabu dhabamuu, gahumsa Islaamummaatti amantii dhabuu fi rakkinoota ummanni keessa jira kan duubatti hafiinsaa, dadhabinaa fi baay'ina lakkoofsaa keessa isaa hoffaa ta'e kana jalaa bayuuf amantii qabachuu dhabuudha. Yeroo hooggantoonni ummataa ummaticha sosochoosanii gara kallattii seenaa ijaaruu, dhala namaa hoogganuu fi qarooma karaa sirrii qabsiisuuf ifaa barbaachisu qabsiisanitti, *kilaafaan* (mootummaan) *Abuu Bakri Assiddiiq* dhuftee imala isii eegaltee turte.

Safuun toowhiidaa kan Rabbiin malee gabbaramaan biraa hin jiru jechaa raga bayuu taate tun qajeellumni Rabbii nama hundaafuu kan malu ta'uu agarsiifti. Ummanni Islaamaa hundee walitti qabama dhala namaa ta'uus ibsiti. Yaad-rimeen ummata jedhu yaada amantii Islaamaa kan yaaddan amantiiwwan biraa irraa adda ta'eedha. Islaamummaan akka hordoftoonni amantii biraa addummaa amntii isaanii eeggatanii hundee amantii isaanii irratti walitti qabaman mirga kennaaf, sanitti isaan kakaasa, hawaasa Muslimaa keessatti isaan ofitti fudhata.

Seerri ittiin bulmaata hawaasa Muslimaa ergaa banaa amantii Islaamaa ykn nageenya Islaamaa keessa seenaa jedhu addunyaa hundaaf baatee dhufe. Kunis waliin ta'anii wal-

gargaaruun mirgoota kabachiisuu, tika namaaf godhuu fi nagayaan badhaadhanii jiraachuufi. Haala kanaan addummaan addaa kan safuun toowhiidaa addunyaaf gumaachee fi seerri addunyaa hundaaf banaa ta'e kun yaamicha banaa amantii Islaamaatti nama yaamuuti. Yaamichi kunis dirqama amantii fudhachuu osoo hin taane, hariiroo nagayaa kan yaanni lola wal-irratti banuu isaan dhabamsiifamu hundeessuufi.

Akkasumas yaamicha isaan bilisummaa fi kabajaan namaa ittiin eeggamu, kan wal-hubachuu, ollummaa fi waliin ta'uun waliin hojjachuu fi hawaasa Muslimaa waliin jiraachuun keessatti babal'atu uumuufi. Waliin jireenyi kunis dirree diinagdee, hawaasaa, xiinxalaa fi beekkumsaa hammata. Namni kamiyyuu waan fedhe filachuu fi gammadee jiraachuuf mirga hin daangeffamne qaba. Ilmi namaa bilisummaa dhoorgachuun, kabaja namummaa isaa sarbuudha.

Yeroo addunyaan safuun guutamu fedhiin Rabbii galma gaya, ilmi namaa addunyaa san tiiksuun kutaa gabbara Rabbii (ibaadaa) keessatti lakkaayama. Uumamni Rabbii hunduu tooftaa fedhii Rabbii kan hin daangeffamne galmaan gayaniidha. Ilmi namaa uumama kabajamaa, fedhii Rabbii guddaa galmaan gayuuf fedhii fi dandeettii qabuudha. Inni boolli keessaa bayuu hin dandeenne keessa hin jiru waan ta'eef nama isaaf birmatutti hin hajamu. Wanti isa irraa eegamu dirqama isa irra jiru qofa bayachuudha. Sadarkaan isaas akkuma bu'aa inni galmeessuutiin dabalamtiif.

Ammas safuun toowhiidaa kan ibsu, fedhiin Rabbii guddaa waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaayee dhala namaa hundaaf waan gaarii argamsiisuudha. Hojiin naamusa

gaariin guutames duudhaa namaa, bifa (halluu) fuula isaanii fi iddoo jireenya isaanii osoo hin jenne wal-fakkeessuunis safuu guddaadha. Kunis jireenya naamusaan guutamte tana akka isiin addunyaa hunda qixxiftuu fi amala hawaasummaa akka horattu dirqisiisa.

### 3) Ifa Galiinsa Toowhiinni Sirna Diinagdee Keessatti Qabu

Akka ilaalcha Al-Faaruuqiitti kallattiin safuu kan Rabbiin malee gabbaramaan hin jiru jedhu kun amantii Islaamaa keessatti wanta guddaa toowhiinni hammateedha. Kana jechuun safuun sadarkaa gubbaa Rabbii tokkicha, wanti isaa gaditti jiru hunduu akka fedhii Rabbii fiixa baasuun safuulee isa irraa fudhata jechuudha. Ilmi namaa Rabbiin gabbaruun fedhii Rabbii mirkaneessuudha. Kun immoo yeroo fi bakkaaf gatii dhugaa kenna. Kanaafuu kaayyoon Rabbiin hawaa kana uumeef, addunyaa safuun guutamte uumuudha. Kunis kan ta'uun gama ilmi namaa mul'ata hawaan Rabbii addunyaa kanaaf qabu handhuurfachuu fi dalagaa gaariin jireenya isaa guutuuni.

Rabbiin akka ilmi namaa addunyaa bu'uura safuuwwaniitiin guutamte kan Rabbiin isa yaadachiiftu tanaan qanani'u karaa godheefi jira. Dirqamni isa irra jirus addunyaa kana tiksuu fi bareechuudha. Cufti wanta addunyaa tana irra jiruu safuu guddaa of keessaa qaba. Ilmi namaa hunduu wal-qixa. Dalagaa gaarii fi soda Rabbiitiin malee homaanuu wal-hin caalan. Wantoonni addunyaa kana keessa jiran hunduu akka seeraa fi sirna Rabbiin isaaniif godheetti sosocho'u. Gatiin inni qabu akka

ilmi namaa uumama kanaan gara Rabbiin barbaada gayuuf jecha ilma namaatiif laaffifamuu isaati.

Amantiin Islaamaa amantii toowhiidaa waan ta'eef, wanti adda isa godhu hariiroo jidduu qabeenyaa fi afuuraa wal-madaalsisuudha. Addummaa kanaan ilma namaa hundaaf gaarii argamsiisuuf kan fuullaffateedha. Kunis dalagatti nama kakaasuun, gaggaarii dachiin biqilchitetti fayyadamuun, humna isii keessa jirutti dhimma bayuun, nyaata, dhugaatii, uffataa fi mana argamsiisuun, qabeenya walitti qabuun, ijaarsa ijaaruu fi ilma namaatiif wantoota jireenya nama irraa barbaaddu guutuufiidha. Guddinni ykn fooyya'iinsi afuuraa kamiyyuu dabaltiin qabeenyaa waliin jiraachuu qaba. Yoo jidduun jaraa kan wal hin madaalle taate, seerri jireenyaa dabee jira jechuudha.

Seerri diinagdee Islaamaa sona lama irratti hundaa'a. Tokkoffaan:namni dhuunfaan ykn gareen wayii isa kaan saamuu dhabuu fi lammaffaan namni dhuunfaan ykn gareen wayii isa biraa irratti qobqobbii diinagdee kaayuu dhabuudha. *Ibnu Kalduun* sonoonni kunniin sonoota hawaa fi hawaasummaa akka ta'an ibsee jira. Ilmi namaa uumamumaan qaroodha. Jireenyi isaa gamtaan malee lafa hin qabattu. Gamtaan kunis kan barbaachiseef wal-gargaariinsi fi waliin hojjachuun garee hawaasaa fi hawaasa dhala namaa kan faaydaaleen isaa wal-keessa seenaa ta'ee fi kan gariin isaa isa kaan irratti irkatee jiraatu jidduu akka jiraatuufi.

Kanaafi wanti ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irraa haa jiraatuu)* gufuulee jidduu gosaa jiran dhabamsiisanii wal-qunnamtiin imalaa fi sosochiin daldalaa akka bilisa ta'u godhaniif. *Umar Ibnu Al-Kaxxaabis (Rabbi isa irraa haa jaalatuu)* daangaalee fi handhuura *gumruukaa* hunda cufuun

dachii mootummaa Islaamaa hunda keessa bilisummaan sosochii namaa fi meeshaa akka jiraatu godhee jira. Ka san caalu yeroma lolaa fi wal-waraansaatuu daldalli alaa kan naannolee biyyoota Islaamaa fi biyya Biizantaayin jiddutti gaggeeffamu banaa ta'ee hafee jira.

Akkuma toowhiinni sirna diinagdee Islaamaatiif sonoota diinagdee walii galaa bocuu irratti gatii qabu, naamusa dalagaa fi sonoota oomishaa irrattis toowhiinni gahee qaba. San keessaa:

- Hanga danda'aniin of qusachuu dhabuun oomishuu. Kana jechuun namni tokko hanga sooratu caalaa oomishuu qaba. Hanga fayyadamu caalaa tajaajila kennuu qaba.
- Oomishni qonnaa fi warshaa oomisha nama isa sooratu fayyadu ta'uu qaba. Kunis qabeenya ilmi namaa keessatti bakka buufame kana osoo hin balleessine abbaa isaatiif waan durii caalaa bareechee ykn yoo xiqqaate bifa dur jiru saniin deebisuu qaba.
- Oomishni ykn tajaajilli namaaf kennamu sun nama gowwoomsuu fi nama daguu irraa bilisa ta'uu qaba. Sunis qaamolee seeraa kan too'annoo godhan sodaaf osoo hin taane, safuu bareeda ol'aanaa toowhiida irraa burqe saniin wal-simachuuf ta'uu qaba. Akkasumas soda qaaama seeraatiif osoo hin taane uumaa jalqabaa kan namaaf waan gaarii dalaguu fi fedhii Rabbiitiif masakamuu saniin wal-simachuufi. Kunis keessi namaa akka gammadu taasisa, guyyaa boodaa (aakiraa) immoo Rabbiin irraa mindaa nama kajeelchisa.

Toowhiinni akkuma naamusa oomishaa irratti jijjiirama qabu, naamusa soorannaa keessattis jijjiirama qaba. Toowhiinni

akka ilmi namaa addunyaa kanaaf gaarii ta'u ajaja. Sana booda mirga soorannaa isaaf kennee jira. Waa'ee qabeenyaa (meeshaa) jireenyaaf nama barbaachisanii irraa hubannoo qabaachuu fi fedhiiwwan bu'uuraa hanga quufutti guutachuu akka qabu hayyamameefi jira. Garuu quufni sun sadarkaa qisaasessuutti nama geessuu hin qabu malee. Oomishni soorannaa irraa hafe immoo irra deebifamee misoomfamuun oomisha dabalee, ummatas duroomsee, karaalee tola ooliinsaa fi tajaajila hawaasaa irra oola. Kunis jaalala Rabbii barbaaduu fi sona waliif mararfannaa fi wal-danda'iinsaa hojiin mul'isuufi.

Balballi kennaa (*arjoomaa*) dhimmoota bu'uuraa sadarkaa dhuunfaa, hawaasaa fi sadarkaa mootummaatti jiran hunda cufuuf yoomiyyuu banaa ta'ee hafa. Akka sadarkaa dhuunfaatti namni dhuunfaa tokko fira isaatiif kennaa dirqamaa kennaaf, zakaa amantiin dirqama nama irratti godhe bifa isarraa eegamuun baasa. Ka san irraa hafeen immoo bifa tola ooliinsaatiin arjooma. Yeroo namni sun qabeenya san irraa du'e immoo, qabeenyi sun fira isaa jiddutti seera qoodiinsaa kan baay'ee wal-qixxummaa irratti hundaa'een raabsama.

Akka sadarkaa mootummaatti (biyyaatti) immoo kaaznaan qabeenya murtaawaa akka qabeenya ummataa, zakaa ummata irraa guuramee eega raabsame booda hafe, qabeenya haqa hawaasaa jedhamee dureeyyii irraa fuudhame (kan zakaan alatti jiru) fa'a of keessaa qabdi. Mootummaan qabeenya kana nagaya ummataa ittiin tiksa, porojektiilee misoomaa fi invastimantii dirreelee qonnaa, warshaalee fi tajaajilaa keessatti barbaachisaa ta'an ittiin ijaara, mindaan hoomaa waraanaa fi hojjattoota biiroo mootummaa kan faaydaa ummataatiif hojjatanii

keessaa kaffalama, karaalee, manneen barnootaa, mana yaalaa fi kkf ittiin ijaarama.

Naamusni sirni diinagdee hojii, oomishaa fi soorannaa irratti qabu ilmi namaatiif jireenya isaanii keessatti gammachuu qabeenyaa fi afuuraa isaaniif mirkaneessuuf gahaadha. Sunis sirna diinagdee safuun guutame kana mala gaarii, itti gaafatamummaa fi wal-qixxummaan guutame keessatti.

### 4) Ifa Galiinsa Toowhiinni Sirna Beekkumsaa Keessatti Qabu

Hariiroo toowhiinni beekkumsa waliin qabu ibsu wanti barbaachiseef, sirni warra Dhihaa kan ammayyaa ilaalcha lamaa wal-maddii qabee wal-madaalchisuu waan hin dhiisiniifi. Ilaalchi jalqabaa adeemsa waa shaakalanii hojiin mul'isuu irratti kan hundaa'eedha. Ilaalchi kunis beekkumsi amantii hunduu beekkumsa dhokataa gatii hin qabnee fi raggaasisuun hin danda'amne jedhee fudhata. Kanaafuu dhuunfaan tokko beekkumsa amantii kana shaakallii qabatamaa fi gamaaggama sammuun fudhattu osoo irratti hin gaggeessin sirrii jedhee itti amanuu danda'a.

Akka ilaalcha kanaatti, jaarraa jiddu-galeessa keessa wal'aansoon hadhaayaan mana sagada Kiristaanotaa fi sammuu saayinsii shaakalliitti amanu jiddutti waan tureef sammuu warra Dhihaa keessatti beekkumsi amantii dadhabee jira. Sababni isaas ijjannoon Bataskaanni beekkumsa irratti qabu ijjannoo dukkanaayaa osoo shaakalliin hin deeggaramnee fi sammuu namaa osoo hin amansiifne wanti amantiin jedhe hunduu dhugaadha jedhu ture. Dhuma wal'aansoo sanii irratti sammuun

saayinsaawaan injifatee gumaacha baay'ee nama dinqisiisu hunda waan galmeessiseef, ilaalcha akkanaa kana akka warri Dhihaa amantiif qabaatu godhee jira.

Ilaalchi lammataa immoo ilaalchuma duraa sanitti dhiyaata. Innis beekkumsi amantii dhimma xiinxala sammuu fi qorannoo shaakallii jala galuu miti jedha. Sanuma waliinuu beekkumsi amantii kun akka muuxannoo dhuunfaatti ragga'uu danda'a malee qu'annoof kan dhiyaatuu miti jedha. Akka ilaalcha kanaatti beekkumsi amantii abbaa muxannoo qabuuf sirrii fi dhugaa waan taateef, utubaa amantii Kiristaanaa cimsuuf inni qofti gayaadha jedhu.

Ilaalchi amantii Islaamaa kan toowhiida bu'uura godhate immoo dhugaan iimaanaa dhugaa sammuun fudhattu kan qorannoo fi qu'annoo hunda jala taruu danda'u jechuu irratti kan hundaa'eedha. Kanaafuu iimaanni nama Rabbitti amanee tokko waan sammuun itti amante waan ta'eef, yaada ifa galaa, ragaa qabatamaa fi ibsa quubsaa irratti hundaa'a.

Amantii Islaamaa keessatti Rabbiin tokkichoomsuun sona beekkumsaa waan ta'eef, dhugaan wanta beekamuu danda'uu fi yoo ilmi namaa dirqama dachii kana irratti bakka bu'ummaa isatti kenname san bayatee dhugaa jirtu xiinxalee qorate, wanti hunduu isaaf ifa galaa ta'a. Yoo ilaalchi amantii namaa Rabbitti amanuu qofa bu'uura godhatee dhugaa jirtu qoratee irra gayuu dadhabe immoo, sun shakkii nama keessatti uuma, safuu dhabamsiisa. Safuu hubachuun dandeettii namni waan safuun sun bakka bu'uu fi waan olola biraa irraa safuu kana adda baasu beekuuf qabu irratti hundaa'a.

Haala kanaan dhuma irratti toowhiinni maddi beekkumsaa tokko ta'uu nuuf ibsa. Beekkumsi sun kan wahyii Rabbiin irraa buufame ta'us kan uumamaa fi hawaa irraa ragaa fudhatame ta'us maddi isaa tokkuma. Wahyiin akka nuti addunyaa kana xiinxallinee, kutaalee isaa hunda keessa deemnee qorannee, amalaa fi sirnoota sosochii isaa hunda beeknee, dhugaalee jiran hubannu nu ajajee jira. Rabbiin guddaan madda safuu, wantoota gaggaarii fi filatamoo hundaa akka ta'e toowhiinni nuuf ibsa. Wantoota gatii qabaniif gatii san ka godheef Rabbii tokkicha, isa malee gatii addaa waan saniif kan kennu hin jiru.

Kanaafuu namni Rabbitti amane tokko dalagaan Rabbii hunduu gaarii ta'utti amana. Rabbiin guddaan waan isaan hin malle hundarraa qulqullaaye akka inni karaa sirrii ta'e irratti qajeeluuf dandeettii fi mijaa'iinsa isaa kenne. Kun immoo akka namni Muslimaa tokko milkii tolu godha. Akka inni egareen isaa bal'inaa fi qananiidha jedhee abdatu godha. Rakkoo fi gadadoo isa mudatan hunda gootummaan of irraa qolachuun isa boodaan waan gaaritu naaf jira jedhee akka abdatu godha. Namni Muslimaa tokko namoota amantii biraa hordofan waliin yeroo jiraatu, kabajaa fi haala gaariin waliin jiraata. Garaagarummaa jidduu isaanii jiru dhiisee miira walitti qabanii fi dhalootaan namni tokko ta'uun akka namni hundi wal-beekee wal-hubatee waliin jiraatee, bu'aa wal-jijjiiree qarooma waliin ijaaru nama kakaasu san irratti fuulleffata.

Amantii Hinduu keessatti ilaalchi hawaaf qaban oduulee durii irratti kan hundaa'e yoo ta'u, hordoftoota amantii Kiristaanaa biratti immoo badii fi dogongora keessatti kufuu

irratti yoo hundaa'u, iaalchi amantiin Islaamaa hawaaf qabu immoo hawaan (uumamni) kun waan Rabbiin uume seera qabeessaa, qindaa'aa fi kaayyoo uumameef kan qabu, kan ilma namaatiif laaffifamaa ta'e jedhee ilaala. Hawaan kun kennaa Rabbiin akka ilmi namaa dachii kana keessatti bakka bu'aa ta'ee hojjatuuf isaa kenne.

Hawaan kun qindaa'aa fi seer-qabeessa ta'uun isaa akka ilmi namaa kun xiinxala godhuuf isa gargaara. Akka ilmi namaa kun ajaja Rabbii isaa beekee, seeraa fi akkaataa sirna sosochii hawaa kana hubatee saayinsii waa'ee uumamaa qu'atu akka inni guddisu godha. Gama hawaasummaa fi afuuraa kan walitti qabama dhala namaa ilaaclhisee, innis kutaa hawaa keessaa isa tokko. Innis seeraa fi sirnoota mataa isaa qaba waan ta'eef, ilmi namaa seerota san qoratee argatuun saayinsiiwwan hawaasummaa fi namummaa guddisuu qaba.

Saayinsiiwwan kun hunduu waan namni fedhii fi ajaja Rabbii uumama kana sadarkaa uumamaa, afuuraa fi hawaasummaatiin olii gadi gargalchu irraa hubatuudha. Kanaafuu namni Muslimaa tokko, uumama kamiifuu sababaan Rabbii tokkicha ta'utti amana. Wanti hawaa kana keessa jiru kan inni argamuun bakkee fi yeroo sanitti Rabbiin sababa argama waan sanii waan argamsiiseefi. Kun hunduu qu'annoo shaakallii fi dhugaa sammuun fudhattuuf kan bitamuudha. Kanaafuu toowhiinni kun *sihrii*, falfala, olola oduu durii fi kan isa fakkaatanitti amanuu guutumatti dhoorga. Bifa qajeellumaa fi beekkumsa irratti hundaa'een qorannoo gaggeessuu deeggara.

Beektonni warra Dhihaa hedduun ilaalcha Rabbiin uumaa waan hundaati jedhu kana fudhachuu diduu hin dhiifne. Kunis

sababa jibbiinsa aangoo Bataskaanaa kan olola durii qofa himan, kanneen qu'annoo fi qorannoo saayinsii ukkaamsaniif qabaniifi. Bataskaanni aangoo isii tikfachuuf jecha beektota hedduu irratti duula gidiraa bantee turte. Garuu dhuma irratti warraaqsi saayinsii aangoo san kuffisuu danda'ee jira. kufiinsi Bataskaanaa sun immoo yaada amantii fi siyaasa gargar baasuu (secularism) jedhu fide. Innis kaayyoon isaa ol'aantummaa Bataskaanni guddina saayinsii irratti qabu guutumatti kuffisuu ture. sunis wanta sirrii galateeffamuudha. Garuu sirni *sekulaarizimii* kun booda irra aangoo Bataskaanaa diduu irraa gara guutumatti amantii diduutti geeddarame.

Babal'ina saayinsiitiif haala kanaan toowhiinni ka'umsa ta'e. Karaa seeraa fi sirnoota sosochiitiin Rabbiin tokkichi waan isaan hin malle irraa qulqullaaye hidda sirna hawaa kana cimsee jira. sirni sunis akka ilmi namaa qu'annoo fi abuurraa qorannoo saayinsaawaatiin deeggarame kan dhugaa sammuun fudhattuu fi shaakallii irratti hundaa'e gaggeessee dhugaa jirtu hubatuuf haala mijeessa. Uumamni kun sosochiin isaa hunduu akka kaayyoo fi galmi Rabbiin hawaa kana uumeef bakka gayuuf jecha, seera Rabbiin isaaf kaayee san irratti hundaa'uun sosocho'a. Uumamani namni ijaan arguu fi hin argine kan dachii, hawaa fi galaana keessa jiran seera, tilmaamaa fi madaala qabaachuun isaanii fedhii Rabbiitiin tika uumama kanaatiif gumaacha qabu.

Hawaan kun sirna sosochii mataa isaa, qindoominaa fi bareeduma qabaachuu isaa hubachuun guddinaa fi ol'aantuma Rabbii uumama san uumee mul'isa. Hawaa kana yoo xiinxalline uumaa Rabbii kana sammuun keenna dinqisiifatee hafa, gatii guddaa fedhii fi tokkummaa Rabbiis yeroo san hubata. Kanaafuu

ilmi namaa hawaan kun dhuunfaa Rabbiiti, ilmi namaa isa keessatti bakka buufamaadha jedhee hubachuu malee filannoo biraa hin qabu. Ga’een ilmi namaa as irratti qabu uumama kana qisaasa’a, faalamaa fi mancaasama irraa tiksuudha. Bifa naamusa gaarii irratti hundaa’een wantoota gaggaarii uumamni kun of keessaa qabu irraa, osoo hin qisaasessine, osoo nama hin gowwoomsine  fayyadamuu danda’a. Kunis akka qananiin Rabbiin uumama kana keessa kaaye dhala namaa hunda, dhaloota dhufu mara, ummataa fi saboota hunda bifa qooda dhaloota dhufuus hirreega keessa galchuutiin akka wal-gayuufi.

Kuni mul’ata Islaamni hawaa fi dhala namaatiif qabu. Mul’anni qaroomni biraa hawaaf qabu immoo isa Islaamaa kana irraa guutumatti adda. Fakkeenyaaf qaroomni Girikootaa qarooma boca dhagaa mukarraa bocametti amanuuti. Gabbaramaan heddu ta’utti amanu. Boca gabbaran kanas bifa amala namaa kan gaarii, badaa, kan waa jijjiiruu fi waa balleessuutti fakkeessuun bocu. Kanaafuu boca gooftaa isaanii san boca gooftaa wal-waraanuu fakkeessanii bocuun isaanii waan nama dinquu miti.

Gooftaan isaanii akkuma ilma namaa kamiituu nama gana, shira namatti xaxa, ni hata, sagaagalummaa raawwata, nama waanya, haloo nama irraa bayata. Eega kuni amala gooftaa isaanii ta’e, ilmi namaas amala san keessaa muraasa isaa dalaguun badii hin qabu. Haala kanaan gooftaa mataa isaanii bocatu.

Amantiin Kiristaanaa immoo dogongorri ilmi namaa jalqaba irratti raawwate sun kufaa waan isa godheef, kufiinsa kana keessaa bayuun kan danda’amu Rabbiin nabi Iisaa (Jesus)

fakkaatee qaama isaa keessa seenee cubbuu ilmi namaa dur raawwate san irraa isaan baraaruuf fannoo irratti fannifamee du'uu qaba yaada jedhutti amana.

Amantiin Hinduu immoo ummata sadarkaa sadarkatti qooduun Hindoota hedduu kutaa namoota jibbamaa keessa galchuun, kan Hindoota hin ta'in immoo balfa jechuun arrabsee jira. Garee namoota muraasaatiif maqaa sadarkaa ol'aanaa (kabajamaa) kenneefii jira. Kutaa tokko irraa gara kutaa (sadarkaa) itti aanuutti du'a booda malee dabruun hin jiru. Sunis namni sun eega du'een booda lubbuu nama biraatiin deebi'ee dhufa yaada jedhu. Jireenya kana irratti naamusa gaariin hojii dalaguun gatii wayiituu isaan biratti hin qabu. Akka ilaalcha *Buuziyyootaatti* jiruun addunyaa tun namaa fi uumama biraatiifis cubbuu, gara jabeennaa fi hadhaadha jedhu. Ilmi namaa cubbuu kana keessaa bayuuf ga'een isaa xiinxaluu fi seera qabaatuu qofaani jedhu.

Toowhiida Islaamaatiin ala kan ilma namaatiif kabajaa fi ulfina godhe hin jiru. Sunis osoo sadarkaa isaa ol kaasee Rabbitti hin qixxeessine, osoo gadi buusee tuffatamaa fi xiqqaataa isa hin goone jiddutti isa kabaje. Aqiidaa toowhiidaa malee kan ilma namaatiif kabaja naamusaa kenneefi akka inni egaree bareeda fuul-duratti hawwu godhe hin jiru. Namummatti amanuun amantii Islaamaa isa kana.

Kaayyoon Rabbiin uumama kana hunda uumeef immoo Rabbii wanti gaariin hundi isaan argamtu, kan jireenya namaa kana qananiin guute qofa gabbaruudha. Jireenyi kaayyoo guddaa qaba. Innis fedhii ol'aanaa Rabbiin nama irraa eegu kan isa qofa gabbaruu san galmaan gayuudha. Kunis fedhii Rabbii kan biraa

kan akka dachii kana misoomsuun uumama hunda irraa fayyadamanii nyaata fi mana qabaachuu, gaa'ila raawwachuu, hariiroo maatii fi hawaasummaa fi kkf dagachuu dhabuuni.

Uumama ijaan mul'atan keessaa ilma namaa qofatu dandeettii uumama biraatiif hin kennamin qaba waan ta'eef, isa qofatu mirga safuu naamusa gaarii galmeessuu qaba. Ilmi namaa hunduu yeroo dhalatu cubbuu irraa qulqulluu ta'ee dhalata. Cubbuun inni akkaakayyuu ykn abaabayyuu, ykn haadhaa fi abbaa isaa irraa ykn fira isaa irraa dhaalee waliin dhalatu hin jiru. Amala addaa ilmi namaa qabu keessaa irra cimaan fedhii ofii guuttachuu, mi'aa jireenyaa dhandhamuu, humna qabaachuu fi kkf. Garuu sun hunduu cubbuu fi filannoo ilma namaa osoo hin taane, qabiyyee uumamni ilma namaa marsee jiru of keessatti qabate waan ta'eef irraa hin gaafatamu. Inumayyuu akka ilmi namaa kabajaa fi ulfina ofitti godhee dalagaalee gaggaarii bu'a-qabeessa amaanaa bakka bu'ummaa isaa waliin deemtu keessaa filatee safuulee ol'aanoo mirkaneessuuf akka inni tattaafatuuf isa kakaasa.

Akka ilaacha toowhiida Islaamaatti, ilmi namaa uumama uumaan isaa guutuu fi bareeda ta'eedha. Akkaataan boca qaama isaa fi afuura (lubbuu) isaa bareeda. Rabbiin guddaan ilma namaa kanaaf lubbuu, sammuu fi miira isaa kennuun akka beekkumsa horachuu fi beekkumsa sanis qoratee hojitti jijjiiruuf isa gargaaru tola itti oolee jira. kennaan kunis cufuma dhala namaa hunda bira jirti. Sammuun irra guddaa waan Rabbiin ilma namaatiif kenneeti. Sammuu saniin amaanaan bakka bu'ummaa isa irra kaayamte.

Ilmi namaa yoo sammuu dhabe itti gaafatamummaan sun isa irraa kaafamti. Sammuu kanaan ilmi namaa hojii isaa raawwatee gammachuu fi badii hojiin sun qabu of irratti fudhata. Yeroo hojii filatu yaada hojii dalaguu qaba jedhutu isa kakaasa waan ta’eef hojii sanis akka barbaadamutti xumura. Kanaafuu yaada jalqaba hojiif qabu sanii fi bu’aa hojiin sun dhuma irra buusuuf itti gaafatamaadha. Naamusni jalqaba yaada toluu qofti naamusa hojii irraa nama hin duroomsu. Kanaafuu tattaafiin ilmi namaa godhu seenaa dhala namaa kan bocuudha.

Tokkichummaan Rabbii kan amantiin Islaamaa itti yaamu kun gosoota hojii ilmi namaa waliin ta’ee dalaguu kan akka seeraa fi dambii bulmaataa isaan bocatanii ittiin socho’an kan fedhii Rabbii galmaan gayuu fi safuuwwan cimsu of keessatti hammata. Gosoonni hojii ilma namaa fi naamusaa kan namoonni bifa dhuunfaa fi gamtaatiin hojjatan kun babal’achuun addunyaa hundaa fi nama hunda wal-gaya. Gosti naamusaa kan Muslimoonni jireenya isaanii keessatti agarsiisanis babal’achuun fedhii fi barbaada namni uumamaan qabu isaaniif guuta. Islaamummaa keessa Moloksee ta’anii hafuun, qaama ofii miidhuun, jireenya irraa of baasuun, qabeenya hin barbaadu jedhanii sirna afuuraa fi gabbara Rabbii qofa irratti geeffachuun, bareeduma addunyaa tun qabduuf bakkee dhabuun hin jiru.

Kan amantii Islaamaa keessa jiru nyaataa dhugaatii, gaa’ila raawwachuu fi bashannanuu, namatti madaqanii mokuu bayuu, bareeduma uumamni qabutti gammadanii qanani’uu, qotuu, warshaalee dhaabuu, aartiilee dagaagsuu fi kkfdha. kun hunduu yoo bifa madaalawaa fi sirna qabeessa diinummaa, nama miidhuu, nama irratti ol ta’uu irraa qulqullaayee, waan gaarii ilma

namaa hunda fayyadu bifa Rabbiin jedheen jaalala Rabbii barbaaduuf Rabbiin irratti gargaarsifatanii kan dalagan yoo ta'e, hojiin sun hunduu gabbartii Rabbii keessatti namaaf lakkaayama.

Namni Muslimaa tokko aqiidaa toowhidaa kanatti yoo amanu, yaanni fi hojiin isaa gara humna naamusa gaariin guutameetti jijjiirama. Humni sunis akka inni fedhii Rabbii dachii kana irratti mirkaneessuuf, hawaa hunda abuuruu fi isa kakaasa, akka inni dirree jireenyaa kana keessatti hojiiwwan ilma namaatiif barbaachisan hunda keessa harka naqatee jijjiirama silaa dhufuu qabu san fiduuf isa kakaasa. Addunyaan kun addunyaa hiree barbaadachuuf tattaaffiin itti godhamuudha, dirree ilmi namaa dirqama hawaa hubachuu itti bayatuudha. Addunyaan biraas kan ija namaa jalaa dhokate ni jira. Innis ganda kaafamaa fi hirreegaati.

Yeroo guyyaan dhumaa gaye, carraan tattaaffii biraa godhuu fi hiree biraa horachuu hin jiru. Wanti ganda san jiru hirreegamuu fi waan dirree addunyaa irratti dalaganiif mindaa argachuudha. Seenaan jireenya addunyaa kana irraa hanga jireenya boodaatti diriiraadha. Inni wanta fedhiin ala dirqamaan nama irra kaayamu osoo hin taane, dalagaa fi carraaqqii namaati, fiixa bayiinsaa fi dogongora isaati. Dhuma irra bu'aa dalagaa kanaa irraa kan gaafatamu ilma namaati. Kanaafuu ilmi namaa handhuura seenaati. Isatu fedhii Rabbiin seenaa kana keessatti galmeessuu barbaade fiixa baasuu irraa gafatama.

Haala kanaan seenaa ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* hubanna. Gaara Hiraa'a jedhamu keessaa ergaa Rabbiin isaanitti kenne fudhatanii eega bayanii booda, akka ergaa san hojii irra oolchan ajajni Rabbiin

irraa isaanitti dhufe. Isaanis fedhii (ajaja) Rabbii san guutuuf ka'anii ergaa isaanitti kenname ummatatti geessanii miidhaa isiin qabdu hunda obsaan baadhatanii, yaamicha abbeeraan isaanii *Abuu Xaalib* jijjiirama hawaasa irratti fiduuf deemtu kana irraa dhaabadhu jedhuun isaaniif dhiyeesse fudhachuu didanii bakkaa gara bakka biraatti ittiin socho'aa turan.

Ergaa kana namaan gayanii dirqama itti kenname hojiin agarsiisuuf jecha *Makka* irraa gara *Madiinaatti* baqatanii mootummaa Islaamaa hundeessanii, seera bulmaataa baasanii, dhiirsa ta'anii, abbaa ilmaanii ta'anii, akaakayyuu ta'anii, hiriyyaa ta'anii jiraataa turan. Hiyyummaa baay'ee dhandhamanii, lola hedduu lolanii garii isaa keessatti injifatanii garii keessatti immoo injifatamanii turan. Abbaa murtiis ta'anii hojjatanii jiru. Kana hunda keessatti waahillan (*sahaabota*) isaaniitiif fakkeenya ta'anii jiru. Sahaabonnis faana isaanii irra deemanii, biyyoota hedduu bananii, seera bocaniifi, qarooma hundeessanii, fuula seenaan irratti barraaye beekkumsaan, dalagaa fi qaroomaan guutanii deeman.

### 5) Ifa Galiinsa Toowhiinni Sirna Bareedumaa keessatti Qabu

Aartistiin Muslimaa tokko imala isaa keessatti xiinxala toowhiidaa irratti hundaa'uun ogummaa waa bareechuu uume. Ogummaa isaa kanas gara wanta baay'ee qindaayaatti ol guddisuun bareeduma kallattii hundaa yoo ilaalan dhuma hin qabne godhee kaaye. Ogummaan sunis bareeduma isaa irraa mul'ata uumamaa kan wantoonni qaban bira kutuun dirree waa ittti ilaalan ta'e. Aartistiin Muslimaa tokko fakkii biqiltuu,

bineensaa ykn namaa yeroo bocu, bifa uumamaan qabu san keessaa bifa isa baasuun bocee, duudhaa isaa kan afaanii fi hog-barruu kunuunsee fakkii hiikaa fi xiinxala hedduu qabu godhee jira.

Safuu bareeduma ijaarsaatiif qabus cimsatee, ijaarsa manaas qindaayaa godhee jira. kanas fuul-dura isaatti, iddoo dhaloota isaatti, badhee alaatti fi iddoo hundatti kana dagaagsee ibsa. Bifa kanaan toowhiinni (Rabbiin tokkichoomsuun) safuu hojii aartii Muslimtichi kun hojjateef hiika kennu ta'ee argame. Namni kunis ajaja amantiin uumama kana xiinxalaa hubadhaa jedhu sanitti dalagee ogummaa kana gumaachuu danda'e.

Hog-barruu Islaamaa keessa aartiin waa bocuu, fakkii kaasuu fi diraamaan bifa waan sanitti lubbuu godhanii akka inni sosocha'u godhuu dhabamuun tokkichummaa Rabbii guddaa mul'isa. Sunis Rabbii ol'aanaa waan hunda uume bifa uumamaa irraa qulqulleessuudha. Sanittis ida'uun toowhiida *shirkii* (Rabbitti waa dabaluu) irraa qulqulleessuu fi Rabbiin bocaan ibsamuu irraa qulqullaayaa fi ol ta'aa ta'uu mul'isa.

Kunis kan jenneef, Rabbiin bifuma kamiinuu haa ta'uu osoo bifa namaatiinis ta'ee bocaan mul'isuuf yaaluun ibsa irra gubbaa kan homaatuu hin ibsine, kan Rabbii guddaa waan hundaa ol ta'e ibsuu irraa dadhabaa ta'uu isaa agarsiisa. Rabbiin bifa ijji namaa arguu dandeettuun ibsuun hin danda'amu jedhee amantiin Islaamaa namaaf himuun akka inni baay'ee kabajamaa fi gati-qabeessa ta'e waan ibsuuf, wanti uumama ta'e kamiyyuu Rabbii ol'aanaa waan hundaan guutuu ta'e, kan wanti kamiyyuu isatti hin fakkeeffamne bakka bu'uu ykn fakkaachuu akka hin

dandeenne ibsa. Kun immoo hubannaa ol'aanaa ilmi namaa bareedumaaf qabuudha.

Akka ilaalcha *Al-Faaruuqiitti*, ilaalcha toowhiidaa biratti aartiin uumama kana qaama uumama hin ta'iniif dubbisuu, qaama dubbisaniif kanaaf boca ijaan mul'atu kan isaan malu isaaf kennuufii yaaluudha jedha. Kana jechuun immoo waan uumama kana keessa hin jirre akkana jiraachuu hin oolu jennee abjaayuudha jedha. Wanti uumama keessa hin jirre kan isa bocuun hin danda'amne kun immoo Rabbii ol'aanaa uumama kana uumeen mala. Isa kana kan fedhii namaa sosochoosee, akka fedhiin namaa tun boca hoffaa dhugaa gatii hin qabne fi qullaa ta'e irraa akka fagaattu godhu.

*Al-Faaruuqiin* gatii bareedumni amantii Islaamaa keessatti qabu ibsuuf, hiika bareeda wayii fayyadame. Hiikni sunis waan ibsamuun hin malle ibsuu! jedhee ibse. Miirri namaa Rabbii guddaa bifa mul'achuu danda'uun ykn bifa miira namaa keessa yaa'uun ibsuun hin danda'amu jedhu kun artistoota dhamaasee jira. kana irratti *Al-Faaruuqiin* fakkeenya wayii kaayee ture. Innis aartistiin Muslimaa tokko biqiltuu ykn ilillii wayii bifa addaa isiin qabdu san irraa adda ta'een yeroo bocee irra deddeebi'ee yeroo ilaalu, inumaa bifa addummaa uumamaan isiin qabdu kan sammuu namaa keessa jiru san irraa fuudhee kaaya. Ibsi bareedumaa kan dhuma hin qabnee fi kan ibsamuu hin dandeenne kun, ibsa jechaan Rabbiin malee gabbaramaan biraa hin jiru jedhu kanatti yaalii nama geessuudha.

*Al-Faaruuqiin* bareeduma afaan Arabaa fi hog-barruun isaa gama muraasaan qabus ibsee jira. Kallattiin sunis osoo amantiin Islaamaa hin dhufiniin duratti kan Araboonni ittiin

boonaa turan yoo ta'u, booda irra Qur'aanni kabajamaan buufamee miila irraa hanga fiixee gubbaatti waan Arabaa fi Muslimootaaf dalagame hunda ibse. Ibsi sunis mataa bareedumaati, ulaagaa isaati, ibsa baay'ee gadi bu'iinsa qabu kan afuuraan, boca ijaan mul'atuun, sagalee dhagayamuu fi hiika dimshaashawaa gadi fageenya qabuun ibsamuudha.

# Ibsoota Toowhiidaa *Al-Faaruuqii* Biratti

## Sirna Beekkumsaa

Maddibee kkumsaa fi tooftaan adeemsa guutuu ta'een isa ittiin horatan toowhiida.

Dhugaan Rabbitti amanuu dhugaa sammuun fudhattu kan ragaa fi ifa galiinsa irratti hundaa'e.

Beekkumsi (saayinsiin) hundinuu hubannaa ilmi namaa akka Rabbiin hawaa, uumamaa fi hawaasa hunda harkaa qabu ibsuudha.

## Sirna Hawaasummaa

Dhugaa fi safuun hundee tokko ta'uun nagaya buusa.

Hundeen dhala namaa maatii tokko irraa eegalee sana booda diriiree babal'ate.

Qabiyyeen toowhiidaa hawaasa addunyaa kan jireenya isaa hunda qindeeffatu ijaarti.

Dhiiraa fi dubartii kabajee uumamaan mirgaa fi dirqamni saala lameeniituu wal-qixaayaadha

## Sirna Siyaasaa

Sirni siyaasaa tokko ta'uun mul'anni addunyaa tokko ta'uu calaqqisiisa.

Ummanni seera isaa keessatti, mul'ata addunyaaf qabu keessatti, akkaataa dhimmi battaalaa waliin jiraatu keessatti, fuulleffannaa qarooma cimsuuf qabu keessatti tokkoomaadha.

Seerri ummata tokko jedhu, hundee walitti qabama namaa kan kabaja, walabummaa, wal-danda'uu fi wal-gargaarsa fiduuti.

## Sirna Diinagdee

Sona diinagdee, naamusa oomishaa fi sooratаа keessatti toowhiinni ifaadha.

Hariiroo jidduu qabeenyaa fi afuura jiru wal-madaalsisuu. Madaalli dhabamuun jireenya keessatti qaawwa uuma.

Sirni kun qabeenya yeroo rakkinaa nama jalaa ol kuufatanii booda gatii qaaliin gurguruu qoqqobbii diinagdee nama irra kaayuu dhoorga.

## Sirna Bareedumaa

Bocni sosocho'u kan lubbuu qabu jiraachuu dhabuun tokkichummaa Rabbii mul'isa.

Ibsi bareedumaa, wanta ibsuun hin danda'amne tokko ibsuudha.

Mataan ykn fiixeen hubannaa bareedumaa Rabbiin tokkichi ol ta'e waan isatti fakkaatuu ol ta'uu isaati.

## Xumura Boqonnaa Duraa

Tokkichummaan Rabbii hundee amantii Islaamaa ta'uu irratti beektonni Muslimaa wal hin dhaban. Qarooma Islaamaatiif maalummaa isaa ka kennuuftu isa. Ilaalcha Islaamaa keessatti toowhiinni handhuura safuuti, burqaa safuulee biraati, sirnoota xiinxalaa fi jireenyaa hunda keessatti xiinxala, yaada sammuu, sirna siyaasaa, hawaasummaa, diinagdee irraa kaasee hanga qindoomina bareedumaa, xiinxala sammuu fi kkf gayutti hundee qabiyyee safuuti.

Wanti toowhiinni of keessatti qabatu, argama hunda gara hundee tokkootti deebisuudha. Toowhiinni wanta uumamaan dhaloota namaa waliin argame kan namni yoo uumaan (hawaan) sun seera isaa gadi dhiise argee wahyii Rabbiin Nabiyyoota isaa irratti buuse keessatti maalummaa waan sanii beekee addaan baafatee gama xiinxalaa, qu'annoo fi hubannaatiin irra gayuudha.

Faallaan toowhiidaa (tokkichummaa) heddummina. Rabbii waan isaan hin malle irraa qulqullaayetti amanuun, wanti isaan ala jiru hundi heddummina qabaatuu akka xiinxallinu nu godha. Heddumminni kun garuu wal-guutiinsaa fi wal-madaaliinsa jidduu kutaalee argamaa, sosochi fi hojii isaanii keessatti fida. Wal-guutiinsi kunis bifa gadi bu'iinsa qabu kan tokkichummaan Rabbii waan hunda uumee keessaa calaqqisiiftu mul'isa. Wantoonni uumama keessa jiran xinnaa irraa kaasee hanga guddaatti boca isaa, ijaarsa isaa, wal-qabatiinsaa fi walitti dhufiinsi isaa, sosochiin keessa isaa (elektiroononni faallaa marfata sa'aatii yaa'uun), sosochii ala isaa (naannayiinsa dachii, aduu, ji'aa, urjiilee fi baatiin hundi faallaa marfata sa'aatii sosocho'uun isaanii) qindoominaa fi wal-simatiinsa isaa mul'isa.

Taateewwan uumama (hawaa) kana keessatti arginu immoo kan akka halkanii fi guyyaan wal-jara dabruu, waqtiileen afran wal-duraa duubaan dhufuun, haalli bubbisa bubbee, bokkaan roobuun, anniisaawwan gara anniisaa biraatti geeddaramuun, hariiroowwan kasoomsaa fi mijeessiin waliin qabu… hundi isaatuu bifa seera guutuu eeggateen, osoo dogongorri tokko hin argamne, tilmaama bareedaa fi hirreega gadi bu'iinsa qabu kan Rabbiin guddaan kaayeen adeemsifama. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:


﴿ إِنَّا كُلَّ شَيْءٍ خَلَقْنَٰهُ بِقَدَرٍ ﴾ القمر: ٤٩

*[Nuti waan hundaa karooraan (murtii dura dabreen) uumne] (Al-Qamar: 49).*

﴿ وَٱلْأَرْضَ مَدَدْنَٰهَا وَأَلْقَيْنَا فِيهَا رَوَٰسِيَ وَأَنۢبَتْنَا فِيهَا مِن كُلِّ شَيْءٍ مَّوْزُونٍ ﴾ الحجر: ١٩

*[Dachii diriirsinee, gaara isii irratti gadi dhaabnee, isii irratti waan hunda irraa hamma barbaachisu biqilchine] (Al-Hujuraat: 19).*

Mul'ata Islaamaa keessatti yoo toowhiinni handhuura safuu isa jalqabaa ta'e, safuulee kana hojii irra oolchuun immoo adeemsa Islaamaa kan xiinxalaa, qorannoo fi naamusaa keessatti sona isa jalqabaati. Kanaafuu handhuura safuu kana irraa gareelee sonoota damee hedduu fottoqsanii argachuun salphaadha. Sonoota kana keessaa akka fakkeenyaatti: sona uumaa fi ajajaa, sona wal-guutiinsa ganda addunyaa fi ganda guyyaa boodaa, sona wa-guutiinsa wahyii fi addunyaa, sona wal-guutiinsa sammuu fi miiraati.




**Sonoota adeemsaa kanneen Toowhiida irraa maddan**

Qur'aanni kabajamaa fi sunnaan nabiyyiis, bifa salphaa sammuun namaa fudhattuu fi hubattuu irraa dubbatee jira. Saniin booda toowhiinni barnoota of danda'e kan mata dureeleen hedduun irraa fudhataman ta'ee jira. booda irra jechamoonni warra afaanii, falaasamaa fi suufiyyootaa isa keessa seenuun wal-laaqanii jiru. Akkaataan isa itti baratan, nama barsiisanii fi akkaataan isa itti namaa dhiyeessan wal-dhabaa dhufeejira.

Kanaan wal-qabatee gareelee fi mazhaboonni adda addaa kanneen rakkinoota ummata tokko ta'anitti balaa buusuun addaan diiguuf sababaa ta'an argamanii jiru. Tattaaffiiwwan warroonni ammayyaa muraasni toowhiida irra deebi'anii bocuuf taasisan jiraatus, garuu tattaaffiin sun hambaa jechamoota warra afaanii keessaa baay'ee kan bayee miti.

Tariitii yeroon beektonni (ulamaa'onni) Muslimootaa barnoota toowhiida (tokkichummaa Rabbii) bifa isaa ka jalqabaa salphaa sammuun fudhattu sanitti deebisan gayuun hin oolu. San godhuufis jijjiirama gadi fageenyaan Qur'aanni kabajamaa fi sunnaan nabiyyii lubbuu namaa irratti uuman irratti hundaa'uun dirqama ta'a.

# BOQONNAA LAMMAFFAA
# LUBBUU OFII QULQULLEESSUUN SIRNA SAFUULEE OL'AANAA KEESSATTI MAAL AKKA TA'E

**DURSA**

Waa'ee lubbuu ofii qulqulleessuu irraa haasayuun, yaad-rimee Qur'aanaa keessaa yaada ijoo irraa haasayuudha. Kaayyoon haasaya kanaas Qur'aana kabajamaa madda godhachuun waa'ee yaad-rimee kanaa irraa mul'ata wayii namaaf dabarsuudha.

Qulqullina lubbuu jechuun jecha Qur'aanaa kan hundeeti. Sadarkaan isaas sadarkaa baay'ee barbaachisaa waan ta'eef, sirna safuulee Qur'aanaa keessatti dubbatama. Qulqullinni kun kan irratti fuuleffatu ilma namaa dachii kana irratti bakka buufameedha. Innis dhimma dhugaa namummaa kana haaroomsuuti. Dhimma nama dhuunfaa, garee fi ummata bal'aa haaroomsuuti.

Ilmi namaa qabeenyaa fi afuura. Qulqullinni Lubbuu ofii kunis afuuraa fi meeshaas hammata. Dhimma jijjiiramaa kamiyyuu irraa haasayuun yoo nama irratti ka hin xiyyeeffanne ta'e hiika wayiituu hin qabu. Qulqullinni lubbuu kun kaayyoo ijaarsa dachii fi tooftaa isaati. Isiin dhimma fedhii ykn waan sammuu namaa keessa yaa'e kan sadarkaa nama dhuunfaa qofa irratti xiyyeeffatuu miti, ijaarsa hawaasummaa fi kunuunsa dhala namaa hunda keessa seena.

Wanti ijoon qulqullinni lubbuu kun of keessatti hammatuu qabu, akeeka Qur'aanni jecha tazkiyaa (*qulqullina*) jedhu kanatti akeeke, tazkiyaa akka qabiyyee wahyii isa bu'uuraatti fi iddoo *tazkiyaan* manneen barnoota suufiyyootaa, Jihaadaa fi duniyaa irraa gabaabachuu keessatti qabduu, tooftaalee *tazkiyaa* fi gufuulee isii fa'a.

## Tokkoffaa: Jechoota Tazkiyaa Qur'aana Kabajamaa Keessatti

Maxxantuuwwan jecha *Tazkiyaa* kan akka: *zakkaa, yuzakkii, azkaa, zakaat* fi kkf Qur'aana kabajamaa keessatti yeroo Shantamii sagal dubbatamte. San keessaa yeroo Soddomii lama jecha *Zakaat* jedhu kan qabeenya qaban bifa Rabbiin baasaa jedheen baasuutiin dhufe. Hiikni isaas qulqullina, barakaa, guddina jechuudha. Yeroo Afur immoo hiika faarsuu fi galateeffachuutiin dhufe, yeroo Afur *tazkiyaa* kaayyolee wahyii afran keessaa tokko taate saniin dhufe.

Keeyyatoonni Qur'aanaa hafan yeroo waa'ee *tazkiyaa* dubbatan dhimmoota adda addaa kan hiikni isaanii qulqulleessuu, guddina, misooma, bu'aa fi waan gaarii keessatti dabalata argachuu ta'e irratti fuulleffatan. Iddoo kanatti hiikkaalee sanniin keessaa hiika muraasa jechi *tazkiyaa* jedhu Qur'aanni irratti fuulleffateen geeffanna.

Qur'aana kabajamaa keessatti jechi *Tazkiyaa* jedhu, haallan adda addaatiin dhufe. San keessaa haalli afur haala faarfamaa (gaarii) yoo ta'u, haalli shanaffaan immoo haala xinneeffamaadha. Haallan shanan kanas akka armaan gadiitti irraa dubbanna:

**1) Yeroo namni lubbuu ofii qulqulleessu (*tazkiyaa* godhu)**

Ilmi namaa lubbuu isaa qulqulleessuu qaba. Yeroo san fiixa bayiinsii fi hoffoltiin isaaf argamti.

﴿ قَدۡ أَفۡلَحَ مَن زَكَّىٰهَا ﴾ الشمس: ٩

*[Namni isii (lubbuu) qulqulleesse dhugumaan nagaya baye] (Ashams: 9).*

Qulqullinni lubbuu nama tokkoo kan argamuun geengoo Rabbitti amanuu keessa seenuu isaatiini

﴿ وَمَا يُدۡرِيكَ لَعَلَّهُۥ يَزَّكَّىٰٓ ٣ ﴾ عبس: ٣

*Maaltu si beeysise, tariitii lubbuun isaa qulqullayutu mala] (Abas: 3).*

Ibidda Jahannam seenuu irraa nama fageessiti

﴿ وَسَيُجَنَّبُهَا ٱلۡأَتۡقَى ١٧ ٱلَّذِي يُؤۡتِي مَالَهُۥ يَتَزَكَّىٰ ١٨ ﴾ الليل: ١٧ - ١٨

*[ Namni sodaa (Rabbii) cimsee qabu isii (ibidda) irraa ni fageeffama. Innis nama qulqulaayuuf jecha qabeenya isaa irraa baasu] (Alleeyl: 17-18).*

Yoo kana ta'ee argame, bu'aan lubbuu ofii qulqulleessuu sun lubbuma saniif gala

﴿ وَمَن تَزَكَّىٰ فَإِنَّمَا يَتَزَكَّىٰ لِنَفۡسِهِۦۚ وَإِلَى ٱللَّهِ ٱلۡمَصِيرُ ١٨ ﴾ فاطر: ١٨

*[Namni (lubbuu isaa) qulqulleesse ofumaaf of qulqulleesse. Deebiin gara Rabbiititti] (Faaxir: 18).*

Qulqullinni lubbuu kun kan argamuun Rabbitti amanuu fi dalagaa gaarii dalaguuni. Dalagaa gaarii saniin Rabbiin jaalala isaaf kennee, mindaa dalagaa isaa kaffalaaf.

﴿ وَمَن يَأۡتِهِۦ مُؤۡمِنٗا قَدۡ عَمِلَ ٱلصَّٰلِحَٰتِ فَأُوْلَٰٓئِكَ لَهُمُ ٱلدَّرَجَٰتُ ٱلۡعُلَىٰ ٧٥ جَنَّٰتُ عَدۡنٖ تَجۡرِي مِن تَحۡتِهَا ٱلۡأَنۡهَٰرُ

خَٰلِدِينَ فِيهَاۚ وَذَٰلِكَ جَزَآءُ مَن تَزَكَّىٰ ٧٦ ﴾ طه: ٧٥ - ٧٦

*[Namni haala (Rabbitti) ka amanee dalagaa gaarii ka dalagu ta'een isatti dhufe, isaaniif sadarkaalee ol'aanotu jiraaf. (sadarkaan) sunis jannata (maqaan isaa) Adni jedhamu kan jala isaa laggeen yaa'an keessa yeroo dhuma hin qabneef*

*jiraachuudha. Sunis mindaa nama lubbuu isaa (badii irraa) qulqulleesseeti] (Xaahaa: 75-76).*

Akeekni qulqullina lubbuu kun haala namni tokko ammatti irra gayu osoo hin taane, kan fuul-duratti irra gayu ta'uu danda'a. akka waan of duratti Rabbiin isaan haa qulqulleessuuf ykn lubbuu ofii qulqulleessuuf dalagaa san dalaganii jechuuti. Hiikni lachinuu tokkuma.

Wanti ija namaa hatu yoo jiraate, kakuun Rabbiin Qur'aana keessatti kakate kan baay'ee dheeraa ta'e lubbuu ofii qulqulleessuun wal-qabata. Sunis jecha Rabbii ol'aaneeti:

﴿ وَٱلشَّمۡسِ وَضُحَىٰهَا ﴿١﴾ وَٱلۡقَمَرِ إِذَا تَلَىٰهَا ﴿٢﴾ وَٱلنَّهَارِ إِذَا جَلَّىٰهَا ﴿٣﴾ وَٱلَّيۡلِ إِذَا يَغۡشَىٰهَا ﴿٤﴾ وَٱلسَّمَآءِ وَمَا
بَنَىٰهَا ﴿٥﴾ وَٱلۡأَرۡضِ وَمَا طَحَىٰهَا ﴿٦﴾ وَنَفۡسٖ وَمَا سَوَّىٰهَا ﴿٧﴾ فَأَلۡهَمَهَا فُجُورَهَا وَتَقۡوَىٰهَا ﴿٨﴾ قَدۡ أَفۡلَحَ مَن
زَكَّىٰهَا ﴿٩﴾ وَقَدۡ خَابَ مَن دَسَّىٰهَا ﴿١٠﴾ ﴾ الشمس: ١ - ١٠

*[Aduu fi ifa waaree isiitiin kakadhe. Ji'a isitti (adutti) aanee bayuun. Guyyaa yeroo inni ifuun. Halkan yeroo inni (dachii dukkanaan) haguuguun. Samii fi ijaarsa isaatiin. Dachii fi diriira isiitiin. Lubbuu fi waan isiin dalagdeen. Karaa waan gaarii fi badiitti geessu isiif (lubbuuf) ifa godhe. Namni isii (lubbuu) qulqulleesse milkaaye (nagaya baye). Namni isii balleesse hoongaye] (Ashams: 1-10).*

Kanarraa wanti qayyabannu Rabbiin uumama isaa kan akka wantootaa, argamootaa, taateewwanii fi kanneen biro hedduun kakatuu isaati. Wanti shakkii hin qabne Rabbiin guddaan qulqullaayayaan yeroo ofii kakatu waan baay'ee guddaa kakuun sun deebii of keessatti qabatu irratti kakata.

Keeyyata olii irratti deebiin kakuu sanii *Namni isii (lubbuu) qulqulleesse milkaaye (nagaya baye). Namni isii balleesse hoongaye]* ka jedhu ta'a. Haala kanaan namni lubbuu ofii qulqulleesse ganda lameenittuu hoffola. Hoffoltiin sunis cubbuuwwan Rabbiin dallansiisan dalaguu irraa fagaachuu fi dalagaalee gaggaarii Rabbiin jaalachiisan baay'isuudhaani. Kanaan gatiin lubbuun qabdu ol fuudhama. Faallaa kanaa namni dalage immoo ni hoongaya. Innis nama lubbuu isaa waan hin taane keessa galchee jidduu dalagaa isaa fi wantoota gaggaarii dalaguun addaan fagaatee, sadarkaan lubbuun isaa guddachuu dhabeedha.

Lubbuun qulqullooftuun hoffoltiin isaaf raggaasifamu fi kan dalagaa fokkisaa hojjateef hoongoon isaaf galmaaye, lubbuma ilma namaati, qaamuma tokko, sammumaa fi lubbuma tokko. Lubbuun lameenuu lubbuma namuma dhuunfaa tokkoo ykn lubbuma hawaasuma ilma namaati. Lubbuu namaa tanaaf qabeenya isiin dhuunfattee qabdutu jira. Qabeenyi sunis abbaa qabeenya jalqabaa kan ta'e Rabbii guddaa irraa kennameef. Akkasumas lubbuun tun naannoo Rabbiin isiif mijeessee dachee keessatti bakka bu'aa namaa godhee akka inni dachii kana misoomsee, ijaaree, qarooma irratti argamsiisuuf uumetu jira.

Kana hunda keessattuu qaamni kallattiin dhimmi qulqullina lubbuu ilaalu ilma namaa kan dhuka guddinaa, misoomaa fi dagaaginaati. Namni kunis nama lama: nama bololaa fedhii lubbuu isaa jala deemuu fi nama waa hubatuudha. Namni bololi'aan fedhii lubbuu fi barbaada mallaqaa (meeshaa) jala deema. Lubbuu Rabbiin Qur'aana keessatti lubbuu baditti nama ajajju jedheen saniin hidhata qaba. Namni hubannaa qabu immoo

uumamumaan lubbuun isaa gara fedhii afuuraa horachuutti isa dhiibdi. Kanaafuu ilmi namaa fedhii meeshaa (qabeenyaa) irraa gara fedhii afuuraa ta badii dalagdeef abbaa (mataa ofii) komattuutti sosocho'a. Of komachuun kunis itti fufuun hanga sadarkaan qulqullina lubbuu isaa dabalee sadarkaa lubbuu tasgabbooftuutti jijjiiramtuutti deema. Lubbuu akkasii saniin yeroo isiin du'a dhandhamtu Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedhaan:

﴿ ٱرۡجِعِيٓ إِلَىٰ رَبِّكِ رَاضِيَةٗ مَّرۡضِيَّةٗ ٢٨ فَٱدۡخُلِي فِي عِبَٰدِي ٢٩ وَٱدۡخُلِي جَنَّتِي ٣٠ ﴾

الفجر: ٢٨ - ٣٠

*[ Gara Rabbii keetiitti haala (tola Rabbiin sitti ooletti) gammaddee fi (haala Rabbis) sirraa jaalateen deebi'i. (Garee) gabroota kiyya (ka an irraa jaladhe) keessa seeni, Jannata kiyya seeni] (Al-Fajr: 28-30).*

Qur'aana kabajamaa keessatti qulqullinni lubbuu bakka heddutti hoffoltiin walitti hidhamee dubbatame. Hoffoltiin (fiixa bayiinsi) sun hoffoltii dhuunfaa ykn hawaasa bal'aa ta'uu danda'a. hoffoltiin kun sababa qulqullina lubbuutiin kallattiin dubbatamee jira.

﴿ قَدۡ أَفۡلَحَ مَن زَكَّىٰهَا ٩ ﴾ الشمس: ٩

[*Namni isii (lubbuu) qulqulleesse milkaaye (nagaya baye)] (Ashamsi: 9).*

Bakka biraatti immoo hoffoltiin kun sababa hojiiwwan qulqullina lubbuu waliin wal-qabatan dalaguutiin, bifa addaatiin sababa qabeenya ofii kennuutiin wal-qabatee kan dubbatameedha. Sunis zakaa, kennaa fi lubbuu ofii doynummaa irraa qulqulleessuufi.

﴿ إِنَّمَآ أَمۡوَٰلُكُمۡ وَأَوۡلَٰدُكُمۡ فِتۡنَةٞۚ وَٱللَّهُ عِندَهُۥٓ أَجۡرٌ عَظِيمٞ ١٥ فَٱتَّقُواْ ٱللَّهَ مَا ٱسۡتَطَعۡتُمۡ وَٱسۡمَعُواْ
وَأَطِيعُواْ وَأَنفِقُواْ خَيۡرٗا لِّأَنفُسِكُمۡۗ وَمَن يُوقَ شُحَّ نَفۡسِهِۦ فَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡمُفۡلِحُونَ ١٦ إِن تُقۡرِضُواْ
ٱللَّهَ قَرۡضًا حَسَنٗا يُضَٰعِفۡهُ لَكُمۡ وَيَغۡفِرۡ لَكُمۡۚ وَٱللَّهُ شَكُورٌ حَلِيمٌ ١٧ ﴾ التغابن: ١٥ – ١٧

*[Qabeenyi fi ilmaan keessan isiniif qormaata. Rabbiin bira mindaa guddatu jira. Haga dandeettaniin Rabbiin sodaadhaa, (ergamaa Rabbii) dhagayaa tole jedhaa. Lubbuu keessaniif waan gaggaarii kennadhaa. Namni lubbuu isaa doynummaa jalaa baase warraa milkaaye irraayyi. Rabbiif liqii gaarii yoo liqeessitan, dachaa isinii godha isiniif araarama. Rabbiin galateeffataa fi oobsaadha. (Attagaabun: 15-17).*

Qabeenya ofii kennuun lubbuu ofii badii irraa qulqulleessuun kun dalagaawwan biraa keessaa isa tokko.

﴿ قَدۡ أَفۡلَحَ ٱلۡمُؤۡمِنُونَ ١ ٱلَّذِينَ هُمۡ فِي صَلَاتِهِمۡ خَٰشِعُونَ ٢ وَٱلَّذِينَ هُمۡ عَنِ ٱللَّغۡوِ مُعۡرِضُونَ
٣ وَٱلَّذِينَ هُمۡ لِلزَّكَوٰةِ فَٰعِلُونَ ٤ ﴾ المؤمنون: ١ - ٤

*[Mu’umintoonni dhugumaan nagaya bayan. Isaannan salaata isaanii keessatti qaamaafi qalbiin salaatan. Isaannan tapha (bu’aa hin qabne) irraa garagalan, isaannan qabeenya isaanii irraa zakaa baasan. (Al-Mu’uminuun: 1-4).*

﴿ ٱلَّذِينَ يُقِيمُونَ ٱلصَّلَوٰةَ وَيُؤۡتُونَ ٱلزَّكَوٰةَ وَهُم بِٱلۡأٓخِرَةِ هُمۡ يُوقِنُونَ ٤ أُوْلَٰٓئِكَ عَلَىٰ هُدٗى مِّن رَّبِّهِمۡۖ
وَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡمُفۡلِحُونَ ٥ ﴾ لقمان: ٤ - ٥

*[Isaannan salaata salaatanii, (qabeenya isaanii irraa) zakaa kennan, isaan guyyaa boodaa dhugoomsaniidha. Jarri sunniin qajeelluma Rabbii isaanii irra jiran. Jarri sun warra hoffolu (nagaya bayu)] (Luqmaan: 4-5).*

Rabbiin waan isaan hin malle irraa qulqullaaye namni tokko ofii of qulqulleessuu ni dhoorga. Saniin akka waan sadarkaa sodaa Rabbii irra gayaniitti of ilaaluu irraa ni seera. Rabbiin osoo isaan ilma namaa hin ta’in, osoo isaan garaa haadha isaanii keessaa hin bayin waan booddeen isaanii ta’uuf deemtu hunda beeka. Rabbiin nama sadarkaa soda isaatti gayu isatu beeka. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ ٱلَّذِينَ يَجۡتَنِبُونَ كَبَٰٓئِرَ ٱلۡإِثۡمِ وَٱلۡفَوَٰحِشَ إِلَّا ٱللَّمَمَۚ إِنَّ رَبَّكَ وَٰسِعُ ٱلۡمَغۡفِرَةِۚ هُوَ أَعۡلَمُ بِكُمۡ إِذۡ
أَنشَأَكُم مِّنَ ٱلۡأَرۡضِ وَإِذۡ أَنتُمۡ أَجِنَّةٞ فِي بُطُونِ أُمَّهَٰتِكُمۡۖ فَلَا تُزَكُّوٓاْ أَنفُسَكُمۡۖ هُوَ أَعۡلَمُ بِمَنِ ٱتَّقَىٰٓ ٣٢
﴾ النجم: ٣٢

*[ Isaannan yakkootaa fi badiiwwan gurguddoo irraa fagaatanii yakka xixinnoo qofa dalaganiif Rabbiin kee araaramni isaa bal’aadha. Inni isin beeka yeroo dachii irraa isin argamsiise, yeroo isin gadaamessa haadha keessanii keessa jirtan. Lubbuu teessan qulqulluu of hin godhinaa! Isatu nama Isa sodaatu beeka*] *(Annajm:32).*

Isaannan Rabbitti amanan sadarkaa Isa sodaa irra yeroo gayanii gara Rabbii isaanii deebi’anii karaa Isaa keessatti duulan, yeroo san hoffoltiin isaaniif argama. Kana irratti Rabbi akkana jedha:

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱتَّقُواْ ٱللَّهَ وَٱبۡتَغُوٓاْ إِلَيۡهِ ٱلۡوَسِيلَةَ وَجَٰهِدُواْ فِي سَبِيلِهِۦ لَعَلَّكُمۡ
تُفۡلِحُونَ ٣٥ ﴾ المائدة: ٣٥

*[Yaa warra (Rabbitti) amantan! Rabbiin sodaadhaa. (Dalagaa gaarii irraa) waan isatti geettaniin barbaadadhaa. Karaa isaa keessatti duulaa akka nagaya baataniif] (al-Maa’idah: 35).*

Qulqullinni lubbuu tooftaa nagayatti nama geessuu yoo ta’e, wantoonni qulqullina lubbuutti nama geessanii sana booda hoffoltii (nagaya bayiinsatti) nama geessan ni jiru. San keessaa: tolatti wal-yaamuu, waan gaaritti wal-ajajuu fi badii irraa wal-dhoorguudha. Amalli kunis amala gareewwan hoffolanii kanneen hawaasa keessatti haala isaanii sirreessuu irratti bobba’aniiti. Kana irratti Rabbiin akkana jedha:

﴿ وَلۡتَكُن مِّنكُمۡ أُمَّةٞ يَدۡعُونَ إِلَى ٱلۡخَيۡرِ وَيَأۡمُرُونَ بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَيَنۡهَوۡنَ عَنِ ٱلۡمُنكَرِۚ وَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡمُفۡلِحُونَ ١٠٤ ﴾ آل عمران: ١٠٤

*[Isinirraa tuuti waan gaaritti nama yaamtu, tola dalagutti ka nama ajajju, badii irraa kan nama seertu haa jiraattu. Jarri sun warra hoffole irraayi] (Aala Imraan: 104).*

Kuni mallattoo ummata waa sirreessanii kanneen sadarkaa hoffoliinsaa irra gayuu barbaadaniiti. Yoo sadarkaa of sirreessuu irraa gara sadarkaa waan biraa sirreessuutti hin cee’in, wanti hoffoltii san bakka bu’u ibidda guyyaa boodaatiin gubachuun duratti, jireenya ammaa kana keessatti galaafatamatu nama eeggata.

﴿ وَمَا كَانَ رَبُّكَ لِيُهۡلِكَ ٱلۡقُرَىٰ بِظُلۡمٖ وَأَهۡلُهَا مُصۡلِحُونَ ١١٧ ﴾ هود: ١١٧

*Rabbiin kee ganda tokko haala isaan waan gaarii irratti wal-bobbaasaniin cubbuun kan isaan balleessu hin taane] (Huud: 117).*

Dalagaawwan akka waan bareedatti nama yaamuu, dalagaa gaarii hojjachutti nama ajajuu, badii irraa nama dhoorguu, haqa dalaguu, misooma hawaasaa fi ummataa keessatti gumaacha godhuu fi karaa Rabbii keessatti duuluun waan

gaariidha. Dalagaaleen kunniin yoo lubbuun jaalattee ofitti fudhatte lubbuu qulqulleessiti, gara sadarkaa sodaa fi jijjiirraatti ol-guddisti. Faallaan kanaa immoo badii hojjachuun, ummata keessa faffacaasuun, lubbutti doynoomuun, qabeenya kennachuu irraa harka gabaabachuun, firooma kutuun, dhara dalaguun, dalagaa bareechanii hojjachuu dhabuun, dirqama namatti kenname bayachuu dhiisuun, mirgoota namaa sarbuun, dirqamootaaf bakkee kennuu dhabuun, kun hunduu wanta gaarii hin ta’ini. Yoo lubbuun namaa kanaan faalamte ni fokkatti.

Jechi Qur’aana keessatti *tazkiyaa* jedhee dhufe hiika qulqullina, miira lubbuu fi hariiroo hawaasaatiin guddachuu jechuudha. Abbaan manaa fi haati manaa yeroo wal-hiikan, tariitii lubbuun namaa jibbaaf, waanyoof, jaalala jidduu jaraa ture san kutuuf yoomiyyuu caalaa qophooftuu taati. Kun immoo osoo jarri lamaanuu walitti deebi’uuf fedhii qabaataniiyyuu, warri intalaa akka isiin gurbatti hin deebine akka dhoorgan godha. Isaan walitti deebi’uun isaan hundaafuu akka caalu Rabbiin nutti hima. Walitti deebiin kun lubbuu isaanii shakkii fi bir’aa irraa qulqulleessee akka wal-jaalalli jidduu isaanii turtu godha. Kanaafuu dhimmichi dhimma miiraa fi keessa namaa qulqulleessu, dhimmoota hawaasaatiif furmaata kan laatuu fi hariiroo fi seera jidduu hawaasaa jiru kan daangessuudha.

﴿ وَإِذَا طَلَّقْتُمُ ٱلنِّسَآءَ فَبَلَغْنَ أَجَلَهُنَّ فَلَا تَعْضُلُوهُنَّ أَن يَنكِحْنَ أَزْوَٰجَهُنَّ إِذَا تَرَٰضَوْا۟ بَيْنَهُم بِٱلْمَعْرُوفِ ۗ
ذَٰلِكَ يُوعَظُ بِهِۦ مَن كَانَ مِنكُمْ يُؤْمِنُ بِٱللَّهِ وَٱلْيَوْمِ ٱلْءَاخِرِ ۗ ذَٰلِكُمْ أَزْكَىٰ لَكُمْ وَأَطْهَرُ ۗ وَٱللَّهُ يَعْلَمُ وَأَنتُمْ لَا
تَعْلَمُونَ ﴿٢٣٢﴾ ﴾ البقرة: ٢٣٢

*[Yeroo dubartoota gadi dhiiftanii guyyaan beellama isaanii (iddaan) gaye, dhiirsa isaaniitti deebi'uu hin dhoorginaa yoo isaan walitti deebi'anii bifa gaariin jiraachuu jaalatan. Isin irraa nama Rabbii fi guyyaa boodaatti amanetu ittiin gorfama. Santu isiniif irra gaariidha isin qulqulleessa. Rabbiin ni beeka isin hin beektan] (Al-Baqara:232).*

Irra isiniif filatamaadha (caalatti isin qulqulleessa) ka jedhu: maqaa keessan isinii tiksuuf isatu irra filatamaadha. Irra qulqulluudha ka jedhu sun guddinatti akeeka. Sunis (waan maatiin intalaa) badii irraa isii tiksuuf fi kabajaa fi dhageettii maqaaa ofii eeguuf jecha akka isiin gurbatti hin deebine waan dhoorganiifi. Akka walitti hin deebine dhoorguu dhabutu maqaa isaanii caalatti akka tiksuuf Rabbiin isaanitti hime. Walitti deebisuun maatiiwwan firummaa fi soddummaan walitti dabalaman jiddutti jaalala hambisa. Addaan dhoorguun sun xiqqeenna jidduu waliitti baay'isa yoo ta'u, akka itti deebitu isii hayyamuun immoo obsaa fi araarama argamsiisa.

Jechoonni Irra isin qulqulleessa, irra isaaniif qulqullina jedhan sababa shaakala wayiitiin dhimmoota lubbuun wal-qabatan irratti dubbatamu. Iccitii eeguuf jecha keessummaa manatti simachuu irraa dhiifama gaafachuun, ija gadi qabachuun, qaama saalaa ofii badii irraa tiksuun keessaa fi miira namaa qulqulleessa, dalagaa fi amala namaa bareecha. Jireenya namaa, keessaa fi haala battalaa inni keessa jiru isaaf qulqulleessa. Sadarkaa isaa fi miira isaas ol guddisuun akka inni qaama isa gubbaa jiru of irratti eeggatu isa kakaasa. Rabbiin yeroo mana nama biraa seentan hayyama gaafattan malee hin seeninaa jedha:

﴿ وَإِن قِيلَ لَكُمُ ٱرۡجِعُواْ فَٱرۡجِعُواْۖ هُوَ أَزۡكَىٰ لَكُمۡۚ وَٱللَّهُ بِمَا تَعۡمَلُونَ عَلِيمٞ ﴿٢٨﴾ ﴾ النور: ٢٨

*[Yoo deebi'aa isiniin jedhan (hin seeninaa) deebi'aa, santu irra caala isiniif qulqullina. Rabbiin waan isin dalagdan ni beeka] (Annuur: 28).*

﴿ قُل لِّلۡمُؤۡمِنِينَ يَغُضُّواْ مِنۡ أَبۡصَٰرِهِمۡ وَيَحۡفَظُواْ فُرُوجَهُمۡۚ ذَٰلِكَ أَزۡكَىٰ لَهُمۡۚ إِنَّ ٱللَّهَ خَبِيرُۢ بِمَا يَصۡنَعُونَ ﴿٣٠﴾ ﴾ النور: ٣٠

*[ Mu'umintootaan ija gadi qabadhaa jedhiin (yaa Muhammad!), qaama saalaa isaanii akka (sagaagalummaa) irraa tiksan ajaji. Santu isaaniif irra qulqullina (caala). Rabbiin waan isaan dalagan ni beeka] (Annuur: 30).*

### 2) Yeroo Qulqullinni (tazkiyaan) Hojii Rabbii Irraa Ta'u

Dhugaa dubbachuuf kan lubbuu namaa qulqulleessu Rabbi.

﴿ بَلِ ٱللَّهُ يُزَكِّي مَن يَشَآءُ وَلَا يُظۡلَمُونَ فَتِيلًا ﴿٤٩﴾ ﴾ النساء: ٤٩

*[Rabbiin abbaa ufii fedhe qulqulleessa. Hanga jibrii qoola Timiraa tokkoyyuu nama hin miidhu] (Annisaa: 49). Rabbiin namoota garii filachuun isaa Qur'aana keessatti dubbatamee jira.*

﴿ وَحَنَانٗا مِّن لَّدُنَّا وَزَكَوٰةٗۖ وَكَانَ تَقِيّٗا ﴿١٣﴾ ﴾ مريم: ١٣

*[ Jaalalaa fi qulqullina nu biraa ta'e (Yahyaaf kennine). Inni (nama) Rabbiin sodaatu ta'ee jira] (Maryam:13).*

﴿ قَالَ إِنَّمَآ أَنَا۠ رَسُولُ رَبِّكِ لِأَهَبَ لَكِ غُلَٰمًا زَكِيًّا ﴿١٩﴾ ﴾ مريم: ١٩

*[Ani ergamaa Rabbiiti akka ilma (badii irraa) qulqullaaye siif kennuuf (ergame) jedheen] (Maryam:13).* Kana jechuun ilma uumamumaan qulqullaaye, nama gaarii, beekaa, ka Rabbiin amala isaa qulqulleesse jechuudha. Kunis akkuma nabiyyootaa fi ergamtoota kamiituu shaakalaa fi barumsaan osoo hin taane, uumamumaan Rabbiin isaan qulqulleessa.

Namni Rabbitti amane, hidhaa Rabbiin waliin qabu cimsata. Haguma fedhe sodaa Rabbii osoo qabaatellee, haguma fedhe dalagaa gaariis osoo dalagee, sadarkaan qulqullina lubbuu isaas guddatu, kanuma hunda waliinuu waan argate kana hundayyuu tola Rabbiitiin malee homaanuu akka hin arganne ni beeka. *Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkas godhutti ajajaman.

﴿ قُلْ مَا كُنتُ بِدْعًا مِّنَ ٱلرُّسُلِ وَمَآ أَدْرِى مَا يُفْعَلُ بِى وَلَا بِكُمْ ۖ إِنْ أَتَّبِعُ إِلَّا مَا يُوحَىٰٓ إِلَىَّ وَمَآ أَنَا۠ إِلَّا نَذِيرٌ مُّبِينٌ ﴿٩﴾ ﴾ الأحقاف: ٩

*[Jalqaba ergamtootaatii miti jedhiin (yaa Muhammad). Anaa fi isinittis maal akka dalagamu hin beeku. Wanti ani hordofu waan wahyii(beeksisa) natti godhame qofa. Ani waan biraa osoo hin taane ifatti isin seeruufi] (Al-Ahqaaf: 9).*

### 3) Yeroo Qulqulleessuun Itti Gaafatamummaa Ergamaa Rabbii Ta'u

Qur'aana kabajamaa keessatti tazkiyaan itti gaafatamummaa afran ergamaa Rabbii keessaa tokko taatee dubbatamte. Ergamaan Rabbii ummata isaa qulqulleessa,

Qur’aana Rabbii isaan irratti dubbisa, kitaaba isaan barsiisa, hikmaa (gaarummaa) isaan barsiisa. Itti gaafatamummaan afran kunniin walitti aantee bifa wal-qabataa ta’een si’a afur Qur’aana keessatti dubbatamte. Qulqulleessi ergamaan Rabbii ummata isaatiif godhu adeemsa guddisaa kan utubaa afranii kanaan yoo ta’u, qulqulleessi isaan ummata isaaniitiif godhan kan biraa murtiiwwanii fi seerota Rabbii hojii irra oolchuudha.

Ergamaan Rabbii murtii qabeenya keessaa zakaa baasuu hojii irra oolchuun isaanii, tooftaa ummanni badii irraa lubbuun isaanii ittiin qulqullooftuudha.

﴿ خُذۡ مِنۡ أَمۡوَٰلِهِمۡ صَدَقَةٗ تُطَهِّرُهُمۡ وَتُزَكِّيهِم بِهَا وَصَلِّ عَلَيۡهِمۡۖ إِنَّ صَلَوٰتَكَ سَكَنٞ لَّهُمۡۗ وَٱللَّهُ سَمِيعٌ
عَلِيمٌ ١٠٣ ﴾ التوبة: ١٠٣

*[Qabeenya isaanii irraa kennaa (sadaqaa) isaan qulqulleessitu kan lubbuun isaanii badii irraa qulqulooftuun irraa fuudhi araarama isaanii kadhu (yaa Muhammad). Araaramni kee isaaniif tasgabbiidha. Rabbiin dhagayaa fi beekaadha] (Attowbaa: 103).*

Keeyyatoonni afran Qur’aanaa ka jechi tazkiyaa akka dirqamoota ergamaa Rabbii irra jiraniitti ibsitu keessatti dubbatamte immoo, keeyyatoonni sunniin ergamaa Rabbii Muhammad *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* qofaan wal-qabatti.

﴿ رَبَّنَا وَٱجۡعَلۡنَا مُسۡلِمَيۡنِ لَكَ وَمِن ذُرِّيَّتِنَآ أُمَّةٗ مُّسۡلِمَةٗ لَّكَ وَأَرِنَا مَنَاسِكَنَا وَتُبۡ عَلَيۡنَآۖ إِنَّكَ أَنتَ ٱلتَّوَّابُ
ٱلرَّحِيمُ ١٢٨ رَبَّنَا وَٱبۡعَثۡ فِيهِمۡ رَسُولٗا مِّنۡهُمۡ يَتۡلُواْ عَلَيۡهِمۡ ءَايَٰتِكَ وَيُعَلِّمُهُمُ ٱلۡكِتَٰبَ وَٱلۡحِكۡمَةَ
وَيُزَكِّيهِمۡۚ إِنَّكَ أَنتَ ٱلۡعَزِيزُ ٱلۡحَكِيمُ ١٢٩ ﴾ البقرة: ١٢٨ - ١٢٩

*[Rabbii keennya! Nama siif bitame nu godhe! Hortee keenna irraallee ummata siif bitamu godhi. Cubbuuwwan keenna irra nuu tari. Ati toowbaa namatti deebita, tola namatti oolta. Rabbii keenna! Ergamaa isaan irraa ta'e kan Qur'aana kee isaan irratti dubbisu, kan Qur'aanaa fi Hikmaa isaan barsiisu, kan isaan qulqulleessu isaanitti ergi. Ati danda'aadha, ogeessa] (al-Baqarah: 128-129).*

﴿ كَمَآ أَرۡسَلۡنَا فِيكُمۡ رَسُولٗا مِّنكُمۡ يَتۡلُواْ عَلَيۡكُمۡ ءَايَٰتِنَا وَيُزَكِّيكُمۡ وَيُعَلِّمُكُمُ ٱلۡكِتَٰبَ
وَٱلۡحِكۡمَةَ وَيُعَلِّمُكُم مَّا لَمۡ تَكُونُواْ تَعۡلَمُونَ ١٥١ ﴾ البقرة: ١٥١

*[Ergamaa isin irraa ta'e kan Qur'aana keenna isin irratti dubbisu, kan (waan hamtuu dalaguu irraa lubbuu keessan) qulquleessu, kan kitaabaa fi hikmaa isin barsiisu, ka waan isin hin beekyne isin barsiisu isinitti erginee jirra] (Al-Baqarah: 151).*

﴿ لَقَدۡ مَنَّ ٱللَّهُ عَلَى ٱلۡمُؤۡمِنِينَ إِذۡ بَعَثَ فِيهِمۡ رَسُولٗا مِّنۡ أَنفُسِهِمۡ يَتۡلُواْ عَلَيۡهِمۡ ءَايَٰتِهِۦ وَيُزَكِّيهِمۡ
وَيُعَلِّمُهُمُ ٱلۡكِتَٰبَ وَٱلۡحِكۡمَةَ وَإِن كَانُواْ مِن قَبۡلُ لَفِي ضَلَٰلٖ مُّبِينٍ ١٦٤ ﴾
آل عمران: ١٦٤

*[(Rabbiin) yeroo ergamaa isaan irraa ta'e kan Qur'aana Rabbii isaan irratti dubbisu, kan isaan qulqullleessu, kan kitaabaa fi hikmaa isaan barsiisu isaanitti erguun, dhugumaan Mu'umintootatti tola oolee jira. Saniin dura isaan jallina ifa galaa keessa turan] (Aala Imraan: 164).*

﴿ هُوَ ٱلَّذِي بَعَثَ فِي ٱلۡأُمِّيِّـۧنَ رَسُولٗا مِّنۡهُمۡ يَتۡلُواْ عَلَيۡهِمۡ ءَايَٰتِهِۦ وَيُزَكِّيهِمۡ وَيُعَلِّمُهُمُ ٱلۡكِتَٰبَ وَٱلۡحِكۡمَةَ وَإِن
كَانُواْ مِن قَبۡلُ لَفِي ضَلَٰلٖ مُّبِينٖ ٢ ﴾ الجمعة: ٢

*[ Inni (Rabbi) isaa ummata dubbisuu fi barreessuu hin beekne keessatti ergamaa isaan irraa ta'e, kan Qur'aana isaa isaan irratti dubbisu, kan isaan qulqulleessu, kan kitaaba isaan barsiisu isaanitti ergeedha. Saniin duratti jallina ifa gala keessa turan] (Al-Jumu'a:2).*

Keeyyata jalqabaa keessatti nabi *Ibraahiimtu* Rabbii isaa fira kiyya keessaa ummata siif bitamtu ergi jedhee Rabbii isaa kadhate. Akkasumas ummata kanatti ergamaa isaan irraa ta'e ka waan gurguddaa afuriin dhaabatu itti ergi jedhee kadhate. Innis: ka *Qur'aana* Kee isaan irratti dubbisu, kan kitaaba isaan barsiisu, kan hikmaa isaan barsiisu, kan isaan qulqulleessu jedhee Rabbiin kadhate. Keeyyattoota sadan hafan keessatti immoo tolaa fi qananii Rabbiin kadhaa nabi Ibraahim san isaa awwaatee, ummata Muslimaa keessaan nabi Muhammadiin isaanitti erguu mul'isa.

Asitti waa lama ibsuu barbaanna. Ibsi duraa: kadhaa nabi Ibraahiim Rabbii isaa kadhate keessatti *tazkiyaan* tarree afraffaa irratti yoo dhuftu, keeyyatoota sadan hafan keessatti immoo tarree lammaffaa irratti dhufte. Ibsi lammataa immoo *tazkiyaan* (qulqullinni) haqa ummata Muslimaa kan nabi Ibraahiim isaaniif kadhateef ibsa.

Kanaafuu dhimmi tazkiyaa sadanuu nama dhuunfaan, lubbuu isaa leenjisuun, eenyummaa isaa cimsachuun, maalummaa isaa dagaagsuun kan wal-qabatee miti. kanaafuu keeyyatoonni afran kunniin adeemsa guddisa ummataa kan utubaalee afur irraa walitti qabamu, kan utubaaleen afranuu wal-guutan, kan qabiyyeen isaan keessa jiru wal-cimsuun ijaarsa ummataatiif tumsu ifa nuu godhe.

Utubaan jalqabaa ummataaf keeyyatoota Qur’aanaa dubbisuufiidha. Innis wallaala haquun keeyyatoota isaa dubbisanii irraa fayyadamuun gara sadarkaa kabaja Rabbiin namaaf kenneetti ol guddachuu of keessaa qaba. Utubaan lammataa qulqullina. Innis qulqullina lubbuu, kan qaamaa, barakaa qabeenyaa fi guddina of keessatti hammata. Utubaan sadaffaan kitaaba barsiisuu. Innis Qur’aana ummata barsiisuudha. Firiin isa barsiisuu jechaa fi dalagaa keessatti waan sirrii ta’e qunnamamuu, muuxannoo gadi bu’anii ijaan dhugaa jirtu arguu horachuun dhugaa san bakkee isiin maltu kaayuu, madaala isiin maluun isii madaaluu, sababaa fi galma dhugaa sanii hubachuudha.

### 4) Qulqullina Mallaqaa (Qabeenyaa)

Namni lubbuu isaa qulqulleessuun qabeenya isaas qulqulleessuudha. Qabeenya ofii bakka silaa kennuufiin maluuf kennuun barakaa qabeenya san keessa kaayee dacha dacha namaaf deebi’a waan ta’eef qabeenya namaa guddisa.Kana irratti Rabbi akkana jedha:

﴿ وَمَآ ءَاتَيْتُم مِّن رِّبًا لِّيَرْبُوَا۟ فِىٓ أَمْوَٰلِ ٱلنَّاسِ فَلَا يَرْبُوا۟ عِندَ ٱللَّهِ ۖ وَمَآ ءَاتَيْتُم مِّن زَكَوٰةٍ تُرِيدُونَ وَجْهَ ٱللَّهِ

فَأُو۟لَٰٓئِكَ هُمُ ٱلْمُضْعِفُونَ ﴿٣٩﴾ ﴾ الروم: ٣٩

*[mallaqni (qabeenyi) isin akka isinii dhaluuf namaaf kennitan, Rabbiin biratti homaa isinii hin dhalu (hin dabalu). Wanti isin bifa zakaatiin ykn kennaatiin fuula (jaalala) Rabbii barbaaduuf kennitan santu dacha dacha isinii ta’a] (Arruum: 39).*

Qabeenya ofii keessaa *zakaa* baasuun kun abbaa qabeenya saniitiif qulqullina. Sunis lubbuu isaa doynummaa irraa

qulqulleessuuni. Qabeenyi balaadha. Namni qabeenya isaa keessaa zakaa ykn kennaa (sadaqaa) kennatu ofuma isaatiif kennata. Kennaa saniin doynummaa lubbuun namatti fiddu irraa nagaya baya. Qabeenya qaban kana bifaa fi bakka Rabbi itti kennaa jedhetti kennachuun hawaasa keessatti hariiroo waliif mararfachuu fi wal-danda'uu kallattiin deeggara. Akkasumas kennachuun kun Rabbiin walitti nama hidha, waan kennaa saniif Rabbi nama galateeffatuuf jecha. Galanni Rabbi nama galateeffatu kunis gama tokkoon qabeenya namaa san dacha godhee barakaa keessa namaaf kaayuu yoo ta'u gama biraatiin immoo mindaa fi araarama Rabbii namaaf argamsiisa. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha.

﴿ إِنَّمَآ أَمۡوَٰلُكُمۡ وَأَوۡلَٰدُكُمۡ فِتۡنَةٞۚ وَٱللَّهُ عِندَهُۥٓ أَجۡرٌ عَظِيمٞ ﴿١٥﴾ فَٱتَّقُواْ ٱللَّهَ مَا ٱسۡتَطَعۡتُمۡ وَٱسۡمَعُواْ
وَأَطِيعُواْ وَأَنفِقُواْ خَيۡرٗا لِّأَنفُسِكُمۡۗ وَمَن يُوقَ شُحَّ نَفۡسِهِۦ فَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡمُفۡلِحُونَ ﴿١٦﴾ إِن تُقۡرِضُواْ
ٱللَّهَ قَرۡضًا حَسَنٗا يُضَٰعِفۡهُ لَكُمۡ وَيَغۡفِرۡ لَكُمۡۚ وَٱللَّهُ شَكُورٌ حَلِيمٌ ﴿١٧﴾ ﴾ التغابن: ١٥ - ١٧

*[Qabeenyi fi ilmaan keessan balaadha. Rabbiin bira mindaa guddatu jira. Haga dandeettaniin Rabbiin sodaadhaa, (ergamaa Rabbii) dhagayaa tole jedhaa! Lubbuu keessaniif waan gaggaarii kennadhaa. Namni lubbuu isaa doynummaa jalaa baase warraa hoffole irraayyi. Rabbiif liqii gaarii yoo liqeessitan, dacha isinii godhee isiniif araarama. Rabbiin galateeffataa fi oobsaadha. (Attagaabun: 15-17).*

Jechi *zakaa* jedhu kan dirqama Muslimni qabeenya irraa baasuu qabuu, kan utubaalee Islaamaa shanan keessatti tarreeffame san ilaalchisee, Muhammad Axxaahir Bin Aashuur akkana jedha: "Jechi zakaa jedhu kan qabeenya keenna irraa

hamma tokko baasuu jedhu kun hiika kanaan Qur'aana keessatti malee ka dubbatame argee hin beeku. Osoo Qur'aanni hin buufaminiin duratti jechi kun hiika kanaan ibsamee hin beeku"[4].

Zakaan utubaa amantiiti, maxxantuu ragaa Toowhiidaa, Salaataa, Soomaa fi Hajjiiti. Seera hawaasummaa ummataa keessatti, *zakaan* utubaa addaati. Hojiin isaa lubbuu namaa tana doynummaa irraa qulqulleessuu, qabeenya namaa saamuu irraa fageessuu fi mirga hawaasaa fi miseensa isaatiin dhaabbachuudha. Sirna diinagdee keessatti zakaan utubaa cimaadha. Amantii Islaamaa keessatti qabeenya walitti sassaabuun gabbartii Rabbii irraayyi. Innis mallaqa hamma beekkamaa tokko qabeenya nama dhuunfaa tokkoo irraa fuudhanii waan hawaasaaf oolu keessatti gumaachuu. Qabeenyi kunis kan nama irraa fuudhamu, yoo namni ifaajee qabeenya san walitti qabe sun abbaa qabeenya san handhuurfate kan mirga qabeenya sanitti fayyadamuu qabu ta'e qofa.

Gumaachi kunis oomishaa fi bu'aa qonna, warshaa fi daldala irraa argamuudha. Zakaan kennamu kun beellamaa fi hammaan wal-qabata. Zakaan qabeenya irratti kan dirqama taatu, hamma qabeenyaa kan nama biratti waggaa guute ykn kan yeroo murtaawe baafamu keessaa kan madaala murtaawe wayii bira tare irratti.

﴿ ۞ وَءَاتُواْ حَقَّهُۥ يَوۡمَ حَصَادِهِۦۖ ﴿١٤١﴾ ﴾ الأنعام: ١٤١

[*Haqa isaa guyyaa haamamu irraa baasaa] (Al-An'aam: 149).*

---

4 - Ibnu Aashuur, Attahriir wa Attanwiir, Tuuniisiyaa, mana maxxansaa Sahnuun, bara 1997, kutaa kudha saddeettaffaa, fuula 12.

Zakaan qabeenya irraa baafamu kunis dhibbeentaan baafama. Gatiin isaas tokko afraffaa harka kurnaffaa (2.5%), ykn walakkaa kurnaffaa ykn tokko kurnaffaa 1/10%), ykn tokko shanaffaa ta'a. Garaagarummaan gatii kaffalamuu kunis akkaataa gosa qabeenya saniitii fi qabeenya san horachuuf humna namni dalagaa san irratti baaseen gar gara ta'a. Tariitii qabeenya bu'aa hawaasaatiif oolu kan akka maddeen anniisaa kan namni dhuunfaan dhuunfachuu hin dandeenne keessatti dhibbeentaan zakaa dhibba (100%) guutuu ta'uu danda'a.

Qabeenya irraa zakaa baasuun barakaa fi dabala qabeenya saniitiif wabii guddaadha. Kana irratti Rabbi akkana jedha:

﴿ وَمَآ ءَاتَيۡتُم مِّن رِّبٗا لِّيَرۡبُوَاْ فِيٓ أَمۡوَٰلِ ٱلنَّاسِ فَلَا يَرۡبُواْ عِندَ ٱللَّهِۖ وَمَآ ءَاتَيۡتُم مِّن زَكَوٰةٖ تُرِيدُونَ وَجۡهَ ٱللَّهِ فَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡمُضۡعِفُونَ ٣٩ ﴾ الروم: ٣٩

*[Mallaqni (qabeenyi) isin akka isinii dhaluuf namaaf kennitan, Rabbiin biratti homaa isinii hin dhalu (hin dabalu). Wanti isin bifa zakaatiin ykn kennaatiin fuula (jaalala) Rabbii barbaaduuf kennitan santu dacha dacha isinii ta'a] (Arruum: 39).*

Namni daldala bu'a-qabeesssa mallaqni dacha keessatti namaa ta'u argachuu barbaade, dirqama zakaa qabeenya isaa irraa haa baasu.

Rabbi ani isin wajjiin jira jedha:

﴿ ۞ وَقَالَ ٱللَّهُ إِنِّي مَعَكُمۡۖ لَئِنۡ أَقَمۡتُمُ ٱلصَّلَوٰةَ وَءَاتَيۡتُمُ ٱلزَّكَوٰةَ وَءَامَنتُم بِرُسُلِي وَعَزَّرۡتُمُوهُمۡ وَأَقۡرَضۡتُمُ ٱللَّهَ قَرۡضًا ١٢ ﴾ المائدة: ١٢

*[Yoo isin salaata salaattanii, (qabeenya keessan irraa) zakaa baaftanii, ergamtoota kiyyatti amantanii, waan isaan isiniin*

*jedhan dhugoomsitanii, liqii gaarii isaaniif liqeessitan ani isin waliin jira jedha Rabbi] (Al-Maa'idaa:12).*

Rabbi nama waliin ta'uun waan baay'ee guddaadha! Garuu Rabbi nama waliin ta'uuf ulaagaa dursa guutamuu qabutu jira. ulaagaalee san keessaa tokko zakaa kennuudha. Rabbi ani isin waliin jira jechuun waadaa guddaa fi kennaa namaaf gahaa ta'eedha. Garuu ulaagaa dursa guutamuu qabuun kan haguugameedha.

Ulaagaan kunis 'itti fayyadama qabeenya keenyaa keessatti akka inni ajajetti dhimma itti bayuu, bu'uura diinagdee keenyaa adeemsa inni lafa nuuf kaaye kan qabeenyi harka nama muraasaa qofatti akka hin kuufamne dhoorge san irratti hundeessuu, adeemsa qabeenyi harka nama muraasaa qofatti kuufamuun, waan ummanni bal'aan bitachuu fi soorachuuf gahumsa hin qabneef, kufaatii gabaa ummataa fida jedhu san irraa barachuu. Kufaatiin gabaa sunis marsaan oomishaa akka harkifatu taasisa, gama tokko qisaasessa bira tare keessa akka jiraatuu fi inni kuun hiyyummaa guddaa keessa akka jiraatu taasisa. Hawaasa keessatti malaammaltummaan akka babal'atu godha. Rakkinoota kana hundaaf furmaanni zakaa baafachuudha. Adeemsi qoodiinsa qabeenyaa fi marsaa diinagdee irratti Rabbi lafa nuuf kaaye furmaata rakkoo diinagdee hundaati.

Sirni diinagdee ammayyaa bu'aa dhalaa irratti bu'uureffame. Namni hedduun seerri bu'uurri isaa dhala hin ta'in fiixa hin bayu jedhu. Kun immoo zakaan tola namni dhuunfaan tokko oolu kan seerri diinagdee ammayyaa isa bu'uura hin godhanne ta'ee jira. Kanaafuu seerri diinagdee Islaamaa haala battala ammaa keessatti barruu qofa irratti hafee jira.

*Al-Gazaaliin* hariiroo zakaa kennachuun qulqullina qabeenyaa ykn lubbuu waliin qabu irratti hiika bareeda wayii qaba. Innis namni zakaa namaaf kennu nama kenneef san irraa galata barbaaduu ykn isaaf akka gadi jedhu barbaaduu irraa cimsee dhoorga. Akka ilaalcha *Al-Gazaaliitti* dhugaan jiru namni zakaa fudhatu isa zakaa kennuuf tola oole jedha. San irratti akkana jedhe: “Dirqama Rabbi sirra kaaye sirraa fudhachuu isaatiif isatu tole sitti oole kana beeki. Iccitiiwwan zakaa keessaa onnee namaa doynummaa irraa qulqulleessuudha. Wanti zakaan qulqulleessituu jedhamteef kanaafi. Akka waan maashinii miiccaa uffataa tokkotti isiin qulqullinni argama. Wanti ergamaan Rabbii fi maatiin isaanii zakaa fudhachuu didaniif kanaafi”. Kana irratti ergamaan Rabbii akkana jedhan: “(Zakaan) xurii qabeenya namaati, namni hiyyeessi waan si qulqulleessu kana yoo sirraa fudhate, inni tola sitti oole”.

### 5) Namni of Faarsuun Lubbuu ofii Qulqulleessuu

Yeroo namni tokko of faarsuun lubbuu ofii qulqulleessu ykn namni tokko nama isa biraa faarsu, of qulqulleessuun kun gara sadarkaa jibbisiisaa fi irraa dhoorgamiinsaatti ce’a. Bakkeen of qulqulleessuun jibbamaa ta’ee itti dubbatame isuma kana qofa. Kana irratti Rabbi akkana jedha:

﴿ ٱلَّذِينَ يَجۡتَنِبُونَ كَبَٰٓئِرَ ٱلۡإِثۡمِ وَٱلۡفَوَٰحِشَ إِلَّا ٱللَّمَمَۚ إِنَّ رَبَّكَ وَٰسِعُ ٱلۡمَغۡفِرَةِۚ هُوَ أَعۡلَمُ بِكُمۡ إِذۡ أَنشَأَكُم
مِّنَ ٱلۡأَرۡضِ وَإِذۡ أَنتُمۡ أَجِنَّةٞ فِي بُطُونِ أُمَّهَٰتِكُمۡۖ فَلَا تُزَكُّوٓاْ أَنفُسَكُمۡۖ هُوَ أَعۡلَمُ بِمَنِ ٱتَّقَىٰٓ ٣٢ ﴾

النجم: ٣٢

*[Isaannan yakkootaa fi badiiwwan gurguddoo irraa fagaatanii xixnnoo qofa dalaganiif Rabbiin kee araaramni isaa bal’aadha.*

*Inni isin beeka yeroo dachii irraa isin argamsiise, yeroo isin gadaamessa haadha keessanii keessa jirtan isin beeka. Lubbuu teessan qulqulluu of hin godhinaa. Isatu nama isa sodaatu beeka*] *(Annajm:32).*

Ammas Rabbi akkana jedha:

﴿ أَلَمۡ تَرَ إِلَى ٱلَّذِينَ يُزَكُّونَ أَنفُسَهُمۚ بَلِ ٱللَّهُ يُزَكِّي مَن يَشَآءُ وَلَا يُظۡلَمُونَ فَتِيلًا ٤٩ ٱنظُرۡ كَيۡفَ يَفۡتَرُونَ
عَلَى ٱللَّهِ ٱلۡكَذِبَۖ وَكَفَىٰ بِهِۦٓ إِثۡمٗا مُّبِينًا ٥٠ ﴾ النساء: ٤٩ - ٥٠.

*[Namoota of qulqulleessan argitanii, Rabbi abbaa ofii fedhe qulquleessa. (Rabbi) haga xurii qeensa jalaas nama hin miidhu. Akka isaan Rabbiin irratti kijiba oofan ilaali mee. (Kijibni) isaanii sun cubbuu ifaa ta'eef gahaadha] (Annisaa: 49-50).*

Keeyyanni jalqabaa Rabbi osoo ilmi namaa hin dhalatiniin duratti waa'ee nama sanii, dhalootaan booda maal akka dalagu, booddeen isaa guyyaa boodaatti maal akka ta'u beekuu mul'isa. Rabbiin waan isaan hin malle irraa qulqullaaye sadarkaa sodaa isaaf namni qabu isatu beeka. Gama cubbuu fi badii irraa fagaachuutii fi gama waan Rabbiin dallansiisu irraa fagaachuutiin sodaa namni qabaatu Rabbiin qofatu beeka. Isa qofatu isa hirreega. Kanaafuu namni of faarsuun, of galateeffachuun, dalagaalee isaatiin boonuun bu'aa isaaf hin qabu. Of faarsuu fi dalagaa ofiitiin boonuun kun jaalala ofii qabaniif fi booniinsaaf ta'utu mala. Kun immoo amala sheyxaanaati. Booniinsa isaa irraa kan ka'e akkana jedhe:

﴿ قَالَ مَا مَنَعَكَ أَلَّا تَسۡجُدَ إِذۡ أَمَرۡتُكَۖ قَالَ أَنَا۠ خَيۡرٞ مِّنۡهُ خَلَقۡتَنِي مِن نَّارٖ وَخَلَقۡتَهُۥ مِن طِينٖ ١٢ ﴾
الأعراف: ١٢

*[Yeroo ani si ajaje maaltu sujuuda bu'uu si dhoorge jennaan, anatu isa caala, ana ibidda irraa na uumtee, isa (Aadamiin) biyyee (dhoqqee) irraa uumte jedhe](Al-A'araaf: 12).*

Tariitii ani nama akkanaati jechuun olola bu'aa hin qabne ta'utu mala. Wanti namaaf irra filatamu Rabbiin irratti of irkisee, isaaf jecha of gadi qabee jiraachuudha.

Keeyyanni lammataa immoo waa'ee Yahuudaa warroota Kiristaanaa waliin of qulqulleessuu irratti waa heddu keessatti wal-gitan, kan himannaan isaan hundaatuu dhara ta'e ilaalchiseeti. Waan isaan jedhan kana Rabbi keeyyatoota heddu keessatti dubbate. San keessaa:

﴿ وَقَالُوا۟ لَن يَدْخُلَ ٱلْجَنَّةَ إِلَّا مَن كَانَ هُودًا أَوْ نَصَٰرَىٰ ۗ تِلْكَ أَمَانِيُّهُمْ ۗ قُلْ هَاتُوا۟ بُرْهَٰنَكُمْ إِن كُنتُمْ صَٰدِقِينَ ﴿١١١﴾ ﴾ البقرة: ١١١

*[Yahuudaa ykn Kiristaanota malee namni Jannata seenu hin jiru jedhan. Sun hawwii isaaniiti. Yoo ka dhugaa dubbattan taate ragaa keessan fidadhaa jedhiin] (Al-Baqarah: 111)*

﴿ وَقَالَتِ ٱلْيَهُودُ وَٱلنَّصَٰرَىٰ نَحْنُ أَبْنَٰٓؤُا۟ ٱللَّهِ وَأَحِبَّٰٓؤُهُۥ ۚ قُلْ فَلِمَ يُعَذِّبُكُم بِذُنُوبِكُم ۖ بَلْ أَنتُم بَشَرٌ مِّمَّنْ خَلَقَ ۚ يَغْفِرُ لِمَن يَشَآءُ وَيُعَذِّبُ مَن يَشَآءُ ۚ وَلِلَّهِ مُلْكُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ وَمَا بَيْنَهُمَا ۖ وَإِلَيْهِ ٱلْمَصِيرُ ﴿١٨﴾ ﴾ المائدة: ١٨).

*[Yahuudonni fi Kiristaanonni nuti ilmaan Rabbii fi jaalallee isaati ofiin jedhan. (eega akkas taatan) cubbuu isin dalagdaniin maaliif isin adaba ree jedhiin. Isin uumama keessaa ilma namaati. (Rabbi) abbaa ofii fedhee araaramee abbaa ofii fedhe adaba. Handhuurfataan samii, dachii fi waan jidduu isaanii jiru*

*Rabbi. Deebiin (nama hundaatuu) gara isaati] (Al-Maa'idaa:18).*
Bifa kanaan ofii of qulqulleessuun isaanii kun Rabbiin irratti olola oofuudha. Cubbuu ifa galaadha. Isaan ofii of faarsuun kun homa takka isaan hin fayyadu. Kan ilaalamuu qabu nama Rabbi isa qulqulleesse malee nama ofii of qulqulleessee miti.

Hadiisni ergamaa Rabbiitis namni ofii of faarsuu (qulqulleessuu) ykn namni biraa isa faarsuu irraa dhoorgee jira. Kunis wanti godhameef boonichaa fi ana malee jechuu irraa nama fageessuufi. Tariitii dhoorgaan asitti dhufe kun nama faarsuu keessatti bira dabarsuun haga nama tokko waan inni hin qabneen isa faarsuutti gayuu ta'a. Yeroo sanitti faaruun sunis kijiba ta'a. Lubbuun gariin yoo faarfamte of dinqisiifachutu itti dhagayama waan ta'eef, of qulqulleessuu isa dhugaa irraa akka namni fagaatu godha.

Ergamaan Rabbii namni nama tokko irraa waan gaarii dubbachuu barbaade akkana isa se'a, eennumayyuu Rabbiin irratti hin qulqulleessu haa jedhu jedhanii qajeelcha nuuf kaayan. Abuu Bakraan abbaa isaa irraa odeessee akkana jedhe: "Namni wayii ergamaa Rabbii bira taa'ee nama biraa faarsee jennaan, isaanis akkana jedhaniin: 'Badii kee! Morma hiriyyaa keetii murtee jirta' jedhaniin irra deddeebi'anii. Sana booda akkana jedhan: " [Yoo obboleessa keessan faarsuun dirqama ta'e akkana jedhaa: abaluu kana akkana se'a, Rabbitu isa beeka, Rabbiin irratti nama tokkoyyuu hin ququlleessu. Nama akkanaa akkanaa isa se'a. sunis waan jettan san yoo ka irraa beeytan ta'e".[5]

---

[5] - Sahiih Bukaarii, Kitaabu Ashahaadaat, Baabu Izaa zakkaa rajulun Akaahu, lakkoofsa Hadiisaa 2662, fuula 650.

Hadiisni biraa kan Bukaariin odeesse: Kaarijaan Bin Saabit tan jedhamtu, *Ummu Al-Alaa* tan jedhamtu, tan ergamaa Rabbiitiif waadaa (mubaaya'aa) seente, warroota Muhaajirootaa (godaantota) of bira qubsiisuuf warri Ansaaraa (Tumsitootaa) carraa buusanii jennaan, Usmaan Binu Maz'uun na bira akka qubatu carraan gaye. Ummu Al-Alaan akkana jette: Usmaan dhibamee hanga inni du'utti yaaleenii uffata isaa keessa keenne (uffata nama du'e ittiin maran). Booda irra ergamaan Rabbii nutti ol seenanii jennaan, tolli Rabbii sirratti haa jiraatu yaa abbaa *Saa'ib* jedhee eebbise jette. Rabbiin si ulfeessee jira, ragaa sii baya jedhe.

Ergamaan Rabbii akkana naan jedhan: "Rabbiin isa ulfeessuu maaltu si beeksise"?Abbaa fi Haati too bakka kee haa miidhaman ergamaa Rabbii, waan na beeksise hin beeku jedheen. Isaanis akkana jedhan: "Inni Rabbii isaatiin wal-gayee jira. Ani wallaahi waan gaarii isaa hawwa. Ani ergamaa Rabbii ta'uu waliin maal akka godhamuu hedu hin beeku", isiinis isaan booda eennumayyuu hin qulqulleessu" jettee kakatte.

Kanuma waliinuu, keeyyatoota Qur'aanaa fi of faarsuu irraa dhoorgituu fi Hadiisota nama biraa faarsuu irraa dhoorgan beekuun, keeyyatoonnummaan kunuu deebi'anii kan biraatiin kan daangeffamaniidha. Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* bakkeen isaan nama faarsuu itti hayyaman ni jira. Isaanuu sahaabota (hiriyyoota) isaanii garii faarsanii jiran. Yaada lamaan kana karaan walitti finnuun, namni nama faarsu faaruu san keessatti dhugaa dubbachuu fi nama faarsu san keessatti ofiin boonuun itti hin dhagayamu jedhamee yoo itti amanameedha.

*Imaamu Annawawiin* Hadiisonni sirrii ta'an hedduun kanneen waa'ee nama faarsuu hayyaman akka jiran dubbatanii jiru. Akka ulamaa'onni jedhanitti, Hadiisa nama faarsuu dhoorguu fi hayyamu tooftaan walitti qabnuun, namni faarfamu sun iimaana guutuu qabaate, ofitti amantii fi beekkumsa gahaa qaba yoo ta'e, kan lubbuun isaa balaaf hin saaxilamne, kan ofiin hin boonne, kan lubbuun isaa isaan hin taphanne yoo ta'e isa faarsuun haraama hin ta'u. Yoo amaloota kana keessaa wanti ni uumama jedhamee sodaatamu jiraate, isa faarsuun haraama, baay'ee dhoorgama.

Hadiisa nama faarsuu hayyamu keessaa, jecha ergamaan Rabbii Abuu Bakriin jedhan: "Akka jara irraa taatu abdii qaba" jedhaniin, (warra guyyaa qiyaamaa balbala Jannataa saddeettan keessaa ka barbaadde seeni jedhaniin irraa akka taatu abdii qaba). Hadiisa biraa keessatti immoo "Ati jara irraa miti" jedhaniin. Kana jechuun warra booniinsaaf jecha surree isaanii kiyyoo gad dabarsu irraa miti jedhaniin. Ergamaan Rabbii Umariin akkana jedhan: "Sheyxaanni yoo sihii karaa wayii irra deemtu si arge, (sirraa goruuf jecha) karaa biraa deema", Hadiisonni kanaan wal-fakkaatan heddutu jira

## Qur'aana Keessatti Jechoota qulqullummaa Ibsan

Of Qulqulleessaa Jibbamu:
Namni ofii of faarsuu ykn nama biraa faarsuu

Qulqulleessa Jaalatamaa

**Qulqullina Mallaqaa:**

Qabeenya irraa zakaa, sadaqaa (kennaa) walii gala fi zakaa yerooo sooma hiikkaa kennachuun argama

**Lubbuu Qulqulleessuu**

Rabbitti amanuu fi dalagaalee gaggaarii dalaguun argama

**Rabbi nama Qulqullees suu:**

Dalagaa nama irraa jaalachuun ykn nama san filachuun

**Yeroo Qulqullees si Hojii Ergamaa Rabbii ta'u:**

Ummata isaanii guddisa gaarii fi shari'aa hojiin lafa irratti mul'isuun argama.

**Boca jechi qulqullina (*tazkiyaa*) jedhu Qur'aana kabajamaa keessatti itti akeeke mul'isu**

## Lammaffaa: Jechoota Qulqullina (tazkiyaa) Hadiisa Nabiyyii Keessatti

Kitaaba Hadiisa nabiyyii kan duraa duuba qubee eegee tarraaye kan abuurraan biyya Hoolaand *Arandijaan Finisneek* jedhamu qopheesse, kan *Muhammad Fu'aad Abdulbaaqiin* gulaale yoo ilaalle, jechoonni *tazkiyaan* wal-qabatanii fi kan isa irraa fofottoqan ergaan isaan kennan kama keeyyatoonni Qur'aanaa itti akeekan saniin wal-simata. Ka kallattiidhaan Qur'aana keessatti hin dhufin ka Hadiisa Nabiyyii keessatti dubbatame namni ufii uf qulqulleessuu (uf faarsuu)dha. Tariitii ofii of qulqulleessuun kunis hiika jecha Rabbii kana keessa galuun isaa ni mala:

﴿فَلَا تُزَكُّوٓاْ أَنفُسَكُمۡۖ هُوَ أَعۡلَمُ بِمَنِ ٱتَّقَىٰٓ ٣٢﴾ النجم: ٣٢)

*[Lubbuu keessan (ufii) uf hin qulqulleessinaa. Nama caalatti Isa sodaatu Isatu (Rabbitu) beeka] (Annajm: 32).*

Dhoorgaan kunis abbaan ufumaa uf faarsuu ykn nama biraa faarsuu irraa kan dhoorgu yoo ta'u, Hadiisni ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) ergaa walitti qabataa keeyyata *Qur'aanaa* kana addaan baasee ibsa. Kanaa gaditti fakkeenyatota qulqullina lubbuu kan Hadiisa nabiyyii keessatti dhufan tarreessina:

1) Hadiisota lubbuu ofii qulqulleessuun wal-qabatan kan bifa of qulqulleessuu san akka Rabbii namaa kennu bifa isa kadhaatiin (du'aa'iitiin) dubbataman. *Zeydi Bin Arqama*, waan ergamaan *Rabbii* jedhan malee waan biraa isiniin hin jedhu jechuun, isaanis akkana jedhan jedhe: "Yaa Rabbi ani

dadhabinaa fi ceem’aa irraa, sodaa fi doynummaa irraa, dulluma (bira kutee) fi ibidda Qabrii irraa sitti maganfadha. Yaa *Rabbi* lubbuu tiyya sodaa kee kenniif, isii naa qulqulleessi ati irra caalaa waan nama qulqulleessuuti. Ati gooftaa fi mootii isiiti. Yaa Rabbi! Ani beekkumsa nama hin fayyanne,onnee (siif) gadi hin jenne, lubbuu hin quufnee fi kadhaa nama jalaa hin awwaatamne irraa sitti maganfadha”.[6]

**Rabbiin namoota garii qulqullina haraama irratti godhuu** ilaalchisee, Hadiisa Bukaariin Abuu Hureeyraa (Rabbi irraa haa jaalatuu) irraa odeesse keessatti, ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) akkana jedhan jedhe: “Nama sadi guyyaa qiyaamaa Rabbi isaan hin ilaalu; isaanis hin qulqulleessu, isaaniif ibidda laalessatu jira; nama bishaan gahaa (itti fayyadamee irraa hafe) osoo qabu nama karaa deemu dhoorgate, nama Imaama (ajajaa) tokkoof yeroo waadaa seenu fedhiin isaa qabeenya qofa ta’e, yoo inni kenneef irraa jaalata yoo inni dhoorgateen ka dallanu, nama sa’aatii boodaa (yeroo salaata Asrii) irratti meeshaa (gurgurtaa) ofii gadi baasee, Rabbii isa malee gooftaan biraa hin jirretti kakadhee gatii akkanaa naa kennanii jiru jedhee booda namni biraa isa dhugoomsee (irraa bitate)”. Saniin booda keeyyata tana qara’an:

﴿ إِنَّ ٱلَّذِينَ يَشۡتَرُونَ بِعَهۡدِ ٱللَّهِ وَأَيۡمَٰنِهِمۡ ثَمَنًا قَلِيلًا ﴿٧٧﴾ ﴾ آل عمران: ٧٧ *[Isaannan waadaa fi kakuu Rabbii gatii xiqqaan jijjiiratan] Aala imraan:77.*

[6] - Anneysaaboorii, Muslim Binu Hajjaaj, Sahiih Muslim, fuula 1090.

**Namni tokko nama biraa faarsuu irraa dhoorguu** ilaalchisee, Sahiiha Bukaarii keessatti *Abdurrahmaan binu Abii Bakraa* abbaa isaa irraa odeessee akkana jedhe: "Namichi wayii Nabiyyii bira taa'ee nama biraa faarse. Badii kee morma hiriyyaa keetii murte, morma hiriyyaa keetii murte jedhaniin irra deddeebi'ani. Namni obboleessa isaa dirqama faarsuu hedaate akkana haa jedhu jedhan: Abaluu kana akkana se'a, Rabbitu isa beeka 'Rabbiin irratti eennumayyuu hin qulqulleessu, nama akkanaa akkanaa isa se'a' haa jedhu yoo waan san jedhu san irraa beeke"[7].

2) Namni ufii uf faarsuu irraa dhoorguu ilaalchisee, kitaaba *Sahiiha Muslim* keessatti, *Muhammad Bin Amrii* intala tiyya *Barraa* (Toltuu) jedhee maqaa baaseefii jennaan, *Zeeynab intalli Abbaa Salamaa* akkana naan jette: ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* moggaasa maqaa kanaa dhoorganii akkana jedhan: "Uf hin faarsinaa (uf hin qulqulleessinaa), isin keessaa warri toltuu eennuun akka ta'e Rabbitu beeka" jedhan. Tole eennu jennee haa maqaa moggaafnuuf ree jennaan, *Zeeynab* jedhaanii jedhan"[8].

3) Salaanni gareen salaatan irra caaltuudha, mindaan isii Rabbiin biratti salaata kophaa caalaa guddaadha, akkuma baay'inni nama waliin salaatanii heddummaataa dhufeen qulquulleessi Rabbii irra caala. *Ubayyi Binu Ka'ab* akkana jedhe: ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti*

---

[7] - Al-Bukaarii, Al-Jaami'u Assahiih, Beeyruut, lakkoofsa Hadiisaa 2358, fuula 109.

[8] - Anneysaabuuriyyi, madda gubbatti dabre, lakkoofsa Hadiisaa 2142, fuula 885.

*haa jiraatuu)* salaata subhii (fajrii) salaatanii eega geessan booda abaluu wayii ijaan barbaadan, namni hunduu ni cal'ise. Eyyeen hin dhufne jedhaniin. Ergamaan Rabbiitis akkana jedhan: nama Munaafiqaatti irra ulfaattuun salaataa salaata *Ishaa'ii* fi *Fajriiti*, osoo waan jara lamaan keessa jiru beekanii silaa shunquuqanis ni dhufan ture. Hiriirri (saffaan) jalqabaa akka hiriira Malaa'ikaati. Osoo sadarkaa isaa beeytanii silaa irratti wal-dorgomtu. Salaanni ati nama lama waliin salaattu ka ati nama tokko waliin salaattu caalaa qulqulluudha. Ka ati nama tokko waliin salaattu isa adda salaattu caalaa qulqulluudha. Ka irra heddumatutu Rabbiin biratti irra jaalatamaadha"[9].

**4) Zakaa qabeenya irraa kennamu** ilaalchisee, Imaamu Al-Bukaariin Hadiisota hedduu tarreessee jira. Akka fakkeenyaatti: Jariir binu Abdillaah akkana jedhe: "ergamaa Rabbii salaata salaatuu, zakaa kennuu fi nama Muslimaa hundaaf gorsa kennuufii irratti waadaa galeef"[10].

**5) Zakaan qabeenya irraa kennamu kun jecha sadaqaa (kennaa)** jedhamuunis Sahiiha Bukaarii keessatti Hadiisonni baay'een ibsamanii jiru. Kanas Bukaariin kutaa heddu jalatti qoqqoode, kan akka zakaa Re'eewwanii, kan Loonii, zakaa firaaf kennamu, kennaa iccitii, kennaa ifattii. Kana keessaa akka fakkeenyaatti: Amri Binu Yahyaan abbaa isaa irraa odeessee, Abuu Sa'iid Al-Kudariin ergamaan Rabbii akkana jedhan ka jedhu dhagaye: "Gaala garee shanii gadii keessa kennaan hin jirtu. Awaaqa (qabeenya dirhama afurtamatti

---

[9] - Ibnu Hambal, Musnadu Al-Imaam Ahmad Binu Hambal, lakkoofsa Hadiisaa 21266, fuula 191.

[10] - Al-Bukaarii, Sahiihu Al-Bukaarii, lakkoofsa Hadiisaa 1401, fuula 106.

tilmaamamuu) isa shanii gadi keessaa kennaan hin kennamu. kuntaala shanii gadi keessaa kennaan hin jiru”[11].

## Sadaffaa: Tazkiyaa Manneen Barnoota Suufiyyaa, Jihaadaa fi Fedhii Namoota Qabeenyaa Irraa Gabaabachuu Filatan Biratti

Du’a ergamaa Rabbiitiin booda, hiriyyoota (sahaabaa) isaanii garii biratti amalli hawaasummaa kan fedhii mi’aa addunyaa kana irraa uf qusatu uumamuu eegale. Amalli kunis booda irra jijjiiramaa dhufuun gara guutumatti adda bayiinsaatti geeddarame. Kunis namoota garii biratti jireenya addunyaa kanaan gammaduun babal’atee, balaan siyaasaa wal-duraa duubaan yaa’uu eegalee jennaan, fedhiin qabeenyaaf qaban irraa of qusachuun kun gara waan suufiyyummaa jedhamuutti jijjiiramaa dhufe. Kunis manneen barnootaa heddu keessa faffaca’aa dhufe. Bu’uurri qabiyyee suufiyyummaa meeshaa addunyaa kana jala yaa’uu irraa gabaabachuu fi dalagaalee Rabbitti nama dhiyeessan baay’isuu ture. Kun immoo bifoota *tazkiyaa* fi amantii Islaamaa seeraan qabachuu keessaa mallattoo tokko.

Garuu suufiyyummaan kun hawaasa Islaamaa biratti wanta amantii jala deemuu qofa irratti gabaabatee miti. Seenaa amantiiwwanii fi falaasama biraa keessatti namoonni amala lubbuu fi hawaasummaa keessatti karaa kana hordofan kanneen suufiyyummaa falaasamaa ykn aadaa jedhamuun beekkaman hedduun mul’atanii jiru. Tiyooriileen mul’ata Islaamummaa kan haaraya ta’an hedduun kan akka: **Ishraaqaa**, **feeydii** fi argamni

[11] - Madda dabre, lakkoofsa Hadiisaa 1447, fuula 116.

guutuun tokko jedhu keessa seenanii turan. Tiyooriileen kunniin hundinuu miiraa fi lubbuu namaa tana akka inni madaala sammuu jala galu godhu. Ykn immoo ilaalcha san abjuudhaan ololuma bu'aa hin qabne waan dhugaa irraa fagaateen hiikuudha. Beektonni suufiyyii Islaamaa gariin tiyooriilee kanaan hubamanii jennaan, hayyoonni Muslimootaa waa'ee suufiyyummaa Sunnii kan faallaa suufiyyummaa falaasamaa ta'e cimsuun isa irraa haasayuuf dirqaman.

Karaan (mazhabni) suufiyyootaa kun mazhaba warra fuqahaa'otaa ykn Usuuliyyootaa kanneen murtii fiqhii irraa murtii biraa maddisiisan, ykn mazhaba beektota aqiidaa, kalaamaa fi falaasamaa kanneen aqiidaa irraa ittisan irraa adda kan ta'eedha. Beektonni suufiyyaa akkuma beektota warra fuqahaa'otaa fi usuuliyyootaa jechoota mataa isaanii ibsu baay'ee uumanii jiru.

Jechoonni suufiyyootaa kunis hedduun isaanii bifa roga sadiitiin jiran. Rogoonni sadanuu wal-guutanis ykn inni boodaa isa duraa irraa ka dhufe ta'us, garuu ergaa mataa isaanii qabu. San keessaa: rog-sadee *Attakallii, Attahallii fi Attajalii* (waan wayii irraa qulqullaayuu, hallamuu fi ifa ta'uu) jedhu, ka biraas rog-sadee *Asharii'aa, Axxariiqaa fi Al-Haqiiqaa*(shari'aa, karaa fi dhugaa) jedhu. Mazhaboonni suufiyyaa gariin rogoota sadiin ga'ee wal-guutiinsaa taphatan kanniin hubachuu irratti ilaalcha addaa qabaatanis, Attakallii rog-sadee duraa keessa jiru ykn Al-Haqiiqaa rog-sadee lammataa keessa jiru ka of danda'ee kophaa isaatti dhaabbatu kan yoo inni fiixa baye wanti isa dura jiru gatii hin qabu jedhanis, garuu dhugaan ulamaa'ota tazkiyaa fi suufiyyaa hedduu bira jiru, sadarkaaleen rogoota kanniinii kan

wal-guutanii fi kan mirkanaayuunis jalaa gara gubbaatti wal-duraa duubaan deemuudhaani jechutti amanu.

Raawwii qulqulleessaa (*tazkiyaa*) ka adda isa godhu, mindaa guyyaa boodaa mi’aa jireenya addunyaa kana caalsifachuu, gabbartii dirqama hin ta’in (ka sunnaa) isa dirqama ta’e irratti dabaluun isaan Rabbitti dhiyaachuudha. Bu’uurri kunis Qur’aana kabajamaa keessatti ifatti ibsamee jira. Sunis akka ilmi namaa waan hojjatu hunda keessatti fuula Rabbii arguu, ajaja isaa awaachuu fi guyyaa dhumaa mindaa isa bira jiru argadha jedhee akka kajeeluu qabu ibsee jira. Gatii jireenya addunyaa tanaa fi tan guyyaa boodaa wal-bira qabuun waan hin fakkaanne. Hariiroon jidduu isaanii jiru wanti as irratti dalagne kortoo mindaa guyyaa boriitti nu geessiti.

﴿وَلَلۡأٓخِرَةُ خَيۡرٞ لَّكَ مِنَ ٱلۡأُولَىٰ ٤﴾ الضحى: ٤

*[(jireenya) guyyaa boodaattu isa duraa (ka Addunyaa) siif caala] (Adduhaa:4)*. Kanuma waliinuu ilmi namaa jireenya addunyaa kana irraa qooda isitti qanani’uu qaba. Garuu dursa ganda guyyaa boodaatiif akka kennu ajajamee jira.

﴿وَٱبۡتَغِ فِيمَآ ءَاتَىٰكَ ٱللَّهُ ٱلدَّارَ ٱلۡأٓخِرَةَۖ وَلَا تَنسَ نَصِيبَكَ مِنَ ٱلدُّنۡيَاۖ وَأَحۡسِن كَمَآ أَحۡسَنَ ٱللَّهُ إِلَيۡكَۖ وَلَا تَبۡغِ ٱلۡفَسَادَ فِي ٱلۡأَرۡضِۖ إِنَّ ٱللَّهَ لَا يُحِبُّ ٱلۡمُفۡسِدِينَ ٧٧﴾
القصص: ٧٧

*[waan Rabbi siif kenne keessatti jireenya ganda boodaa san ittiin kajeeli. Qooda jireenya addunyaa kana irraa qabdus hin dagatin. Akkuma Rabbi tola siif ooletti tola ooli. Dachii badiidhaan hin balleessin. Rabbi warra (dachii) badiin balleessan hin jaalatu] (Al-Qasas: 77).*

﴿ يَٰقَوۡمِ إِنَّمَا هَٰذِهِ ٱلۡحَيَوٰةُ ٱلدُّنۡيَا مَتَٰعٞ وَإِنَّ ٱلۡأٓخِرَةَ هِيَ دَارُ ٱلۡقَرَارِ ٣٩ ﴾
غافر: ٣٩

[*Yaa tuuta (gosa) jireenya addunyaa kun meeshaadha. Ganda guyyaa boodaa (aakiraan) ganda hundee keessa jiraatan] (Gaafir: 39).*

Mi'aa jireenya addunyaa kana irraa of qusachuun, nama Rabbitti amane biratti, amaanaa baachuu irraa dheessuu, tola Rabbi isatti ooleen hiree barbaadachuuf carraaqqii godhuu irraa duubatti jedhuu, oomisha keessatti gumaacha dhabuun, waan dhugaan battalaa kan siyaasaa fi hawaasummaa nama irraa barbaadan guutuu dhabuun hin ta'u. Akkasumas Moloksee of godhanii waan Rabbi namaaf hayyame of irratti haraama godhuunis hin ta'u. Rabbiin yaamicha ilma namaa hundaaf dhiyeesse keessatti moloksummaa eennuma irrattuu dirqama hin goone. Ilmuma namaatu yeroo garii of irraa uume malee. Ilmuma namaatu yeroo garii of irraa uume
malee.Ilmuma namaatu yeroo garii of irraa uume malee.

﴿ ثُمَّ قَفَّيۡنَا عَلَىٰٓ ءَاثَٰرِهِم بِرُسُلِنَا وَقَفَّيۡنَا بِعِيسَى ٱبۡنِ مَرۡيَمَ وَءَاتَيۡنَٰهُ ٱلۡإِنجِيلَ وَجَعَلۡنَا فِي
قُلُوبِ ٱلَّذِينَ ٱتَّبَعُوهُ رَأۡفَةٗ وَرَحۡمَةٗۚ وَرَهۡبَانِيَّةً ٱبۡتَدَعُوهَا مَا كَتَبۡنَٰهَا عَلَيۡهِمۡ إِلَّا ٱبۡتِغَآءَ رِضۡوَٰنِ
ٱللَّهِ فَمَا رَعَوۡهَا حَقَّ رِعَايَتِهَاۖ فَـَٔاتَيۡنَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ مِنۡهُمۡ أَجۡرَهُمۡۖ وَكَثِيرٞ مِّنۡهُمۡ فَٰسِقُونَ ٢٧ ﴾
الحديد: ٢٧

*[Faana isaaniitiin booda (Nuuhii fi boodaan) ergamtoota keenna itti aansinee jirra. Iisaa ilma Maryamaa itti aansinee ergine. Isaafis kitaaba Injiilaa kennineef. Onnee namoota isa hordofanii keessa gara laafinaa fi tola ooliinsa keennee jirra. Osoo nuti dirqama irratti hin godhin fuula*

*Rabbii barbaadaaf jecha moloksummaa ofii uumatanii. Isumayyuu (moloksummama sanuu) haqa isaa hunda hin guunneef. Isaan keessaa warroota amananiif mindaa isaanii kennineef. Hedduun isaanii warra karaa irraa dabe] (Al-Hadiid: 27).*

Yoo dhugumaan akkaataa itti of qulqulleessan bifa sirrii ta'een hordofuu barbaanne, ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* hordofuu qabna. Sodaa Rabbii keessatti namni isaan caalaa hordofamuu haqa godhatu hin jiru. Kanuma waliinuu tuuta gabbartii ergamaan Rabbii godhan tuffatanii waan ergamaan Rabbii ka Rabbi cubbuu tartee fi dhuftus isaanii dhiise Rabbiin gabbaran kana caalaa gabbaruu dandeenna jedhan san mormanii jiru. Tuuta san keessaa tokko walitti aansee osoo hin hiikne sooma jedhe, inni lammataa immoo halkan guutuu dhaabataa bula hin boqadhu jedhe. Inni sadaffaan gonkumaa dubartii hin fuudhu jedhee murate. Deebiin ergamaan Rabbii isaaniif deebisan: "Rabbiin isinii kakadhee, ani isin keessaa irra nama Rabbiin sodaatuuti. Kanuma waliinuu ni sooma ni hiikas, halkan ni salaata jidduun ni boqadhas, dubartiis ni fuudha. Namni sunnaa (karaa) kiyya irraa garagale narraayyii miti"[12].

Garuu kanaan booda, dhimmichi boca biraa fudhachuun, namoonni muraasni gareen walitti qindaayanii miseensonni garee sanii ajaja hooggantoota gariitiif bitamuu jalqaban. Rabbiin gabbaruu fi faarsuu keessatti, hariiroo jidduu miseensa garee jiruu keessatti mallattooleen adda addaa mul'achuu eegalan. Dhuma irratti jechootaa fi gaaleewwan

[12] -Al-Bukaarii, Sahiih Al- Bukaarii, lakkoofsa Hadiisaa 5063, fuula 1292.

mataa isaanii kan hiikni gubbaa ergaa wayii qabu kan miseensa garee ykn sheeka isaanii biratti immoo hiika dhokataa addaa qabu fayyadamuu jalqaban. San keessaa rogoonni sadan armaan olitti tarreessine fakkeenya tokko. *Takaallii* jechuun cubbuu irraa buqqa'uu, *Tahalliin* bifa (amala) gaarii horachuu yoo ta'u, takallii fi tahallii kana hanga sadarkaa wayiitti shaakaluun iftoomina afuuraa fi ol fuudhamiinsa *Attajallii* jedhaniinitti nama geessuun namni sadarkaa san irra gaye miira Rabbi isa irratti ol ta'uu itti dhagayamutti geessa jedhu.

Garuu hojiiwwan suufiyyaa garii keessatti amalaa fi jechoonni gariin haaraya guyyaa keessa uumamantu argame. Hojiin isaanii gariin immoo geengoo sadarkaa qulqullumaa keessaa hin baane. Gareen suufiyyaa gariin diinota amantii irratti duula cimaa gaggeessuun beekamu. Dachii Afrikaa fi Eeshiyaa keessa amantii faffacaasuu keessatti qooda baay'ee qabu.

*Tazkiyaan* kun bifa qabsoo, qabsoo lubbuus of keessatti hammachuu danda'a.

﴿ وَمَنۡ أَظۡلَمُ مِمَّنِ ٱفۡتَرَىٰ عَلَى ٱللَّهِ كَذِبًا أَوۡ كَذَّبَ بِٱلۡحَقِّ لَمَّا جَآءَهُۥٓۚ أَلَيۡسَ فِي جَهَنَّمَ مَثۡوًى لِّلۡكَٰفِرِينَ ٦٨ وَٱلَّذِينَ جَٰهَدُواْ فِينَا لَنَهۡدِيَنَّهُمۡ سُبُلَنَاۚ وَإِنَّ ٱللَّهَ لَمَعَ ٱلۡمُحۡسِنِينَ ٦٩ ﴾

العنكبوت: ٦٨ - ٦٩

*[Isaannan nuuf jecha qabsaayan karaa keenn iarratti isaan qajeelchina. Rabbiin tola ooltota waliin jira] (Al-Ankabuut: 69).*

﴿ وَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَهَاجَرُواْ وَجَٰهَدُواْ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ وَٱلَّذِينَ ءَاوَواْ وَّنَصَرُوٓاْ أُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلْمُؤْمِنُونَ حَقّٗاۚ لَّهُم مَّغْفِرَةٞ وَرِزْقٞ كَرِيمٞ ٧٤ وَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ مِنۢ بَعْدُ وَهَاجَرُواْ وَجَٰهَدُواْ مَعَكُمْ فَأُوْلَٰٓئِكَ مِنكُمْۚ وَأُوْلُواْ ٱلْأَرْحَامِ بَعْضُهُمْ أَوْلَىٰ بِبَعْضٖ فِي كِتَٰبِ ٱللَّهِۚ إِنَّ ٱللَّهَ بِكُلِّ شَيْءٍ عَلِيمُۢ ٧٥ ﴾

الأنفال: ٧٤ - ٧٥

*[Isaannan Rabbitti amananii, (ganda ufii irraa) baqatanii, karaa Rabbii keessatti duulanii fi isaannan (warroota baqatan san) qubsiisanii isaaniif tumsan, isaan dhugumaan nama Rabbitti amane. Isaaniif araaramaa fi hiree bareedatu jira. Warroonni isaan booda amananii, godaananii isin waliin duula godhanis isinuma irraayyi. Kitaaba Rabbii keessatti firatu firaaf dursa (dhaala qabeenyaa keessatti). Rabbiin waan hundayyuu beekaadha] (Al-Anfaal: 74-75).*

Qabsoon mallaqaa immoo lubbuu ofii doynummaa irraa qulqulleessuuf jecha mallaqa ofii kennachuudha. Kennaan kunis ummata keessaa namoota dadadhaboo ta'an irraa balaa ittisuuf wantoota oolan ta'uu danda'a.

﴿ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَهَاجَرُواْ وَجَٰهَدُواْ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ بِأَمْوَٰلِهِمْ وَأَنفُسِهِمْ أَعْظَمُ دَرَجَةً عِندَ ٱللَّهِۚ وَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلْفَآئِزُونَ ٢٠ ﴾ التوبة: ٢٠

[*Isaannan Rabbitti amananii, godaananii, karaa Rabbii keessatti qabeenyaa fi lubbuu isaaniitiin duulan Rabbiin biratti sadarkaan isaanii ol'aanaadha. Isaan warra hoffole irraayyi] (Attoowbaa: 20).*

Yookii immoo dirqama mallaqa ofii irraa *zakaa* baasuu san bayachuun wal-danda'iinsa hawaasummaa mirkaneessuu fi namoota waa barbaadan harka nama jala qabachuu irraa

duroomsuudha. Namni tokko fedhii isaatiin mallaqa isaa irraa hamma wayii liqii kaffaluuf ykn nama tola itti oole wayiitiif harka deebisuuf ykn tajaajila (bu'aa) argate wayiitiif nama san galateeffachuuf osoo hin taane, jaalala Rabbiitiif jecha kennuun lubbuu ofii qulqulleessuudha.

﴿ ٱلَّذِى يُؤْتِى مَالَهُۥ يَتَزَكَّىٰ ﴿١٨﴾ وَمَا لِأَحَدٍ عِندَهُۥ مِن نِّعْمَةٍ تُجْزَىٰٓ ﴿١٩﴾ إِلَّا ٱبْتِغَآءَ وَجْهِ رَبِّهِ ٱلْأَعْلَىٰ ﴿٢٠﴾ ﴾
الليل: ١٨ - ٢٠

*Qulqullina barbaaduuf jecha mallaqa isaa ka kennatu. Nama tola isatti ooleef harka deebi'uuf osoo hin taane, fuula (jaalala) Rabbii ol'aanee argachuufi] (alley: 18-20).*

Ilmi namaa jireenyi isaa akka isaaf dheerattuuf jecha futuna, wanta du'a isaatiif sababa ta'a jedhu hunda irraa ni dheessa.

﴿ وَجَآءَتْ سَكْرَةُ ٱلْمَوْتِ بِٱلْحَقِّ ذَٰلِكَ مَا كُنتَ مِنْهُ تَحِيدُ ﴿١٩﴾ ﴾ ق: ١٩)

*[Hadhaan du'aa ka ati irraa dheessitu dhugumaan (sitti) dhuftee jirti] (Qaaf: 19).* Ilmi namaa qabeenya sirritti cimsee jaalata waan ta'eef walitti qabee akka isiin dacha taatuuf tattaafata.

﴿ وَتُحِبُّونَ ٱلْمَالَ حُبًّا جَمًّا ﴿٢٠﴾ ﴾ الفجر: ٢٠)

*[Qabeenya jaalala guddaa jaalattan] (Al-Fajr: 20).*

Kanaafuu ilmi namaa dirqama isa irra jiru bayachuuf, Rabbiin wal-gayuu hawwiif jecha, jireenyaaf futunuu irraa of qusachuuf jecha lubbuu isaa wareeguuf qophii ta'uun qabsoo lubbuuti. Qabeenya isaa irraa hamma wayii kennuuf ykn dirqama Rabbi qabeenya san keessa kaaye kennee hawaasa wal-danda'aa fi waliif mararfataa ta'e uumuu keessatti gumaachuu fi jaalala qabeenyaaf qabu hir'isuu irratti tattaaffii godhuuf qophii ta'uun qabsoo mallaqaati.

## Afraffaa: Lubbuu Namaa Qulquleessuu

Lubbuun ilma namaa tun qaama, sammuu fi afuura. Bifa ofitti amantummaa fi ifa gala ta’een waa’ee qaamaa haasayuu yoo dandeenne, waa’ee sammuu fi ruuhii haasayuuf dandeettii gahaa hin qabnu. Ruuhiin ajaja Rabbiiti. Jireenya addunyaa kana keessatti ruuhiin ilmi namaa akka jiraatuuf gargaarti. Yeroo ruuhiin tun qaama namaatiin addaan baate jireenyi nama sanii tan addunyaa kana irraa dhumachuu mul’ifti. Ruuhiin nama keessaa baatu tunis ruuhii Rabbitti amante gaarii ykn ruuhii Rabbiin didde fokkattuu taati.

Sammuun immoo waa yaaduuf gargaara. Kana jechuun waa xiinxaluu, qayyabachuu fi hubachuuf. Tariitii buqqeen sammuu kana keessaa qooda qabaachutu mala. Garuu keeyyanni Qur’aanaa qaamni waa hubatu qalbiidha jedha. Qalbiin onnee namaa keessa jirtu isitu iddoo waa yaaduuti.

﴿ أَفَلَمْ يَسِيرُوا فِي الْأَرْضِ فَتَكُونَ لَهُمْ قُلُوبٌ يَعْقِلُونَ بِهَا أَوْ آذَانٌ يَسْمَعُونَ بِهَا فَإِنَّهَا لَا تَعْمَى الْأَبْصَارُ وَلَٰكِن تَعْمَى الْقُلُوبُ الَّتِي فِي الصُّدُورِ ﴿٤٦﴾ ﴾ الحج: ٤٦

*[sila isaan dachii keessa deemanii qalbiin ittiin yaadanii fi gurri ittiin dhagayan isaaniif hin jiru. Ka jaame ijaa miti, garuu ija qoma keessa jirtutu jaame] (Al-Hajji: 46).*

Garuu qaamni namaa kun qaama tokko. Dalagaan ilmi namaa dalagu kamiyyuu tarkaanfiilee sammuu, qalbii fi qaamni waliin ta’uun qooda irraa fudhatan keessa dabra. Hojiin kamiyyuu jalqabni isaa yaada, waan ala jiru wayii yaaduun ykn sammuun muuxannoowwan dur isa bira jiran wayii yaadachuun, yaanni kun sirriidha dalaguu qaba jedhee murteessa. Qalbiinis

kallattiin sun sirrii ta’uu fudhata. Kanaafuu qalbiin iddoo tasgabbiiti

﴿ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَتَطْمَئِنُّ قُلُوبُهُم بِذِكْرِ ٱللَّهِ ۗ أَلَا بِذِكْرِ ٱللَّهِ تَطْمَئِنُّ ٱلْقُلُوبُ ﴿٢٨﴾ ﴾ الرعد: ٢٨

*[warroonni Rabbitti amanan, qalbiin isaanii Rabbiin faarsuun tasgabboofti. Dhagayaa! Yoo Rabbiin faarsan qalbiin namaa tasgbboofti] (Arra’adu: 28).*

Yeroo kana sammuun namaa gara hojii fi amala saniitti daba. Qaamni namaa kun waa hedduu irraa walitti qabame. San keessaa: ija, gurra, arraba, harka, lukaa fi kkf. Ijji ni argiti, gurri ni dhaggeeffata, arrabni ni dubbata, harki ni socho’a, lukti ni deemti. Itti gaafatamummaan hojii tokkoo qaama kana hunda ilaala.

﴿ وَلَا تَقْفُ مَا لَيْسَ لَكَ بِهِۦ عِلْمٌ ۚ إِنَّ ٱلسَّمْعَ وَٱلْبَصَرَ وَٱلْفُؤَادَ كُلُّ أُو۟لَٰٓئِكَ كَانَ عَنْهُ مَسْـُٔولًا ﴿٣٦﴾ ﴾ الإسراء: ٣٦

*[waan beekkumsa isaa hin qabne keessa harka hin galfatin. Gurri, ijji fi onneen hundinuu irraa gaafatamoodha] (Al-Israa: 36).*

Caasaaleen qaama namaa hunduu, kutaaleen isaa martinuu itti gaafatamummaa baadhatu qaba. Itti gaafatamummaa yaanni sirrii ta’uu fi dhabuu, niyyaa gaarii, hojiin dalagan sirrii ta’uu murteessuun mindaa isaa argata. Niyyaan badduu ta’uun immoo adabbii fi hoongoo argata.

### 1) Qulqullina Qaamaa

Qaama ofii qulqulleessuu jechuun kutaalee isaa hundayyuu qulqulleessuudha. Qulqullinni harkaa kennachuu fi sadaqachuun sosocho’uu, jaalalaa fi fuula ifaan harka nama

fuudhuu, miira mararfannaa qabuun mataa daa'imaa haxaayuu, wanta gaarii fi dhugaa ta'e ittiin barreessuu, nama gargaarsa barbaadu ittiin gargaaruudha. Qulqullina lukaa keessaa gara wantoota gaggaariitti ittiin imaluu. Qulqullina ijaa keessaa uumama Rabbi uumee fi guddina dandeettii isaa ittiin xiinxaluu, halluuwwan adda addaa, boca gara garaa ittiin arguu, uumama Rabbii keessa wal-gitiinsa, wal-madaallii fi bareeduma jiru ittiin qorachuun Rabbiin guddisuu fi guddina isaatii fi gadi jedhuu.

Dalagaan ijaa kana qofarratti hin dhaabbattu. Wantoota gadi bu'iinsaan ilaaluun amalootaa fi mallattoolee isaa addaan baasuuf, wantoota walitti dhiyeessuuf, ilaalchota bocuuf, hojii irra yeroo oolchanitti bifa bareeda uumuuf gargaarti. Qulqullinni garaa waan halaala ta'e nyaachuu, kan qabiyyeen isaa, maddi isaa fi hammi isaa halaala ta'e. Qulqullina arrabaa keessaa dubbiin isaa Rabbiin faarsuu ta'uu, cal'eensi isaa xiinxaluu, dhugaa malee dubbachuu dhabuu, hamaa fi kuttee haasayuu dhiisuu, dhara nama jiddutti facaasuu dhabuu, jecha fokkisaa jedhuu. "Namni Rabbii fi guyyaa dhumaatti amane waan gaarii haa jedhu ykn haa cal'isu[13]".

Wanti fokkisaan, kutaa qaama namaa hundi faallaa wantoota olitti tarreessinee kana dalaguudha. Wantoota haraama ta'an, wantoota nama miidhan, wantoota bu'aa hin qabne fa'a dalaguudha. Ijji ilaalchaan sagaagalummaa keessatti kufuu, arrabnis dubbiin sagaagalummaa keessatti kufuu, qaamni saalaas badii kana raawwachuun badii kanaaf saaxilamuuudha.

Qulqullina qaamaa keessaa, namni tokko hiriyyoota gaggaarii warroota soda Rabbii qaban, kan isatti amanan,

[13] - Al-Bukaarii, Sahiihu Al-Bukaarii, Hadiisa lakkoofsa 6475, fuula 1611.

kanneen hojii gaggaarii dalaganiin uf marsuudha. Qilleensa akkasii san keessatti waan gaarii malee hin dhageettu waan ta'eef karaa sirrii irratti gadi dhaabachuuf nama gargaara. Hiriyyoota badiitti makamuu fi hiriyyaa godhachuu irraa fagaachuu qabna. Hiriyyoonni badii nama baalleessanii, cubbuu adda addaa namatti bareechuun, wantoota nama miidhan (balleessan) faffacaasuu fi balaa nama keessa dhangalaasu.

Qulqullina qaamaa keessaa gabbara Rabbiitiin dhaabachuudha. San keessaa inni jalqabaa: salaata salaatuudha. Kana jechuun akka ajajamneen wantoota isiin nurraa barbaaddu hunda guutuun dhaabachuu, jilba qabachuu, sujuuda bu'uu, jidduu sujuuda lamaaniitti taa'uu, sosochii hunda jiddutti tasgabbaayuu, sochii goonu hunda keessatti Rabbiin fuul-dura dhaabbataa jirra jennee sammuu keenna keessa yaasuudha.

Ammas qulqullina qaamaa keessaa Hajjii fi Umraa raawwachuu, ka'abaa irra naannayuu, jidduu Safaa fi Marwaa fiiguu, dhagaa darbachuu, ergamaa Rabbiititti hidhachuun iddoo tokkoo gara iddoo biraatti sosocho'uudha. Hojiiwwan Rabbiin dirqama nama irratti godhe kan qaamni namaa kun raawwatu sirritti bareechifamee raawwatamuu qabu kun murtiiwwan fiqhii sirritti itti dhimmamu. Garuu keessa ofiititti wanti yaadan (niyyaan) gadi dhaabachuu fi qalbiin gara wanta qaamni dalaguu san irratti xiyyeeffachuun immoo hojii qaama keessaati. Hojiin qaamni alaa dalagu sun isa qaamni keessaa (niyyaa fi qalbiin) dalagdu irraa kan bakka bu'u osoo hin taane kan wal-guutu.

## 2) Qulqullina Sammuu

Qulqullinni sammuu qulqullina lubbuu irraayyi. Qur'aana keessatti sammuun meeshaa wayii ykn kutaa meeshaa wayii ka akka ijaa fi gurraa osoo hin taane, mallattoo addaa ka ilma namaa bineensota biraa fi wantoota lubbu-dhabeeyyii irraa adda baasuudha. Akkuma namni hunduu irratti walii gale, sammuun sababa bu'uuraa ka ilmi namaa maaliif dirqamaa fi itti gaafatamummaa akka baachifame ibsuudha. Hojiin isaas beekkumsa ittiin yaaduu, ittiin hubachuu fi qayyabachuudha. Ykn sammummaan tunuu matama isiitiinuu beekkumsa.

Keeyyatoota Qur'aanaa waa'ee sammuu dubbatan keessaa:

﴿إِنَّ فِي خَلْقِ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ وَٱخْتِلَٰفِ ٱلَّيْلِ وَٱلنَّهَارِ وَٱلْفُلْكِ ٱلَّتِي تَجْرِي فِي ٱلْبَحْرِ بِمَا يَنفَعُ ٱلنَّاسَ وَمَآ أَنزَلَ ٱللَّهُ مِنَ ٱلسَّمَآءِ مِن مَّآءٍ فَأَحْيَا بِهِ ٱلْأَرْضَ بَعْدَ مَوْتِهَا وَبَثَّ فِيهَا مِن كُلِّ دَآبَّةٍ وَتَصْرِيفِ ٱلرِّيَٰحِ وَٱلسَّحَابِ ٱلْمُسَخَّرِ بَيْنَ ٱلسَّمَآءِ وَٱلْأَرْضِ لَأَيَٰتٍ لِّقَوْمٍ يَعْقِلُونَ ﴿١٦٤﴾﴾ البقرة: ١٦٤

*[Uumama samii fi dachii kana keessa, halkanii fi guyyaan wal-dhabuu keessa, dooniiwwan galaana keessa waan nama fayyadu qabattee deemtu keessa, bishaan Rabbi samii irraa buusee dachii duute ittiin jiraachisu keessa, wantoota Rabbi dachii kana irra sosochaase keessa, bubbeen olii fi gadi yaa'uu keessa, duumessa samii fi dachii jidduu deddeemu keessa warroota waa hubataniif mallattotu jira] (Al-Baqarah: 164).*

Mallattooleen hawaa keessaa kun hunduu akka namni xiinxaluuf, ilaalee hubatuuf, akka waa irraa qayyabatuufi. Bu'aan ilaalchaa fi xiinxala kana irraa argamu qajeelluma argachuudha. Inni immoo booddee namaa tolchuun guyyaa boodaatti mindaa

namaaf argamsiisa. Namoonni waa hin xiinxalline, kan sammuu isaaniitiin waa hin yaanne, kanneen sababoota qajeellumaa fi waan Rabbi buuse hin hordofne, bakka sanii wanta abbootii ofii irratti argan kan hordofan, gonkumaa qajeelluma hin argatan, booddeen isaanii badaa ta’a, ganda boriitti ni adabamu.

﴿ وَإِذَا قِيلَ لَهُمُ ٱتَّبِعُوا۟ مَآ أَنزَلَ ٱللَّهُ قَالُوا۟ بَلْ نَتَّبِعُ مَآ أَلْفَيْنَا عَلَيْهِ ءَابَآءَنَآ ۗ أَوَلَوْ كَانَ ءَابَآؤُهُمْ لَا يَعْقِلُونَ شَيْـًٔا وَلَا يَهْتَدُونَ ﴿١٧٠﴾ ﴾ البقرة: ١٧٠ *[waan Rabbi buuse hordofaa yoo isaaniin jedhame, wanta abbootii keenna irratti argine hordofna jedhan. Yoma abbootiin isaaniituu homa takka hubachuu fi qajeeluu hin danda’inis isaanuma hordofanii!] (Al-Baqarah: 170).*

Keeyyatoonni Qur’aanaa gariin sammuu kana adeemsa waa yaaduu osoo hin taane, akka wanta beekamaa yaadamaatti ibsa. San keessaa:

﴿ وَتِلْكَ ٱلْأَمْثَٰلُ نَضْرِبُهَا لِلنَّاسِ ۖ وَمَا يَعْقِلُهَآ إِلَّا ٱلْعَٰلِمُونَ ﴿٤٣﴾ ﴾ العنكبوت: ٤٣

*[fakkeenyota sanniin ilma namaatiif fakkeenya goone. Namoota beektota malee ka isa hubatu hin jiru] (Al-Ankabuut: 34).*

Fakkeenyi asitti kenname beekkumsa hubatamuu qabu kan xiinxalamuu qabuudha.

Tola Rabbiin ilma namaatiif oole keessaa sababoota qajeelluma namaa ta’an mallattoolee baay’ee xiinxalaa fi hubannaaf dhiyaatan godhuun bu’aa barbaadamu (qajeelluma) sanis kallattiidhaan hojii xiinxalaatiin walitti hidhuu isaati. Mallattooleen kunis gariin ka barreeffaman (wahyii Qur’aanaa) yoo ta’an gariin immoo kan ijaan ilaalaman (uumama hawaa keessaati)dha. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ الٓمٓ ﴿١﴾ تَنزِيلُ ٱلۡكِتَٰبِ لَا رَيۡبَ فِيهِ مِن رَّبِّ ٱلۡعَٰلَمِينَ ﴿٢﴾ أَمۡ يَقُولُونَ ٱفۡتَرَىٰهُۚ بَلۡ هُوَ ٱلۡحَقُّ
مِن رَّبِّكَ لِتُنذِرَ قَوۡمٗا مَّآ أَتَىٰهُم مِّن نَّذِيرٖ مِّن قَبۡلِكَ لَعَلَّهُمۡ يَهۡتَدُونَ ﴿٣﴾ ﴾ **السجدة: ١ - ٣**

*[Kitaabni kun Rabbii waan hunda uume biraa buufamuun isaa shakkii takka hin qabu. (Mushrikoonni Muhammad) ufirraa uume jedhanii? miti. Inni haqa Rabbii kee biraa ta'e; kan tuuta siin dura namni isaan seeru itti hin dhufin akka isaan qajeelaniif ittiin seertu] (Assajdah: 2-1).*

Mallattooleen qajeellumaa kan asitti dubbataman keeyyatoota barreeffaman kan Qur'aana Rabbii irraa dubbifnee argannuudha. San keessaa jecha Rabbii guddaa:

﴿ وَجَعَلۡنَا فِي ٱلۡأَرۡضِ رَوَٰسِيَ أَن تَمِيدَ بِهِمۡ وَجَعَلۡنَا فِيهَا فِجَاجٗا سُبُلٗا لَّعَلَّهُمۡ يَهۡتَدُونَ ﴿٣١﴾
وَجَعَلۡنَا ٱلسَّمَآءَ سَقۡفٗا مَّحۡفُوظٗاۖ وَهُمۡ عَنۡ ءَايَٰتِهَا مُعۡرِضُونَ ﴿٣٢﴾ ﴾ الأنبياء: ٣١ - ٣٢

*[Akka dachiin olii fi gadi hin sochoone gaarreen irratti gadi dhaabnee jirra. Akka namni qajeeluuf karaalee (dachii) keessatti gooneefii jirra. Gubbaa isaaniitti samii gadi hin kufne uumnee jirra. Isaan mallattoolee keennarraa dugda gargaloodha] (Al-Anbiyaa: 31-32).*

Mallattooleen qajeellumaa kan Rabbi keeyyata kana keessatti dubbate, mallattoolee ijaan mul'atan (uumama hawaa)dha.

﴿ وَٱعۡتَصِمُواْ بِحَبۡلِ ٱللَّهِ جَمِيعٗا وَلَا تَفَرَّقُواْۚ وَٱذۡكُرُواْ نِعۡمَتَ ٱللَّهِ عَلَيۡكُمۡ إِذۡ كُنتُمۡ أَعۡدَآءٗ فَأَلَّفَ بَيۡنَ
قُلُوبِكُمۡ فَأَصۡبَحۡتُم بِنِعۡمَتِهِۦٓ إِخۡوَٰنٗا وَكُنتُمۡ عَلَىٰ شَفَا حُفۡرَةٖ مِّنَ ٱلنَّارِ فَأَنقَذَكُم مِّنۡهَاۗ كَذَٰلِكَ يُبَيِّنُ ٱللَّهُ لَكُمۡ
ءَايَٰتِهِۦ لَعَلَّكُمۡ تَهۡتَدُونَ ﴿١٠٣﴾ ﴾ آل عمران: ١٠٣

*[Isin hunduu haada Rabbii irratti wal-qabadhaa, gargar hin bayinaa. Tola Rabbiin isinitti oole yaadadhaa yeroo isin diina*

*walii turtan jidduu keessan wal-taassisee, tola isaatiin obbolaa taatan. Boolla ibiddaa afaan isinii geettan irraa isin baraare. Haala kanaan akka namni qajeeluuf jecha Rabbiin mallattoolee isaa ifa namaaf godha] (Aala Imraan: 103).* Mallattooleen keeyyata kana keessatti dubbataman immoo mallattoolee afuuraa fi hawaasummaati.

Keeyyatoonni Qur'aanaa keessatti, bakka heddutti mallattooleen qajeellumaa fi dalagaan waa xiinxaluu fi waa hubachuu walitti hidhamanii dhufan. Rabbi akkana jedha.

﴿ وَهُوَ ٱلَّذِى مَدَّ ٱلْأَرْضَ وَجَعَلَ فِيهَا رَوَٰسِىَ وَأَنْهَـٰرًا ۖ وَمِن كُلِّ ٱلثَّمَرَٰتِ جَعَلَ فِيهَا زَوْجَيْنِ ٱثْنَيْنِ ۖ يُغْشِى
ٱلَّيْلَ ٱلنَّهَارَ ۚ إِنَّ فِى ذَٰلِكَ لَءَايَـٰتٍ لِّقَوْمٍ يَتَفَكَّرُونَ ﴿٣﴾ وَفِى ٱلْأَرْضِ قِطَعٌ مُّتَجَـٰوِرَٰتٌ وَجَنَّـٰتٌ مِّنْ
أَعْنَـٰبٍ وَزَرْعٌ وَنَخِيلٌ صِنْوَانٌ وَغَيْرُ صِنْوَانٍ يُسْقَىٰ بِمَآءٍ وَٰحِدٍ وَنُفَضِّلُ بَعْضَهَا عَلَىٰ بَعْضٍ فِى ٱلْأُكُلِ ۚ
إِنَّ فِى ذَٰلِكَ لَءَايَـٰتٍ لِّقَوْمٍ يَعْقِلُونَ ﴿٤﴾ ﴾ الرعد: ٣ - ٤

*(Inni (Rabbi) ka dachii siif diriirsee gaarrenii fi laggeen isii irratti uumeedha. Firiiwwan waan hundaa irraa xundaa (dhalaa fi kormaa, gurraachaaf adii, mi'aawaa fi hadhaawaa) uume. Halkan guyyaan haguuge. Namoota waa xiinxallaniif kana keessa mallattotu jira. Dachii kanas kutaalee wal-daangessan goonee, ooyruu ija bishaanii qabdu, tan facaasaa fi timiraan hidda tokkoo fi tokko hin ta'in kan bishaan tokkoon obaafamu uumne. Nyaata (dhandhama) keessatti garii isaa isa kaan caalchifne. Namoota yaadaniif kana keessa mallattotu jira] (Arra'adu: 3-4).*

﴿ يُنۢبِتُ لَكُم بِهِ ٱلزَّرۡعَ وَٱلزَّيۡتُونَ وَٱلنَّخِيلَ وَٱلۡأَعۡنَٰبَ وَمِن كُلِّ ٱلثَّمَرَٰتِۚ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ
لَأٓيَةٗ لِّقَوۡمٖ يَتَفَكَّرُونَ ﴿١١﴾ وَسَخَّرَ لَكُمُ ٱلَّيۡلَ وَٱلنَّهَارَ وَٱلشَّمۡسَ وَٱلۡقَمَرَۖ وَٱلنُّجُومُ
مُسَخَّرَٰتُۢ بِأَمۡرِهِۦٓۚ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَٰتٖ لِّقَوۡمٖ يَعۡقِلُونَ ﴿١٢﴾ ﴾ النحل: ١١ - ١٢

*[Isaan (Rooba kanaan) facaasaa, zeeytunaa, Timiraa fi inaba isiniif biqilchina. Kana keessa namoota xiinxallaniif mallattotu jira. Halkan, guyyaa, aduu, ji'aa fi urjii ajaja isaa jala* deemtu *isiniif laaffisee jira. Namoota waa yaadaniif kana keessa malattotu jira] (Annahl: 11-12).*

﴿ وَإِنَّ لَكُمۡ فِي ٱلۡأَنۡعَٰمِ لَعِبۡرَةٗۖ نُّسۡقِيكُم مِّمَّا فِي بُطُونِهِۦ مِنۢ بَيۡنِ فَرۡثٖ وَدَمٖ لَّبَنًا خَالِصٗا سَآئِغٗا لِّلشَّٰرِبِينَ ﴿٦٦﴾
وَمِن ثَمَرَٰتِ ٱلنَّخِيلِ وَٱلۡأَعۡنَٰبِ تَتَّخِذُونَ مِنۡهُ سَكَرٗا وَرِزۡقًا حَسَنًاۚ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَةٗ لِّقَوۡمٖ يَعۡقِلُونَ ﴿٦٧﴾
وَأَوۡحَىٰ رَبُّكَ إِلَى ٱلنَّحۡلِ أَنِ ٱتَّخِذِي مِنَ ٱلۡجِبَالِ بُيُوتٗا وَمِنَ ٱلشَّجَرِ وَمِمَّا يَعۡرِشُونَ ﴿٦٨﴾ ثُمَّ كُلِي مِن كُلِّ ٱلثَّمَرَٰتِ
فَٱسۡلُكِي سُبُلَ رَبِّكِ ذُلُلٗاۚ يَخۡرُجُ مِنۢ بُطُونِهَا شَرَابٞ مُّخۡتَلِفٌ أَلۡوَٰنُهُۥ فِيهِ شِفَآءٞ لِّلنَّاسِۚ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَةٗ
لِّقَوۡمٖ يَتَفَكَّرُونَ ﴿٦٩﴾ ﴾ النحل: ٦٦ - ٦٩

*[ (yaa ilma namaa) Loon keessa (Horii, Gaala, Re'ee fi Hoolaa keessa) gorsatu isiniif jira. Waan garaa isii keessa jiru irraa jiddu faltii fi dhiigaatii aanan qulqulluu dhugaatiif ta'u isin obaafne. (ammas tola Rabbi isinitti oole keessaa) firii timiraa fi inabaa irraa haraqee tolfattan (osoo farsoon haraama hin ta'in duratti) hiree gaarii irraa argattan. Namoota sammuu qabaniif san keessa mallattotu jira. Rabbiin kee Kinniisaan gaara irratti, muka gubbatti fi manneen namaa keessatti mana kee ijaaradhu jedhee Rabbi itti beeksise. Sana booda daraaraa hundarraa nyaadhuutii Rabbii keetiif of gadi qabii karaa Rabbii irra deemi.*

*Garaa isii keessaa dhugaatii bifti isaa adda addaa kan namaaf dawaa ta'u (Rabbi) irraa baase. Kana keessa namoota waa xiinxallaniif mallattotu jira] (Annahl: 66-69).*

Keeyyanni Qur'aanaa bakka tokkotti barbaachisummaa mallattoolee qajeellumaa, hojii xiinxalaa, waa hubachuu, barumsaa, qaamni namaa keessattuu gurraa fi ijji hojii isaatiin dhaabbachuu walitti hidhee jira. Bifuma wal-fakkaatuun iddoma sanitti mallattoolee afuuraa, hawaa fi hawaasummaas walitti qabuun ibsee jira.

﴿ وَمِنۡ ءَايَٰتِهِۦٓ أَنۡ خَلَقَ لَكُم مِّنۡ أَنفُسِكُمۡ أَزۡوَٰجٗا لِّتَسۡكُنُوٓاْ إِلَيۡهَا وَجَعَلَ بَيۡنَكُم مَّوَدَّةٗ وَرَحۡمَةًۚ
إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَٰتٖ لِّقَوۡمٖ يَتَفَكَّرُونَ ٢١ وَمِنۡ ءَايَٰتِهِۦ خَلۡقُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ وَٱخۡتِلَٰفُ
أَلۡسِنَتِكُمۡ وَأَلۡوَٰنِكُمۡۚ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَٰتٖ لِّلۡعَٰلِمِينَ ٢٢ وَمِنۡ ءَايَٰتِهِۦ مَنَامُكُم بِٱلَّيۡلِ وَٱلنَّهَارِ
وَٱبۡتِغَآؤُكُم مِّن فَضۡلِهِۦٓۚ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَٰتٖ لِّقَوۡمٖ يَسۡمَعُونَ ٢٣ وَمِنۡ ءَايَٰتِهِۦ يُرِيكُمُ
ٱلۡبَرۡقَ خَوۡفٗا وَطَمَعٗا وَيُنَزِّلُ مِنَ ٱلسَّمَآءِ مَآءٗ فَيُحۡيِۦ بِهِ ٱلۡأَرۡضَ بَعۡدَ مَوۡتِهَآۚ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَٰتٖ
لِّقَوۡمٖ يَعۡقِلُونَ ٢٤ ﴾ الروم: ٢١ - ٢٤

*[Malattoolee (tokkichummaa Rabbii) keessaa lubbuma teessan irraa haadha manaa isiniif uumee akka isin isii keessatti boqottan godhuudha. Jidduu keessanittis jaalaaa fi waliif mararfannaa kaayuu isaati. Namoota xiinxallaniif kana keessa mallattotu jira. Mallattoolee isaa keessaa samii fi dachii uumuu, afaanii fi bifti keessan gargara ta'uudha. Namoota waa beekaniif kana keessa mallattotu jira. Mallattoolee isaa keessaa halkan ykn guyyaa hirriba isiniif godhuu isaati. Namoota dhagayaniif san keessa mallattotu jira. Mallattolee isaa keessaa hangaasuu isinitti*

*agarsiisuun (bakakkaa) isin sodaachisuun (Rooba) isin kajeelchisuudha. Waaqa (samii) irraa bishaan isiniif buusuun dachii duute isaan jiraachisuudha. Kana keessas namoota waa hubataniif mallattooletu jira] (Arruum: 21-24).*

Keeyyatoota Qur'aanaa kanaa fi keeyyatoota biroo hedduu kan yaada kana deeggaran akka fakeenyaatti itti rageeffachuun, Rabbiin guddaan sammuu namaa tana waa ilaaluun, xiinxaluu fi hubachuun akka isii qulqulleessuu barbaadu mirkaneessa. Kanaafuu sammuun hojii tooftaaleen waa hubachuu kan akka gurraa, ijaa fi kan biroo uumamaniif hojiin mul'isuun dirqama. Dachii keessa imaluun, mul'ata hawaa kanniin ilaaluun, taateewwan seenaa dabraniitiin gorfamuun, waa'ee jireenya addunyaa amma irra jiraannuu kana ilaalchisee ilma namaatiif beekkumsa saayinsii uumamaa, hawaasummaa fi xiin-sammuu hedduu kennaaf. Kanuma waliinuu keeyyatoonni sunniin yaadachiisa, akeekkachiisaa fi futuna ilma namaa jireenya ceem'aa, taphaa, fedhii lubbuu jala yaa'uu, wanta namoonni dhaalan hordofuu, mallattoolee jallinaa kan abbootaa fi akaakayyoota irraa dhaalame jala yaa'uu irraa baraaruufi.

Waa'ee addunyaa nu jalaa dhokatanii (geeybaa) beekuu ilaalchisee, Rabbiin waan namni addunyaa kanarraa beekuu qabu isa barsiisuu uf irratti fuudhee jira. Waan dhokate san beekuuf waan Rabbi wahyii godhe malee qorannoo fi xiinxalli inni godhu akka beekkumsatti isa hin geessine mirkaneessee jira. Madda wahyiitiin alatti maddi biraa ka inni qorachuuf deemu hunduu ifaajee qofa waan ta'eef, carraaqqii san waan isa fayyadu irratti akka taasisuu qabu nuuf himee jira.

Murtiiwwan Shari'aa gadi bu'anii ilaaluu fi ergaa salaataa, soomaa, Hajjii, hariiroo hawaasummaa fi diinagdee keessatti murtiiwwan halaalaa fi haraamaa hubachuu irrattis madda wahyii sirritti hubachuu qabna. Rabbiin ilma namaatiif waan irra filatamaa ta'e malee, waan bu'aa isaaf qabu malee, jireenya gaarii qajeellumaa malee waan biraa hin filleef jedhanii dhugoomsuun mataa beekkumsaati. Beekkumsa kanatti dalaguun immoo qulqullinaa fi qajeelluma. Mormii, na argaa, waa shakkuu fi waa fudhachuu diduu baay'isuun immoo xurreewwan jallinaa kan nama saniif jireenya addunyaa fi ganda boodaatiifis waan bu'aa qabu wayiituu hin buufneefiidha.

Amalli ilma namaa kun kallattii hundaanuu beekkumsa namni argatuu fi beekkumsa argate san irraa qulqullina inni irraa baratu irraa dhufa. Jireenya isaa irratti qulqullinni amaa inni argatu, qajeelluma, karaa sirrii irratti gadi dhaabbachuu, hariiroon inni Rabbiin waliin, namoota biraa waliin, firoottan isaa fi obboleeyyan isaa kan amantii fi kan namummaa waliin qabu hariiroo bareeda isaaf ta'uudha.

Haasaya dhumaa kan waa'ee qulqullina sammuu kana irratti wanti ittiin xumuruu feenu, beekkumsi duudhaa nama Muslimaa bocu tokko dimshaashummaa, madaalummaa fi wal guutiinsi amala isaa ta'uu qaba. Beekkumsi walii galaa gariin namni dhuunfaa kamiyyuu jireenya isaa fi booddee isaa ittiin qulqulleessuuf isa barbaachisa. Beekkumsi gariin immoo namoota isa baratan kanneen akka ogummaatti itti fayyadamaniif hojii isaanii san bareechuuf isaan barbaachisa. Beekkumsi gariin immoo namoota hawaasa keessatti gumaacha ol'aanaa qaban

akka isaan ummatoota biraa dorgomuu danda'aniif dandeettii waa uumuu akka qabaataniif isaan barbaachisa.

Gosoota beekkumsaa kanneen sadarkaa gara garaatti jiran kana hunda keessattuu, beekkumsa gama tiyooriitiin jiruu fi kan hojiin agarsiifamutu jira. Isa keessatti kallattiin Rabbitti amanuu, beekkumsaa fi waa dalaguu ga'ee wal-guutiinsaa taphatu. Maddeen beekkumsaa kan wahyii Rabbii irraa argamee fi kan muuxannoowwan dhalli namaa taatee, galteewwannii fi argamoota irraa argateen wal-guutuun waan dabre irraa waa baratanii, wanta amma jiru hubatanii, egaree ittiin bareechifatuu keessatti, caaseffamni lubbuu namaa: ruuhiin, sammuu fi qaamnis ga'ee wal-guutiinsaa taphatu.

### 3) Qulqullina Qalbii

Ilmi namaa dhugaa hubachuu fi taateewwan qayyabachuun gahee sammuu namaa ta'uu irratti walii gala. Kana irraa ka'uun dhugaa san fudhatee itti amana. Fakkeenyaaf: namni Rabbitti amane tokko seerri Rabbii dhugaadha jedhee mirkaneessa, fedhii lubbuun isaa itti qabattu cinatti gata. Dhugaa kanatti amanuun waan onneen namaa fudhatte waan ta'eef, namni yeroo hundaa  dhimmoota sammuuf hin dhiifne qalbiif dhiisa. Sammuun iddoo beekkumsaa, xiinxalaa ykn faallaa sanii kan ta'e iddoo wallaalaa, gowwummaa fi mormii yoo ta'e, qalbiin iddoo waa itti yaadan (niyyatan), itti amanan, bakka jaalalaa fi miira gaarii itti qabaatan ykn faallaa kanaa kan ta'e iddoo jallinaa, dhibee fi fedhii lubbuu jala deemuuti. Akkasumas bu'uurri qulqullina lubbuu qalbii akka ta'ee fi qulqullinni hojiiwwan

kamiyyuu caalaa qalbiin kan hidhata qabu ta'uu isaa namni baratee jira.

Qur'aanni kabajamaan bifa ifa galaa ta'een hojiin waa yaaduu, hubachuu fi qayyabachuu qalbii keessatti akka gaggeeffamu nuuf ibsee jira. Kanuma waliinuu Qur'aanni kabajamaan bifa ifa galaa ta'een, yeroo irra gubbaa kana ilaalan hojiiwwan qaamaa fi kutaalee isaa kan tuttuqamuu danda'an irraa waan mul'atuu fi dalagaa keessaa kan namni of keessatti dhoksuu danda'au addaan baasee ibsee jira.

﴿وَإِن تُبۡدُواْ مَا فِيٓ أَنفُسِكُمۡ أَوۡ تُخۡفُوهُ يُحَاسِبۡكُم بِهِ ٢٨٤﴾ البقرة: ٢٨٤

*[waan lubbuu teessan keessa jiru yoo ifa baaftanii fi yoo dhooysitanis Rabbiin isa irratti isin hirreega] (al-Baqarah: 284).*
Namni waan dhooysu qoma isaa keessatti dhooyfata.

﴿قُلۡ إِن تُخۡفُواْ مَا فِي صُدُورِكُمۡ أَوۡ تُبۡدُوهُ يَعۡلَمۡهُ ٱللَّهُۗ وَيَعۡلَمُ مَا فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِي ٱلۡأَرۡضِۗ وَٱللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ قَدِيرٞ ٢٩﴾ آل عمران: ٢٩

*[ waam qoma keessan keessa jiru dhooysitanis ifatti baaftanis Rabbi ni beeka jedhiin] (Aala Imraan: 29).*
Qomti kuufama qalbiiti.

﴿فَإِنَّهَا لَا تَعۡمَى ٱلۡأَبۡصَٰرُ وَلَٰكِن تَعۡمَى ٱلۡقُلُوبُ ٱلَّتِي فِي ٱلصُّدُورِ ٤٦﴾ الحج: ٤٦

*[Ijji hin jaamtu. Garuu qalbii qoma keessa jirtutu jaameeti] (Al-Hajji: 46).*

Wanti gubbaa kanatti ifatti mul'atu wantoota miiraan tuttuqamuu danda'aman yoo ta'u, ka keessatti dhokate immoo dhimmoota afuuraa jedhama. Keessa namaa jechuun kutaalee qaamaa ka hin mul'anne, kan akka garaa, mari'imaan xiqqaa fi guddaa, sombaa, afuuffee dhiigaa kan qoma irraa cinaacha

bitaatti argamu kan qalbii jedhamus miti. Asitti keessa jechuun dalagaawwan ilmi namaa dalagu ka qalbiin qoma keessa jiru of keessatti dhooyse jechuudha. Dalagaan kunis murannoo fi kutannoo qabaachuu, fedhii godhachuu, lubbuun namaatti miirri jaalalaa ykn jibbiinsaa itti dhagayamuu, miira sanis itti yaaduu fi xiinxaluu, miirri namaa Rabbii isa uume waliin hariiroo bareeda qabaachuu fi lubbuuwwan biraa waliinis hariiroo qabaachuudha.

Hiika amma kennine kanaan, qalbiin ruuhii, sammuu fi wantoota dalagaa keessaa ibsanis of keessatti hammata. Ergaa isaa keessatti lubbuullee of keessatti hammatee jira.

وَإِن تُبْدُواْ مَا فِىٓ أَنفُسِكُمْ أَوْ تُخْفُوهُ يُحَاسِبْكُم بِهِ ﴿٢٨٤﴾ البقرة: ٢٨٤

*[waan lubbuu teessan keessa jiru yoo ifa baaftanii fi yoo dhooysitanis Rabbiin isarratti isin hirreega] (Al-Baqarah: 284).* Kanaafuu suufiyyoonni fi hayyoonni barnootaa hojii ilma namaa keessaa cinaa miiratti rarra'u hunda ibsuuf waa'ee lubbuu fi qalbii qulqulleessuu irraa haasayuun isaanii wanta nama dinqisiisuu miti.

Jechi qalbii jedhu kan Qur'aana keessatti tarreeffame baay'ee waan ta'eef, hunda isaa asitti tarreessuu hin barbaannu. Gaaleen qalbii jedhu Qur'aana keessatti wantoota gaggaarii irraa gara wantoota dharaatti, dhimmoota ciciimoo ta'an kan akka Rabbitti kafaruu fi amanuu keessatti haala tokko irraa gara haala biraatti jijjiirama. Wantoota yaadaan ta'an keessatti kutannaa irraa gara waan san dalaguutti ykn dhiisuutti geeddarama. Keeyyatoonni Qur'aanaa dalagaalee qalbiin ofii dalagee irratti hirreegamu dubbatee jira.

﴿ لَّا يُؤَاخِذُكُمُ ٱللَّهُ بِٱللَّغۡوِ فِيٓ أَيۡمَٰنِكُمۡ وَلَٰكِن يُؤَاخِذُكُم بِمَا كَسَبَتۡ قُلُوبُكُمۡۗ وَٱللَّهُ غَفُورٌ حَلِيمٞ ﴿٢٢٥﴾ ﴾ البقرة: ٢٢٥

*[kakuu isin qoosaaf kakattan irratti isin hin qabu (isin hin gaafatu), garuu waan onneen teessan dalagatteef isin qaba. Rabbiin araaramaa fi obsaadha] (Al-Baqarah: 225).* Waan qalbiin dalaydu keessaa irra cimaan waan fedhiin namaa irratti ciniinnatee fi qalbiinis itti yaaddofte.

﴿ وَلَيۡسَ عَلَيۡكُمۡ جُنَاحٞ فِيمَآ أَخۡطَأۡتُم بِهِۦ وَلَٰكِن مَّا تَعَمَّدَتۡ قُلُوبُكُمۡۚ وَكَانَ ٱللَّهُ غَفُورٗا رَّحِيمًا ﴿٥﴾ ﴾ الأحزاب: ٥

*[Waan dogongortan irratti balleessaa hin qabdan, garuu (balleessaan) waan isin qalbii teessaniin itti yaaddan. Rabbiin araaramaa fi tola oolaadha] (Al-Ahzaab: 5*).

Akkasumas dalagaalee qalbii keessaa kan biraa gara Rabbii deebi'uu fi sodaa isaa qabaachuudha.

﴿ مَّنۡ خَشِيَ ٱلرَّحۡمَٰنَ بِٱلۡغَيۡبِ وَجَآءَ بِقَلۡبٖ مُّنِيبٍ ﴿٣٣﴾ ﴾ ق: ٣٣)

*[Namni Rahmaaniin dhooysaan sodaatee qalbii gara isaa deebiteen dhufe] (Qaaf: 32).*

Keeyyatoonni Qur'aanaa gara laafina qalbiin horattu ibsanii jiru.

﴿ ٱللَّهُ نَزَّلَ أَحۡسَنَ ٱلۡحَدِيثِ كِتَٰبٗا مُّتَشَٰبِهٗا مَّثَانِيَ تَقۡشَعِرُّ مِنۡهُ جُلُودُ ٱلَّذِينَ يَخۡشَوۡنَ رَبَّهُمۡ ثُمَّ تَلِينُ جُلُودُهُمۡ وَقُلُوبُهُمۡ إِلَىٰ ذِكۡرِ ٱللَّهِۚ ذَٰلِكَ هُدَى ٱللَّهِ يَهۡدِي بِهِۦ مَن يَشَآءُۚ وَمَن يُضۡلِلِ ٱللَّهُ فَمَا لَهُۥ مِنۡ هَادٍ ﴿٢٣﴾ ﴾ الزمر: ٢٣

*[Eegasii booda gogaa fi qalbiin isaanii faaruu Rabbiitiin jiiti (laafti) sun qajeelluma Rabbiiti]* *(Azzumar: 23).* Ammas naatoo fi tola ooliinsa qalbiis dubbate.

﴿وَجَعَلْنَا فِي قُلُوبِ الَّذِينَ اتَّبَعُوهُ رَأْفَةً وَرَحْمَةً ﴿٢٧﴾﴾ الحديد: ٢٧.

*[Onnee warroota isa hordofanii (nabi Iisaa) keessa naatoo fi mararfannaa keenne] (Al-Hadiid: 27).*

Akkasumas garajabeennas dubbatee jira

﴿فَبِمَا رَحْمَةٍ مِّنَ اللَّهِ لِنتَ لَهُمْ ۖ وَلَوْ كُنتَ فَظًّا غَلِيظَ الْقَلْبِ لَانفَضُّوا مِنْ حَوْلِكَ ﴿١٥٩﴾﴾

آل عمران: ١٥٩

*[Sababa Rabbi tola sitti ooleef isaaniif laafte. Osoo ati ka nama xixxuu fi ka qalbii jabaatu taatee silaa sirraa dheessan] (Aala Imraan: 159)*

﴿أَفَمَن شَرَحَ اللَّهُ صَدْرَهُ لِلْإِسْلَامِ فَهُوَ عَلَىٰ نُورٍ مِّن رَّبِّهِ ۚ فَوَيْلٌ لِّلْقَاسِيَةِ قُلُوبُهُم مِّن ذِكْرِ

﴿٢٢﴾﴾ الزمر: ٢٢

*[warrota onneen isaanii Rabbiin faarsuu (zikrii) irraa goggoydeef ibidda weeyli jedhamutu jiraaf] (Azzumar: 22).* ﴾

وَإِذَا ذُكِرَ اللَّهُ وَحْدَهُ اشْمَأَزَّتْ قُلُوبُ الَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ بِالْآخِرَةِ ﴿٤٥﴾﴾ الزمر: ٤٥

*[Yoo Rabbi adda isaa dubbatamu onneen warra guyyaa boodaatti hin amannee ni dhiphatti] (Azzumar: 45).*

Qalbiin iddoo tasgabbiiti

﴿الَّذِينَ آمَنُوا وَتَطْمَئِنُّ قُلُوبُهُم بِذِكْرِ اللَّهِ ۗ أَلَا بِذِكْرِ اللَّهِ تَطْمَئِنُّ الْقُلُوبُ ﴿٢٨﴾﴾

﴾ الرعد: ٢٨

*[warroonni Rabbitti amanan, qalbiin isaanii Rabbiin faarsuun tasgabboofti. Dhagayaa! Yoo Rabbiin faarsan qalbiin namaa tasgbboofti] (Arra'adu: 28).*

﴿ هُوَ ٱلَّذِىٓ أَنزَلَ ٱلسَّكِينَةَ فِى قُلُوبِ ٱلْمُؤْمِنِينَ لِيَزْدَادُوٓاْ إِيمَٰنًا مَّعَ إِيمَٰنِهِمْ ۗ ﴿٤﴾ ﴾ الفتح: ٤

*[Inni (Rabbi) isatu onnee namoota isatti amananii keessa tasgabbii kaaye, akka isaan iimaana irraan iimaana dabalataniif] (Al-Fathi: 4).*

Qalbiin iddoo jaalalaa fi wal-ta'iinsaati.

﴿ وَأَلَّفَ بَيْنَ قُلُوبِهِمْ ۚ لَوْ أَنفَقْتَ مَا فِى ٱلْأَرْضِ جَمِيعًا مَّآ أَلَّفْتَ بَيْنَ قُلُوبِهِمْ وَلَٰكِنَّ ٱللَّهَ أَلَّفَ بَيْنَهُمْ ۚ إِنَّهُۥ عَزِيزٌ حَكِيمٌ ﴿٦٣﴾ ﴾ الأنفال: ٦٣)

*[Jidduu onneewwan isaanii wal-taassise. Waan dachii kana keessa jiru hunda osoo kennitee jidduu onnee isaanii wal-taassisuu hin dandeettu, garuu Rabbi jidduu onnee isaanii wal-taassise. Rabbi danda'aa fi ogeessa] (Al-Anfaal: 63).*

Keeyyatoonni Qur'aanaa namoota dhibee qalbii qaban ilaalchisee kan ibsan heddu.

﴿ أَمْ حَسِبَ ٱلَّذِينَ فِى قُلُوبِهِم مَّرَضٌ أَن لَّن يُخْرِجَ ٱللَّهُ أَضْغَٰنَهُمْ ﴿٢٩﴾ ﴾ محمد: ٢٩


*[warroonni onneewwan isaanii keessa dhibeen jiru jibbaa isaanii waan Rabbi ifatti hin baafne se'anii] (Muhammad: 29).*Waa'ee Munaafiqootaa (warroota afaaniin Rabbitti amanne jedhanii keessa isaaniitiin kafaran) kanneen afaan isaaniitiin waan onnee isaanii keessa hin jirre dubbtan ilaalchisee Rabbi akkana jedha.

﴿ يَحْذَرُ ٱلْمُنَٰفِقُونَ أَن تُنَزَّلَ عَلَيْهِمْ سُورَةٌ تُنَبِّئُهُم بِمَا فِى قُلُوبِهِمْ ۚ ﴿٦٤﴾ ﴾
التوبة: ٦٤

*[Munaafiqoonni suuraan waan onnee isaanii keessa jiru dubbattu akka isaan irratti hin buuneef of eeggatu]*

ٱلَّذِينَ قَالُوٓاْ ءَامَنَّا بِأَفۡوَٰهِهِمۡ وَلَمۡ تُؤۡمِن قُلُوبُهُمۡۛ ﴿٤١﴾ المائدة: ٤١

*[isaan afaaniin amanne jedhu, garuu onneen isaanii hin amanne] (Al-Maa'idah: 41)*



**Shanaffaa: Tooftaalee Qulqulleessaa**

Keeyyatoota Qur'aanaa kanaan dura dabran keessatti waa'ee lubbuu qulquulleessuu, miira ofii qulqulleessuu, qabeenya qulqulleessuu, dhuunfaa tokko qulqulleessuu, ummata bal'aa qulqulleessuu dubbannee turre. Ilmi namaa tokko hanga hoffoltiin isaaf argamtutti lubbuu isaa qulqulleessuu akka qabu arginee jirra.

﴿ قَدۡ أَفۡلَحَ مَن تَزَكَّىٰ ﴿١٤﴾ الأعلى: ١٤.﴿ قَدۡ أَفۡلَحَ مَن زَكَّىٰهَا ﴿٩﴾ ﴾ الشمس: ٩.

*[namni isii(lubbuu) qulqulleesse dhugumaan hoffole] (Al- laa: 14, Ashams: 9).*

*Kanuma waliinuu Rabbiin ol'aanaan qulqullinni tola inni namoota karaa isaa milkaa'e tarkaanfii sheyxaanaa irraa fagaatanii, niyyaa gaariin tolaa fi mararfannaa isaa barbaadaniif ooleedha.*

﴿ وَلَوۡلَا فَضۡلُ ٱللَّهِ عَلَيۡكُمۡ وَرَحۡمَتُهُۥ مَا زَكَىٰ مِنكُم مِّنۡ أَحَدٍ أَبَدٗا وَلَٰكِنَّ ٱللَّهَ يُزَكِّي مَن يَشَآءُۗ وَٱللَّهُ سَمِيعٌ عَلِيمٞ ﴿٢١﴾ ﴾ النور: ٢١

*[Osoo tolli fi rahmanni Rabbii isin dhaqqabuu baatee, silaa isin keessaa gonkumaa nama kamiyyuu hin qulqulleessu. Garuu Rabbiin abbaa ufii fedhe qulqulleessa. Rabbiin dhagayaa fi beekaadha] (Annuur: 21).*

Akkamitti lubbuu qulquleessuun mala? Tooftaan lubbuu qulqulleessuu keessatti itti fayyadamuu dandeennu maal fa'a?

Beektonni tazkiyaa fi suufiyyaa tooftaalee qulqulleessaa kana ibsuuf jechoota adda addaa fayyadamu. San keessaa *Attakalliyyaa* (cubbuu irraa buqqa'uu) fi *Attahalliyyaa* (amaloota gaariin ibsamuu)dha. Jechoonni kunniin lamaan jechoota

Suufiyyoota biratti tooftaa walii gala tazkiyaa bakka bu’uudha. Tazkiyaa jechuun amaloota fofokkisaa Rabbi jibbee fi irraa nu seera hunda irraa qulqullaayuudha. Amaloonni kunniinis baay’eedha. Irra cimaan isaa na argaaf waa dalaguu, uf dinqisiifachuu, booniinsa, nama waanyoo fa’a. Kitaabni ‘*Haqa Rabbii Eeguu’* jedhu kan *Al-Haaris Al-Muhaasabiin* qopheesse waa’ee amaloota kanaa irraa barreessuun walakkaa kitaabaa itti fudhate (fuula kitaabaa 630 keessaa 386 fudhate).

*Takalliyaa* jechuun nama badhetti iddoo duwwatti dhiisuu jechuu osoo hin taane, akka inni amaloota gaggaarii Rabbi itti ajajee fi isatti bareecheen guutamuuf isa qopheessuu jechuudha. Amaloonni kunis heddu, san keessaa irra cimaan: dirqamootaa fi sunnaadhan raawwachuu, Qur’aana kabajamaa bifa gadi bu’iinsaa fi xiinxala qabuun dubbisuu, sodaa Rabbiitiin faayamuu, Rabbiin faarsuu heddummeessuu, onnee ufii keessatti Rabbi na bira jira jechuu uumuu, lubbuu ufii hirreeguu, du’a yaadachuu fi kkf. Kanaa gaditti tooftaalee walii galaa kan cubbuu irraa buqqa’uu, amala gaariin faayamuu fi Rabbiin of gubbatti sodaachuu uf keessaa qabu ilaalla.

### 1) Qur’aana Kabajamaa

Qur’aana irraa haasayuu ilaalchisee haasoyni bareenni akka inni uf irraa haasayee hin jiru.

﴿ ذَٰلِكَ ٱلۡكِتَٰبُ لَا رَيۡبَۛ فِيهِۛ هُدٗى لِّلۡمُتَّقِينَ ﴾ البقرة: ٢

*[kitaabni sun (Rabbiinn irraa buufamuun isaa) shakkii takka hin qabu. Warroota Rabbiin sodaataniif qajeelluma] (al-Baqarah: 2)*

﴿ الٓرۚ كِتَٰبٌ أُحۡكِمَتۡ ءَايَٰتُهُۥ ثُمَّ فُصِّلَتۡ مِن لَّدُنۡ حَكِيمٍ خَبِيرٍ ١ ﴾. هود: ١

[*kitaaba keeyyatoonni isaa tolfamtee booda Rabbii ogeessaa fi beekaa irraa addaan babbaafamtee dhiyaatte] (Huud: 1).*

Qur'aanni kun karaa irra sirrii ta'etti nama qajeelcha. ﴿

إِنَّ هَٰذَا ٱلۡقُرۡءَانَ يَهۡدِي لِلَّتِي هِيَ أَقۡوَمُ وَيُبَشِّرُ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ٱلَّذِينَ يَعۡمَلُونَ ٱلصَّٰلِحَٰتِ أَنَّ لَهُمۡ أَجۡرٗا كَبِيرٗا

٩ ﴾ الإسراء: ٩

*Qur'aanni kun karaa irra qajeelaa ta'etti nama qajeelcha. Mu'umintoota dalagaalee gaggaarii dalaganiif mindaa guddaan isaan gammachiisa] (Al-Israa: 9).*

Warroonni kitaabota Qur'aana dura buufame fudhatan irraa haqanii itti dabalanii jijjiiranis, murtiiwwan kitaabni sun karaa goote baay'ee isaa dhooysanis, kitaaba kanatu shira isaanii san saaxila. Isatu furmaata dhumaa ka harki namaa jijjiirraan isa tuquu hin dandeenne namaaf dhiyeessa. Kitaaba kana keessa ifnana, qajeellumaa fi ifa galiinsa kitaabota kanaan duraatti nama hin hajamsiifnetu keessa jira.

﴿ يَٰٓأَهۡلَ ٱلۡكِتَٰبِ قَدۡ جَآءَكُمۡ رَسُولُنَا يُبَيِّنُ لَكُمۡ كَثِيرٗا مِّمَّا كُنتُمۡ
تُخۡفُونَ مِنَ ٱلۡكِتَٰبِ وَيَعۡفُواْ عَن كَثِيرٖۚ قَدۡ جَآءَكُم مِّنَ ٱللَّهِ نُورٞ
وَكِتَٰبٞ مُّبِينٞ ١٥ يَهۡدِي بِهِ ٱللَّهُ مَنِ ٱتَّبَعَ رِضۡوَٰنَهُۥ سُبُلَ ٱلسَّلَٰمِ
وَيُخۡرِجُهُم مِّنَ ٱلظُّلُمَٰتِ إِلَى ٱلنُّورِ بِإِذۡنِهِۦ وَيَهۡدِيهِمۡ إِلَىٰ صِرَٰطٖ مُّسۡتَقِيمٖ
١٦ ﴾ المائدة: ١٥ - ١٦

*[Yaa warra kitaaba kennamtan! Ergamaan keenna wantoota baay'ee isin kitaaba keessan keessatti dhooysitan ifa godhuuf isinitti dhufee jira. Hedduu isaa irra tara. Rabbiin irraa ifaa fi kitaabni ifa galaan isinitti dhufee jira. Nama jaalala Isaa hordofe Rabbiin isaan karaa nagayaa irratti isa qajeelcha. Fedhii isaatiin dukkana keessaa gara ifaatti isaan baasa. Karaa qajeelaa ta'etti isaan qajeelcha] (Al-Maa'ida: 15-16).*

Kanaafuu qulqullinni kamiyyuu ka jalqabni isaa Qur'aana ta'ee dhumni isaas Qur'aana hin ta'in hin jiru. Akkasumas qulqullinni lubbuu namaatiin eegalee isaan hin dhumannes hin jiru. Kanaafuu qulqullinni lubbuu boca qulqullinaa hundaaf gaaddisa walii galaati. Qur'aana keessatti waa'een lubbuu bifa gadi bu'iinsa qabuun ibsamee jira. Gama qaamaa, sammuu fi ruuhiitiin amalli lubbuu maal akka ta'e, haalli lubbuu maal akka fakkaatu;lubbuu tasgabbooftuu, ta abbaa komattu, ta waan badatti nama ajajju, icitiiwwan lubbuu, dhibeewwan isii fi kkf sirritti ibsamee jira. Kanaafuu namni waa'ee lubbuu beekuu barbaade Qur'aana keessatti ibsa gahaa argata.

Qur'aana qara'uun (dubbisuun), yeroo dubbisan xiinxalaa dubbisuun, waan inni itti nama qajeelchetti qajeeluun bu'uura *tazkiyaa* hundaati. Isa keessatti qulqullina lugaatu jira. Isa keessa qulqullina qalbii irraa waan nama tasgabbeessutu jira. Qulqullina mallaqaa keessa waan lubbuu namaa doynummaa irraa qulqulleessuu fi mallaqa san keessa barakaa kaayee dacha namaa godhutu jira. Kanaafuu namni jiruu barbaade gaaddisa Qur'aana jala haa jiraatu. Nama gaaddisa isaa jala jiraate, waa'ee miira nama mi'aa isaa dhandhame nuuf himee, gaaddisni sun gaaddisa

umrii namaa dabalee, barakaa keessa kaayee, qulqulleessuu ta’e nuuf hime Rabbi rahmata haa godhuuf.

Gaaddisa Qur’aanaa jala jiraachuun badhaadhina mi’aa isaa nama dhandhame malee namni biraa hin beeyneedha. Umrii namaa dabala, barakaa keessa namaa kaaya, badii adda addaa irraa nama qulqulleessa. Galanni Rabbiin haa gayu,turtii waggoota dheeraa akka gaaddisa Qur’aanaa jala jiraadhuuf na gargaaree jira.Turtii san keessattis qananii takkaa jiruu kiyya keessatti dhandhamee hin beeyne argadhe. Qananii umrii namaa dabaltu, umrii namaa keessa barakaa keettu, kan umrii namaa cubbuu irraa qulqulleessitu argadhe.

Turtii san guutuu Rabbii Qur’aana kanaan natti haasayu dhagayaa ture. Ani gabricha xinnaa wayiiti. Ilma namaatiif kabajni guddaan akkanaa maali!? Dabaltiin umrii kan Qur’aana keessatti argadhe kun maali? Rabbiin tola oolaan uumaa ilma namaa ta’e kabajni kana caalu kan inni namaaf godhu maali? Turtii kiyya ka gaaddisa Qur’aanaa jalatti jiraataa ture san keessatti wal-gitiinsa bareeduma sosochii namaa sosochii hawaa kanaa arge.

Turtii Qur’aana waliin dabarse san keessatti argamni kun waan ijaan mul’atu caalaa bal’aa ta’uu isaa hubadhe. Dhugaan isaas baay’inni isaas kan nuuf mul’ate caalaa guddaadha. Argamni sunis addunyaa nuti ijaan arginu kana qofa osoo hin taane, addunyaa arginuu fi hin argine (kan nu jalaa dhokatanis) dabalata. Addunyaa nuti irra jiraannu tana qofa osoo hin taane, addunyaa tanaa fi guyyaa boodaas hammata. Turtiin ilmi namaa addunyaa kana keessatti dabarsu, imala hawaa lubbuu qabu kan nama bohaarsuu fi addunyaa hiriyyaa fi jaalalaa keessa

jiraachuuti. Hawaa lubbuu qabu, kan waa fudhatee deebisu fi kan Rabbii namni isatti amane hundi itti gargalutti fuula deebi'u. Tun boqonnaa, bal'inaa fi bohaartii akkamiiti.

Mul'anni akkanaa kan baay'ee guddaa, kan sirrii ta'ee fi kan dimshaasha waan hunda of keessatti hammatu kun ofitti amantummaa akkamii qalbiif kenna? Gaaddisa Qur'aanaa jala jiraadhee, ilmi namaa kun waan silaa ilmi namaa kanaan dura kabajaa jedhee beeku caalaa kabajamaa ta'uu isaa arge. Inni nama Rabbiin ruuhii itti afuufee nama isa godhe. Afuura itti afuufame kanaan dachii irratti bakka bu'aa godhame waan ta'eef wanti dachii irra jiru hunduu isaaf laaffifama. Waan ilmi namaa kabaja guddaa hagana gayu kana Rabbiin irraa argateef, firummaa ilmi namaa hundi irratti walitti hidhamu Rabbiin guddaan firummaa aqiidaa (amantii Islaamaa) godhe.

Saniin boodas gaaddisa Qur'aanaa jala qalbii tasgabboofteen, haala keessi kiyya boqonnaa argateen jiraadhe. Jireenya kiyya san keessattis akka Rabbiin galtee fi dhimmoota hunda keessaa harka qabu arge. Tikaa fi eegdoo isaa keessa jiraadhe. Maqaan Rabbi ofiin ibsee fi dalagaawwan Isaa maal akka ta'e xiinxalaa jiraataa ture. Nama jechuun isa kana. Nama jechuun uumama isaatiin, fedhii isaa fi qophiin isaas kan akka olitti dubbanne kana ta'eedha. Seera Rabbii harka isaatiin qabatee akkaataa hojii isaatiin haga Rabbi isaaf laaffise gara sadarkaa ol'aanaatti ol guddata. Adeemsi inni qabate kun gara Rabbiitti isa ol fuudha waan ta'eef, eenyummaa isaa, akkaataa uumama isaa fi utubaa isaa ni kabaja. Karaa Rabbii kana keessatti haqni jiru ijaarsa argama kanaatiif hundeedha. Wanti tasa ta'e, kan osoo itti hin yaadamin argame kamiyyuu hin jiru. Rabbiin abbaa dhugaati.

Argama isaa irraa argamni hundinuu argama ofii fudhata. Gaariin, tolinni fi jijjiiramni akkuma dhugaa hundeen isaa haga dachiin jirtu ima jiraata.

Maal mul’anni tasgabbii akkanaa namaa kennu? Qalbii keenna irra boqonnaa akkamiittu qubata? Dhugaa, tolaa fi fooyya’iinsa keessa amantii hagam gayutu jira? Humnaa fi ol’aantummaa akkamiitu keessa namaa keessatti uumama?...

**2) Rabbiin Faarsuu fi Waa Xiinxaluu**

Rabbiin faarsuu jechuun, Rabbii ol’aanaa maqaa fi ibsoota Isaatiin Isa faarsuu fi mallattoolee isaa xiinxaluun hubachuudha. Mallattooleen (Rabbummaa fi tokkichummaa Rabbii) mul’isan gosa lamatu jira. Mallattoo Qur’aana kabajamaa keessatti dubbifnee argannuu fi mallattoo uumama hawaa ilaallee arginuudha. Bu’uurri Rabbiin faarsuu qalbii nama isatti amanee keessa Rabbi na arga, na waliin jira jedhanii qalbii ofii keessa yaasuu fi dalagaalee qaamni raawwatu hunda keessattis isa of irratti ilaaluudha. Rabbiin faarsuun quqlullinaan walitti hidhamee dhufe.

﴿ قَدۡ أَفۡلَحَ مَن تَزَكَّىٰ ١٤ وَذَكَرَ ٱسۡمَ رَبِّهِۦ فَصَلَّىٰ ١٥ ﴾ الأعلى: ١٤ ــ ١٥

*[Namni (qabeenya) isaa qulqulleesse dhugumaan milkaaye. Maqaa Rabbii isaa faarsee namni salaate]* (Al-*A’alaa: 14 – 15)*.

Rabbiin faarsuu fi guddina Isaa qalbii ofii keessa yaasuu kanaan ilmi namaa sadarkaa qulqullinaa keessatti ol dabalaa deemuun hanga sadarkaa ol’aanaa Ihsaana jedhamuu gaya. Ihsaannis waan dalagnu hunda akka waan Rabbiin argaa jirruutti bareechinee dalaguudha. Yoo nutis isa arguu baanne inni nu arga

jennee yaaduudha. Hiika Hadiisa kanaa keessatti Annawawiin akkana jedhe: “Osoo yeroo Rabbiin gabbaruuf kaanu Rabbiin fuuldura keennatti ijaan argaa jirra ta’e, silaa of gadi qabuu, Rabbiin of gubbatti sodaachuu, gubbaa fi keessa keennaan qalbii gaariin isa fuul-dura dhaabachuu, fi waan dalagnu hunda bareechinee haala isiin guutuu taateen dalagnee dhiyaachuu irraa homaa hin hambifannu. Warri dhugaa namoota gaggaaritti hiriyyoomuu karaa godhatanii jiru. Sunis kabajaa fi qaanfii isaaniitiif jecha waan hanqina isaanitti fidu irraa waan isaan fageessuufi. Namni Rabbi keessaa fi ala isaa argu hoo maal wayya?!”[14]

Qur’aana keessatti zikriin (Rabbiin faarsuun) bakkee dubbatame hedduu keessatti, Rabbiin faarsuu heddummeessaa jechuun walitti hidhamee dubbatame.

﴿وَٱذۡكُر رَّبَّكَ كَثِيرٗا وَسَبِّحۡ بِٱلۡعَشِيِّ وَٱلۡإِبۡكَٰرِ ٤١﴾ آل عمران: ٤١

*[Rabbii kee baay’isii faarsi, galgalaa fi ganama Isa galateeffadhu (faarsi)] (Aala Imraan: 41).*

﴿وَٱلذَّٰكِرِينَ ٱللَّهَ كَثِيرٗا وَٱلذَّٰكِرَٰتِ أَعَدَّ ٱللَّهُ لَهُم مَّغۡفِرَةٗ وَأَجۡرًا عَظِيمٗا ٣٥﴾ الأحزاب: ٣٥

*[Dhiira Rabbiin faarsuu baay’isanii fi dubartoota Rabbiin faarsuu baay’isaniif Rabbiin araaramaa fi mindaa guddaa isaaniif qopheesse] (Al-Ahzaab: 35)*

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱذۡكُرُواْ ٱللَّهَ ذِكۡرٗا كَثِيرٗا ٤١﴾ الأحزاب: ٤١

[14] - Annawawii, Abuu Zakariyyaa Yahyaa, Sharhu Annawawii, Damaskas, Mana maxxansaa: Daaru Al-Keeyr, bara 1996, kutaa 1ffaa, fuula 132.

*[Yaa warra amantan, faaruu baay'ee Rabbiin faarsaa] (Al-Ahzaab: 41).*

Kunis ka nuuf ibsu Rabbiin faarsuun yeroo murtaawe, haala murtaawee fi bakkee murtaawetti jechoota (Subhaana Allaah, Alhamdu Lillaah fi Laa ilaaha illa Allaahu) jechuu irratti ka hin gabaabanne ta'uu isaati. Sammuu fi qalbii ofii keessaa waa'ee guddina Rabbii yaasuudha. Yoomiyyuu dhimmuma kamiyyuu keessatti Rabbiin of gubbatti dagachuu dhabuudha. Waan kenninuu fi fudhannu keessatti miira keenna sakatta'uudha.

*Ibnu Al-Qayyim Al-Joowziin* akkana jedhe: "Lubbuu keenna haga mirga isiin qabduu fi dirqama isii irra jiru beeynutti hirreeguu qabna. Mirga guutuus kennineefii akka isiin gadi dhiifamtuu taatee karaa baddu godhuu hin qabnu. Akkasumas qulqullinni lubbuu kun sakatta'iinsa isii irratti hundaa'a. Lubbuun yoo hin hirreegamtu taate tasumallee hin qulqullooytu. Hasan (Rabbi isa irra**a** haa jaalatuu) akkana jedhe: 'Namni Rabbitti amane yoomiyyuu isaa lubbuuhirreegu argita. Jecha akkanaa kanatti maal fedhe? Seensa akkanaa fi baya akkanaatti maal fedhe? Kanatti maal fedhe? Anaa fi kuni maal waliiti? Wallaahi lamuu kanatti hin deebi'u! wantoota kana fakkaataniin of too'ata. Lubbuu ufii tana hirreeguun qaawwaa fi hir'inoota isii arga waan ta'eef yeroo sanitti waan bade sirreessuun isaaf mijata'[15].

Beekkumsi Rabbii ka waan hunda wal-gaye waan ta'eef,

﴿وَأَنَّ ٱللَّهَ قَدۡ أَحَاطَ بِكُلِّ شَيۡءٍ عِلۡمَۢا ﴿١٢﴾﴾ الطلاق: ١٢

---

[15] - IIbnu Al-Qayyim Al-Jowziyyah, Muhammad Binu Abuu Bakr, Midraaju Assaalikiin beeyna manaazil Iyyaaka Na'abudu wa iyyaaka nasta'iin, Beeyruut, mana maxxansaa mana kitaaba Lubnaan, Maxxansa 2ffaa, bara 1973, kutaa 2ffaa, fuula 510- 511.

*[Rabbiin beekkumsaa waan hundaatuu **waliin gaye]** (Axxalaaq: 12).*

Iddoo ilmi namaa jiru hundatti Rabbi waliin jira waan ta'eef

﴿ يَعۡلَمُ مَا يَلِجُ فِي ٱلۡأَرۡضِ وَمَا يَخۡرُجُ مِنۡهَا وَمَا يَنزِلُ مِنَ ٱلسَّمَآءِ وَمَا يَعۡرُجُ فِيهَاۖ وَهُوَ مَعَكُمۡ أَيۡنَ مَا كُنتُمۡۚ وَٱللَّهُ بِمَا تَعۡمَلُونَ بَصِيرٞ ٤ ﴾ الحديد: ٤

*waan dachii keessa seene fi waan isii keessaa bayu, waan samii irraa bu'uu fi waan samitti ol koru hunda beeka. Bakka isin jirtan hundattuu inni isin wajjiin jira. Rabbiin waan isin beeytan ni arga] (Al-Hadiid: 4)*

.Rabbi dalagaa ilmi namaa hojjate hunda kitaaba keessatti galmeessa

﴿ هَٰذَا كِتَٰبُنَا يَنطِقُ عَلَيۡكُم بِٱلۡحَقِّۚ إِنَّا كُنَّا نَسۡتَنسِخُ مَا كُنتُمۡ تَعۡمَلُونَ ٢٩ ﴾ الجاثية: ٢٩

*kuni kitaaba keenna dhugaa isin irratti dubbata (raga). Nuti waan isin dalagdan barreessaa turre] (Al-Jaasiyaa: 4).* Ilmi namaa waan hunda keessatti Rabbiin sodaachuu qaba, tola inni itti ooleef Isa galateeffachuu qaba, ajaja Isaa tole jechuu qaba, jaalala Rabbii barbaaduuf jeccha diddaa Isaa irraa fagaachuu qaba. Waan dalagan bareechuu (*ihsaana*) jechuun isa kana: Rabbiin akka waan ijaan argaa jirtuutti gabbaruu. Ilmi namaa sadarkaa kana irra gayee jennaan, jaalala Rabbii haqa godhatee jira:

﴿ فَـَٔاتَىٰهُمُ ٱللَّهُ ثَوَابَ ٱلدُّنۡيَا وَحُسۡنَ ثَوَابِ ٱلۡأٓخِرَةِۗ وَٱللَّهُ يُحِبُّ ٱلۡمُحۡسِنِينَ ١٤٨ ﴾

آل عمران: ١٤٨

*[Rabbi mindaa addunyaa kanaa fi mindaa ganda boodaa bareeda san isaanii kenne. Rabbiin warroota waan dalagan bareechan (tolchan) jaalata] (Aala Imraan: 148).*

Dhimmi ulfaataa miti, waan namni hin dandeenne namatti baachisus miti, Rabbiin gabbaruu lafa irratti hojiin mirkaneessuufi malee: akka waan Rabbiin argituutti isa gabbaruu. Rabbiin gabbaruu jechuun, ilmi namaa haala jireenya isaa hunda bifa Rabbii guddaa jaalachiisuun, karaa sirrii ta'een gaggeeffachuu jechuudha. Gabbartiin dirqamaa ka akka: Salaataa, Soomaa, Hajjii fi shaakalliiwwan akka nyaachuu, dhugaatii, uffata uffachuu, wanta halaala ta'etti qanani'uun, hojiiwwan ogummaa, hariiroon inni nama waliin qabu, hundi isaatuu yoo namni sun fuula Rabbii ittiin argadha jedhee, gabbartii Rabbii irratti ittiin gargaarsifadha jedhee miira qulqulluun kutannoon itti seenee karaa silaa barbaadamuun hojjate *ibaadaa* (Rabbiin gabbaruu) isaaf ta'a. Jalqaba shaakallii irratti ulfaachuu danda'a, leenjii lubbuu barbaada. Garuu turtii muraasaan booda wanta jaalatamaa fi salphaa namatti hin ulfaanne kan nama hin nuffisiifnee fi nama hin rakkifne ta'a.

﴿ قَدۡ أَفۡلَحَ مَن تَزَكَّىٰ ١٤ وَذَكَرَ ٱسۡمَ رَبِّهِۦ فَصَلَّىٰ ١٥ ﴾ الأعلى: ١٤ ـ ١٥

*[Namni (qabeenya) isaa qulqulleesse dhugumaan hoffole. Maqaa Rabbii isaa faarsee namni salaate] (Al-A'alaa: 14 – 15).*

Keeyyata tana keessatti Rabbiin faarsuun, lubbuu ofii qulqulleessuu fi salaata salaatuun walitti hidhamee hufe. Faaruu Rabbii keessaa irra caalaan salaata dirqamaati (waajibaati). Salaanni kallattiidhaan jiddu deemaa tokkoon ala Rabbiin walitti

nama hiiti. Salaanni badii dalaguu fi waan fofokkuu irraa nama seerti.

﴿ ٱتْلُ مَآ أُوحِىَ إِلَيْكَ مِنَ ٱلْكِتَـٰبِ وَأَقِمِ ٱلصَّلَوٰةَ ۖ إِنَّ ٱلصَّلَوٰةَ تَنْهَىٰ عَنِ ٱلْفَحْشَآءِ
وَٱلْمُنكَرِ ۗ وَلَذِكْرُ ٱللَّهِ أَكْبَرُ ۗ وَٱللَّهُ يَعْلَمُ مَا تَصْنَعُونَ ﴿٤٥﴾ ﴾ العنكبوت: ٤٥

*kitaaba (Qur'aana) irraa waan wahyii sitti godhame qara'i, salaata salaati. Salaanni wantoota fofokkuu fi badii irraa nama dhoorgiti. Rabbiin faarsutu* ***waa hunda*** *caala] (Al-Ankabuut: 45).*

Rabbiin faarsuun sosochii salaataa hunda keessatti argama. Eega salaatatti seenaniin booda Qur'aana qara'uun Rabbiin faarsuudha, yeroo jilba qabatanii fi sujuuda bu'an Subhaan Allaah jechuun Rabbiin faarsuudha, yeroo jalba irraa ol jedhanii dhaabatan tahmiida (Rabbanaa walak alhamdu) jechuun faaruu Rabbiiti, yeroo tashahuda (tahiyyaa) taa'anis Rabbiin faarfachutu keessa jira. Namni Rabbitti amane tokko salaata dirqamaa salaatuu kanatti, salaata sunnaa (ka dirqama hin ta'in) ka halkanii yoo itti dabalatee, salaata san keessatti Qur'aana dubbise immoo, sun sadarkaa qulqullinaa keessaa sadarkaa faarfamaa gabrichi Rabbii irra gayuu danda'uudha:

﴿ أَقِمِ ٱلصَّلَوٰةَ لِدُلُوكِ ٱلشَّمْسِ إِلَىٰ غَسَقِ ٱلَّيْلِ وَقُرْءَانَ ٱلْفَجْرِ ۖ إِنَّ قُرْءَانَ ٱلْفَجْرِ كَانَ
مَشْهُودًا ﴿٧٨﴾ وَمِنَ ٱلَّيْلِ فَتَهَجَّدْ بِهِۦ نَافِلَةً لَّكَ عَسَىٰٓ أَن يَبْعَثَكَ رَبُّكَ مَقَامًا مَّحْمُودًا ﴿٧٩﴾ ﴾
الإسراء: ٧٨ - ٧٩

*Seensa aduu irraa hanga walakkaa halkaniitti salaata salaati salaata Fajrii (subhii) salaati, salaanni subhii ragaa namaaf baya. Halkan irraa salaata sunnaa salaati akka Rabbiin iddoo faarfamtutti ol si kaasuuf] (Al-Israa: 78-79).*

Iddoon faarfamaan Rabbi itti nama kaasu tun, Hadiisa Qudsii kan Abuu Hureeyraan odeesse keessatti ergamaan Rabbii akkana jechuun nuuf ibsan: *"Rabbiin guddaan akkana naan jedhe: 'Namni nama jaalallee kiyya ta'een diinome isaan loluu akeekkachiisee jira. Gabrichi kiyya dalagaawwan ani isarratti dirqama godheen caalatti waan jaalatamuun homaanuu natti hin dhiyaatu. Gabrichi kiyya dalagaawwan dirqama hin ta'in (sunnaan) natti dhiyaachuu irraa hin deemu haga isa jaaladhutti, yoo isa jaaladhe gurra inni ittiin dhagayuun isaaf ta'a, ija inni ittiin argu isaaf ta'a, harka inni waa ittiin qabatu isaaf ta'a, luka inni ittiin deemuun isaaf ta'a. Yoo inni waa na kadhate isaaf kenna, yoo inni waa irraa natti maganfate isaaf maganfadha (waan inni irraa hoffoluu barbaade irraa isa hoffolcha"*[16].

Gabricha Rabbitti dalagaa sunnaatiin dhiyaatu Rabbiin isa jaalatee guyyaa qiyaamaa (boodaa) iddoo faarfamtutti isa ol kaasa. Tazkiyaan kana caalaa guddaa fi ulfaataa ta'e eessa jira? Tooftaan Rabbiin faarsuu fi isatti dhiyaachuu caalu maaltu jira? Ganda addunyaatti immoo kaayyoon guddaan ilmi namaa itti gayuuf hawwu onneen isaanii tasgabbaayuu, keessi isaanii boqachuu fi jaalala Rabbii argachuuf tattaafachuudha. Tooftaan jaalal Rabbii argachutti nama geessitee iddoo faarfamaa ta'e sanitti ol nama kaastus Rabbiin faarsuudha:

﴿ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَتَطْمَئِنُّ قُلُوبُهُم بِذِكْرِ ٱللَّهِ ۗ أَلَا بِذِكْرِ ٱللَّهِ تَطْمَئِنُّ ٱلْقُلُوبُ ﴿٢٨﴾ ﴾
الرعد: ٢٨

[16] - Al-Bukaarii, Sahiihu Al-Bukaarii, lakkoofsa Hadiisaa 6502, fuula 1617.

*[Isaannan (Rabbitti) amanan, onneen isaanii faaruu Rabbiitiin tasgbboofti. Dhagayaa! Rabbiin faarsuun onneen namaa tasgabbaaya] (Arra'ad: 28).*

### 3) Hiriyyoota Gaaritti Hiriyyoomuu

Tooftaalee qulquullinaa keessaa, namni tokko hiriyyoota gaggaaritti makamuu fi warroota Rabbiin sodaatanitti dhiyaachuuf tattaafachuudha. Isaanitti hiriyyoomuun Rabbiin tole jechuuf isa gargaara. Isaan waliin jireenya barumsaa fi hojii irratti cimuu jiraata. Dhugaa irratti gadi dhaabachuu waliif dhaamuu, rakkoo argamte irratti obsuu, waan gaaritti wal-ajajanii badii irraa wal-dhoorguuf gargaara. Namni isaanitti hiriyyoome waan gaggaarii malee homaa isaan irraa hin dhagayu. Arrabni isaanii qoosaa bu'aa hin qabne, kijibaa fi nama hamachuu irraa qulqullaayee jira. Waan dhugaa ta'e malee hin dubbatan. Dalagaawwan isaanii jecha isaanii caalaa eenyummaa isaanii ibsa. Isaan arguun Rabbiin nama yaadachiisa, isaanitti dhiyaachuun badii irraa nama fageessa, waan dalagan keessatti isaan fakkeenya, waan jedhan keessatti namaaf gorsa kennu. Lafaa dhufaan jechaa fi dalagaanis nama isa olla jiru fakkaata.

Ummanni *Muhammad* irra filatamtuu ummataa kan dhala namaatiif dhufte wanti jedhamteef, waan wal-gorsaniifi, wantoota gaggaaritti wal-ajajanii waan hamtuu irraa waan wal-seeraniifi.

﴿ كُنتُمۡ خَيۡرَ أُمَّةٍ أُخۡرِجَتۡ لِلنَّاسِ تَأۡمُرُونَ بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَتَنۡهَوۡنَ عَنِ ٱلۡمُنكَرِ وَتُؤۡمِنُونَ بِٱللَّهِۗ ﴿١١٠﴾ ﴾ آل عمران: ١١٠

*[ummata filatamaa dhala namaa keessaa baate taatan, (sunis) waan gaggaaritti wal-ajajjanii, waan badaa irraa wal-dhoorgitanii, Rabbitti waan amantaniifi] (Aala Imraan: 110).*

Gama Rabbitti amanuutiin namni amane ka dhiiraa fi ka dubartiis gariin isaanii gariidhaaf jaalalleedha. Waan gaaritti wal-ajajuu fi badii irraa wal-seeruu keessatti waliif tumsu, tola waliif dhaamu, waliif birmatu. Salaata salaatuu, qabeenya ofii irraa zakaa baasuu, Rabbii fi ergamaa isaa tole jechuu keessatti dubbii fi murtiin isaanii tokko. Gamtooma isaanii kanaan tolli Rabbii isaaniif mirkanaaya. Rabbi akkana jedha:

﴿ وَٱلۡمُؤۡمِنُونَ وَٱلۡمُؤۡمِنَٰتُ بَعۡضُهُمۡ أَوۡلِيَآءُ بَعۡضٖۚ يَأۡمُرُونَ بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَيَنۡهَوۡنَ عَنِ ٱلۡمُنكَرِ وَيُقِيمُونَ ٱلصَّلَوٰةَ وَيُؤۡتُونَ ٱلزَّكَوٰةَ وَيُطِيعُونَ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥٓۚ أُوْلَٰٓئِكَ سَيَرۡحَمُهُمُ ٱللَّهُۗ إِنَّ ٱللَّهَ عَزِيزٌ حَكِيمٞ ٧١ ﴾ التوبة: ٧١

[*Mu'uminni dhiiraa fi dubartootaa gariin isaanii gariif jaalalleedha. Waan gaaritti wal-ajaju badii irraa wal-dhoorgu, salaata ni salaatu, qabeenya isaanii irraa zakaa baafatu, Rabbii fi ergamaa isaa tole jedhu. Warroota saniif Rabbiin tola oolaaf. Rabbiin danda'aa fi ogeessa] (Attoowbaa: 71).*

Ummanni Islaamaa walumaa galatti ummata waan gaaritti wal-ajajjuu fi badii irraa wal-seertu ta'uu waliinuu, Rabbiin guddaan ummata kana irratti garee addaa kan dhimma waan gaaritti wal-ajajuu fi badii irraa nama dhoorguutiin dhaabbatu filachuu dirqama godhe.

﴿ وَلۡتَكُن مِّنكُمۡ أُمَّةٞ يَدۡعُونَ إِلَى ٱلۡخَيۡرِ وَيَأۡمُرُونَ بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَيَنۡهَوۡنَ عَنِ ٱلۡمُنكَرِۚ وَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡمُفۡلِحُونَ ١٠٤ ﴾ آل عمران: ١٠٤

*[Isin keessaa gareen waan toltutti nama yaamtu, tan waan gaaritti nama ajajju, tan badii irraa nama dhoorgitu haa jiraattu. Isaannan sun warra nagaya baye (hoffole) irrayyi] (Aala Imraan: 104).*

Namni Mu'uminaa tokko sammuu fi qalbii isaa keessatti dhugumaan itti amanee, amalaa fi shaakalaanis hojiin agarsiisee gara ummata Mu'uminaatti maxxanuun isaa, mu'umintoota waliin jiraachuuf ni kabajama, isaaniif jaalal qabaata, xurreewwan karaa irraa nama maqsan kan akka fedhii lubbuu, jeequmsa warroota badii dalaganii kan Jinnii, namaa fi namoota dharatti nama yaamanii irraa isa tiksa. Ummata waliin jiraachuun tola, ummata irraa fottoqiinsi miidhama. Yeyyiinuu Re'iin keessaa isii adda deemtu nyaatti.

Akkuma balaa fi dharri babal'ataa dhufuun, namni Rabbitti amane garee karaa Mu'umintootaa irra deemanitti hajama. Garee kanatti maxxana, isiif ajajama, isiin jajjabaata, isiis jajjabeessa. Namni karaa namoota Rabbitti amananii irraa bayee jara jaalallee godhachuu dhiisee, namoota karaa irraa badan kan Rabbii fi ergamaa Isaa didan namni jaalallee godhate, booddeen isaa ibidda jahannami. Waa fokkate booddeen isaa sun.

﴿ وَمَن يُشَاقِقِ ٱلرَّسُولَ مِنۢ بَعۡدِ مَا تَبَيَّنَ لَهُ ٱلۡهُدَىٰ وَيَتَّبِعۡ غَيۡرَ سَبِيلِ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ نُوَلِّهِۦ مَا تَوَلَّىٰ
وَنُصۡلِهِۦ جَهَنَّمَۖ وَسَآءَتۡ مَصِيرًا ١١٥ ﴾ النساء: ١١٥

*[Namni eega karaan sirriin addaan bayeefii booda ergamaa (Rabbii) didee karaa Mu'imintootaatiin ala ka biraa barbaade, waan inni itti fuula gargale san irratti isa dhiifnee, ibidda jahannam isa qubsiifna. Booddeen isaa waa fokkate!] (Annisaa: 115).*

Rabbiin guddaan akka ilmi namaa haadhaa fi abbaa isaatti tola oolu, isaan galateeffatuu, waan gaarii isaaniif godhuu fi isaan tole jechutti nama ajajus, ajajni tole jechuu sun daangaa cubbuu dalaguu fi Rabbitti waa dabaluu irratti dhaabata.Yoo isaan daangaa san dabran dirqamni isaanitti waahiloomuu achitti dhaabata. Karaan hordofuun dirqama ta'u karaa nama gara Rabbii deebi'eeti.

﴿ وَوَصَّيۡنَا ٱلۡإِنسَٰنَ بِوَٰلِدَيۡهِ حَمَلَتۡهُ أُمُّهُۥ وَهۡنًا عَلَىٰ وَهۡنٖ وَفِصَٰلُهُۥ فِي عَامَيۡنِ أَنِ ٱشۡكُرۡ لِي وَلِوَٰلِدَيۡكَ
إِلَيَّ ٱلۡمَصِيرُ ١٤ وَإِن جَٰهَدَاكَ عَلَىٰٓ أَن تُشۡرِكَ بِي مَا لَيۡسَ لَكَ بِهِۦ عِلۡمٞ فَلَا تُطِعۡهُمَاۖ وَصَاحِبۡهُمَا
فِي ٱلدُّنۡيَا مَعۡرُوفٗاۖ وَٱتَّبِعۡ سَبِيلَ مَنۡ أَنَابَ إِلَيَّۚ ثُمَّ إِلَيَّ مَرۡجِعُكُمۡ فَأُنَبِّئُكُم بِمَا كُنتُمۡ تَعۡمَلُونَ
١٥ ﴾ لقمان: ١٤ - ١٥

*[Ilma namaatiif haadhaa fi abbaa isaatti (tola ooluu) dhaamneefi jirra. Haati isaa rakkina irraa rakkinaan isa baattee guddiftee hoossiftee waggaa lamatti lafaan geette. Na galateeffadhu, haadhaa fi abbaa keetis galateeffadha (jennee dhaamneef). Deebiin gara kiyyatti! Yoo akka (gabbartii keessatti) waan ati hin beeyne natti dabaltuuf ka si dirqamsiisan ta'e, tole isaan hin jedhin. Jireenya addunyaa kana irratti haala gaariin waliin jiraadhu. Karaa warra gara kiyya deebi'anii hordofi. Saniin booda deebiin keessan hundinuu gara kiyya. Waan isin dalagdan isiniif hima] (Luqumaan: 14-15).*

Gadaa balaan akkanatti keessatti baay'ate kanatti, namni Rabbitti amane namoota balbala waan gaariitiif banaa ta'anii waan badaaf cufaa ta'an, kan qoma isaanii keessa waliin jiraatu haa barbaadee itti hiriyyoomu. Isaan biratti hiriyyummaan bareenni argamti. Isaan biratti qilleensi gaariin toltuun keessatti

biqiltuu fi lubbuun namaa itti qulqullooftu argama. Hiriyyaa gaarii irraa waan gaarii, barakaa fi faaydaa malee badiin nama hin argattu. Hiriyyaa badaa irraa badii fi miidhaa malee homtuu hin argaman. Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* akkana jedhan: *"Fakkeenyi hiriyyaa gaarii fi badaa akka fakkeenya nama shittoo gurguruu fi afuuftuu ibidda tumtuu sibiilaati. Nama urgooftuu gurguru yookii irraa bitta ykn afuura bareedatu irraa sitti dhaya. Afuuftuun ibidda tumtuu sibiilaa immoo qaama kee ykn uffata kee si guba ykn immoo afuura badatu irraa si tuqa"*[17].

Hiriyyaa gaaritti hiriyyoomuun tooftaalee of qulqulleessuu keessaa isa tokko. Isaan lubbuun namaa badii adda addaa irraa fagaatti. Hiriyyaa gaariin qalbiin namaa qulqullooftì. Isaan yaanni namaa cimaa deema, dhiphinni nama irraa lafa gaya. Beekkumsa qabu keessatti dabala argata, hojii hojjatu keessatti mindaa Rabbiin irraa argata. Isaan amalli namaa qulqullaaya. Isaan Rabbiin baay'isee yaadata. Yoma dagateyyuu nama Rabbiin isa yaadachiisu argata. Yoo yaadates nama irratti isa gargaaru qaba.

Akkuma namoota gaggaaritti hiriyyoomuun balaa irraa nagaya nama baasu, namoota badii dalaganitti hiriyyoomuun jireenya addunyaa kana irratti karaa warra Rabbitti amanee irraa nama baasa, guyyaa boodaas sheenayuu fi quba uf nyaachutti geessa.

---

[17] - Al-Bukaarii, Sahiihu Al-Bukaarii, lakkoofsa Hadiisaa 2101, fuula 506.

﴿ وَيَوۡمَ يَعَضُّ ٱلظَّالِمُ عَلَىٰ يَدَيۡهِ يَقُولُ يَٰلَيۡتَنِي ٱتَّخَذۡتُ مَعَ ٱلرَّسُولِ سَبِيلٗا ٢٧ يَٰوَيۡلَتَىٰ لَيۡتَنِي لَمۡ أَتَّخِذۡ
فُلَانًا خَلِيلٗا ٢٨ لَّقَدۡ أَضَلَّنِي عَنِ ٱلذِّكۡرِ بَعۡدَ إِذۡ جَآءَنِيۗ وَكَانَ ٱلشَّيۡطَٰنُ لِلۡإِنسَٰنِ خَذُولٗا
٢٩ ﴾ الفرقان: ٢٧ - ٢٩

*[Gaafa namni uf miidhe quba isaa ciniinu, ee badii tiyya osoo ergamaa waliin karaa (sirrii ta'e) san qabadhee (jedhee sheenayu san yaa dadhu yaa Muhammad!). Ee badii tiyya! Osoo abaluu san jaalallee godhachuu baadhee. Qur'aana irraa na jallise eega inni natti dhufee. Sheyxaanni ilma namaa ka xiqqeesse ta'ee jira] (Al-Furqaan: 27-29).*

Namoota badii dalagan kanatti hiriyyoomuun, isaan jaalachuun, jireenya addunyaa kana irratti isaan hiriyyaa godhachuun gara jibbaa fi diinumatti jijjiiramuuf deemti. Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ ٱلۡأَخِلَّآءُ يَوۡمَئِذِۭ بَعۡضُهُمۡ لِبَعۡضٍ عَدُوٌّ إِلَّا ٱلۡمُتَّقِينَ ٦٧ ﴾ الزخرف: ٦٧

*[Guyyaa (qiyaamaa) san jaalalleewwan gariin waliif diina, warra Rabbitti amane malee] (zukruf: 67).*

Jireenya addunyaa kana irratti hiriyyaan gaariin hiriyyaa Masjidaati. Irra caalaan salaataa salaata gareen Masjidatti salaatan. Akkuma baay'inni namoota waliin salaatanii heddummataa dhufuun qalbiin namaa caalatti qulqullaayaa dhufti. Sababni isaas, salaanni namni tokko nama biraa tokko waliin salaatu isa kophaa isaa salaatu caalti. Ka inni nama lama waliin salaatu ka nama tokko waliinii san caalti, ka sanii ol heddummate Rabbiin biratti irra filatamaadha. Masjida keessa salaata gareetu jira, gareen ta'anii waa barsiisuu fi baratutu jira. Isa keessatti namni Rabbitti amane ufii fi Mu'umina biraatiifis

Rabbiin kadhata. Isa keessatti Muslimoonni walitti jiganii wal-dubbisuun badiin irraa harcaati. Huzeeyfaa ibna Al-Yamaanii ergamaan Rabbii akkana jedhan jedhe: ‘Namni Rabbitti amane tokko Mu’umina biraatiin walitti dhufee nagaya isa gaafatee yoo harka isa fuudhe, badiin isaanii akka baalli muka irraa harca’utti irraa harcaati’.

Hiriyyummaan *Masjidaa* garuu as qofatti hin dhaabattu. Sadarkaa *Masjida* keessaa fi alattis hawaasa naannoo waliin wal-dubbisuu, wal-jaalachuu, wal-gargaaruu fi wabii waliif ta’uu hunda of keessatti hammata.

**Tooftaalee Lubbuu Ufii Ittiin Qulqulleessan Keessaa Muraasni**

Qur’aana kabajamaa + Rabbiin faarsuu + Hiriyyummaa gaarii + … +… fi kkf

**Xumura**

Haala kanaan waa'ee *tazkiyyaa* irraa Qur'aanni ibsa gahaa kennee jira, gatii isaas ifatti ibsee jira. Dirreewwan isaatii fi tooftaalee qulqullina kanatti nama geessanis himee jira. Qulqullinni kun Qur'aana keessatti qulqullina nama dhuunfaa, miira lubbuu isaa fi amala qaama isaa qabata. Qulqullinni kun hawaasaa fi ummataafi. Ergamaan Rabbii ummata isaatiif qulqulleessaadha, hariiroo namaa fi seera jireenya isaanii qulqulleessaaf. Qulqullinni qabeenyaaf ta'a. zakaan qabeenya keessaa baafamu qulqullina, barakaa fi qabeenya nama dhuunfaa fi hawaasaa guddisa. Namni qabeenya ofii irraa zakaa baasu dhugumaan qulqullaayee jira. Rabbiin qulqullinaan isa qananiisa. Namni qulqullina Rabbii dhabe, inni ufii uf qulqulleessuun ykn namni biraa isa qulqulleessuun homa takka isa hin fayyadu. Inumayyuu baay'ee isa miidhutu mala.

Waa'ee qulqullinaa akka seerota safuulee ol'aanootti irraa wanti haasoyneef, ilma namaa kan Rabbiin dachii kana haa misoomsuuf jecha dachii kana rratti bakka bu'aa isa godhe san qofaan waan wal-qabate waan ta'eefi. Kanaafuu Rabbiin guddaan ilma namaa kanaaf akkamitti sadarkaalee qulqullinaa kan qaama isaa, sammuu isaa, qalbii isaa, amalaa fi naamusa isaa, qabeenyaa fi mallaqa isaa , seeraa fi hariiroo isaa keessatti akka dhawaataan guddataa dhufu isaaf hima. Hoffoltiin ilmi namaa kun jireenya addunyaa fi guyyaa boodaa keessatti argatu qulqullina inni horatuun akka madaalamus nuuf ibsee jira.

Kanaafuu akka Rabbi barbaadutti dachii kana kunuunsuu fi ijaaruun dirree kamiyyuu keessatti tazkiyaa tanaan ala galma hin gayu. Guddinni saayinsii, teknolojii, ijaarsaa, balballi

oomisha warshaa, daldalaa fi qonnaa soorachuu fi oomishuu babal'achuu fi adeemsa bulchiinsaa qindeessuu keessatti guddachuun qofti, yoo amala namaa kanaaf qulqullina hin argamsiisin gahaa miti. Yoo akkas ta'e kaayyoon Rabbii dhala namaa kana wal-beekuu, wal-fudhachuu, wal-guutuu, jaalallii fi tasgabbiin onnee namaa keessatti uumama.

Wal-guutiinsa beekkumsaa akka imaammata Muslimaa kan xiinxalaa, qorannoo fi amalaatti yoo fudhanne, sadarkaa *tazkiyaan* qabduu fi sonoota isiin irraa argamuu dabdeettu hubachuuf nu gargaara. Sonoota san keessaa akka fakkeenyaatti: sona wal-guutiinsa qaamaa, samuu fi ruuhii, sona argamni namaa kan dhuunfaa fi hawaasa jidduu jiru wal-guutuu fi sona beekkumsaa fi hojiin wal-guutuuti.

Ilmi namaa gatii *tazkiyaan* gama hundaan qabdu hanga deebifatutti, hawaasni bal'aan rakkinoota diinagdee fi siyaasaatiif, rakkinoota namummaa fi hawaasummaa kan baay'ee ulfaataa ta'aniif, dhibeewwan dhiphinaa fi hamileen namaa dadhabuutiif akka saaxilaman godha. Yeroo gatii isii san beeke,*tazkiyaa* jechuun amaloota gaggaarii, filatamaa fi wantoota gaggaarii ilmi namaa ittiin ibsamuu barbaadu hunda akka of keessatti qabattu namaaf ifa. Safuun ol'aantuun tun, hundee safuulee damee isii irraa fottoqaniiti. Safuuleen dameen sunis amala qaama waa  bulchuu fi bulchamuu (hoogganaa fi hoogganamaa), dureessaa fi hiyyeessa, beekaa fi barataa, hariiroo jidduu namoota dhuunfaa fi hawaasaa, gama hariiroo ummata jidduu fi hariiroo isaan qaamota alaa biraa waliin qaban of keessatti hammata. Sagantaaleen dhugaa battalaa jijjiiruu kamiyyuu bu'uura irratti ilma namaa irratti kan hundaa'ee fi

sadarkaa inni qalbii isaa, miira isaa, keessa isaa, amalaa fi dalagaa isaa qulqulleessa ta'uun isaa isaaf ifa gala.

Yaa Rabbii lubbuu teennaaf sodaa kee nuu kenniif, isii naaf qulqulleessi, ati irra caalatti isii qulqulleessitaa. Yaa Rabbi nu jalaa dhagayi.

# BOQONNAA SADAFFAA IJAARSA AKKA SAFUULEE OL'AANOOTTI

## SEENSA

Safuulee sheekni keenna Al-Alwaaniin safuulee gurguddoo sadan: Toowhiida, qulqullinaa fi ijaarsa jedhaniin sanitti deebinee irraa haasayuufi. Kutaa kana keessatti ijaarsi yaad-rimeewwan Qur'aana kabajamaa keessaa yaad-rimee handhuuraa waan ta'eef, bu'uura Qur'aanaa irraa kaanee mul'ata beekkumsaan gargaarame dhiyeessuuf yaalla. Haasoyni keenna gatii ijaarsaa fi hariiroo inni jireenya Rabbiin akka ilmi namaa itti jiraatuu qabu irraa barbaadu waliin qabu ilaalla. Hubannaan ijaarsaa nuti irraa haasayuuf deemnu kunis yaamicha Rabbiin ilma namaatiif dhiyeesse, dalagaawwan isaan hojjachuu qaban, waan Rabbi isaan irraa barbaaduu fi itti ajaju, akkasumas waan inni irraa dhoorgee fi akka irraa fagaatan ajaje waliin wal-qabata.

Kanaafuu ijaarsi safuu waa'ee dalagaa jireenya addunyaa keessattuu hojiiwwan hawaasaa kan akka dhimma akkaataa bulchiinsaa, dhimmoota namaa mijeessuun akkaataa jireenyaa isaaniif laaffisuu fi dirqamaa fi dhiphina isaan irraa kaasuun hidhata qaba. Akkasumas ijaarsi kun dhimmoota jireenya namaa waliin wal-qabatan kan akka: ijaarsa manneenii, daandiiwwanii, qonnaa fi warshaaleetiin akkuma hidhata qabu, gama jireenya namaa keessaa miira isaaniitiin wal-qabatu kan akka: nagaya buusuu, wal-qixxummaa, waliin marii Islaamaa (shuuraa) gaggeessuu waliinis hariiroo cimaa qaba. Namoonni dureeyyiin dhuunfaan hojiin isaanii bu'aa ummata bal'aatti dhimmamuu fi isaaniif mararfachuu yoo ta'u, ummanni bal'aan immoo dureeyyii fi bulchitootaa Rabbiin kadhachuu fi akka isaan humna dabalataa fi barakaa argatan isaan eebbisuudha.

Muslimoonni ijaarsa jechuu kallattii kanaan yoo hubatan, wanti gaggaariin hundi isaan keessatti babal'ata, dhaabbileen beekkumsaa isaan jiddutti heddummaatu. Rabbis barakaa dachii fi samii irraa itti bana. Ol jedhan gubbaa isaaniitii gadi jedhan luka isaanii jalaa nyaatu. Kun immoo jireenya qananii bal'aa ta'e akka jiraatan, qaroomaa fi tooftaalee guddina jireenyaa akka isaan dagaagsanii dhala namaa hunda jiddutti facaasaniif isaan gargaara. Kunis gama isaatiin ummatoota biraatiif akka fakeenya ta'an isaan godha.

Muslimoonni ijaarsa kallattii olitti ibsine kanaan hubachuu dhabnaan, yeroo ammaa humni jijjiiramaaf isaan qaban hundi harkatti laamshayee, aangoon isaanii hundi kufee, ijaarsi isaanii diiggamee, diinni isaan irratti ol baye. Dadhabina isaan muudate keessaa: ilaalchi isaanii dadhabuu, fiixee wanta maraa qaqqabuu irraa duubatti harkifachuu fi jireenya ceem'aa fi duubatti hafiinsaa filachuudha. Haala akkanaa kanaaf kan ummata saaxile gosa beekkumsa addaa fi hubannoowwan sirrii hin ta'in kan beekkumsa shari'aa waliin gonkumaa hidhata hin qabne, kan jireenya addunyaa kana tuffachuu dhaadhessu, kan jireenya san gatii dhabsiisu, isitti dugda deebi'aa ka jedhu, tika hawaasaa, bu'aa isaanii eegsisuu, aantummaa ummataa qabaachuu fi dirqama isaan nama irraa qaban bayachuu ilaalcha tuffatuudha.

Akkuma baratame, haasaya waa'ee ijaarsaa keenna kana dursa akka afaan Qur'aanaatti maal jechuu akka ta'e irraa eegalla. Sana booda hariiroo jidduu dachii misoomsuu fi akkaataa isii irra jiraachuu kan Qur'aanni ifa nuuf godhe san ilaalla. Ibsa waa'ee ijaarsaa kana yeroo ilaallu, hayyuu *Abdurrahmaan bin Kalduun*

jedhamu kan ibsa *Qur'aanaa* irraa qabsiifatee waa'ee ijaarsaa irratti saayinsii haaraya, 'saayinsii ijaarsa namummaa' jedhamu hundeesse ilaallu malee bira hin kunnu.

**Tokkoffaa: Ijaarsa Akka Afaan Qur'aanaatti**

Jechi ijaare ykn jiraachise (kunuunse) jedhu Qur'aana keessatti yeroo Digdamii –Shan bifa maqaa Aala Imraan (warra Imraan) jedhuun deddeebi'e.

﴿ ۞ إِنَّ ٱللَّهَ ٱصۡطَفَىٰٓ ءَادَمَ وَنُوحٗا وَءَالَ إِبۡرَٰهِيمَ وَءَالَ عِمۡرَٰنَ عَلَى ٱلۡعَٰلَمِينَ ٣٣ ﴾ آل عمران: ٣٣

*[Aadamii fi Nuuhiin, warra Ibraahiim fi warra Imraan Rabbi addunyaa hunda caalaa isaan filate] (Aala Imraan: 33).*

﴿ وَمَرۡيَمَ ٱبۡنَتَ عِمۡرَٰنَ ٱلَّتِيٓ أَحۡصَنَتۡ فَرۡجَهَا فَنَفَخۡنَا فِيهِ مِن رُّوحِنَا وَصَدَّقَتۡ بِكَلِمَٰتِ رَبِّهَا وَكُتُبِهِۦ وَكَانَتۡ مِنَ ٱلۡقَٰنِتِينَ ١٢ ﴾ التحريم: ١٢

*[(Rabbiin) waa'ee Maryamaa intala Imraan (fakkeenya namaaf kaaye). Isiin qaama saalaa isii (badii irraa) tiksitee, (gadaamessa) isii keessatti ruuhii afuufnee, jechootaa fi kitaabota Rabbiin irraa buufaman dhugoomsitee warra tole jedhan irraa taate] (Attahriim: 33).*

﴿ إِذۡ قَالَتِ ٱمۡرَأَتُ عِمۡرَٰنَ رَبِّ إِنِّي نَذَرۡتُ لَكَ مَا فِي بَطۡنِي مُحَرَّرٗا فَتَقَبَّلۡ مِنِّيٓۖ إِنَّكَ أَنتَ ٱلسَّمِيعُ ٱلۡعَلِيمُ ٣٥ ﴾ آل عمران: ٣٥

*[Wayta Niitiin Imraan yaa Rabbi ani waan garaa kiyya keessa jiru kana bilisaan sii kennee jiraa narraa fuudhi, Ati dhagayaa fi beekaadha (jettu yaadadhu)] (Aala Imraan: 35).*

Yeroo sadi immoo bifa maqaa Umraa kan yeroo hunda Masjida Haramaa namoota umraa kana raawwataniin guutee bareechee, guyyoota waggaa keessa jiran hunda osoo addaan hin cinne bohaartii baasu saniin dubbatame.

﴿ وَأَتِمُّوا۟ ٱلْحَجَّ وَٱلْعُمْرَةَ لِلَّهِ ۚ فَإِنْ أُحْصِرْتُمْ فَمَا ٱسْتَيْسَرَ مِنَ ٱلْهَدْىِ ۖ وَلَا تَحْلِقُوا۟ رُءُوسَكُمْ حَتَّىٰ يَبْلُغَ
ٱلْهَدْىُ مَحِلَّهُۥ ۚ فَمَن كَانَ مِنكُم مَّرِيضًا أَوْ بِهِۦٓ أَذًى مِّن رَّأْسِهِۦ فَفِدْيَةٌ مِّن صِيَامٍ أَوْ صَدَقَةٍ أَوْ نُسُكٍ ۚ فَإِذَآ أَمِنتُمْ فَمَن
تَمَتَّعَ بِٱلْعُمْرَةِ إِلَى ٱلْحَجِّ فَمَا ٱسْتَيْسَرَ مِنَ ٱلْهَدْىِ ۚ فَمَن لَّمْ يَجِدْ فَصِيَامُ ثَلَٰثَةِ أَيَّامٍ فِى ٱلْحَجِّ وَسَبْعَةٍ إِذَا رَجَعْتُمْ ۗ تِلْكَ
عَشَرَةٌ كَامِلَةٌ ۗ ذَٰلِكَ لِمَن لَّمْ يَكُنْ أَهْلُهُۥ حَاضِرِى ٱلْمَسْجِدِ ٱلْحَرَامِ ۚ وَٱتَّقُوا۟ ٱللَّهَ وَٱعْلَمُوٓا۟ أَنَّ ٱللَّهَ شَدِيدُ ٱلْعِقَابِ
﴿١٩٦﴾ ﴾ البقرة: ١٩٦

[*Hajjii fi Umraas Rabbiif jedhaatii guutaa. Yoo (guutuu raawwachuu irraa) wanti isin dhoorgu jiraate, kennaa irraa waan dandeettan qalaa. Rifeensa mataa keessanii hanga kennaan sun bakka isii geettutti hin haadinaa. Isin irraa namni dhukkubsataa ta'e yookii ka mataan isa dhukkubu yoo jiraate, soomaan ykn kennaan ykn qaluun fidyaa haa baasu. Yeroo nagaa taatan, namni Umraadhaan hanga Hajjitti qanani'e hadyii irraa waan isaaf laafetu irra jira. Namni hin argatin, guyyaa sadi Hajjii keessatti, (guyyaa) torba immoo yeroo deebitan (soomuu qabdu). Sun (guyyaa) kudhan guutuu dha. (Hadyiin ykn soomuun) sun nama maatiin isaa Masjida Al-Haraam bira (jiraataa Makkaa) hin ta'iinf qofa. Rabbiin sodaadhaa; adabbiin Rabbii cimaas ta'uu beekaa] (al-Baqarah: 196).*

Iddoo saditti immoo Masjida ijaaruu, isa tajaajiluu fi isa keessatti salaatuu ilaalchisee dubbatame**.**

﴿ مَا كَانَ لِلۡمُشۡرِكِينَ أَن يَعۡمُرُواْ مَسَٰجِدَ ٱللَّهِ شَٰهِدِينَ عَلَىٰٓ أَنفُسِهِم بِٱلۡكُفۡرِۚ أُوْلَٰٓئِكَ حَبِطَتۡ
أَعۡمَٰلُهُمۡ وَفِي ٱلنَّارِ هُمۡ خَٰلِدُونَ ﴿١٧﴾ إِنَّمَا يَعۡمُرُ مَسَٰجِدَ ٱللَّهِ مَنۡ ءَامَنَ بِٱللَّهِ وَٱلۡيَوۡمِ
ٱلۡأٓخِرِ وَأَقَامَ ٱلصَّلَوٰةَ وَءَاتَى ٱلزَّكَوٰةَ وَلَمۡ يَخۡشَ إِلَّا ٱللَّهَۖ فَعَسَىٰٓ أُوْلَٰٓئِكَ أَن يَكُونُواْ مِنَ
ٱلۡمُهۡتَدِينَ ﴿١٨﴾ ۞ أَجَعَلۡتُمۡ سِقَايَةَ ٱلۡحَآجِّ وَعِمَارَةَ ٱلۡمَسۡجِدِ ٱلۡحَرَامِ كَمَنۡ ءَامَنَ بِٱللَّهِ وَٱلۡيَوۡمِ ٱلۡأٓخِرِ
وَجَٰهَدَ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِۚ لَا يَسۡتَوُۥنَ عِندَ ٱللَّهِۗ وَٱللَّهُ لَا يَهۡدِي ٱلۡقَوۡمَ ٱلظَّٰلِمِينَ ﴿١٩﴾التوبة: ١٧ - ١٩

[*warroonni Rabbitti waa dabalan akka Rabbitti kafaran ragaa ofitti bayaa Masjida ijaaruun isaaniif hin malu. Dalagaawwan isaanii baddee jirti. Ibidda Jahannam keessa yeroo dhuma hin qabneef jiraatu. Namni Masjida Rabbii ijaaru nama Rabbitti amanee, guyyaa boodaa dhugoomsee, salaata salaatee, qabeenya isaa irraa zakaa baafatee Rabbiin malee nama kamiyyuu sodaatuu dhabe. Isaan sun warroota karaa sirrii irratti qajeelan. Namoota hajjii raawwatan bishaan obaasuu fi Masjida Haramaa ijaaruu keessan akka nama Rabbitti amanee, guyyaa boodaa dhugoomsee, karaa Rabbii keessatti duulee gootanii? Rabbiin biratti wal-hin qixxaayan. Rabbiin tuuta lubbuu ufii miidhan hin qajeelchu] (Attowbaa: 17-19).*

Yeroo tokko immoo mana ijaaramatti akeekuuf dubbatamte.

﴿ وَٱلطُّورِ ﴿١﴾ وَكِتَٰبٖ مَّسۡطُورٖ ﴿٢﴾ فِي رَقّٖ مَّنشُورٖ ﴿٣﴾ وَٱلۡبَيۡتِ ٱلۡمَعۡمُورِ ﴿٤﴾ ﴾ الطور: ١ - ٤

*[Gaara Xuur jedhamuun (kakadhe jedha Rabbii). Kitaaba (Qur'aana) barraayeen (kakadhe). Mana (Malaa'ikaan) ijaarame (kan baay'ina isaaniitiin guutameen* kakadhe] (Axxuur: 1-4).

Manni gabbartii Rabbiitiin ijaarame (kunuunfame) kunis Masjida Haramaa kan namoonni itti naannayan ykn mana samii keessaa kan Malaa’ikoonni itti naannayan ta’uu danda’a.

Yeroo sadi immoo hiika dachii kana keessatti qubatanii isii qotanii irraa fayyadamuu, manneen jireenyaa ijaaruu, gamoowwan adda addaa utubuu, jireenya qaroomaa jiraachuun jireenya baadiyaa fi jireenya iddoo gara iddoo biraatti godaanaa jiraatan dhiisuun dubbatamte. Rabbiin gosa waggoota dheeraaf dachii kana irra jiraatanii humna guddaa horatanii, dachii kana qotanii albuuda isiin qabdu keessaa baafatan irraa haasayee jira.

﴿ أَوَلَمْ يَسِيرُوا فِي الْأَرْضِ فَيَنظُرُوا كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الَّذِينَ مِن قَبْلِهِمْ ۚ كَانُوا أَشَدَّ مِنْهُمْ قُوَّةً وَأَثَارُوا
الْأَرْضَ وَعَمَرُوهَا أَكْثَرَ مِمَّا عَمَرُوهَا وَجَاءَتْهُمْ رُسُلُهُم بِالْبَيِّنَاتِ ۖ فَمَا كَانَ اللَّهُ لِيَظْلِمَهُمْ
وَلَٰكِن كَانُوا أَنفُسَهُمْ يَظْلِمُونَ ﴿٩﴾ ﴾ الروم: ٩

*[sila dachii keessa deemanii booddeen warroota isaan dura turanii maal akka taate hin ilaalanii? (warroonni isaan duraa sun) isaan kana caalaa humna qaban, dachii qotanii facaasanii waan isaan ijaaran kana caalaa ijaaranii turan. Ergamtoonni keenna ragaa ifa gala ta’e qabatanii isaanittii dhufnaan (kijibsiisan). Rabbiin isaan hin mine ufumaa lubbuu isaanii miidhan] (Arruum: 9).*

Tariitii gosti Rabbi lafarraa balleesse tun gosa Aadii kan tuuta nabi *Huud* san ta’utu mala. Gosti sun lafa gaaraa irratti manneen ijaaranii gamoowwanii fi dallawa jajjaba dhaabuun beekamu. Waa’ee isaanii kana irratti Nabiyyiin Huud akkana isaaniin jedhe:

﴿ أَتَبْنُونَ بِكُلِّ رِيعٍ آيَةً تَعْبَثُونَ ﴿١٢٨﴾ وَتَتَّخِذُونَ مَصَانِعَ لَعَلَّكُمْ تَخْلُدُونَ ﴿١٢٩﴾ ﴾
الشعراء: ١٢٨ - ١٢٩

*[Ittiin dhaadachuuf iddoo ol ka'aa hundatti manneen ijaartanii. Kuni tapha. Gamoowwanii fi dallawa akka waan yeroo dhuma hin qabneef keessa jiraattaniitti ijaarattu] (Ashu'araa: 128-129).*

Waan jireenya isaanii guutuu osoo hin dune dachii kana irra jiraatan uf se'an.

Yeroo tokko immoo jechi ijaarsa jedhu kun hiika jireenya jedhuun dubbatame. Sunis yeroo Rabbiin guddaan waan isaan hin malle irraa qulqullaaye jireenya ergamaa isaa nabi Muhammadiin (Nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) kakate:

﴿ لَعَمۡرُكَ إِنَّهُمۡ لَفِي سَكۡرَتِهِمۡ يَعۡمَهُونَ ﴿٧٢﴾ ﴾ الحجر: ٧٢

*[Umrii keetiin siif kakadhe, isaan (gosti nabi Luux) dhama'a guddaa keessa jiran] (Al-Hijr: 72).*

Jechoonni hafan hundinuu umrii namaa kana irra yeroon baay'een irra tarutti akeeka. Umriin nama tokkoo dheeratee, waggaa heddu jiraatee, hanga dulloomee akka daa'imaa gadi deebi'u takkaa dheeratuu mul'isa.

﴿ بَلۡ مَتَّعۡنَا هَٰٓؤُلَآءِ وَءَابَآءَهُمۡ حَتَّىٰ طَالَ عَلَيۡهِمُ ٱلۡعُمُرُۗ أَفَلَا يَرَوۡنَ أَنَّا نَأۡتِي ٱلۡأَرۡضَ نَنقُصُهَا مِنۡ أَطۡرَافِهَآۚ أَفَهُمُ ٱلۡغَٰلِبُونَ ﴿٤٤﴾ ﴾ الأنبياء: ٤٤

*Jara kanaa fi abbootii isaaniis haga umriin isaanitti dheeratu takkaa isaan qananiifnee jirra. Sila isaan akka nuti dachii tana qaccee irraa hir'ifnu hin arganii. Injifachuu ni danda'anii] (Al-Anbiyaa: 44).*

﴿ وَٱللَّهُ خَلَقَكُمۡ ثُمَّ يَتَوَفَّىٰكُمۡۚ وَمِنكُم مَّن يُرَدُّ إِلَىٰٓ أَرۡذَلِ ٱلۡعُمُرِ لِكَيۡ لَا يَعۡلَمَ بَعۡدَ عِلۡمٖ شَيۡـًٔاۚ إِنَّ ٱللَّهَ عَلِيمٞ قَدِيرٞ ﴿٧٠﴾ ﴾ النحل: ٧٠

*[Rabbiin isin uumee booda irra isin ajjeesa. Isin irraa nama umrii dheeratee gara umrii gadi aanaatti deebi'ee, eega beekaa ta'een booda akka waan takka hin beeyneetti deebi'utu jira. Rabbiin beekaadha, danda'aadhas] (Annahl: 70).*

Umriin namaa dheerachuun hojii wayii fiixa baasuuf, itti gaafatamummaa qaban bayachuuf, kaayyoo wayii galmaan gayuuf wanta barbaadamu ta'uun shakkii hin qabu. Turtiin yeroo nama irra dabruun guddina ilma namaa keessatti qabiyyee wantoonni akka qabeenyaa fi afuuraa kan namaaf barbaachisan namaaf guutamuun guddina kana saffisiisan keessaa isa tokko. Turtiin yeroo nama irra dabruun kun hawaasni tokko sadarkaa ijaarsaa fi boca qaroomaa wayii irra gayuuf barbaachisa.

Hayyuun *Maalik Binu Nabiyyi* jedhamu seera qabiyyee qaroomaa tokko ijaaruuf barbaachisan jedhee qaba. Seerri sunis ga'ee ilmi namaa qabeenya barbaachisan walitti qabuuf ifaajee fi jaarmaya qaroomaa dhaabuuf turtiin yeroo gahaa ta'e irra dabruu akka qabu mul'isa. Akka ilaalcha isaatti[18], qabiyyeen sadan (ilma namaa, biyyee fi yeroon) kun walitti qabamuun qofti dirqamaan haala qaroomaa wayii uumuu qaba jechuu miti jedha. Qaroomni uumamuun jajjabina afuuraa ykn balaqqa'iinsa dandeettii qabiyyeewwan kana si'eessee akka isiin gahee qarooma uumuu san bayachuuf kakaasu qabaachuu barbaachisaadha.

---

[18] - Ibnu Nabiyyi, Shuruuxu Annahdaa (ulaagaalee guddinaa), hiikkaa Abdussabuur Shaahiin fi Umar Kaamil, Damaskas: mana maxxansaa Daaru Al-Fikri, bara 1979, fuula 44.

## Caaseffama ijaarsa Qaroomaa Maalik Ibnu Nabiyyii biratti

Jechoota Qur’aanaa keessatti faallaan ijaarsaa: badi dalaguu, nama ajjeesuu, dhiiga dhangalaasuu, qabeenya mancaasuu, waa diddiiguu fi barbadeessuudha. Qur’aana kabajamaa keessatti, jechoonni kunniin hundinuu faallaa jireenyi namaa bifa baratameen itti fufiinsa qabaachuu, Masjidoonni namoota Rabbiin gabbaranii fi isa faarsaniin guutamuu fi jireenya qajeelluma Rabbii irraa dabuu dhabuun (faallaa isaa) ta’ee dubbatame.

Qur’aana kabajamaa keessatti, jechi ijaarsa jedhu haala kanaan hiikkaawwan wal keessa seenan, kan gahee wal-guutiinsaa taphatan kanneen hiika baay’ee qabaniin guutamee dubbatame. Ijaarsa jechuun: akkaataa jireenyaa, akkaataa ijaarsa manneenii, ijaarsa qabeenyaa, ijaarsa duudhaa fi xiinxalaa jechuudha. Keeyyatoota itti aanan keessatti haallan tarreessine kana Qur’aana keessaa fakkeenya itti fiduu waliin irraa dubbanna.

### 1) Akkaataa Jireenyaa:

Haalli jireenya nama dhuunfaa turtii yerootiin booda galma gaya. Haala namni jireenya kana keessa jiruun guyyootaa fi waggoota heddutu irra dabra. Fir’oowna Nabi Muusaan akkana jedhe.

﴿ قَالَ أَلَمۡ نُرَبِّكَ فِينَا وَلِيدٗا وَلَبِثۡتَ فِينَا مِنۡ عُمُرِكَ سِنِينَ ١٨ ﴾ الشعراء: ١٨

*[ Dhalattee uf biratti si hin guddifnee? jedheen, umrii kee irraa waggoota baay’ee nu biratti hin dabarsinee] (Ashu’araa: 18).*

Jireenyi ilma namaa garaa haadha isaa keessaa eegalee booda gara jiruu addunyaa kanatti gadi baya. Turtiin booda yeroon isaa dhumatee duuti itti dhuftee addunyaa kana irraa godaanee hanga guyyaa dhumaa (qiyaamaatti) garaa biyyee keessa tura. Saniin boodas jireenya dhuma hin qabneef qabrii irraa kaafama.

Ilmi namaa jireenya isaa kan ganda addunyaa kana dhalattuu ta’ee eegala. Saniin booda daa’ima waa addaan hin baafatin, booda dargaggeessa, booda jaarsa dulloome, booda umrii gadamoojjummaatti deebi’a. Akkuma namni dhuunfaan tokko addunyaa kana irratti umrii murtaawe qabu, ummannis umrii murtaawe qaba. Ummanni tokkos waggoota hedduuf, dhaloota baay’eef jireenya isaa tikfatee, aangoo fi tasgabbii isaa eeggatee hanga yeroo murtaa’e wayiitiif jiraata. Gaafa umriin isaa dhumate argamni ummata sanii ni dhaabbata. Yeroo san ummatichi faffaca’ee, eenyummaan isaa bade, aangoon isaanii dhabamtee, ummatichi lafarraa sutee, manneen isaanii kan dur namaan guutame sun hundi onee qullaa hafa**.**

﴿ فَٱنظُرۡ كَيۡفَ كَانَ عَٰقِبَةُ مَكۡرِهِمۡ أَنَّا دَمَّرۡنَٰهُمۡ وَقَوۡمَهُمۡ أَجۡمَعِينَ ٥١ فَتِلۡكَ بُيُوتُهُمۡ
خَاوِيَةَۢ بِمَا ظَلَمُوٓاْۚ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَةٗ لِّقَوۡمٖ يَعۡلَمُونَ ٥٢ ﴾ النمل: ٥١ – ٥٢

*[Manneen isaanii san waan isaan lubbuu isaanii miidhaniif ona goonee jirra. Namoota waa beekaniif sun mallattoodha] (Annaml: 51-52).*

Umriin namaa yoo jireenya Rabbi isa irraa barbaadu san keessatti hin dhumin, yoo waan Rabbi isa itti waame saniif hin awwaatin, turtiin yeroo fi waggootaa qofti nama irra taruun bu’aa fi gatii wayiituu hin qabu.

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱسۡتَجِيبُواْ لِلَّهِ وَلِلرَّسُولِ إِذَا دَعَاكُمۡ لِمَا يُحۡيِيكُمۡۖ وَٱعۡلَمُوٓاْ أَنَّ ٱللَّهَ يَحُولُ بَيۡنَ ٱلۡمَرۡءِ وَقَلۡبِهِۦ وَأَنَّهُۥٓ إِلَيۡهِ تُحۡشَرُونَ ٢٤ ﴾ الأنفال: ٢٤

*[Yaa warra (Rabbitti) amantan! Yeroo Rabbii fi ergamaan isaa waan isin jiraachisutti isin waaman jalaa awwaadhaa] (Al-Anfaal: 24).*

Ilmi namaa yaamicha Rabbii kan waan jireenya isaanii fiixa baasu, waan umrii isaanii safuu haqaa, waan gaarii fi fooyya'iinsaan guututti waamu san jalaa awwaatan malee, umriin namaa bu'aa wayiituu hin qabaatu, dhumni jireenya isaanii jallinaa fi karaa irraa badiinsa qofa ta'a.

Faallaan jireenya addunyaa kana irra ilmi namaa hanga umrii wayiitiif jiraachuu, jireenyi isaa sun du'aan goolabamuudha. Dachii tana lafa irraan, galaanaa fi qilleensa irraan irratti dalaganii irraa fayyadamuun kallattiidhaan jireenyaan, lubbu- qabeeyyiiwwan adda addaa baraaruun jireenyaan hidhata qaba. Jiraachisuun armaan olitti jenne sun dachii misoomsuu fi jiraachisuu waliin kalattiin wal-qabata. Misoomsuu fi jiraachisuun kunis waan Rabbiin dachii tana keessa kaaye, waan inni galaana keessaa fi qilleensa keessa kaaye hunda bifa sirrii ta'een itti fayyadamuu of keessatti hammata.

Kanaafi Qur'aanni kabajamaan jireenya namaa badii fi yakkaan dhabamsiisuun akka waan ilma namaa hunda lafa irraa fixuuti, isii jiraachisuun immoo akka waan dhala namaa hunda jiraachisuuti wanti inni jedheef.

﴿ مِنۡ أَجۡلِ ذَٰلِكَ كَتَبۡنَا عَلَىٰ بَنِيٓ إِسۡرَٰٓءِيلَ أَنَّهُۥ مَن قَتَلَ نَفۡسَۢا بِغَيۡرِ نَفۡسٍ أَوۡ فَسَادٖ فِي ٱلۡأَرۡضِ فَكَأَنَّمَا قَتَلَ ٱلنَّاسَ جَمِيعٗا وَمَنۡ أَحۡيَاهَا فَكَأَنَّمَآ أَحۡيَا ٱلنَّاسَ جَمِيعٗاۚ

وَلَقَدۡ جَآءَتۡهُمۡ رُسُلُنَا بِٱلۡبَيِّنَٰتِ ثُمَّ إِنَّ كَثِيرٗا مِّنۡهُم بَعۡدَ ذَٰلِكَ فِي ٱلۡأَرۡضِ لَمُسۡرِفُونَ

٣٢ ﴾ المائدة: ٣٢

*[Sababa saniif ilmaan Israa'iil irratti namni gumaa lubbuu takka baafachuun alatti lubbuu namaa baase, akka waan lubbuu dhala namaa hunda baaseeti. Namni lubbuu jiraachise immoo akka waan dhala namaa hunda jiraachiseeti. Ergamtoonni teenna dhugaa ifa gala ta'een isaanitti dhufanii, booda hedduun isaanii dachii keessatti badii dalaguu eegalan] (Al-Maa'idaa: 32).*

kabaja jireenyi qabu ol kaasuun, gatii isii beekanii tikfachuun: dachii misoomsuudha. Jireenya ajjeesuu jechuun immoo dachii keessatti badii dalaguudha. Ijaarsi kun qaama namaa jireenyaan ijaaruu ta'uu danda'a. Itti gaafatamummaan dachii kana irratti bakka bu'uu kan fiixa bayuun haga lubbuun jiran dachii hunda keessatti ijaarsa raawwachuuni. Faallaan gocha ijaarsaa fi dachii irratti bakka bu'aa ta'uu mirkaneessu, dachii tana irratti badii dalaguudha. Irra fokkisaan badii dachii tana irratti raawwatamuu lubbuu namaa galaafatuun jireenya isii addaan kutuudha.

Ilmi namaa amaanaa bakka bu'ummaa fi itti gaafatamummaa ijaarsaa bayachuun hojii jireenyi namaa hanga gaafa umriin isaa dhumatee du'aan addunyaa kana irraa boqatutti ittiin qanani'uudha. Kan du'a isaatiin boodas gama kennaa namaa yaatu kennachuutiin, beekkumsa nama fayyadu of duubatti dhiisuutiin ykn ilmi gaariin Rabbiin namaaf kadhatu nama duuba hafuutiin jireenya guyyaa boodaa sanitti ittiin qanani'uu bira kutee namoota biraas fayyaduudha. "Gabrichi tokko gaafa du'e dalagaan isaa hunduu irraa citti waa sadi malee: kennaa namaaf

yaatu (ta addaan hin cinne), beekkumsa nama fayyaduu fi ilma gaarii Rabbiin namaa kadhatu”[19].

Dalagaan kun haga dhalli namaa dachii kana irra jiru, gosa hojii dhaloota irraa gara dhaootaatti ummata tokko irraa gara ummata biraatti daddarbu ta’ee itti fufa. Yoo ijaarsi kun hanqina godhatee badii namni dalaguun addaan cite, jireenyi namni addunyaa kana irratti jiraatu gara dhiphinaa fi gaaga’amaatti jijjiirama.

﴿وَمَنۡ أَعۡرَضَ عَن ذِكۡرِي فَإِنَّ لَهُۥ مَعِيشَةٗ ضَنكٗا وَنَحۡشُرُهُۥ يَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِ أَعۡمَىٰ ١٢٤﴾
طه: ١٢٤

*Namni na faarsuu irraa dugda deebi’e isaaf jireenya dhiphinaatu jiraaf, guyyaa qiyaamaa immoo jaamaa goonee isa kaafna. Rabbii kiyya maaliif jaamaa gootee na kaafte? (jiruu addunyaa irratti) nama ija qabu ture jedha]* (Xaahaa: 124).

Ijaarsi karaa Rabbii irratti jiraachuudha. Ijaarsi ganda addunyaa fi guyyaa boodaattis waan gaarii fi barakaa namaa qabu. Badii dalaguun immoo addunyaa fi aakirattis dhiphinaa fi rakkina.

Ilmi namaa umrii isaa guutuu jireenya isaa keessatti gosa hojii adda addaa, qabeenyaa fi afuuraan guddachuuf tattaafata. Tariitii tattaaffiin isaa sun hundi mindaa guyyaa boodaa argachuuf ta’a. Inumayyuu bira kutuun haga qooda isaa kan jireenya addunyaa kanaatti fayyadamuu fa’a haga dagatu takka gaya.

---

[19] - Muslim, Sahiihu Muslim, lakkoofsa Hadiisaa 1631, fuula 1016.

﴿ وَٱبۡتَغِ فِيمَآ ءَاتَىٰكَ ٱللَّهُ ٱلدَّارَ ٱلۡأٓخِرَةَۖ وَلَا تَنسَ نَصِيبَكَ مِنَ ٱلدُّنۡيَاۖ وَأَحۡسِن كَمَآ أَحۡسَنَ ٱللَّهُ إِلَيۡكَۖ وَلَا تَبۡغِ ٱلۡفَسَادَ فِي ٱلۡأَرۡضِۖ إِنَّ ٱللَّهَ لَا يُحِبُّ ٱلۡمُفۡسِدِينَ ٧٧ ﴾ القصص: ٧٧

*[waan Rabbi siif kenne keessatti (mindaa) ganda guyyaa boodaa ittiin kajeeli. Qooda kee ka jireenya addunyaas (itti fayyadamuu) hin dagatin] (Al-Qasas: 77).* Haala akkanaa kana keessatti ilmi namaa jireenya isaa ka ganda keessa dabriinsaa fi ganda qubsuma hundeessee ijaarata**.**

﴿ مَنۡ عَمِلَ صَٰلِحٗا مِّن ذَكَرٍ أَوۡ أُنثَىٰ وَهُوَ مُؤۡمِنٞ فَلَنُحۡيِيَنَّهُۥ حَيَوٰةٗ طَيِّبَةٗۖ وَلَنَجۡزِيَنَّهُمۡ أَجۡرَهُم بِأَحۡسَنِ مَا كَانُواْ يَعۡمَلُونَ ٩٧ ﴾ النحل: ٩٧

*[Dhiiraa fi dubartii irraa haala Rabbitti amanuun nama waan gaarii dalage, (jireenya addunyaa kanarratti) jiruu bareeda isi jiraachifna. (Guyyaa boodaa immoo) mindaa dalagaa isaanii waan isaan dalagan caalaa galata deebinaaf] (Annahli: 97).*

Ilma namaa irraa nama jireenya addunyaa kana irratti qabeenya horachuuf tattaafii godhee, jireenya guyyaa boodaa ijaaruu guutumatti dagatutu jira. Tattaaffiin inni jireenya addunyaa kana keessatti godhuu fi ijaarsi inni isii keessatti ijaaru hundi booddeen isaa karaa irraa jallachuudha.

﴿ ٱلَّذِينَ ضَلَّ سَعۡيُهُمۡ فِي ٱلۡحَيَوٰةِ ٱلدُّنۡيَا وَهُمۡ يَحۡسَبُونَ أَنَّهُمۡ يُحۡسِنُونَ صُنۡعًا ١٠٤ ﴾ الكهف: ١٠٤

*[Isaannan tattaaffiin isaan jireenya addunyaa irratti godhan karaa irraa jalaa dabe, waan hojii sirrii hojjatan se’u] (Al-Kahf: 104).*

Jireenya jiruu addunyaa ufii ijaaranii kan guyyaa boodaa diiguun, bu'aan isaa ijaarsa hin jedhamu. Kana irratti *Abu Al-Fathi Al-Bastii* namni jedhamu akkana jechuun walaleesse:
"Yaa ka ganda diigamaa ijaaruuf tattaafatu hoo! Rabbii jedhii umrii ufii diiguun ijaarsa ni ta'aa?"

Ilmi namaa ijaarsa dachii misoomsuutiin dhaabachuun isaa yaamicha *Rabbii* guddaa awwaachuudha

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱسۡتَجِيبُواْ لِلَّهِ وَلِلرَّسُولِ إِذَا دَعَاكُمۡ لِمَا يُحۡيِيكُمۡۖ وَٱعۡلَمُوٓاْ أَنَّ ٱللَّهَ يَحُولُ بَيۡنَ ٱلۡمَرۡءِ وَقَلۡبِهِۦ وَأَنَّهُۥٓ إِلَيۡهِ تُحۡشَرُونَ ٢٤ ﴾ الأنفال: ٢٤

*[Yaa warra (Rabbitti) amantan! Yeroo Rabbii fi ergamaan isaa waan isin jiraachisutti isin waaman jalaa awwaadhaa] (Al-Anfaal: 24).*

Rabbii fi ergamaa isaatii awwaachuu diduu fi isaanitti dugda garagaluun, dachii irratti badii dalaguu fi lafa balleessuudha.

﴿ وَإِذَا تَوَلَّىٰ سَعَىٰ فِي ٱلۡأَرۡضِ لِيُفۡسِدَ فِيهَا وَيُهۡلِكَ ٱلۡحَرۡثَ وَٱلنَّسۡلَۚ وَٱللَّهُ لَا يُحِبُّ ٱلۡفَسَادَ ٢٠٥ ﴾ البقرة: ٢٠٥

*[yoo si biraa achi gargale (yaa Muhammad), dachii keessa badii dalaguun lafa balleessa, facaasaa fi hortee mara balleessa. Rabbiin warroota waa balleessan hin jaalatu] (Al-Baqarah: 205).*

Namni waamicha Rabbii kan dachii kunuunsutti yaamutti dugda deebi'ee, badiin lafa balleessee facaasaa fi horuu mara balleesse, yoo hawaasni badii dalaguu irraa harka isaa san qabanii miidhaa fi badii raawwachuu irraa hin dhoorgin, dhumni miidhaa fi badii inni qaqqabsiisee sun isa qofa irratti ka dhaabatuu miti.

Ummanni kamiyyuu ka yaamicha jireenya ijaaruu, dachii misoomsuu fi qajeelluma barbaaduu irraa dugda deebi'ee, waraana bu'aa hin qabne banee dhiiga dhangalaasuun badii fi miidhaa lafa irraan gayee, qonnaa fi jijjiirama namni irraa fayyadamu irratti miidhaa qaqqabsiisee qabeenya dachii irraa bayu qisaasessuun sirnaan itti fayyadamuu dhabee keemikaalota summaawwaa fi faalama qilleensaatiin ka dachii rakkise, booddeen badii ummata sanii qonnaa fi horii mara lafa irraa fixuudha. Yoo ummanni biraa harka ummata badii dalaguu san ka hin qabne taate ummata guututu dachii irra jiru hundatu balaaf saaxilama. Dachiin Rabbi ilmaan namaa keessatti itti gaafatamaa godhe tun akka dooniiti. Yoo isiin kufte, namni isii keessa jiru gaarii fi badaan hunduu waliin bishaaniin liqimfama. Akkaataan hirreega isaanii immoo Rabbii waan hunda beeku, ka wal-qixxummaa eegutu isaan hirreega.

Qur'aanni kabajamaan fakkeenyota warroota badiin lafa balleessanii fi warroota waan gaggaarii lafa kana irratti dalaganiin kan guutame. San keessaa waa'ee namicha *Qaaruun* jedhamu kan gosa *Nabi Muusaa* ta'eeti. Gosoonni isaa akka inni badiin lafa hin balleessine dhoorganii, qabeenya addunyaa qabu kana osoo itti qanani'uu hin irraanfatin wanta ummata fayyaduu fi dhimma isaanii fixuuf irrattis kennatee akka ganda guyyaa boodaa ittiin kajeelu gorsanii turan. Garuu inni abbaa aangoo badiin lafa balleesse waliin wal-ta'ee gorsa isaanii fudhachuu dide. Guddina qabeenya isaa irraa furtuu kaaznaa qabeenya isaa namoota jajjaboo heddu ta'an malee ol kaasuu hin danda'an.

Qabeenyi ani walitti qabe kuni dhuunfaa kiyya, beekkumsa, muuxannoo fi qarummaa kiyyaan walitti qabuu

danda’e jedhee dubbata. Rabbis dandeettii fi muxannoo kiyya waan beekuuf naa kenne jedhee uf dhaadhessaa ture. Gorsa ummata isaa didee, baasii qabeenya isaa keessatti akkuma arge qisaasessee, ijaarsi jireenya addunyaa kan mallaqa walitti qabuu ijaarsa bu’a-qabeessa guyyaa boodaatiin addaan bayee jennaan dhumni dalagaa isaa Rabbiin isaa fi qabeenya isaas dachii isaaniin kutee, osoo qabeenyi sun isa hin fayyadin tare.

Faallaa kanaa kan ta’e immoo seenaa *Zu Al-Qarneeyni* nama jedhamuuti. Inni fakkeenya nama beekkumsaa fi muuxannoo qabu sodaa Rabbii keessatti, waan ummata fayyadu, ijaarsa gaarii namoota gargaaruu fi harka dadhabdootaa qabuu keessatti itti fayyadameeti. Ummatoonni gaara lamaan jidduu jiran dallawa guddaa wayii nuuf ijaari qabeenya siif kenninaa jedhanii gaafannaan, beekkumsaa fi muuxannoo Rabbi isaaf kenne fayyadamee ummatoota saniin meeshaalee ijaarsaaf barbaachisan walitti naa qabaa jedheenii, osoo mallaqa takka isaan irraa hin fudhanne tajaajila bilisaa isaaniif kenne.

Jireenya addunyaa keessatti jiruun bareenni ka argamtuun lubbuun namaa gammachuu qabaachuu, keessi namaa nagaya ta’uu, wanti gaariin nama wal-gayuu, ummanni tokkummaa fi jaalalaan waliin jiraachuu, nageenyi babal’achuu, wal-beekkumsi fi wal-gargaaruun jidduu hawaasaatti cimuu, wantoonni jireenya namaa qananiisan namaaf guutamuun dalagaa gaggaarii dalaganii dachii tana ijaaruuni. Kana irratti Rabbi akkana jedha:

﴿ مَنْ عَمِلَ صَٰلِحًا مِّن ذَكَرٍ أَوْ أُنثَىٰ وَهُوَ مُؤْمِنٌ فَلَنُحْيِيَنَّهُۥ حَيَوٰةً طَيِّبَةً ۖ وَلَنَجْزِيَنَّهُمْ أَجْرَهُم
بِأَحْسَنِ مَا كَانُوا۟ يَعْمَلُونَ ﴿٩٧﴾ ﴾ النحل: ٩٧

*[Dhiiraa fi dubartii irraa haala Rabbitti amanuun nama waan gaarii dalage, (jireenya addunyaa kana irratti) jiruu bareeda isi jiraachifna. (Guyyaa boodaa immoo) mindaa dalagaa isaanii waan isaan dalagan caalaa galata deebinaaf] (Annahli: 97).*

Yoo badiin babal'atte immoo jireenyi namaa dhiphinaa fi rakkinaan guutama. Kunis jireenya nama dhuunfaa, jireenya garee, jireenya ummata bal'aa fi jireenya guutuu dhala namaa hunda irrattis tokkuma. Jireenyi gaariin ganda boodaa immoo mindaa irra caalaa fi bu'aa guddaa jireenya addunyaa keessatti tattaaffii haaroomsaa fi dalagaa gaariin dachii ijaaruun argamuudha.

Jiruu addunyaa kana irratti jireenyi namaa ka fiixa bayuun namoonni walii galanii dhimmoota waliinii irratti yoo wal-gargaaran qofa. Kunis ilmi namaa amalli isaa amala gamtaan jiraachuuti. Namni tokko kophaa isaatti hin jiraatu. Garuu maatii jireenya isaa murtiiwwan, hariiroon, seeronni fi itti gaafatamummaan isa daangessutu waliin jiraata. Maatiin kunis guddatee bifa garee, sabaa, gosaa fi ummataatiin biyyoota irratti qoqqoodamuun jidduu isaaniitti hariiroon wal-baruu, wal-gargaaruu fi bu'aa wal-jijjiiruu uumamuun waliin jiraatu. Kuni haala nagayaa keessatti. Jidduu isaaniitti lolli, diinummaa fi wal-dorgommiin cimaanis jiraachuu danda'a.

Jireenya ummataa keessatti haalli jireenyaa gargar ta'e ni uumama. Akkaataan gosa nyaataa, dhugaatii, uffannaa, ijaarsa manneenii, tooftaaleen sab-qunnamtii fi geejjibaa iddoo gara iddootti wal-dhaba. Namni hunduu dureessi fi hiyyeessi, fayya qabeessi fi dhukkubsataan, beekaa fi wallaalaan hundinuu seenaa

mataa isaanii qabu. Bifuma saniin ummannis seenaa mataa isaa qaba; baadiyummaa fi qarooma, guddinaa fi duubatti hafiinsa, guddina saayinsii fi warshaalee ilaalchisee seenaa of danda'e qaba. Kan abooda nama seenaa barreessutu dhufa. Barreessaan seenaa kunis akkaataa ijaarsa ilma namaa fi seerota ijaarsaa irratti hubannoo sirrii ta'e barbaada. Kunis dhugaalee fi amaloota wantootaa irratti hundaa'uun galteewwanii fi taateewwan seenaa ummatichaa hunda bifa haqa qabeessa ta'een galmeessee lafa kaayuuf isa gargaara.

Ilmi namaa dachii kana irratti cal-jedhee ka uumamee miti. Ilmi namaa kaayyoo tokkoof uumame, innis Rabbii tokkicha gabbaruudha.

﴿ وَمَا خَلَقْتُ ٱلْجِنَّ وَٱلْإِنسَ إِلَّا لِيَعْبُدُونِ ﴿٥٦﴾ ﴾ الذاريات: ٥٦

*[Jinnii fi ilma namaa na haa gabbaraniifi malee waan biraatiif hin uumne] (Azzaariyaat: 56).*

Kaayyoo Rabbi nama uumeef kana irraa ka'anii hiika gabbartii Rabbii hubachuuf keeyyanni biraas akkanatti ibsa.

﴿ وَإِذْ قَالَ رَبُّكَ لِلْمَلَٰٓئِكَةِ إِنِّي جَاعِلٌ فِي ٱلْأَرْضِ خَلِيفَةً ۖ قَالُوٓاْ أَتَجْعَلُ فِيهَا مَن يُفْسِدُ فِيهَا وَيَسْفِكُ ٱلدِّمَآءَ وَنَحْنُ نُسَبِّحُ بِحَمْدِكَ وَنُقَدِّسُ لَكَ ۖ قَالَ إِنِّيٓ أَعْلَمُ مَا لَا تَعْلَمُونَ ﴿٣٠﴾ ﴾

البقرة: ٣٠

*[Wayta Rabbiin kee Malaa'ikaan ani dachii tanarratti bakka bu'aa godhuu fedha jedhu (yaadadhu)] (Al-Baqarah: 30).*

Dachii tana irratti bakka bu'aa ta'uu jechuun hiika Rabbiin gabbaruuti, bakka bu'iinsi dachii ijaaruudha.

﴿ وَإِلَىٰ ثَمُودَ أَخَاهُمۡ صَٰلِحٗاۚ قَالَ يَٰقَوۡمِ ٱعۡبُدُواْ ٱللَّهَ مَا لَكُم مِّنۡ إِلَٰهٍ غَيۡرُهُۥۖ هُوَ أَنشَأَكُم مِّنَ ٱلۡأَرۡضِ وَٱسۡتَعۡمَرَكُمۡ فِيهَا فَٱسۡتَغۡفِرُوهُ ثُمَّ تُوبُوٓاْ إِلَيۡهِۚ إِنَّ رَبِّي قَرِيبٞ مُّجِيبٞ ٦١ ﴾ هود: ٦١

*[Gara (gosa) Samuuditti obboleessa isaanii Saalihiin ergine. Yaa gosa tiyya Rabbiin gabbaraa! Isa malee gooftaa biraa hin qabdan. Inni dachii irraa isin argamsiise, isii keessatti bakka isin buuse. Araarama Isarraa barbaadaa saniin booda gara Isaa deebi'aa. Rabbiin kiyya dhiyoo fi awwaataadha] (Huud: 61).*

Ijaarsi dhimma namni jireenya isaa ka dachii tanaa keessatti itti dhimmamee, ijaarsaa fi itti gaafatamummaa itti kenname bayatuudha. Uumamni ilma namaatiin alatti jiru hundi isaatuu Rabbiin ka gabbartu, ka isa faarsituu fi filannoo tokkoon ala seera Rabbiitiif bitamti eega ta'e, ilmi namaa immoo jireenya addunyaa kana irratti akkuma tokkichummaa Rabbiititti filannoo isaatiin amanu Rabbiinis filannoo isaatiin isa gabbara.

Ilmi namaa dachii irraa uumame. Dachiin ilma namaa dura uumamte. Saniin booda ilmi namaa dachii keessatti bakka bu'aa godhame. Kanaafuu Rabbiin ilma namaa kana eega haala dachii irra jiraachuu isaaf mijeesseen booda, amaanaa bakka bu'ummaa isa baachise.

﴿ وَلَقَدۡ مَكَّنَّٰكُمۡ فِي ٱلۡأَرۡضِ وَجَعَلۡنَا لَكُمۡ فِيهَا مَعَٰيِشَۗ قَلِيلٗا مَّا تَشۡكُرُونَ ١٠ ﴾ الأعراف: ١٠

*[Dachii irratti haala isinii mijeessinee waan ittiin jiraattan isii keessa isiniif keennee jirra] (Al-A'araaf: 10).*

﴿ أَلَمۡ تَرَوۡاْ أَنَّ ٱللَّهَ سَخَّرَ لَكُم مَّا فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِي ٱلۡأَرۡضِ وَأَسۡبَغَ عَلَيۡكُمۡ نِعَمَهُۥ ظَٰهِرَةٗ وَبَاطِنَةٗۗ وَمِنَ ٱلنَّاسِ مَن يُجَٰدِلُ فِي ٱللَّهِ بِغَيۡرِ عِلۡمٖ وَلَا هُدٗى وَلَا كِتَٰبٖ مُّنِيرٖ ٢٠ ﴾ لقمان: ٢٠


*[Sila hin argitanii? Akka Rabbiin waan dachii fi samii keessa jiru hunda isiniif laaffisee, qananii isaa ka mul'ataa fi dhokataa ta'es isinirratti dhangalaase. Ilma namaa irraa nama beekkumsa, qajeelluma, kitaabaa fi ibsaan alatti Rabbiin mormutu jira] (Luqumaan: 20).*

Kanaafuu inni bakka bu'ummaa isatti kenname kana bifa irraa eegamuun bayachuuf dirqama qaba. Gabbartiin dhugaa isa kana. Wanti Rabbi uumama kana hunda uumeefis kanaafi.

Jiddu galeessummaa ijaarsi jireenya ilma namaa keessatti qabu boca armaan gadii kan seera qayyabannoo Qur'aanawaa mul'isu kana irraa beekuu ni dandeenna. Jalqaba boca kanaa irratti kaayyoo Rabbiin uumama kana uumeef argina. Wanti guddaan Rabbiin ilma namaa kana dachii kana irratti uumeef akka inni Rabbiin gabbaruufi. Kunis bakka bu'ummaa inni dachii keessatti qabu. Akka bakka u'ummaan ilmi namaa dachii keessatti qabu tun galma geettuuf, Rabbiin uumama mara isaaf mijeesse. Ilmi namaa dachi irraa uumame waan ta'eef, dachiif haarayaa miti. kanaafuu akka inni dachii kana misoomus (ijaaru) Rabbi isa irraa barbaade.

﴿ ۞ وَإِلَىٰ ثَمُودَ أَخَاهُمْ صَٰلِحًا ۚ قَالَ يَٰقَوْمِ ٱعْبُدُوا۟ ٱللَّهَ مَا لَكُم مِّنْ إِلَٰهٍ غَيْرُهُۥ ۖ هُوَ أَنشَأَكُم مِّنَ
ٱلْأَرْضِ وَٱسْتَعْمَرَكُمْ فِيهَا فَٱسْتَغْفِرُوهُ ثُمَّ تُوبُوٓا۟ إِلَيْهِ ۚ إِنَّ رَبِّى قَرِيبٌ مُّجِيبٌ ﴿٦١﴾ ﴾ هود: ٦١ *[Gara (gosa) Samuuditti obboleessa isaanii Saalihiin ergine. Yaa gosa tiyya Rabbiin gabbaraa. Isa malee gooftaa biraa hin qabdan. Inni dachii irraa isin argamsiise, isii keessatti bakka isin buuse. Araarama Isa irraa barbaadaa saniin booda gara Isaa deebi'aa. Rabbiin kiyya dhiyoo fi awwaataadha] (Huud: 61).*

Kanaafuu ilmi namaa yaamicha Rabbi akka inni dachii kana ijaaruuf isaaf dhiyeesse kana awwaachuun isaa dachima tana kunuunsuudha. Ijaarsi lafaa kunis jireenya kana irratti jireenya gaarii isaaf fida, guyyaa boodaa immoo jannata qananii keessa isa qubsiisa. Rabbiin gabbaruu jechuun bifa bal'aan yoo ilaalamu isa kana. Kanaafuu *ibaadaan* ibsa walii galaa kan ijaarsa dachii kanaa waan taateef, dhuma boca kanaa irratti argamti



### 2) Iddo Tokkotti Manneen Ijaaranii Qubachuu

Ijaarsa jechuun iddoo tokkotti bifa gadi dhaabataan ijaaratanii keessa qubachuu, baadiyaa keessa jireenya iddoo gara iddootti godaanaa jiraatan dhiisuun wantoota jireenya gadi dhaabbataaf nama barbaachisan argachuuf hojii qonnaa, ijaarsa manneenii fi warshaalee hundeessuu irratti bobba’uudha. Iddoo tokkotti ijaaratanii qubachuun kunis baadiyaa fi magaalattis ta’uu danda’a. kunis jireenya magaalummaa kan baadiyaa fi magaalatti bifa gadi dhaabataa ta’een jiraataniidha.

Qur’aana ulfaataa keessatti, afaan nabiyyii Rabbii Yuusuf irratti maatiin Ya’aquub jireenya baadiyaa kan olii gadi godaanan san keessaa bayanii gara magaalaatti godaanuun isaanii tola Rabbiiti jedhee dubbatee jira.

﴿ وَرَفَعَ أَبَوَيۡهِ عَلَى ٱلۡعَرۡشِ وَخَرُّواْ لَهُۥ سُجَّدٗاۖ وَقَالَ يَٰٓأَبَتِ هَٰذَا تَأۡوِيلُ رُءۡيَٰيَ مِن قَبۡلُ قَدۡ جَعَلَهَا رَبِّي
حَقّٗاۖ وَقَدۡ أَحۡسَنَ بِيٓ إِذۡ أَخۡرَجَنِي مِنَ ٱلسِّجۡنِ وَجَآءَ بِكُم مِّنَ ٱلۡبَدۡوِ مِنۢ بَعۡدِ أَن نَّزَغَ ٱلشَّيۡطَٰنُ بَيۡنِي
وَبَيۡنَ إِخۡوَتِيٓۚ إِنَّ رَبِّي لَطِيفٞ لِّمَا يَشَآءُۚ إِنَّهُۥ هُوَ ٱلۡعَلِيمُ ٱلۡحَكِيمُ ١٠٠ ﴾ يوسف: ١٠٠

*[Haadhaa fi abbaa isaa siree irratti ol fuudhee, isaanis sujuuda bu’aniif. Yaa abbaa kiyya! Kuni hiikkaa abjuu kiyya ka ani kanaan dura argeeti. Rabbiin kiyya (abjuu san) dhugaa godhee jira jedheen. Rabbiin mana hidhaatii na baasee, eega sheyxaanni jidduu kiyyaa fi obboleeyyan kiyyaa balleesse booda Rabbiin baadiyaa irraa isin fiduun tola natti oolee jira. Rabbiin kiyya waan fedheef gara laafaadha. Inni beekaa fi ogeessa] (Yuusuf: 100).*

Ijaarsi baadiyaa gariin jalqaba irratti ijaarsa meeshaa ykn afuuraa ta’uu danda’a. Garuu akka ijaarsa magaalaatii miti. Yeroo

garii dachiin baadiyaa namoota gariin qubsiifamuu dandeetti. Turtii muraasaan booda immoo ontee kan namni kamiyyuu keessa hin jiraanne ta'uu dandeetti. Kanaafuu hiikni ijaarsaa kan Qur'aana irraa fudhatamee namni itti fayyadamu kunis mana ijaaramaa jechuun mana namni keessa jiraatu kan ona hin ta'in jechuudha. Ijaarsi biyya keessa babal'ate yoo jedhamu namoonni mana ijaaranii keessa jiraatan itti baay'atan jechuudha.

### 3) Ijaarsa Qabeenyaa (Meeshaalee)

Gama qabeenyaatiin dachii ijaaruu jechuun qarooma namaa keessaa cinaa meeshaa ykn qabeenya ilaaluudha. Kunis turtii yerootiin booda, guddina beekkumsa ilma namaatiin, seerotaa fi heerota wantoota too'atan eega qoratee argateen booda walitti kuufama muuxannoo waggoota dheeraatiin booda carraalee argaman hundatti fayyadamee rakkinoota jiran hunda haga danda'amuun irraa dheessee wanta argamuudha. Saayinsiiwwanis kanaan guddatu. Adeemsi isa hojitti jijjiiruus cimaa dhufa. Kunis ilma namaatiif dachii keessatti haala isaaf mijeessee waan hunda isaaf laaffisa.

Kanaafuu ilmi namaa manneenii fi gamoowwan dachii kana irratti ijaara, daandii hojjata, riqicha ijaara, warshaalee hundeessa, meeshaalee oomisha, tooftaalee geejjibaa kan lafa irraa konkolaataa fi baabura, galaana irratti doonii, qilleensa keeessa xiyyaarri akka jiraatuu fi guddituuf tattaafata. Kana qofaa miti wantoota kanaan alas jiran kan ijaarsa magaalaa waliin deeman hunda kunuunsa. Akkasumas wantoota qarooma aadaa keessa jiraniin moggattis, argannoolee ammayyaa kan teknolojiin irra gaye kan osoo namni kamiyyuu siree irra rafu irraa hin kaane

wal-argee waliin haasayee, saayinsiiwwan, aartii fi oomishaalee hunda akka wal-jijjiiran godhe hunda isaa ni deeggara.

Ijaarsi ykn kunuunsi lafaa qonnaa fi facaasaa adda addaatiif oolchuu, akka lafti wayiituu hojiin ala duwwaa taate hin hafne tooftaalee hojii uumuu, ilma namaa irraa namni hojii hin qabne akka hin jiraanne godhuudha. Ijaarsi lafaa kun manneen isii irratti ijaaruu, tooftaalee isii keessatti waa carraaqachuuf nama gargaaran kan akka daandii, tooftaalee geejjibaa fi sab-qunnamtii adda addaa irratti argamsiisuudha.

﴿ أَوَلَمْ يَسِيرُوا۟ فِى ٱلْأَرْضِ فَيَنظُرُوا۟ كَيْفَ كَانَ عَـٰقِبَةُ ٱلَّذِينَ مِن قَبْلِهِمْ ۚ كَانُوٓا۟ أَشَدَّ مِنْهُمْ قُوَّةً وَأَثَارُوا۟ ٱلْأَرْضَ وَعَمَرُوهَآ أَكْثَرَ مِمَّا عَمَرُوهَا وَجَآءَتْهُمْ رُسُلُهُم بِٱلْبَيِّنَـٰتِ ۖ فَمَا كَانَ ٱللَّهُ لِيَظْلِمَهُمْ وَلَـٰكِن كَانُوٓا۟ أَنفُسَهُمْ يَظْلِمُونَ ﴿٩﴾ ﴾ الروم: ٩

*[Sila dachii keessa deemanii booddeen warroota isaan dura turanii maal akka taate hin ilaalanii? (Warroonni isaan duraa sun) isaan kana caalaa humna qaban, dachii qotanii facaasanii waan isaan ijaaran kana caalaa ijaaranii turan. Ergamtoonni keenna ragaa ifa gala ta’e qabatanii isaanittii dhufnaan (kijibsiisan). Rabbiin isaan hin mine ufumaa lubbuu isaanii miidhan] (Arruum: 9).*

Ijaarsi dachii kun badhee fi galaana isiis kunuunsuun argama. Rabbiin badii namni dachii irratti dalagu yeroo dubbatu badhee fi galaana isiis walitti qabuun akkana jedhe:

﴿ ظَهَرَ ٱلْفَسَادُ فِى ٱلْبَرِّ وَٱلْبَحْرِ بِمَا كَسَبَتْ أَيْدِى ٱلنَّاسِ لِيُذِيقَهُم بَعْضَ ٱلَّذِى عَمِلُوا۟ لَعَلَّهُمْ يَرْجِعُونَ ﴿٤١﴾ ﴾ الروم: ٤١

*[Badiin badhee fi galaana keessatti ifa taate. Sunis homa namni harka ofiitiin dalagate. (Rabbiin) waan isaan dalagan keessaa muraasa isaan dhandhamsiisuu fi akka isaan (karaa sirriitti) deebi'aniifi] (Arruum: 41).*

Badii kana irraa uf eeguuf akkuma dachii ijaarre galaanas ijaaruu qabna. Wanti dhaabbileen tokko tokko hafteewwan atoomii lafaa fi galaana keessatti awwaaluun dachii fi galaanas balleessuudha. Faalamni warshaalee adda addaa keessaa bayu faalama qilleensaa bira kutee, faalama dachii fi galaanaa fida.

**4) Ijaarsa Aadaa fi Xiinxalaa**

Kun qarooma dhala namaa keessaa kan gama afuuraatiin wal-qabateedha. Innis kan fiixa bayuun guddina muuxannoowwan hawaasaa fi ummataa jiddutti gama jireenya hawaasummaa fi diinagdee qindeessuutiin jiru, gama seerota hariiroo jidduu jiraattotaa jiru murteessu bocuutiin kan argamuudha. Kana irraa ka'uun aadaaleen hundeeffamu, duudhaalee fi hambaaleen lafa qabatu. Namnis nagayaa fi tasgabbii argamsiisuuf jecha aangoo bulchiinsaatiif gadi jedhee bula. Tariitii dandeettiin Rabbiin uumama hunda caalaa (Malaa'ikas dabalatee) ilma namaatiif kennee maqaa waan hundaa isa barsiise sun akka inni itti gaafatamummaa ijaarsaa raawwatuuf mijeessii isaaf godhame keessaa kutaa isa tokko.

Rabbiin namoota Masjida isaa ijaaran yeroo faarsu, faallaa sanii immoo namoota badiin dachii balleessan xiqqeessee jira.

﴿ وَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّن مَّنَعَ مَسَٰجِدَ ٱللَّهِ أَن يُذْكَرَ فِيهَا ٱسْمُهُۥ وَسَعَىٰ فِي خَرَابِهَآ ۚ أُوْلَٰٓئِكَ مَا كَانَ لَهُمْ أَن يَدْخُلُوهَآ إِلَّا خَآئِفِينَ ۚ لَهُمْ فِي ٱلدُّنْيَا خِزْيٌ وَلَهُمْ فِي ٱلْءَاخِرَةِ عَذَابٌ عَظِيمٌ ﴿١١٤﴾ ﴾ البقرة: ١١٤

*[Nama Masjiida Rabbii keessatti akka Rabbi hin faarfamne godhee, badii isa keessatti raawwate caalaa eennutu lubbuu isaa miidhe. Namoonni sun sodaan malee (Masjida) seenuu hin qaban ture. Isaaniif jireenya addunyaa irratti xiqqeennatu jiraaf, guyyaa boodaa immoo isaaniif ibidda guddatu jira] (AL-Baqarah: 114).*

Rabbiin ol’aanaan jireenya ilma namaa kana keessatti seerota uumamni kun kaayyoo maaliitiif akka uumame, maaliif akka gosa gosaa fi babarruu ta’ee ibsan lafa qabsiisee jira. Seerota sanniin keessaa namoonni jidduu waliitti wal-dhiibuudha. Wal-dhiibiinsi garee namootaa jiddutti uumamu kunis seera manneen Rabbi keessatti haa gabbaramuu fi itti haa faarfamuuf ijaaraman diigiinsa irraa baraaruudha.

﴿ ٱلَّذِينَ أُخْرِجُوا۟ مِن دِيَٰرِهِم بِغَيْرِ حَقٍّ إِلَّآ أَن يَقُولُوا۟ رَبُّنَا ٱللَّهُ ۗ وَلَوْلَا دَفْعُ ٱللَّهِ ٱلنَّاسَ بَعْضَهُم بِبَعْضٍ لَّهُدِّمَتْ صَوَٰمِعُ وَبِيَعٌ وَصَلَوَٰتٌ وَمَسَٰجِدُ يُذْكَرُ فِيهَا ٱسْمُ ٱللَّهِ كَثِيرًا ۗ وَلَيَنصُرَنَّ ٱللَّهُ مَن يَنصُرُهُۥٓ ۗ إِنَّ ٱللَّهَ لَقَوِىٌّ عَزِيزٌ ﴿٤٠﴾ ﴾ الحج: ٤٠

*[Isaannan ganda isaanii keessaa dharaan baafaman, waan biraatiif osoo hin taane Rabbiin keenna Allaah waan jedhaniif qofa baafaman. Osoo Rabbiin nama garii gariidhaan dhiibuu (deebisuu) baatee, silaa iddoon sagada warra kiristaanotaa, Yahuudotaa fi Masjidoonni Rabbi baay’isee keessatti faarfaman diigaman] (Al-Hajji: 40).*

Rabbiin warra Isatti amane akka isaan diinota isaanii fuul-dura dhaabbatanii isaaniin lolan kakaasutu dhaabbilee namoonni Rabbiin keessatti gabbaruuf ijaaran akka hin diigamne baraaree, osoo isii keessatti Rabbiin gabbaruun addaan hin dhaabanne akka itti fufu taasise. Rabbin humna jijjiiramaa fi waan gaggaarii hojjatu akka isaan humna badii fi abbaa irrummaa faallaa dhaabatan isaan kakaasuun akka biyyattiin nagaya argattee, wal-qixxummaan ijaarsa silaa barbaadamu hundi fidduuf gargaara.

Seerota kanniin keessaa, namoonni seerotaa fi heerota haala jireenya isaanii qindeessan tumachuu irratti walii galuun nama mootii ta'ee isaan bulchu irratti walii galu. Mootichi immoo namoota ummata keessaa filataman irraa warroota hayyoota ta'an mari'achiisuun yaada isaanii fudhatee, wal-dhabbiilee fi walitti bu'iinsa hawaasa jiddutti uumaman furuu fi mirgoota isaanii kabachisiisuuf abbootii murtii fa'a.

Ammas seerota kanniin keessaa namoonni beekkumsaa fi hiree argatan keessatti wal-dhabuudha. Namoonni beekkumsa gabaabduu qaban warroota isaan caala beekkumsa qabu gaafatu. Kana mijeessuuf jecha manneen barnootaa, Yunivarsitiilee, dhaabbileen leenjii, jiddu-galli qu'annoo, qorannoo fi furmaata rakkoolee hundeeffamu. Kuni hunduu fakkeenya mallattoolee guddina gama ijaarsaa, xiinxalaa, duudhaa, qindoominaa fi bulchiinsaatiin jiru mul'isuudha. Namoonni guddina kanaan boonu, isa irratti wal-dorgomu, akkaataa gosa hojii isa keessatti qabaniitiin qoqooqqdamu. Isaan keessaa namoota biyyoota gugurdatan jedhamantu jira. Isaan keessaa kan biyyoota addunyaa sadaffaa jalatti ramadamutu jira.

Seerota gadi dhaabatoo hin jijiiramne kan jireenyi namaa akka inni jedhutti deemtu keessaa biyya ijaaruu fi diiguun, bareedumni jireenyaa fi gadadoon isii kan dhufuun dalagaalee namoonni harka ofiitiin dalaganiini. Qur'aanni seenaa ummatoota ijaarsa meeshaa (qabeenyaa) fi afuuraa keessatti guddatanii muummee tuqanii garuu qananii Rabbi isaan irratti ooleef isa hin galateeffatin, kanneen lubbuu ufii fi namoota biraa miidhuu hojii godhatan booddeen quufa isaanii akka dhabama ta'e nuuf himee jira. Biyyoonni sunis ontee, mallattooleen guddina ijaarsaa fi qarooma isaanii lubbuu dhabdee, gamoowwan isaan ijaaran haga ammaatti ka jiru garuu hawaasa badii san irraa qullaa taatee, gamoowwanii fi ijaarsi isaanii sun isaan baraaruuf homa takka isaanii hin goone.

Garuu ijaarsi fi qaroomni gaggaariin haga ammaatti itti fayyadamiinsaaf ka tolu, garuu nama isii kunuunsee irraa fayyadamu dhabuudhaan hojiin ala taatee, guddina ijaarsaa fi qarooma warri durii irra gayanii Rabbiin irratti hin galateeffatiniif fakkeenya qofa ta'uun haga ammaatti ka jirutu jira.

﴿ فَكَأَيِّن مِّن قَرْيَةٍ أَهْلَكْنَـٰهَا وَهِىَ ظَالِمَةٌ فَهِىَ خَاوِيَةٌ عَلَىٰ عُرُوشِهَا وَبِئْرٍ مُّعَطَّلَةٍ وَقَصْرٍ مَّشِيدٍ ﴿٤٥﴾ ﴾ الحج: ٤٥

*[Gandoota meeqa kan jiraattonni isaa lubbuu ufii miidhan dhabama goone. (Gandoonni sun) jiraattota isii san irraa qullaa taatee ontee, harri isaan bishaan irraa dhugan hojiin ala taatee, gamoowwan isaan cimsanii ijaaran ontee hafte] (Al-Hajji: 45).*

Dhaba godhiinsi asitti dubbtame kun diigamiinsa manneenii fi gamoowwanii ka sababa sosochii lafaatiin argamee miti. Akkasumas kan sababa fedhiin bu'uura ilma namaa akka

fakkeenyaatti bishaan fa’a dhabamuun namoonni dhaba ta’anii miti:

﴿ أَوَلَمۡ يَرَ ٱلَّذِينَ كَفَرُوٓاْ أَنَّ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضَ كَانَتَا رَتۡقٗا فَفَتَقۡنَٰهُمَاۖ وَجَعَلۡنَا مِنَ ٱلۡمَآءِ كُلَّ شَيۡءٍ حَيٍّۚ أَفَلَا يُؤۡمِنُونَ ٣٠ ﴾ الأنبياء: ٣٠

*[Sila warroonni Rabbiin waakkatan, samii fi dachiin tokko ta’uu (walitti maxxantuu ta’uu) fi booda irratti akka nuti addaan isii baafne ta’uu hin arganii? Wantoota maraa bishaan irraa jiraataa goone. (Kana laalanii) hin amananii] (Al-Anbiyaa: 30).*

Garuu balaan ummata san hube, ijaarsa isaanii osoo hin kufin, sababoonni jireenyaaf bu’uura ta’an osoo isaan hin hanqatin hawaasa ganda sanii hunda buqqise.

Tariitii kuni fakkeenya hawaasni Arabootaa fi Muslimootaa ammaa gariin keessa jiraniif hiika ta’a. Hawaasni Arabaa kun ijaarsi keessatti babal’atee, jireenya irraa qanani’anii waan barbaadan hunda argatanii jiru. Garuu jiraattonni isaanii jireenya ceem’aa fi soorannaa qofa leellisuun, nagaya jireenya isaanii eegsisuuf namoota biraa irratti irkatan. Humna diina ittiin uf irraa qolataniin hin qaban, oomisha ummatoota biraa irraa isaan duroomsu hin qaban, siyaasaa haqa eegdu kan nagayaa fi tasgabbii isaanii tiksituuf hin qaban, miira aantummaa hawaasa isaanii hin qaban, sirna diinagdee haqa qabeessa nama hundaaf carraa hojii uumu hin qaban. Baasiin isaanii kan jalqabaa fi dhumaas oomisha qonnaa fi warshaalee irratti kan fuulleffateedha.

Haalli akkanaa kun jireenya namoota hedduu dhabama godhee jira. Silaa jireenyi isaanii dalagaa gaariin, carraaqqii

jijjiiramaatiin, kennaa addaan hin cinneen, abdii bal'aan, gumaacha waan haaraya biyyaaf kalaquutiin guutamee qarooma ammayyaa keessatti ga'ee gaggeessummaa fi fakkeenyummaa ka silaa qabaachuu qaban ykn yoo xiqqaate qarooma addunyaatiif gumaacha addaa fi hirmaannaa cimaa qabaachuun ka irra jiru, jireenyi isaanii wal-waanyuu, wal-abaaruu, maqaa walii balleessuu ta'ee argame. Kunis jijjiirama fiduu irraa akka isaan abdii kutatan isaan godhe. Hawaasni akkasii sun osoo lubbuun jiru du'e, boca jireenyaa kan lubbuu hin qabne ta'ee hafe.

**Afaan Qur'aana kabajamaa keessatti Hiikkaa Ijaarsaa**

| T. L | Hiika Ijaarsaa | Faallaa hiika sanii |
|---|---|---|
| 1 | Jireenyi jireenya nama dhuunfaati. Faallaan isaa du'aa fi jireenya ummata si'aa'aa, jireenya dhala namaa kan dachii irraa | Faallaan isaa namni dhuunfaan sun du'uu, qaroomni ummataa dhabamuu, ykn guutumatti qaroomni jiru kufee jireenyi ganda boodaa eegaluu |
| 2 | Iddoo wayii (baadiyaa fi magaalaa) keessa qubachuu, manneen ijaaruun hawaasni keessa jiraachuu | Faallaan isaa iddoo gara iddootti sosocho'uu, jireenya godaansaa, namoonni bakka wayii keessa jiraachuu dhabuu ykn onuu |
| 3 | Ijaarsa qabeenyaa (meeshaa), daandii | Dachii oomishaan ala qullaa teettu, humna namaa hojiin ala |

| | | |
|---|---|---|
| | diriirsuu, riqicha ijaaruu, tooftaalee geejjibaa, qonnaa, warshaalee fi daldalaa guddisuu | taa'u, dadhabina, dhibee fi hiyyummaa |
| 4 | Ijaarsa beekkumsaa fi xiinxalaa: saayinsii guddisuu, dhaabbilee ijaaruu, seerotaa fi heerota bocuu, qaama bulchiinsaa tokko jalatti buluu | Wallaallummaa, doofummaa, badiin lafa balleessuu fi abbaan irrummaa babal'achuu, |

**Lammaffaa: Hiikkaa Ijaarsaa Hadiisa Nabiyyii Keessatti**

Jechoonni hundee jecha Ammara jedhu irraa fottoqan kitaaba jechoota Hadiisaa nabiyyii duraaf duuba qubee isaa eegee tarreesse kan Ardijaan Fanesnek qopheessee *Mahmuud Fu'aad* gulaale keessatti utubaa Soddomii lama qoodamee dhufe. Utubaaleen hunduu gara naannoo Hadiisota soddomaa of keessaa qabu. Hadiisni hundinuu kitaabota Hadiisaa sagalaniin kan odeeffamaniidha. Isaanis: Kitaaba *sahiiha* lamaan *Bukaarii fi Muslim, Sunana afran: Attirmizii, Annasaa'iyyu, Ibnu Maajah fi Abuu Daawuud, Muwaaxa'a, Musnada Ahmadii fi Sunana Addaaramiiti.*

Garuu akkaataan qoqqooddaa Hadiisota kitaabolee sagalan kana keessatti dhufanii gara kaayyoo tokkootti akeeka. Ergaan isa keessa jiran sunis ergaawwan Qur'aana kabajamaa

keessatti dhufaniin wal-simata. Kan adda ta’ee dhufe yoo jiraate jecha umraa jedhu kan hiikni isaa kennaa jechuu ta’e qofa. Umraa jechuun kennaa namni isaaf kenname dhuunfatuudha. Kennaan sun kan isaatii itti fayyadama. Kanaafuu hiikni isaa:

1- Al-Umru (Umrii) hiikni isaas umrii ykn turtii yeroo jireenya namaa irraa darbu jechuudha. Kana irratti Al-Bukaariin kutaa Arriqaaq keessatti boqonnaa ‘namni waggaa jahaatama gaye, umriidhaaf waan Rabbiin komatu hin qabu’ jedhu jalatti barreessee ture. Hadiisni sunis, Abuu Hureeyraan ergamaa Rabbii irraa odeessee akkana jedhan jedhe: “Namni Rabbiin umrii isaa tursiisee haga waggaa jahaatamaatti isa kaaye waan isa komatuuf hin qabu”[20]. Anas ergamaan Rabbii akkana jedhan jedhe: “Ilmi Aadam akkuma guddatuun wanti lama waliin guddata. Jaalala qabeenyaa fi dheerina umrii”[21].
2- Turtii dheeraa: umrii dheeraa isa bira ture jechuun yeroo dheeraaf. Abu Asha’asaa’i akkana jedhe: “Hajjiif bayee haga mana wayii gayutti deeme. **saariyaa** lamaan jidduu gaye haga dallawa bira gayutti bira kutee deeme. Ibnu Umar dhufee moggaa kiyyatti raka’aa afur salaate. Inni salaate geeffatee jennaan, ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) eessatti salaatan jedhee gaafannaan, Usaamaan binu Zeeydii isaan asitti salaatan jedhee natti hime naan jedhe. Hagam salaatan jedhee gaafannaan, kana irratti lubbuu tiyya

[20] - Al-Bukaarii, Sahiih Al-Bukaarii, Lakkoofsa Hadiisaa 6419, fuula 1588.
[21] - madda dabre, lakkoofsa Hadiisaa 6421, fuula 1600.

komadha, umriidhaaf isa bira ture garuu hagam salaatanii isa hin gaafanne" jedhe[22].

**3-** Imraan – umraan jechuun ijaarsa faallaa diigiinsaa ta'eedha. Yahyaa Binu Sa'iid irraa odeeffamee, Abuu Bakri Assiddiiq waraana gara Shaamiitti ergee Yaziid Binu Abii Suufyaan ka hoogganaa garee sanii ta'e waliin ka'ee baye. Yaziid Abuu Bakriin akkana jedhe: Yookii ati yaabbachuu ykn ani yaabbii irraa bu'uu. Abuu Bakri atis hin buutu anis hin yaabbadhu. Tarkaanfii miila tiyyaa tana karaa Rabbii keessatti hirreegadha jedheen. Sana booda akkana jedheen: namoota Rabbiin gabbaruuf jecha uf hiine jedhanitti ni dhufta, isaanii fi waan isaan uf hiineef jedhanis eeggadhu (hin tuqin). Namoota walakkaa rifeensa isaanii keessatti rifeensa hambisanittis ni dhufta. Kutaa isaan hambisan san seeyfiin irraa muri. Ani waan kudhan siif dhaama: Dubartii, daa'ima, jaarsa dulloomaa hin ajjeesin, muka firii qabu hin murin, mana namni keessa jiraatu hin diigin, Re'ee fi gala nyaataaf malee hin qalin**,** hin ..."[23].

4- Lubbuun qaamaaf ykn jireenyaaf ijaarsa. Abu Hureeyraan akkana jedhe: "Ruuhiin (lubbuun) nama Rabbitti amanee yeroo keessaa baatu Malaa'ikaan lamaa isii fuudhanii gara olii korsiisan. Hammaad akkana jedhe: (Abu Hureeyraan) urgaa isii fi hafuura miskii qabaachuu isii dubbate. warri samii akkana jedhan: lubbuu gaarii dachii irraa dhufte, sihii fi

---

[22] - Ibnu Hambal, Musnadu Imaamu Ahmad, lakkoofsa Hadiisaa 27633, fuula 604.

[23] - Maalik, Muwaxxa Al-Imaamu Maalik, lakkoofsa Hadiisaa 10, fuula 447-448.

qaama ati keessa turte san nageenyi Rabbii irratti haa jiraatu…”[24].

5- Onnee fi manneen Qur’aanaan ijaaruu. Sallaam kan Ibnu Abii Muxii jedhamuun beekamu Qataadaan akkana jedhe jedhe: “onnee teessan isaan ijaaraa, manneen keessan isaan ijaaraa, Qur’aanaan jechuu isaati”[25].
6- Masjida umraan godhuu jechuun ijaarsa isaa kan dhaaba manaa ykn isa keessatti salaatuu fi barnoonni amantii isa keessatti barsiifamuun isa mukuu baasuudha.

Nu’umaan binu Bashiir akkana jedhe: “Minbara ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isarratti haa jiraatuu)* jala taa’ee osoo jiru, namichi tokko eega amantii Islaamaa qabadheen booda namoota *Hajjii* godhan bishaan obaasuu malee hojii kamuu hojjachuuf hin raatayu jedhe. Ka biraa immoo eega amantii Islamaa qabadheen booda Masjida Haramaa ijaaruu malee hojii kamiifuu caccaba hin qabu jedhe. Inni biraa immoo waan isin jettan kana hunda caalaa karaa Rabbii keessatti duulutu caala jedhe. Umar guyyaan guyyaa Jum’aati, minbara ergamaa Rabbii jala teettanii sagalee keessan ol hin fuudhinaa jedhee isaaniin lole. Yoo Jum’aan salaatameen booda isaan bira seenee waan isin irratti wal-dhabdan kana gaafadha jedheen. Yeroo kana Rabbiin guddaan keeyyata kana buuse:

---

[24] - Al-Muslim, Sahiih Al-Muslim, lakkoofsa Hadiisaa 2872, fuula 1151.

[25] - Addaarimiyyu, Abdullaah binu Abdurrahmaan, Musnad Addaarimii, lakkoofsa HAdiisaa 3385, fuula 375.

﴿ ۞ أَجَعَلۡتُمۡ سِقَايَةَ ٱلۡحَآجِّ وَعِمَارَةَ ٱلۡمَسۡجِدِ ٱلۡحَرَامِ كَمَنۡ ءَامَنَ بِٱللَّهِ وَٱلۡيَوۡمِ ٱلۡأٓخِرِ وَجَٰهَدَ

فِي سَبِيلِ ٱللَّهِۚ لَا يَسۡتَوُۥنَ عِندَ ٱللَّهِۗ وَٱللَّهُ لَا يَهۡدِي ٱلۡقَوۡمَ ٱلظَّٰلِمِينَ ١٩ ﴾ التوبة: ١٩

*[Namoota Hajjii raawwatan bishaan obaasuu fi Masjida Haramaa ijaaruu akka waan nama Rabbi fi guyyaa boodaatti amanee, karaa Rabbii keessatti duula bayee gootanii? Rabbiin biratti jarri wal-qixaa miti] (Attowbaa: 19).*

7- Karaa mijataa namni irra deemu. Namni wayii ergamaa Rabbii akkana jedhee gaafate: yaa ergamaa Rabbii wanta nama jalaa kufee bade karaa ummataa irratti yoo argine (maal goona)? Waggaa tokkoof itti gaafadhu yoo abbaa isaa argite kenniif yookiin keeti jedhaniin. Yaa ergamaa Rabbii karaaba aadii irraa maaltu kennama jennaan: isaa fi rikaaza (qabeenya lafa jalatti awwaalamee argame) irraayis tokko shanaffatu kennama jedhaniin”[26].

8- Al-Awaamiru min Al-Hayyaat- gosa bofaa ta’ee kan nama waliin mana keessa jiraatu. Abdallaah akkana jedhe: osoo ani Bofa wayii ajjeesuuf ari’u, Abu Lubaabaan natti lallabee hin ajjeesin naan jedhe. Ergamaan Rabbii Bofa ajjeesaa jedhan jedheen. Ajaja saniin booda gosa bofaa kan nama waliin jiraattu hin ajjeesinaa, isiin ta nama waliin madqxee mana keessa jiraattuu jedhan naan jedhe”[27].

9- Samii torboffaa keessatti mana ijaaramaa. Anas ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan jedhe: “… Samii torbaffaa geennee… Ibraahimitti dhufee nagaya isa gaafadhe. Baga nagayaan

---

[26] - Ibnu Hambal, lakkoofsa Hadiisaa 6891, fuula 523.
[27] - Al-Bukaarii, Sahiihu Al-Bukaarii, lakkoofsa Hadiisaa 2398, fuula 812.

dhufte ilmaa fi nabiyyii naan jedhe. Yeroo kana mana ijaarame irraa naaf saaqame. Jibriiliin gaafadhee jennaan, manni kun guyyaa hundaa Malaa'ikaa kuma Torbaatamatu keessatti salaata naan jedhe. Hundi isaaniituu yoo (salaatanii) bayan lamuu itti hin deebi'an…"[28].

10- Umraa – umraan fakkaattuu Hajjii kan namni beeytii Rabbii deemuun raawwatuudha. Abu Hureeyraan, ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan jedhe: Umraan takka haga umraa isa itti aanuutti yakkoota jidduu isiitti dalagan nama irraa haqxi. Hajjiin sirriin immoo mindaan isii jannata malee hin jiru"[29].

11- Ammara Ardan- dachii ijaare jechuun kunuunse, qotee itti fayyadame jechuudha. Aa'ishaan ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan jette: "Namni dachii abbaa hin qabne kunuunse isatu isii haqa godhata (ta isaati)"[30].

12- Rabbiin guddaan ilma namaa dachii kana keessatti bakka bu'aa godhee, akka inni dachii kana keessa qubatee kunuunsu ajajee jira. *Al-Bukaariin* hiika umraa jedhu irratti Hadiisa Jaabir odeesse dhiyeessee jira. Jaabir Rabbi isarraa haa jaalatuu akkana jedhe: "Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)*umuraan ykn kennaan nama kennameefi jedhanii murteessan[31]".

---

[28] - madda gubbaa, Hadiisa lakkoofsa 3270, fuula 793.
[29] - madda gubbaa, lakkoofsa Hadiisaa 1773, fuula 427.
[30] - Ibnu Hambal, lakkoofsa Hadiisaa 24883, fuula 375.
[31] - Al-Bukaarii, Sahiihu Al-Bukaarii, lakkoofsa Hadiisaa2482, fuula 636.

13- Al-Umuraa kennaa, mana ykn dachii isaaf kenne. Haga umriin jiru ykn umriin jirtu keeti, gaafa ati duute naaf deebi'a. Jaabir Ibu Abdullaah akkana jedhe: "Namni kamiyyuu umrii isaa guutuu fi hortee isa duubaan dhufaniif waa kenneefi akkana jedhe: haga ati jirtuu fi haga nama sirraa bakka bu'u hundi lubbuun jiru siif kennee jira jedhe, isiin (kennaan sun) nama kennameefi, nama jalqaba kenne saniif hin deebi'u[32]".

**Sadaffaa: Ijaarsa (kunuunsa) Ibnu Kalduuniin Biratti**

Ibnu Kalduun jecha umraan jedhu Qur'aana keessaa walitti qabee, fiqhiin ijaarsaa kun guddaa ta'uu irra gaye, ergaan isaa baay'ee gadi fagaataa isaan dura namni irra hin gayin ta'uu hubate. Tariitii namoonni isa booda dhufan hedduunis irratti hin hundoofne ta'a. Ibnu Kalduun Hijraa irraa bara 808tti du'e. Kitaaba seenaa *Al-Ibaru wa diiwaanu Al-Mubtadaa wa Al-Kabar* jedhamu qopheessee ture. Seenaa kanaaf seensa barreessee ture. Seensi kunis kitaabicha caalaa beekkamtummaa argate. Seenaan gadaa isaa keessattii fi gadaalee gadaa isaa dura turan keessattis beekkumsa beekkamaadha. Kitaabni seenaa inni barreesse kun kutaalee gosa gosaa kan qorattoonni yeroo ammaa kana saayinsiilee hawaasummaa fi namummaa jalatti qoodan, gadaa ibnu Kalduuniin booda turtii waggoota baay'eetiin booda kan bifa saayinsii uf danda'aa ta'eetiin qophaayan kana of keessatti hammata.

Yaada *Ibnu Kalduun* seensa kitaaba isaa keessatti barreesse san madaaluuf, qu'annooleen *Al-Kalduun* tooftaalee qu'annoo heddu hordofte. Qorattoonni hedduun bu'uura saayinsii

[32] - Muslim, Sahiihu AL-Muslim, lakkoofsa Hadiisaa1625, fuula 664.

hawaasummaa, siyaasaa, diinagdee, saayinsii barnootaa fi bu'uura saayinsii birooti jedhuun. Garuu hayyuun abbaa seenaa Biriixaaniyaa *Ornooldi Tuweeynbi* jedhamu seensa Ibnu Kalduun kitaaba seenaa isaa saniif barreesse falaasama seenaa fi hojii kalaqaa kanaan dura hin dalagamini jedhee yeroo moggaase eennuyyuu caalaa sirritti nama ibseedha. Akkana jechuun barreesse: "Ibnu Kalduun gadaa isaa san keessatti tuqaa ifnanaa ka jalqabaati, seenaa qaroomaa keessatti nama addaa kalaqaan beekameedha. Xiinxala filatee itti seene kana keessatti waan nama isaan dura jiru irraa ka fudhate hin fakkaatu. Hojii isaa kitaaba *Muqaddimaa* keessatti falaasama seenaa bocee jira. Hojiin kunis shakkii tokko malee bakka kamittuu yeroo kamittuu waan sammuun hojii irra oolchuu dandeettuudha[33]".

Ibnu Kalduun hiikaa Qur'aanaa kan ijaarsaa kana fudhatee, saayinsii haaraya waa'ee jireenya namaa qoratu, jijjiirama haala jireenyaa kanarratti uumamu, hariiroowwanii fi dhaabbilee jireenya kana keessatti uumaman walitti qabuun saayinsii ijaarsa namummaa ykn saayinsii hawaasummaa, ykn haala qaroomaa jedhee moggaase. *Ibnu Kalduun* saayinsiin haaroyni 'saayinsi ijaarsaa' jedhamu boca imaammata isaa kan qabu akka dhalate labse. Namoota isa boodaan dhufan immoo waa'ee dhimmoota saayinsii haaraya kanaa akka qoratan yaamicha dhiyeesseef. Kana irratti akkana jedhe:
" kitaaba jalqabaa kan waa'ee haala ijaarsaa fi waan isa keessatti dhiyaatuu qabu dubbatu kana keessatti Namni Rabbi xiinxala gaarii fi beekkumsa bareeda kenneef kan nu duubaan dhufu waan

---

[33] - tonybee, Arnold. A Study of History: The Growth of Civilizations. New York: Oxford University press, 1962, Vol. 3, P. 321 – 328.

nu katabne kana caalaa keessa lixee barreessuu danda’a. wanti isarraa eeggamu kitaabichi waa meeqa qorate jedhee lakkaayuu osoo hin taane kutaalee isaa fi waan irraa dubbatu gosa gosa godhuudha. Namoonni isa boodaan dhufan immoo suutuma suutaan haga gaafa Rabbi guutuu godhuutti babal’isaa dhufu. Rabbi ni beeka isin hin beeytan”[34].

Seensa muqaddimaa isaa keessatti Ibnu Kalduun seenaa bifa oduutiin dhiyaatu irraa gara dhimma seenaa kan addunyaa ijaaruu fi haala addunyaa kanaa ta’etti seene. “ Dhugaan seenaa hawaasummaa dhala namaa irraa haasayuu ta’uu ni beeka. Hawaasummaan sunis addunyaa ijaaruu fi haallan ijaarsi addunyaa sun saaxilameef ka akka kophummaa, wal-bohaarsuu, dallansuu, tooftaalee namoonni ittiin wal-injifatan, injifannoo san duubaan waan dhufu kan akka mootmmaa fi biyyoonni hundeeffamuu, waan namoonni sababa carraaqqii fi tattaaffii isaaniitiin argatan kan akka hiree, jireenya gaarii, beekkumsa, dandeettii waa bocachuu fi cufuma wanta ijaarsa san keessatti argamuu himuu ykn odeessuu akka ta’e ni beeka”[35].

Kaayyyoon barnoota kanaa kaayyoo barreessitoota seenaa oduu durii himuu fi wantoota adda ta’an qotuun namaaf himuu irraa gara dhugaa dhara irraa addaan baafachuuf, kijiba dhugaa irraa bifa ragaan deeggarame kan shakkiin takka keessa hin jirreen addaan baafachuu keessatti seera bocuu. Booda kana irraa ka’anii saayinsii addaa kan dhimmoota of keessatti hammatuun

[34] - Ibnu Kalduun, Abdurrahmaan, Muqaddimat Ibnu Kalduun, gulaalaan Alii Abdulwaahid Waafii, Kaayiroo: mana maxxansaa Maktabat Nahda Masriyyaa, kutaa 3ffaa, fuula 1213.

[35] - madda gubbaa, kutaa 1ffaa, fuula 329.

seenaa fi saayinsiiwwan biraa irraa uf danda'ee kophatti dhaabatu hundeessuudha. Kana irratti *Ibnu Kalduun* wanti inni jedhu: "Akka waan inni saayinsii uf danda'aa ta'eeti, innis waa'ee ijaarsa namummaa fi walitti qabama namaati. Dhimmi inni irratti fuulleffatus haallan inni uf irratti qaqqabsiisuu danda'u duraa fi duuba isaatiin ibsuudha. Kunis wanta saayinsiin kumiyyuu kan namni bocee fi kan sammuun lafa keettes irratti xiyyeeffatu"[36].

Tariitii jijjiiramni haalaa fi rakkinoonni irra deddeebi'iinsaan mul'atan kan gadaa isaa san keessatti *Ibnu Kalduun* arge akka inni gadi bu'iinsaan xiinxalu, akka inni muuxannoowwan booddeen ummata gadaa isaa sun maal akka ta'e barreessuuf isa gargaare ta'a. Haala ummanni sun keessa dabre san irraa seerota ijaarsa namummaa kan dhimma siyaasaa fi hawaasummaatiin wal-qabatu kan waa'ee ilma namaa, seenaa ummatootaa fi qarooma isaanii, haala ji'oogiraafii, dhimmoota bulchiinsaa (mootummaa) fi siyaasaa, dhimmoota diinagdee fi qabeenyaa, sona walitti qabama dhala namaa, imaammata guddisa ykn barsiisa ilmaanii fi kkf.

Jireenya dhala namaa kana keessatti, seera Rabbii irraa ijaarsi namaa kun gara jireenya qananii fi badhaadhinaatti nama geessa fakkaata. Jireenyi qananii kunis jajjabinaa fi walitti dhufeenya hawaasa sanii keessatti qaawwa fida. San irraa ka'uun ummanni quufaan sun akka dadhabaa dhufu fi qaroominni isaas akka guutumatti dhabamu taasisa. Kunis ummatichi sun lafa irraa dhabamee isaaniin booda ummanni biraa kan isaan caalaa wal-qabatu, kan wal-jajjabeessu dhufee hanga yeroo ta'eetiif gahee isaanii fudhatanii, saniin booda marsaan biraas itti fufa.

---

[36] - madda gubbaa, kutaa 1ffaa, fuula 332.

﴿ إِن يَمْسَسْكُمْ قَرْحٌ فَقَدْ مَسَّ ٱلْقَوْمَ قَرْحٌ مِّثْلُهُۥ ۚ وَتِلْكَ ٱلْأَيَّامُ نُدَاوِلُهَا بَيْنَ ٱلنَّاسِ وَلِيَعْلَمَ
ٱللَّهُ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَيَتَّخِذَ مِنكُمْ شُهَدَآءَ ۗ وَٱللَّهُ لَا يُحِبُّ ٱلظَّٰلِمِينَ ﴿١٤٠﴾ ﴾

آل عمران: ١٤٠

*[Yoo madaan isin tuqxes, dhugumatti ummatas (diinotas) madaan fakkaataan isaan tuqee jira. Guyyoota san namoota jiddutti naannessina] (Aala Imraan: 140).*

Kanaafuu akeekni *Ibnu Kalduun* ijaarsa namummaa fi qaroomaaf kenne, akeeka amma mul'atu kan ijaarsaa fi qaroomaaf hiika guddinaa fi dagaaginaa leellisu caalaa, sadarkaa dadhabinaa fi jalqaba kufiinsaa waliin akka hidhata qabu mul'isa.

*Ibnu Kalduun* hubannoon inni seenaa fi walitti qabamiinsa dhala namaatiif qabu, hariiroo inni uumama hawaa fi seerota sosochii isaa waliin qabu namoota waa'ee dhimmoota kanaa irratti tattaafatan waliin yoo wal-bira qabamu bifa ifa galaa fi guutumatti adda ta'een hubatee ture. Dhalli namaa hayyootaa fi xiinxallitoota Ibnu Kalduuniin dura turan kan akka *Pilaatoo, Aristootil, Al-Faaraabii* fi *Ogostiin* biratti dhimma xiinxalaa ture. Garuu ilaalchi falaasamaa kan hojii jaraa keessatti baay'atee mul'atu dhugaa battaalaa fi haala hawaasummaa dhala namaa bira jirutti hin dhiyaanne. Sababni isaas yaanni isaanii guddaan galmaa fi ulaagaa haala hawaasni tokko dirqama irra jiraachuu qaban daangessuu irratti gar-malee fuulleffatan.

Faallaa sanii Ibnu Kalduun qorannoo isaa ka hawaasaa irratti wanta dhugumaan hawaasa irratti argamu irratti hundaa'e. Kanas muuxannoo dalagaa isaa kan hawaasa keessatti dalaguun argateeni. Kanuma waliinuu mul'ata silaa hawaasni uf duratti ta'uu qaba jedhus hin dhabamsiifne. Garuu hubannoo Qur'aana

kabajamaa irraa argateen mul’anni akkasii sun geengoo falaasamaa keessatti osoo hin taane, akka qajeelcha Rabbii namaa kenneetiin ta’uu qaba jedhe. Kanaafuu Ibnu Kalduun ibsa battalaatii fi mul’ata uf duraas walitti qabee, addunyaa ijaan argamtu irraa yeroo dubbatu addunyaa ija namaa jalaa dhokatanis osoo hin irraanfanne, osoo keeyyatoota wahyiis hin daganne dhugaa sammuun itti nama ajajjus nama hordofeedha.

Hubannaa Ibnu Kalduun ijaarsa namaatiif qabu keessaa kan hundaa olitti barbaachisaa ta’e, yeroo hedduu irra deddeebi’uun haala ykn akkaataa ijaarsaa qayyabachuun kan danda’amu seerota walitti qabama namaa fi akkaataa walitti qabamiinsaa san yoo hubanne qofa jechuu isaati. Sababni isaas wanti dhugumaan lafa irratti mul’atu akkuma seera hawaa biraa seera sosochii mataa isaa danda’e qaba. Kanaafuu galteewwanii fi argamoota hawaasummaa akka adeemsa seer-qabeessaatti bifa dhugaa jiruu fi haala isaa hin dabsineen qorachuun dirqama.

Seerri dhugaa fi dhara addaan baasanii himuun mijatuu fi mijachuu dhabuu walitti qabama dhala namaa kan ijaarsa ta’e san ilaaluu fi wanta ijaarsi sun booda irratti ufumaa uf irratti fiduu danda’u ilaaluudha. Ibnu Kalduun yeroo dhimma saayinsii ijaarsaa fi qabiyyeewwan inni irratti fuulleffatu yeroo kaase daangeffama kana akkana jechuun xumure: Saayinsiin hundinuu gama seera namaan bocamee fi gama dhugaa sammuun itti amantuutiinis akkanuma godhu.

Tariitii kuni yaamicha hawaasa Muslimaa kan jijjiiramaa fi haaromsatti nama yaamaniif akka isaan seerota jijjiiramaa kana sammuu fi lubbuuwwan, akkasumas haala qabatama battalaa kan hawaasummaa irratti qorannoo godhanii saniin booda tattaaffii

jijjiiramaatiif karoorfatanii sagantaalee fi hojiiwwan isaas seerota san beekuu irratti hundaa'anii bocanii baasuuf yaamicha isaaniif dhiyaateedha. Haala qabatama keessa jiran muuxannoo nama dhuunfaa tokkootiin jijjiiruun hin danda'amu. Akkasumas ilaalcha namoota yaada burqisiisanii kan dirqamni gara fuul-dura hiriiraa isaan dhaabee qofaanis kan dhufuu miti. Ykn immoo haguma fedhe dhaadannoon keenna sirrii osoo ta'ellee, dalagaa fi beekkumsaan ala dhaadannoolee qofa leellisuun kan argamuu miti. Namoonni keessi isaanii Rabbiin waliin qulqulluu ta'e hawwanii ykn quuqamanii qofa kan fidanii miti. Akkasumas haguma fedhe osoo sagaleen kadhaa isaaniis ol ka'aa ta'ee, kadhaa namoonni Rabbitti amanan salaata isaanii keessatti kadhataniin qofa kan dhufuu miti.

Ibnu Kalduun saayinsii ijaarsaa kana yeroo beekkumsa Qur'aanaa irraa cuunfee argatu beektota Islaamaa ykn beektota ummatoota biraa kan isa dura turan jala deemuuf ykn karaa isaanii irra masakamuufi miti. wanti kana godheef beektonni isa dura turan ijaarsa namummaa kana hubachuuf tattaaffiin isaan godhan guddaadha jechuu hubatee waan itti amaneefi. Bu'aan gumaacha isaanii immoo tooftaalee fi karaa jijjiiramaa fi fooyya'iinsi jireenya namaa ittiin argamu kanaaf seera cimaa haala kana nama hubachiisu bocuuf gahaa ta'uu dhabuu isaas argeeti.

Haalli jiru kana ta'uun isaa immoo akka *Ibnu Kalduun* dallawa *Ibnu Salaamaa* jedhamu keessatti galee waggaa afur guutuu xiinxaluu, dubbisuu fi barreessuu irratti fixuuf isa dirqee jira. Dhuma qabsoo waggaa afurii irratti kitaaba *Al-Ibar* fi *Al-Muqaddimah* jedhamu kan waa'ee ijaarsaa of keessatti hammate


bifa haarayaa fi adda ta'een qopheessuu danda'ee jira. "Bifa haarayaan bocame, bifa addaatiin ofitti nama harkisa, baay'ee faayda-qabeessa, waan qorannoon irra gaye, kan gadi bu'anii qu'achuunis itti qaqqabe, akka waan beekkumsa reef dhalatuuti, kanaan dura haasaya akka isaa hin argine… nu immoo Rabbiin akka kana fiixa baasnu nu gargaaree beekkumsa nuuf kennee jira" jechuun waa'ee tattaaffii kitaaba san qopheessuuf godhe ibse[37].

Dhimmichi wanta seera jijjiiramaa jedhamuun beekamu san qofa qu'achuu irratti ka dhaabatuu miti. kana bira kutuun gara seerota san keessaa kan gaarii ta'e sammuu fayyadamanii keessaa calaluu, seera san qorannoo jala galchuu, hariiroo inni gama yeroo fi bakkaatiin qorannoolee biraa waliin qabu beekuudha. Carraaqqiin kun immoo nama hayyuu fi qaroo akka *Ibnu Kalduun* barbaachisa. Inumayyuu qorattoonni hedduun harka walitti naqatanii kophaa kophaa fi gareenis ta'uun carraaqqii isaanii walitti fidanii, muuxannoowwan isaan hunda bira jiru wal-jijjiiranii hojjachuuf isaan dirqamsiisa. Tariitii Rabbi waan ummata fayyadu isaan qunnamutu mala, waan ijjannoowwanii isaanii ittiin sirreessanii fi rakkinoota ittiin furan isaan qunnamutu mala.

Gamaaggamiinsa *Ibnu Kalduun* kana keessatti hariiroon jidduu ijaarsaa fi jireenyaa, jireenya dhuunfaa fi hawaasaa, akkasumas ka jireenya mootummaa jalaa dhokatee hin beeku. Ijaarsa namummaa dachii kana irratti mirkaneessuuf utubaaalee sadi akka barbaachisu cimsee dubbata. Utubaan jalqabaa: Sodaa Rabbii qabaachuudha. Innis lubbuu ufii fedhii irraa qulqulleessuun argama. Utubaan lammataa immoo hiree

[37] - Madda dabre, kutaa 1ffaa, fuula 333-335.

funaannachuuf tattaafachuudha. Isa keessa jireenya hawaasaatu gama wal-gargaaruu, waliif birmachuu fi wal-guutuutiin argama. Gamtaan kunis wanti dirqama ta’eef namni dhuunfaan tokko yoomiyyuu wanta jireenya isaatiif isa barbaachisan hunda adda isaa walitti qabachuu waan hin dandeenneefi. Utubaan sadaffaan immoo murtii keessatti haqaan wal-qixxeessanii murteessuu. Kunis jireenya mootummaan aangoo fi humna isa barbaachisu walitti qabachuun gaggeessituudha.



## Afraffaa: Ijaarsaa fi Qaroomina

Ergaan ijaarsaa ka *Qur’aana* keessatti dhufe namni iddoo wayii keessatti ijaaratee keessa qubachuu, achi jiraachuu, iddoo san ijaaruu, sirreessuu, yeroo dheeraaf ykn hundeef isii keessa qubachuun humnaa fi dandeettii qaban hojii irra oolchuu, haqa Rabbii kan jireenya akka inni itti ajajee fi akka nabiyyoonni itti nama yaamanitti jiraadhaa jedhu bayachuu jedhu irraa haasaye. Akkasumas qaama namaa jireenyaan ijaaruu fi jireenya isaa san irra umriin wayii turuu hiika jedhuunis dhufee jira.

*Ibnu Kalduun* hiika jecha umraan (ijaarsa) jedhuu kana jireenya namaatiif haala walii galaa kan namni qofti hojii isaa ka dachii ijaaruu (kunuunsuu) san keessatti hojjatu jechuun fudhate. Dhalli namaa kunis waliin jireenya keessatti, wantoota jireenya hawaasummaatiif bu’uura ta’an kan gamtaan malee dhuunfaan argachuu hin dandeenne galamaan gayuu keessatti waliin ta’anii wal-gargaaru. Kunis ajaja Rabbii kan dachii ijaaraa jedhu awwaachuufi.

﴿وَإِلَىٰ ثَمُودَ أَخَاهُمْ صَٰلِحًا ۚ قَالَ يَٰقَوْمِ ٱعْبُدُوا۟ ٱللَّهَ مَا لَكُم مِّنْ إِلَٰهٍ غَيْرُهُۥ ۖ هُوَ أَنشَأَكُم مِّنَ ٱلْأَرْضِ وَٱسْتَعْمَرَكُمْ فِيهَا فَٱسْتَغْفِرُوهُ ثُمَّ تُوبُوٓا۟ إِلَيْهِ ۚ إِنَّ رَبِّى قَرِيبٌ مُّجِيبٌ ﴿٦١﴾﴾ هود: ٦١

*[Inni dachii irraa isin argamsiise, isii keessatti (bakka isin buusuun) akka isii ijaartan isin godhe. Araarama Isa irra barbaadaa saniin booda gara Isaa deebi’aa. Rabbiin kiyya dhiyoo fi awwaataadha] (Huud: 61).*

﴿وَلَقَدْ مَكَّنَّٰكُمْ فِى ٱلْأَرْضِ وَجَعَلْنَا لَكُمْ فِيهَا مَعَٰيِشَ ۗ قَلِيلًا مَّا تَشْكُرُونَ ﴿١٠﴾﴾
الأعراف: ١٠

*[dachii keessatti (haala) isiniif mijeessinee jireenya keessan isii keessa isiniif goonee jirra. Xiqqoma hin galateeffattanii] (Al-A'araaf: 10).*

Qaroomni hiika walii gala ammayyaa ka sonoota amala namaa hawaasa keessa jiraatanii, beekkumsaa fi qabeenya isaan oomishan of keessatti hammatu kanaan Qur'aana keessatti hin dubbatamne. Innis kan dhufe bifa gocha xumuraa kan faallaa dhabamiinsaa ta'e (dhufe ykn jira) jedhuutiin dhufe. Garuu qayyabannoon walii galaa kan ammayyaa kun gara kallattiitiin ergaa ijaarsaa keessatti, al-kallattiin immoo ergaawwan ummata, ragaa fi bakka bu'ummaa keessatti dubbatamee jira.

Wanti guddaan asitti ibsuu barbaannu, mul'ata addunyaa Islaamaa kan wal-surphiinsaa fi wal-utubiinsaan beekamu keessatti, qaroomni ykn ijaarsi qaroomaa kallattii gama afuuraa fi qabeenyaatiin jiru uf keessatti hammatuu qaba. Kallattii gama afuuraa ka jennuun sonoota xiinxalaa, seerota bulchiinsaa, hariiroowwan hawaasummaa, safuulee amalaa fa'a. Kallattii gama qabeenyaa ka jennuun guddina saayinsii, dagaagina teknolojii, ijaarsa magaalaa fa'a. Akka mul'ata Islaamaatti , madaalli qaroominaa kallattii isa lamuu dhiisee ka duraa irratti kan fuulleffatuu miti.

Tariitii, kadhaa *Nabiyyiin Ibraahiim* nageenyi isaan irratti haa jiraatuu eega haadha manaa isaaniitii fi ilma isaanii *Makkaan* keessa iddoo *Ka'abaa* kaayaniin booda kadhatan keessa waan utubaa ijaarsa dhala namaatti akeekutu jira. Innis: nama waa ijaaru, iddoo ijaarsi irratti raawwatamuu fi sona ijaarsa tiiysu. Ilmi namaa ka dachii kana ijaaruu (kunuunsuu) keessatti gumaacha godhu daa'ima kana (Ismaa'iil) ka fira ykn hortee isaa irraa

ummanni Muhammad argamte sani. Iddoon immoo laga facaasaa takka hin qabne ka namni kamiyyuu keessa hin jiraanne, kan dirqama daraaraa nyaatuu fi nagaya isa barbaachisuudha. Kunis kan argamuun namoonni naannoo san jaalalaa fi wal-ta’iinsaan qubatanii waliin jiraachuuni. Sonni immoo waan fuul-duratti horteen iddoo san qubatte galmaan geettu. Innis iddoo sanitti salaata salaatuu, Rabbiin gabbaruu fi isa galateeffachuudha.

Du’aa’iin (kadhaan) Nabi Ibraahiim Rabbii isaa kadhate*:*

﴿رَّبَّنَآ إِنِّيٓ أَسۡكَنتُ مِن ذُرِّيَّتِي بِوَادٍ غَيۡرِ ذِي زَرۡعٍ عِندَ بَيۡتِكَ ٱلۡمُحَرَّمِ رَبَّنَا لِيُقِيمُواْ ٱلصَّلَوٰةَ فَٱجۡعَلۡ

أَفۡـِٔدَةٗ مِّنَ ٱلنَّاسِ تَهۡوِيٓ إِلَيۡهِمۡ وَٱرۡزُقۡهُم مِّنَ ٱلثَّمَرَٰتِ لَعَلَّهُمۡ يَشۡكُرُونَ ٣٧﴾ إبراهيم: ٣٧

*Rabbii keenna! Ani hortee tiyya keessaa (garii isii) laga midhaan wayiituu hin qabne keeessa moggaa Ka’abaa keetii isaan qubsiisee jira akka isaan (ka’abaa biratti) salaata salaataniif. Rabbii keenna onnee namootaa isaaniif laaffisi. Akka isaan Si galateeffataniif firii nyaatamu isaaniif hiri] (Ibraahiim: 37).*

Rabbi waan hunda keessatti toltuu galmeessee jira. Namni Rabbitti amane sadarkaan Rabbitti dhiyaatuu isaa Rabbiin gabbaruun dabalaa dhufuun haga sadarkaa Ihsaanaa (waan hojjatan qulqullinaan hojjachuutti) gaya. Sadarkaan sunis guddina amala gaarii fi fiixa bayiinsa hojii keessaa isa guddaadha. Caalaa namaatii fi Rabbiin biratti irra jaalatamaa kan ta’e kan irra namaaf faaydaa buusu. Ilma namaa keessaa ka gara Rabbiititti nama yaamee dalagaa gaarii dalage kan caalu hin jiru. Madaalli namoonni Muslimaa qaroomaaf kennan Rabbitti amanuu fi hojii gaarii hojjachuu maaliif walitti hin qabne? Hojii gaarii irraa ka’eetii miti beekaan Muslimaa tokko beekkumsa nama fayyadan

kan akka ogummaa fayyaa, ogummaa Injinariingii, bulchiinsaa, warshaa, qonnaa fi kkf ka namaaf gumaachuu danda'een?

Irra caalaan nama faaydaa qabuu, kan ergamaa Rabbii biratti caalatti jaalatamu, kan guyyaa qiyaamaa teessumaan isaanitti baay'ee dhiyaatu nama amala gaarii caalatti qabu ta'e, namni Rabbitti amane tokko abbaa amala gaarii, amala qaroomaa maaf hin taane? Maaliif dirqamoota hojii isaa bayatee, naamusa hojii isaa tiksee, waadaa namaaf seene guutee, beellama namaaf beellame galmaan gayee, walii galtee nama waliin seene fiixa baasee, dhimma isa ilaalu gadi bu'iinsaan hubatee, rakkinoota furuu keessatti dandeettii cimaa qabaatee haallanii fi amaloota wantootaa akkasumas dhugaa battalaa hin qayyabanne?

Akka ilaalcha warra qabeenya addunyaa qofatti amananiitti qaroomni wal-dorgommii seera saayinsii, warshaa fi daldalaati. Wal-dorgommiin kunis gumaacha sammuu namaa fi imaammata saayinsii hojiin agarsiifamuu irratti kan bu'uureffameedha. Sammuun Rabbitti amante waan Rabbi osoo namni hin dhalatiniin dura nama saniif galmeesse, seerota uumaa inni ittiin uumama kana uumeen, dandeettii Rabbi addunyaa kana gara fedhetti gargalchuuf qabu, nabiyyoonni fi ergamtoonni hundeessitoota qarooma dhugaa ta'uu isaaniitti amanti. Qarummaan *Ibnu Kalduun* qabu ilaalcha lamaan walitti makuu nu barsiise. Ilaalchi jalqabaa ilaalcha lammataa of keessatti hammata. Hundeeffamni ijaarsaa fi qaroomaa seerotaa fi heerota amaloota namaa masakanii fi kan hojiilee battalaa irratti murtii kennan beekuu barbaachisa.

Fedhii qabeenyaa (meeshaa addunyaa) fi fedhii lubbuu namaa bayachuu keessatti wal-guutiinsaa fi wal-madaaliinsa akka

barbaachisu hin hubannee? Wal-guutiinsi fi wal-madaaliinsi kunis bifa qarooma dhala nama ammayyaa rakkinoota isa haguuganii irra taa'an, egaree dukkanaayaa wal-madaaliinsa dhabuun itti nama geessu irraa akka nama baraaru hin hubannee?

Ilaalchi hawaa fi kaka'umsi Rabbitti amanuu akka ummanni Muslimaa gumaacha qarooma gama meeshaa fi afuuraatiin jiru akka tumsu ka kakaasu yoo ta'u, ummanni Muslimaa qarooma madaalaa wantoota qabeenyaa fi afuuraaf barbaachisan of keessatti hammatu hundeessuu danda'ee jira. Addunyaa (gadaa) yeroo sanii keessatti iddoo guddaa waan qabuuf, hariiroon inni ummatootaa fi saboota waliin qabu baay'ee cimaa ture. Ummanni (Muslimaa) kun ijaarsa qabeenyaa fi afuuraa keessatti mata duree ture.

Garuu qaawwi aqiidaa fi mul'ata isaa keessatti argame, qarooma isaa jalaa baraaxessee, fedhiin qaroomaaf hojjachuuf namni qabu duubatti harkifatee, akka dirree qaroomaa hunda irratti fakkeenya ta'uun hafee, hiree hunda keessaa qooda dhabanii, mul'anni fi futunni duraanii ka qarooma addunyaa hoogganuu sun hundaan ala ta'anii jiru. Qaawwi argame kun hanga ammaatti dammaqiinsa qaroomaatiif akka ummanni tattaafatee ka'uuf gufuu itti ta'uu hin dhiifne.

*Ibnu Kalduun* yaad-rimee isaa kan ijaarsaa san akkaataa haala jireenyaa gosa murtaa'ee qofa irratti hin dhiifne. Baadiyaan ijaarsa mataa isaa danda'e qaba. Haala lamaanuu keessatti afuura gaarii gati-qabeessa ta'etu jira. Innis: xiinxalaa fi sonoota akkaataa jireenya ilma namaa too'atu. Kanaafuu beekkumsi *Ibnu Kalduun* qaroomaa fi ijaarsa wal hin qixxeessu. Akka ilaalcha isaatti, ijaarsi akkaataa haala jireenyaa kan hawaasni ilmi namaa

iddoo fi bakkatti keessa jiraatuudha. Kuni immoo sababa Rabbi dachii keessatti bakka bu'aa nama godhee haala jireenyaa namaaf mijeesseef kan *Qur'aana* keessatti dubbatame sanitti dhiyaata. Sababni sunis wanti Rabbi uumama kana hunda dachii kana irratti uumeef ijaarsaaf ta'uu mul'isa.

Sababni Rabbi uumaa uumeef kunis hawaasa namaa kana waliin garuma inni deeme duuka deema, qarooma irraa bifa uf danda'aa ta'een kophatti galma gaya. Hiikni ijaarsa jedhu guddina qabeenyaa fi fooyya'iinsa teknolojii kan akkuma qaroomni namaa guddataa deemuun waliin guddatan saniin hidhata qabaachuu dhabuu danda'a.

Kana jechuun immoo sadarkaa qaroomaa hir'isuu miti. Mul'ata Kalduun keessatti qaroomni galma ijaarsaati. Kallattiin ijaarsaa fooyya'uun baadiyummaa irraa gara magaalummaatti guddachuu mul'isa[38]. Magaalummaan haala mul'ataa yeroo gara yerootti guddatu, kan akkaataa ijaarsaa fi wantoota isaaf barbaachisan, meeshaalee ogummaa isaa, hariiroo hawaasummaa isaa, seera siyaasaa fi qindoomina isaa keessatti guddataa dhufuun beekamuudha. Bocni *Ibnu Kalduun* qarooma ilaalchisee boce waan qaroomni kun badhaadhinaa fi qananiin wal-qabatuuf gara hanqinaa (qaawwa qabaachuu isaa mul'isuutti) daba. Warri

[38] - Ibnu Kalduun akkana jedha: " Haguma fedhe, baadiyaan hundee magaalaati, magaalaa caala guddoodha jedhamus, jiraattota magaalaa wayii osoo sakattaanee bu'urri (matoonni) ganda sanii warra baadiyaa kan olla magaalaa sanii jiraataa turan ta'uu isaanii argina. Isaan sunis guyyama keessa duroomanii, magaalaa qubatanii gara jireenya boqonnaa fi badhaadhina warra magaalaa san jiraachuu eegalan. Kuni immoo kan inni mul'isu akkaataan haala jireenya warra magaalaa kan haala jireenya baadiyaa irraa fudhatame ta'uu isaa agarsiisa. Ibnu Kladuun, Al-Muqaddimaa, madda dabre, kutaa 2ffaa, fuula 472.

magaalaa akkaataa jireenya badhaadhinaa, qisaasessuu, jireenya addunyaatti fuul gargaluun, fedhii isii jala yaa'uun waan keessatti baay'atuuf lubbuun isaanii amallan fafee fi dharaan faalamtee jirti, karaan keeyrii (waan gaarii dalaguu) isaan irraa fagaataa dhufe. Dhuma irratti wanti ifa namaa ta'u qaroomni dhuma ijaarsaa ta'uu fi bayiinsi isaa gara badiitti kan nama geessu ta'uu isaati.

Booda irra, hariiroo ijaarsi qaroomaan qabu ilaalchisee, kutaa addaa godheefi irraa haasayee jira. Kutaa kanas mata-duree qaroomni galma ijaarsaa fi dhuma umrii isaati, badiidhaafis karaa saaqa jedhuun qopheesse. Kutaa kana keessatti wanti inni ibse, qaroomni galma baadiyaati, ijaarsi hunduu baadiyummaa, magaalummaa fi qabeenya dhuunfachuudha. Isaan hundinuu akkuma ilmi namaa umrii murtaawaa ta'e qabu, isaanis umrii murtaa'aa qabu. Wanti nuti beekuu qabnu ijaarsa keessaa qaroomnis galma ijaarsaa waan ta'eef akkuma sani wanta addaa hin qabu. Wanti kana jenneefis, badhaadhinaa fi jireenyi qananii kun jiraattotaaf yoo guuttame gara qaroominaa fi amala magaalummaatti nama geessa.

Qarooma jechuun akkaataa jireenya badhaadhinaa jiraachuu, haala isaa mijeeffachuu, meeshaalee nama barbaachisan hojjachiifachuu, wantoota nyaata bilcheeffachuuf, uffata oomishuuf, ijarsaaf, afataa fi meeshaalee babbareeda jirenyaaf nama barbaachisan hunda guutachuudha. Haalli mana bareechifachuu kun yoo bira kute haga gayuu qabu gaye, fedhii lubbuu jala deemuun dabalaa dhufa. Lubbuun namaa bareeduma kanaaf bololi'uun amantii fi addunyaas dhabdi. Qaroomni dabalaa yoo dhufe baasiin jiraattonni baasan guddataa dhufa.

Qaroomni akka sadarkaa ijaarsaatiin wal-caalaa deema. Akkuma ijaarsi caalee argameen qaroomni guutuu ta'aa dhufa. Magaalummaan ijarsi keessatti baay'atu gabaan isaa mi'aawuun beekama. Kana irratti gibirri kaffalamu dabaluun gara caalu haala jireenyaa mi'eessa.

Kanuma waliinuu ijaarsa dhugaa jechuun, baadiyattis ta'ee magaalatti ijaarsa Rabbiin tole jechuu irratti bu'uureffame, kan hojii hojjatan hunda isuma itti kajeeluu fi gabbara isa qofaaf qulqulleessuuf godhauudha. Akkasumas hojii gaggaarii dalaguu, nama wal-qixxeessuu, haqa dalaguu fi mirga namaa kabajuus of keessatti hammata. Ijaarsi bu'uurri isaa badii, nama miidhuu fi dachii balleessuu ta'e yeroo dheeraaf hin turu.

﴿وَلَوْ أَنَّ أَهْلَ الْقُرَىٰ آمَنُوا وَاتَّقَوْا لَفَتَحْنَا عَلَيْهِم بَرَكَاتٍ مِّنَ السَّمَاءِ وَالْأَرْضِ وَلَٰكِن
كَذَّبُوا فَأَخَذْنَاهُم بِمَا كَانُوا يَكْسِبُونَ ﴿٩٦﴾﴾ الأعراف: ٩٦

*[Warri gandaa osoo (Rabbitti) amananii isa sodaatanii, dachii fi samii irraa silaa barakaa itti banne. Garuu waan isaan (ergamtoota) kijibsiisaniif, dalagama isaaniitiin isaan adabne] (Al-A'araaf: 96).*

﴿وَلَوْ أَنَّهُمْ أَقَامُوا التَّوْرَاةَ وَالْإِنجِيلَ وَمَا أُنزِلَ إِلَيْهِم مِّن رَّبِّهِمْ لَأَكَلُوا مِن فَوْقِهِمْ وَمِن تَحْتِ أَرْجُلِهِم ۚ
مِّنْهُمْ أُمَّةٌ مُّقْتَصِدَةٌ ۖ وَكَثِيرٌ مِّنْهُمْ سَاءَ مَا يَعْمَلُونَ ﴿٦٦﴾﴾ المائدة: ٦٦

*[Osoo isaan waan (kitaaba) Toowraatii fi Injiil keessa jiru, akkasumas (Qur'aana) Rabbiin irraa isaanitti buufametti amananii, silaa gubbaa fi miila isaanii jalaa* ***nyaatan****] (Al-Maa'idaa: 66).*

﴿فَلَوۡلَا كَانَتۡ قَرۡيَةٌ ءَامَنَتۡ فَنَفَعَهَآ إِيمَٰنُهَآ إِلَّا قَوۡمَ يُونُسَ لَمَّآ ءَامَنُواْ كَشَفۡنَا عَنۡهُمۡ عَذَابَ ٱلۡخِزۡيِ فِي ٱلۡحَيَوٰةِ ٱلدُّنۡيَا وَمَتَّعۡنَٰهُمۡ إِلَىٰ حِينٖ ٩٨﴾ يونس: ٩٨.

*[Ummatoota eega balaa Rabbi isaanitti buusuu hedu ijaan arganiin booda Rabbitti amanan keessaa kan Iimaanni isaan fayyade ummata Yuunus qofa. Isaan amananii jennaan jireenya addunyaa irratti adabbii irraa kaafnee hanga yeroo dhumaatti isaan qananiifne] (Yuunus: 98).*

Ummatoonni adda addaa gosa ijaarsaa bocaan gara garaa hundeessanii turan. Gosti *Aad* kan Irama ijaaran kan akka isaanii dachii irratti hin uumamne. Gosti *Samuud* laga dhagaan addaan kutan fi Fir'oowni ijaarsa addaa ijaare hundinuu jallinaan fi badiin dachii balleessanii, dhugaa dalaganiin ala dharaan booniinsaan waan lafa guutaniif, ijaarsi addunyaa isaan ittiin beekaman sun osoo isaan hin fayyadin, osoo du'anii ganda aakiraa hin gayin, jireenyuma addunyaa kanarratti balaan Rabbii isaan duguuge.

Tattaaffiiwwan jijjiirama fiduuf taasifaman kan ummata Islaamaa kana akka isaan sadarkaa qaroomaa dur qaban san akka addunyaa ammaa keessatti deebifataniif isaaniif tumsuuf godhaman, karaa ittiin seenaa san deebisan irratti gaaffii bu'uuraa kaasee jira. Gaafiin sunis akka armaan gadii kana:qarooma Islaamawaa amma barbaannu kana ijaaruuf, hawaasa keenna guddifnee qarooma ammayyaa kan beekkumsaa, dandeettii ogummaa, wal-dorgommii qabeenya horachuu, gumaacha ijaarsi fide wal irratti kuusuu, akkaataa jireenya namoota ammayyaa kan nyaataa, uffannaa fi ijaarsa manaa hordofuu, tooftaalee qananii, jireenya mijeeffachuu fi tooftaalee sab-qunnamtii ammayyaatti

hawaasa keenna dhaqqabsiisuu qabnaa? Moo wanti barbaadamu qarooma kana kuffisnee, ekaraa isaa irratti qarooma biraa haaraya uumuudha? Barbaachisummaan ummata qarooma jalqabaatti dhaqqabsiisuu ykn qarooma san diiganii ka lammataa haaraya hundeessuu kun hagam takka fiixa baya?

Ilaalcha lamaan kana irratti deebiin hedduun kennamanii jiru. Garuu yaanni abbaa kitaaba kanaatiif mul’ate, dhimmi ummaticha qarooma dabretti dhaqqabsiisuu hin barbaachisu qofa osoo hin taane, wanta baay’ee ulfaataadha. Ilaalchi isa kaan kuffisanii isa haaraya hundeessuu immoo seenaa warra Dhihaa keessatti wanta beekamaadha. Tattaaffiin dammaqinaa fi haaroomsa warra Dhihaa sonoota hawaasni ittiin bulan kan hundeen isaanii amantii Kiristaanaa ta’e diiguun iddoo isaa sonoota sammuun itti amantuu fi saayinsaawaa ta’een bakka buusan. Dogoggorri isaa booda irra wanta sonoota amantii jedhamu hunda dhabamsiisuu isaaniiti.

Ilaalchi haaroomsaan boodaas, jechamoota haaroomsaa san hubachuun hanqinoota muraasa isiin of keessaa qabdu sirreessuu eegalee jira. Garuu dogongorri isaa dhimmoota haaroomsi fidan tokko tokko kan sirrii ta’an diiguudha. Kunis gama tiyooriilee (ilaachota) sammuu, beekkumsaa fi dhalli namaa yaaddan gadhee qabatamaan lafa irra hin jirre namaaf kennu yaada jedhu irraa ka’uuni.

Qarooma jirutti dhaqqabuu fi ka jiru diiganii haaraya hundeessuu ilaalchi jedhu wanti barbaachiseef, ummanni Islaamaa gahee waa sirreessuu, karaa sirrii irratti nama qajeelchuu, mul’ata haaraya addunyaaf dhiyeessuu, mul’ata qaroomni dhala namaa ammaa of keessaa hin qabne, qarooma

dhala namaa ammaa rakkinoota inni keessa jiraatu irraa isa baraaruu, qarooma dhala namaa booddee isa eegga turraa baraaruu, mul'ata wal-guutiinsa beekkumsaa fi naamusaa qabu, ka wal-madaaliinsa afuuraa fi qabeenyaa eegu, mu'ata imaammanni dhaabbileen diinagdee, daldalaa, mallaqaa, dhaabbileen addunyaa fi biyyoonni gurguddoon addunyaa kana hoogganan biyyoota addunyaa biraatiif qopheessan, imaammata mul'ata egaree addunyaa kanaa diiguuf dhufan ta'uu kan ibsan ta'uu qabu.

Gaafiin kun beekkumsa afuura qarooma ammayyaa deebisee ijaara. sanuma waliinuu bifa seera qabeessaa fi soorannaaf maluun bu'aawwan qaroomaa kan qabeenyaa fi magaalummaa irraa argamanitti fayyadamuu nama hin dhoorgu.

Dhimmi kun wal'aansoo addunyaa meeshaa fi xiinxalaa jidduu jiruu miti. mul'anni addunyaa Islaamawaa addunyaa meeshaa hin qeequ, isaan hin diinamu. Garuu akka fedhiin meeshaa kun jireenya namaa fi hawaasichaa gabroonfatee afuuraa fi xiinxala madaaliinsa barbaadamu namaa fidu, kan namni humna isaa oomisha, ijaarsaa fi jireenya kabajaa ittiin mirkaneeffatu, akkasumas kan gammachuu lubbuu nama dhuunfaa saniif argamsiisu, kan jidduu dhuunfaa fi hawaasa saniitti hariiroo wal-baruu, wal-gargaaruu fi wal-guutiinsaa cimsu irraa duubatti nama deebisu hin hayyamu.

Sababa duudhaa wal-dorgommii, wal-saamiinsaa fi meeshaa gabaa jalaa ol kaayatanii yeroo namni gar-malee itti hajame gatii baay'ee guddaa ta'een gurgurachuutiin addunyaa ammaa kana keessa ummatoonni fi saboonni hedduun rakkinaa fi dhiphina qabeenyaa fi afuuraa keessa ka jiraatan ta'us, itti

gaafatamummaan ummata Islaamaa, duudhaalee wal-baruu, wal-gargaaruu, waliif tumsuu fi wal-guutiinsaa ilma namaa jiddutti cimsuudha. Akkasumas dhukni hawaasni jireenya isaa irratti ijaaratu addunyaa kana irratti kan gammachuu lubbuu isaaf fidu ta'uu fi waan balleessaniif kan isaan hirreegu Rabbii tokkicha ta'uu beekuudha.

Ummanni Islaamaa, itti gaafatamummaa kana bayachuun yoo waa lama hin dalagin itti ulfaachuu danda'a. Inni duraa akka namoonni dhugaa waan isaan itti nama waamanii san beekuuf jecha, hawaasa isaanii keessatti fakkeenyummaa qindoomina qarooma wal-guutiinsaa fi wal-madaaliinsaan ibsamu ijaaruu. Inni lammataa immoo faaydaa waliinii keessatti duudhaan waliin mari'achuu, wal-qunnamuu fi wal-gargaaruu babal'achuun aadaan kennanii fudhachuu, baratanii barsiisuu, nama gargaaranii ufii gargaaramuu guddachaa dhufuu qaba. Tariitii ummanni Islaamaa kana godhee yoo argame, duudhaa qaroomaa fi ijaarsaa isa haaraya ta'e ijaaruu danda'a.

### Shanaffaa: Ijaarsa, Siyaasaa fi Mootummaa

Boqonnaa dabre keessatti, hariiroo qaroomni ijaarsa waliin qabu dubbannee jirra. Ilaalcha *Ibnu Kalduun* hariiroo qaroomaa fi ijaarsaa irratti qabus ibsinee jirra. Saniin booda yaad-rimeen ammayyaa kan qarooma jedhu ergaan isaa kan gama afuuraa fi meeshaatiin jirus maal akka ta'e ibsinee jirra. Boqonnaa kana keessatti immoo ijaarsi maalummaa mootummaa tokkoo, siyaasa diinagdee, seeraa fi hawaasummaa isaa ibsuuf safuu bu'uuraa ta'uu isaa ilaalla. Ijaarsi hawaasa ilma namaa qindaayaa boca biyya utubaa fi qabiyyee isaa qabate keessatti

malee fiixa hin bayu. Biyyis (mootummaanis) siyaasa dhimma isaa qindeessuun malee hin ijaaramu. Hariiroo ijaarsi mootummaa (biyya) waliin qabu ibsuuf, ilaalcha *Ibnu Kalduunii* fi *Ibnu Al-Azraq* haala biyyoota addunyaa Islaamaa amma keessa jirru waliin hidhata waan qabuuf, xiinxala isaanii kana ilaalla.

Akka ilaalcha *Ibnu Al-Azraqitti*, ijaarsi dhala namaa siyaasaa dhimma isaa ittiin seer-qabeessa godhu qabaachuu qaba. Hiikni siyaasaa *Ibnu Kalduunii* fi *Ibnu Al-Azraqiin* biratti hojii qindeessuu fi bulchiinsaa bira dabree sirna bulchiinsa biyyattii kan ibsuudha. Kanaafii *Ibnu Kalduunii* fi *Ibnu Al-Azraq* waa'ee biyyaa (mootummaa) yeroo dubbatan bifa siyaasaa ammayyaatiin, waa'ee mootii bifa mataa biyya bulchuutiin fi siyaasa immoo akka seera biyya bulchuuf hordofamuutti ibsan.

*Ibnu Kalduun* kitaaba isaa *Al-Muqaddimaa* keessatti kutaalee hedduu keessatti mata dureelee baay'ee irratti waa'ee mootummaa fi mootii irraa haasayee jira. Fakkeenyaaf: boqonnaa mata dureen isaa 'Akkuma ilma namaa mootummaanis umrii daangeffame qabdi' jedhu, boqonnaa 'Marsaalee mootummaa fi haalli isii gargar ta'uu' jedhu, boqonnaa 'Mootummaan baadiyuummaa irraa gara magaalummaatti geeddaramuu', boqonnaa 'Dhugummaa mootii fi qoqqooda isaa', boqonnaa 'Amala mootii keessaa kabajni isaa adda ta'uu' jedhuu fi kkf barreessee jira.

Mootummaa jechuun seera walii galaa, elemantii fi qabiyyeewwan isaa ka mataa sirna bulchiinsaa ibsu: Kaliifaa (dhaalaa) ykn mootii ykn Sulxaana, kan sirna diinagdee biyya sanii fi akkataa walitti qabiinsa maallaqaa fi baasii isaa ibsu, sosochii oomishaa fi daldalaa, sirna seera nagayaa fi mirgoota

namaa kabachiisuu fi sirnoota hawaasa san keessa jiran kan ibsu jechuudha. Kanattis dabalee daangaa hawaasni biyya sanii keessa jiraatuu fi maalummaa hawaasa saniis kan ibsuudha.

*Ibnu Kalduun* ijaarsaa fi mootummaan wal-gituu akka qabu irratti akkana jedha: “Mootummaa fi mootiin akka bifa ijaarsaa fi kaliifaati. Isaan hunduu qaama irraa gaafataman, gandaa fi haala mataa isaanii qabu”. *Ibnu Al-Azraq* yaada wal-gitiinsa *Ibnu Kalduun* kana irraa ka’ee akkana jedhe: “wanti sammuu fi dhageettiinis caalatti beekkamee, ragaan isaa fudhatamuu irratti ulaagaaleen isaa hundi dhageettii argate mootiin bifa ijaarsaa fi murtii isaa kan faaydaan isatti hajamiinsaa fi iccitiin isaa keessatti walitti qabamtuudha. Mootummaa fi mootiin ijaarsaaf akka boca meeshaa wayiiti. Isatu bifa bocaa fi argama sanii tiksaaf. Tokko isa kaan irraa addaan bayuun wanti hin malle. Biyyi ijaarsaan ala hin yaadamu, ijaarsi biyyaan ala hin mijatu. Akkuma inni tokko dhabamuun isa kaaniif dhabama ta’e, isa tokko qaawwi argachuun isa kaaniifis hir’ina ta’a”[39].

Ibnu Kalduun ijaarsa biyyattii keessatti sirna mallaqaatiif baay’ee bakkee kenna. Kanarratti akkana jedha: “Mallaqni isaan irraa guuramtu isaanumaaf deebiti, qabeenyi isaanii garri caalu gabaa fi daldala isaanii irraa argama. Yoo mootiin jiraattotaaf harka diriirsee qabeenya isaa isaaniif arjoome isaan hunda wal-geettee isaaf deebiti. Yeroo bifa gibiraa fi qaraxaatiin isaan irraa guuramtu bifa kennaatiin isaaniif deebiti. Qabeenyi jiraattotaa akka haala biyyattii ta’a. Akkuma sadarkaa qabeenya ummataatiin galiin mootummaas jijjiiramaa deema. Bu’uurri kana hundaatuu ijaarsaa fi baay’achuu isaati. Biyya takka xiinxali

[39] - Ibnu Al-Azraq, Badaa’I’u Assalak, kutaa 1ffaa, fuula 58 fi 223.

dhimmi kun ifa siif gala. Rabbi ni murteessa, murtiin isaa of duuba deebii hin qabu”[40].

*Ibnu Al-Azraq* barbaachisummaan mallaqni booddee ijaarsaa irratti qabu cimaa ta’uu ibsa. Mallaqni akkamitti akka heddummaatuu fi xinnaatus ibsa. Xiqqeenni fi baay’inni mallaqaa hariiroon inni sirna bulchiinsaa fi siyaasa biyyattii waliin qabus maal akka ta’e dubbatee jira. Mallaqni baay’achuu fi ijaarsi dhedheerachuu ilaalchisee akkana jedha: “Sababni isaa waa heddu, san keessa inni bu’uuraa fi walii galaa ijaarsi bifa haqa qabeessaan eegame baay’achuudha. Akkuma jedhame: mallaqni gibiraan, gibirri ijaarsaan, ijaarsi immoo haqaan ta’uu qaba”. Sababni mallaqni eega baay’ee ta’e xinnaatee, ijaarsi kufaa dhufeef yeroo ibsu akkana jedha: “Sababni eega baay’ate xinnaateef haqa irraa dabuu… fi balaawwan uumamaati. Balaa san keessaa takka geettuudha, yoo walitti qabamte irra caalaa miti. Balaan jalqabaa: hojii baay’isuu, ka lammataa meeshaalee gabaa irratti gurguraman irratti kaffaltii murteessuu, sadaffaan mootichi daldalatti seenuu. Rakkooleen kunniin ifatti baanaan daldalli mootii jiraattota akka miidhuu fi mallaqa ummata irraa walitti qabamu akka balleessu shakkiin hin jiru. Dhuma irratti diigamiinsa ijaarsaa fi dhabamiinsa mootummaa fida. *Umar Ibnu Abdulaziiz* Rabbi isa irraa haa jaalatuu hojjattoota isaatiif akkana jedhee barreesse: Hooggantoonni daldala keessatti hirmaachuun badii fida, jiraattota miidha, lubbuu tee kana irraa eegi”[41].

---

40 - Ibnu Kalduun, Al-Muqaddimaa, madda dabre, kutaa 2ffaa, fuula 817.

41 - Ibnu Al-Azraq, Badaa’I’u Assalak, madda dabre, kutaa 1ffaa, fuula 212-215.

*Ibnu Kalduun* boqonnaa tokko mata duree “Hoogganaan daldala keessatti hirmaachuun ummata miidha, mallaqa isaan irraa walitti guuramu balleessa” jedhuun addatti qopheessuun akkana jedhe: “Mootiin qabeenya isaa guddisuun salphina, mallaqa ummata irraa walitti qabamu baay’isa. Saniin ala daldalli fi qonni jiraattota yeroo gabaabaa keessatti miti, mallaqa isaan irraa sassaabame balleessiti, ijaarsa hanqifti”. Mootichaaf namni daldala kan itti dhaadhessee itti mi’eesse namoota isatti dhiyoo jiran ta’uu ibsuun Ibnu Kalduun akkana jedha: “Hooggantootaa fi kaadreewwan daldalaa fi qonna keessa lixan kunniin meeshaalee ala irraa gara biyyattii seenan dhiyeessitoota irraa bituun, gatii haga fedhan irratti dabalanii namoota isaan jalatti bulaniif deebisanii gurguru. Kuni isa jalqabaa caalaa hammaataadha, haala jireenya jiraattotaa miidha, rakkinaaf isaan saaxila. Mootiinis kana argee daldala kana keessatti hirmaatuun, namni isaan dorgomuu fi gibirri isa irraa fuudhamu waan hin jirreef dafee qabeenya ariitiin walitti qabata”[42].

Akka ibnu Kalduun ibsutti daldaltoonni fi qotee bultoonni dirree daldalaa fi hojii keessatti akka gowwoomsamaa jiranii fi mootummaa fi mooticha waliin dorgomuuf dandeettii dhabuu isaanii yoo argan, mallaqa isaanii san qonnaa fi daldala irratti invast godhuu ni dhiisu. Yeroo kana immoo gibirri xiqqaataa waan dhufuuf sababa gaaga’ama ijaarsaatiin mootummaan dadhabaa dhufti. Haalli kun akkuma daldala hooggantootaa fi namoota biyyattii keessatti sadarkaa gurguddaa qaban irratti hojii irra oolu, daldala sektara walii galaa isa ammayyaa keessattis akkanuma ta’uu danda’a.

[42] - Ibnu Kalduun, Al-Muqaddimaa, madda dabre, kutaa 2ffaa, fuula 693.

Namni *Alii Abdulwaahid Waafii* jedhamu, gulaalaa kitaaba *Al-Muqaddimaa IbnuKalduun* qopheessee akkana jechuun kana irratti yaada kenne: “Ilaalchi *Ibnu Kalduun* mootummaan gabaa keessa seentee meeshaa bituun, daldalaan yeroo gubuu fi gosoota meeshaa garii bitanii ija namaa jalaa ol kaayanii booda gatii isaa mi’eessanii gurguruun karaa al-kallattiidhaan soorattoota dhumaa irratti gibira dabaluudha yaanni inni jedhe sun ilaalcha hayyoonni diinagdee siyaasa ammayyaa ilaalaniin wal-simata. Sababni *IbnuKalduun* lafa kaaye, kan hayyoonni kitaabota diinagdee siyaasaa ammayyaa keessatti kaayaniin tokko”.

*Ibnu Al-Azraq*, yaada namni *Abuu Mansuur Assa’aalibiin* jedhe irraa fuudhuun akkanatti nuun gaye: “Qabeenyi mootii waan inni ummata irraa guuruun yoo dabale, akka nama gubbaa mana isaa waan utubaa manaa buqqisuun ijaareeti”[43].

Ijaarsa biyyattiitiif qabeenyi fi akkaataan itti fayyadama isaa akkuma barbaachisaa ta’e, haqqummaanis barbaachisaadha. Akkuma namoonni jedhan: haqni bu’uura bulchiinsaati. Wanta baay’een biyyattii keessatti haqni ittiin dhabamuun dhimma qabeenyaa fi mallaqa dhuunfaa namootaa ta’e irratti. Namoonni roorristoonni qabeenya san nama irraa roorrisanii, ijaarsa keessa rakkinni seenee biyyattiin kara kufiinsaatti akka deemtu godha. *Ibnu Kalduun* akkana jedha: “Kana jechuun hanqinni ijaarsaa argamuun sababa diinummaa fi roorrootiin akka ta’e shakkii hin qabu, rakkinni kunis booda mootummaa irratti kufa. Nama miidhuu (zulmii) jechuun qabeenya nama tokkoo nama isa dhuunfate irraa isaaf bakka buusuu ykn sababa tokkoon ala irraa

[43] Ibnu Al-Azraq, madda dabre, kutaa 1ffaa, fuula 226.

saamuu hin se’in. Zulmiin kanaa oli. Namini qabeenya nama tokkoo fudhate ykn hojii isaa irraa roorrise ykn waan seerri isa irratti dirqama hin godhin ka isarraa barbaade ykn irratti murteesse nama san miidhee jira. Qabeenya haqaan ala nama irraa guuruun, hatuun, nama saamuun, mirga namaa nama dhoowwachuun miidhaadha. Kuni hunduu mootummaa irratti lafa dhayuun ijaarsa miidha. Wanti shari’aan (seerri) nama miidhuu haraama (dhoorgamaa) godheef, ijaarsa waan miidhuufi”[44]

*Ibnu Kalduun* nama *Al-Mas’uudii* jedhamu irraa waa inni oduu warra *Fursii* ilaachisee, namni *Moobzaan* jedhamu kan ummata san biratti nama amantii ta’e, mootii isaa ittiin gorse akkana jedhee nuuf hime: “Yaa mootii! Kabajni mootummaa, isa tole jedhuun, waan inni itti ajajee fi irraa seere jala deemuun seeraan ala hin argamu. Seerris mootiin ala hidda hin godhatu. Mootiin dhiiraan malee kabaja hin qabu. Dhiirris qabeenyaan malee hin kabajamu. Qabeenyi ijaarsaan ala hin argamu. Ijaarsi haqaan malee hin jiraatu”. Wanti Rabbi haqa dalagutti nama ajajee miidhaa haraama godheef, miidhaan badii fi diigamiinsa ijaarsaa waan fiduufi. Ragaan kanaas Qur’aanaa fi Hadiisa keessatti baay’etu jira jechuun Ibnu Kalduun nuuf hime[45].

*Ibnu Al-Azraq* jecha Aristootil jedhe akkanatti nuuf dhiyeessa: “Addunyaan akka ooyruuti. Dallawni isaa mootummaadha. Mootummaan aangoo seerri ittiin lubbuu godhatu. Seerri immoo siyaasa mootiin ittiin ummata bulchu. Mootummaan seera humni waraanaa cimsee eegu. Humni

[44] - Ibnu Kalduun, Al-Muqaddimaa, kutaa 2ffaa, fuula 699.
[45] - madda gubbaa, fuula 698-700.

waraanaa gargaartota qabeenya nama baasisiiu. Qabeenyi immoo hiree ummanni walitti qabatu. Ummanni immoo gabroota haqaan bulfamuu qabu. Haqni beekkamaadha, addunyaan isa irratti bu'uureffamte"[46].

[46] - Ibnu Al-Azraq, madda dabre, kutaa 1ffaa, fuula 232.

## Xumura Boqonnaa kanaa

Qur’aana keessatti ijaarsa jechuun, jireenya namaatiin dachii ijaaruu, jireenya namaa waan gagaarii fi dalagaa bareedaan ijaaruu, sababoota jireenyaa fi utubaalee isii cimina qabeenyaa fi afuuraa ijaaruun fooyyessuu. Hiikni ijaarsaa kun kan sirritti ifa ta’uun faallaa isaa beekuuni. Inni jireenya faallaa du’aa ta’e, haaroomsaa fi fooyyessa faallaa diigiinsaa, barbadeessaa fi mancaasuu ta’eedha. Akkasumas hiikni ijaarsaa kan beekamuun hundee inni irraa damee ta’e beekuuni. Sammuu fi keessaanis Rabbitti amanuun, jireenya karaa qajeelaa irratti gadi dhaabuun hojiin agarsiisuun hundeedha, badhaadhina addunyaa fi ganda boodaatiin qanani’uun immoo bu’aa ijaarsaati.

﴿ وَلَوْ أَنَّ أَهْلَ ٱلْكِتَـٰبِ ءَامَنُوا۟ وَٱتَّقَوْا۟ لَكَفَّرْنَا عَنْهُمْ سَيِّـَٔاتِهِمْ وَلَأَدْخَلْنَـٰهُمْ
جَنَّـٰتِ ٱلنَّعِيمِ ﴿٦٥﴾ وَلَوْ أَنَّهُمْ أَقَامُوا۟ ٱلتَّوْرَىٰةَ وَٱلْإِنجِيلَ وَمَآ أُنزِلَ إِلَيْهِم مِّن رَّبِّهِمْ لَأَكَلُوا۟ مِن فَوْقِهِمْ
وَمِن تَحْتِ أَرْجُلِهِم ۚ مِّنْهُمْ أُمَّةٌ مُّقْتَصِدَةٌ ۖ وَكَثِيرٌ مِّنْهُمْ سَآءَ مَا يَعْمَلُونَ ﴿٦٦﴾ ﴾ المائدة: ٦٥ - ٦٦

*[Warroonni kitaabaa (Yahuudaa fi kiristaanonni) osoo (Rabbitti) amananii Isa sodaatanii, silaa balleessaa isaanii hunda dhiifneefii jannata qananii isaan galchina. Osoo isaan Toowraat, Injiilii fi Qur’aana Rabbiin irraa isaanitti bu’etti amananii, silaa gubbaa fi jala luka isaanii irraa nyaatan. Isaan keessaa ummata **jiddu-galeessatu** jira. Hedduun isaanii wanni isaan dalagan fokkisaadha] (Al-Maa’idaa: 65-66).*

﴿ وَلَوْ أَنَّ أَهْلَ ٱلْقُرَىٰٓ ءَامَنُوا۟ وَٱتَّقَوْا۟ لَفَتَحْنَا عَلَيْهِم بَرَكَـٰتٍ مِّنَ ٱلسَّمَآءِ وَٱلْأَرْضِ وَلَـٰكِن كَذَّبُوا۟
فَأَخَذْنَـٰهُم بِمَا كَانُوا۟ يَكْسِبُونَ ﴿٩٦﴾ ﴾ الأعراف: ٩٦

*[Warri gandaa ooso (Rabbitti) amananii isa sodaatanii, silaa dachii fi samii irraa barakaa itti banne. Garuu waan isaan (ergamtoota) kijibsiisaniif, dalagama isaaniitiin isaan adabne] (Al-A'araaf: 96).*

Ijaarsi haala qabeenya meeshaa fi afuuraa kan sadarkaalee jireenya dhala namaa kan sadarkaa magaalummaa fi hiree qaroomaa osoo hin ilaalle nama hunda irraa hin hafne ta'uun isaa ifa nuu galee jira. Duubatti hafiinsi addunyaan Islaamaa yeroo ammaa ittiin rakkataa jirtu kun, qarooma dhala namaatiif waan barbaachisu mul'ata addunyaatiif akka isaan gumaachan isaan dirqisiisa. Gumaachi isaan irraa eeggamu kunis bu'aa ijaarsaa fi qarooma meeshaa karaa sirrii irratti qajeelchuu fi kaayyoo bakka bu'ummaa ilmi namaa dachii kana irratti qabu san hojii irra oolchuu fiixa baasuudha. Hariiroo ijaarsi siyaasaa fi mootummaa waliin qabu irratti yaada *Ibnu Kalduunii fi Ibnu Al-Azraq* ibsinee jirra. Ibsi isaaniis nama miidhuun sirni bulchiinsa biyyattii akka kufuuf karaa saaquu isaa nuuf ibsa. Kunis bara 2011 irraa eegalee waan argaa jirruudha.

Qur'aanni ulfaataan ijaarsi waan bu'a-qabeessa ta'eef lubbuu namoota bu'aa kanaaf bololi'anii keessa akka seenuu danda'u cimsee ibsa. Namoonni gariin Rabbitti amanuuf ilaalchi sammuu isaanii fi gamaaggamiinsi sammuun isaanii fudhattu akka bu'uraatti waan itti fayyadamaniif, waadaan barakaa samii fi dachii namaa dhangalaasuu, maddeen hiree namaaf baay'isuu fi namaaf laaffisuun lubbuudhan gariin akka dallaawa Rabbitti amanuu keessa seenaniif dhaadhessaa guddaa ta'uu danda'a. Yoo dallawa san keessa seente, tasgabbii fi dhugaan argamuun mi'aan Rabbitti amanuu lubbuu keessa seena.

Qur'aanni kabajamaan akkaataan inni yaamicha ittiin namaaf dhiyeessu gosa gosa ta'uu argina. Sunis namaaf mararfachuu, garaa laafuu fi akka namni hundi yaamicha kana irraa fayyadamuuf waan godhameedha. Wanti kana jenneef, ilma namaa keessaa gareewwan gosa yaamicha kanaa barbaadan waan jiraniifi. Namoonni gariin yaamicha sammuu dubbisutti amanu, gariin immoo yaamicha gara laafinaa fi miira nama tuqu irraa fayyadamu, isaan hafan immoo yaamicha bu'aa qabeenyaa fi hojii dubbatu irraa waan fayyadamaniifi.

Ijaarsi namummaa tokkichummaa Rabbii, jireenya namaa badii irraa qulqulleessuu, jireenya sadarkaa dhuunfaa, sadarkaa garee fi ummataatti jiran guddisuun walitti dabalamuun sirna safuu kan ummanni keenna gosa safuulee ijoo fi dameelee ta'an hundaaf  akka maddaatti itti fayyadaman bocuuf gargaara. Sirna safuulee kana keessatti qorannoolee fi qu'annoowwan dabalataa hedduu kan qayyabannaa nuti sirnoota kanaaf qabnu nuuf dabalan, kan isa irraa kaanee sirnoota safuulee ijoo ta'an kan biraa beekuuf nu gargaaran ilaaluu barbaachisa. Akkasumas qu'annoolee safuulee kanniin dirree gorsaa fi yaamicha amantii irraa, dirree saayinsiiwwan shari'aa irraa gara dirree saayinsiiwwan namummaa, hawaasummaa fi saayinsii hawaatti geeddaruun saayinsiiwwan kanniin akka ummanni Islaamaa ummatoota addunyaa kanaatiif ifaa qajeellumaa ta'an hawaasa Muslimootaa ittiin guddisuuf nu gargaaru cimsuufi.


Ijaarsi safuu ol'aanaa waan ta'eef, dallawa imaammata xiinxalaa, qu'annoo fi amala Islaamummaa daangessuu keessatti gumaacha qaba. Kana bu'uura godhachuun gareewwan sonoota bifa tiyoorii fi hojiitiin jiran kan tattaaffii sammuun Muslimaa

imaammata kana hojitti jijjiiruuf tattaafatu gargaaran kana irraa argachuun ni danda'ama. Sonoota kana keessaa akka fakkeenyaatti: sonoota wal-guutiinsa wantoota jireenya hawaasaatiif barbaachisan kan akka: qonnaa, warshaa, daldalaa, meeshaalee wal-qunnamtii, sona wal-guutiinsa dirreelee beekkumsaa kan akka: saayinsii wahyii, saayinsii namummaa, saayinsii uumamaa, saayinsii teknolojii, sona wal-guutiinsa itti fayyadamiinsaa fi itti qanani'uu fa'a.

## Xumura kitaabaa

Haala gubbatti ibsine kanaan, toowhiida (tokkichummaa Rabbii) jechuun wanta baay’ee guddaa fi gati-qabeessa bu’uurri isaa mul’ata Islaamni Rabbii uumaa waan hundaa ta’eef qabu irratti hundaa’eedha. Amantiin namaa isaan sirraaya. Jireenyaa fi xiinxala namaa keessatti bu’aa fi taateen inni argamsiisus isaan beekkama. Qulqullinni (lubbuu) wanta guddaa sadarkaan isaa ol’aanaa ta’e kan ilaalcha Islaamni ilma namaa Rabbi dachii irratti bakka bu’aa godheef qabuun wal-qabata. Qulqullina kanaan amalli namaa, tattaaffiin amala kana gara sadarkaa qulqullinaatti ol-guddisuun qulqullina qaamaa, sammuu fi qalbii fiduu, amalaa fi akkaataa haala namaa, qabeenyaa fi mallaqa isaa keessatti, seeraa fi hariiroo inni dhuunfaa fi hawaasa waliin qabu keessatti amala namaa ittiin madaaluuf gargaara.

Ijaarsi madaala guddaa mul’ata Islaamni hojii namni hawaa keessatti bakka buufame hojjatu ittiin madaalaniidha. Akkasumas ijaarsa kanaan gatiin jireenyi umrii nama dhuunfaa, garee ykn ummataa keessatti qabu ittiin beekkama. Ammas ijaarsuma kanaan gatiin tattaaffiiwwanii fi bu’aawwan qarooma ijaarsaa kan namni dhuunfaan ykn gareen ykn ummanni argamsiise ittiin madaalama.




**Hariiroo seeronni safuulee ol'aanoo amantii, Ilma namaa fi namummaa waliin qaban**

Wanti haasoyni nuti waa'ee toowhiidaa, qulquullina lubbuu fi ijaarsaa irraa dubbanne dheerateef, yaad-rimeewwan sadan Qur'aanni dubbate kun guddaa ta'uu isaa mirkaneessuufi. Kanuma waliinuu waa'ee toowhiidaa ilaalchisee yaada warra afaanii (Al-kalaam) irraa waan muraasa, quqlullina lubbuu ilaalchisee yaada waarra suufiyyootaa fi ijaarsa ilaalchisee immoo magaalummaa ykn qarooma irraa haga muraasa qofa

dubbanne. Akeekota sadan kana ilaalchisee, haga muraasa qofa dubbanne yoo jennu, sadarkaa rakkoo furuu isaan qaban akka salphaatti fudhanne jechuu miti. Yeroo tokkoo ol irra deddeebinee yaad-rimeewwan sadan kunniin safuulee ol'aanoo tokkoo tokkoo isii irraa safuun dameen irraa fottoqu ta'uu isaa, dirree saayinsii fi beekkumsaa keessatti, gama amalaa fi shaakalliitiin, dirreewwan jireenyaa ijaaruu fi tooftaa isa guddisuu keessatti ibsa mataa isaa kan qabu ta'uu dubbannee jirra.

Ammas irruma deebi'uun, safuuleen sadan kun tokko isa kaan waliin hidhata cimaa akka qabu cimsinee himna. Toowhiinni (tokkichummaan Rabbii) argama kana keessatti dhugaa guddaadha. Toowhiinni dhugaa gatii isaa matama ufii irraa argatuudha. Ilmi namaa haala uumamaa waliin wal-fudhachuu yoo barbaade, qulqullaayuun isa irratti dirqama. Gabbara Rabbiif qofa hallanyeessuu qaba. Rabbi gooftaa namaati (*toowhiid Al-Ubuudiyyaa*-tokkichummaa gabbartii), Rabbii namaati (*toowhiida Rubuubiyyaa*), akkasumas mootii namaati (*Toowhiida Al-Haakimiyyaa* –tokkichummaa waa murteessuu). Kan qulqullaayuu qabu ilma namaa Rabbi dachii keessatti bakka bu'aa godhe kana. Innis haala jireenyaa keessatti akka Rabbiin tokkichi itti nama ajajetti jijjiirama barbaachisu fiduudha. Kanaafuu qulqullini kaayyoo fi tooftaa ijaarsaa waan taateef kallattiin hundee ijaarsa hawaasummaa fi namaa keessa seenti.

Safuuleen sadan kun waliin ta'uun burqaa sababa Rabbi uumama kana uumeef ibsu ta'anii argamu. Akkasumas sirna safuulee ol'aanoo kan safuuleen ijoo fi dameelee taate hunduu irraa fottoqxuudha. Kanuma waliinuu, safuuleen sadan kunniin

dhugaa fi haala qabatama dhimmootaa ibsu malee wanta dhugaan ala jiru ykn wanta isa irratti dirqama ta'e kan ibsanii miti.

Bakkee biraatti[47], safuuleen sadan kunniin safuulee imaammata (adeemsaa) ol'aanoo ta'anii hojii adeemsaa dirree xiinxalaa, qorannoo fi amalaa irratti jiru akka karaa sirrii irratti qajeelchan dubbannee jirra. Safuulee ol'aanoo fi hojii adeemsaa kan walitti hidhu qabxiilee armaan gadii kana akka ta'e dubbannee turre:

**Tokkoffaa**: Sirna safuulee ol'aanoo sadan kana hojii irra oolchuun sona adeemsa Islaamawaa keessaa sona walii galaa bakka bu'a.

**Lammaffaa**: Safuuleen tun safuulee hafan hundaaf ulaagaalee fi seera bu'uuraati. Kunis sadarkaalee xiinxala isii fi ilaalcha amantii walii galaatti ykn sadarkaalee adeemsa xiinxalaa, qorannoo fi amalaa keessatti akka seeraa fi ulaagaatti fayyada.

**Sadaffaa**: walitti hidhamiinsi kun geengoo 'Naamusa adeemsa saayinsiiwaa qorannoo keessatti'jedhu bal'isuu fi kaayyoowwan adeemsa Islaamaa kan walii galaa fi tooftaalee isaatiin walitti hidhuuf gargaara.

Kallattiiwwan safuulee ittiin barbaadan keessaa tokko; dhuma kitaaba ykn qorannoo namani tokko qopheessee irratti gatii barruu ykn qorannoo sanii barbaaduudha. Sunis kan ta'eef, qabiyyeewwan gatii barruu sanii dabaluuf dhuma irratti barraayan, qorataa biraatiif qorannoowwan ykn kitaabota biraa qopheessuuf akka seensaatti waan fayyaduufi. Qabiyyeewwan

---

[47] - Malkaawii, Fathii Hasan: Manhajiyyatu Attakaamul Al-Ma'arafii, Heyrandan: dhaabbata addunyaawaa xiinxala Islaamummaa, bara 2011, fuula 250.

sunis waan qorataan sun osoo guututti hin xumurin dhiise ta'uu mul'isa. Ilmi namaa dhimma kamiyyuu keessatti jecha ykn qorannoo isaa guututti xumuruun ni mijataafi?

Kanaafuu, dhimma qorannoo kitaaba kanaa irratti wanti addaan bayamee ibsamuu qabu, safuuleen garee sirnoota safuulee ol'aanoo sadan san irraa fottoqan haala kamiin fofottoquu danda'u ka jedhu ibsuudha. Akkasumas safuuleen ijoo fi kan isa irraa dameelee biraatti bayu kunniin haala kamiin walitti dhufu ykn wal-qunnamuu danda'u ka jedhu. Ammas mata dureelee fuul-duratti qorannoo irratti gaggeessuun danda'amu keessaa tokko sirnoonni safuulee ol'aanoo kun tattaaffiiwwan dammaqina qarooma Islaamawaa fiduuf taasifamu keessatti hagam takka waan silaa bocni caaseffama safuu barbaadu of keessatti hammachuuf gahumsa akka qabu qorachuudha. Akkasumas sirnoonni safuulee kun caaseffama safuu kan qarooma ammayyaa karaa sirrii qabsiisuuf dirqama ta'e, bakka dhabamiinsa caaseffama safuutti qarooma namaa kan egaree fashala isa eeggatu irraa baraaruuf hagam takka gahumsa akka qabu ilaaluudha.

Wanti hafe, seensa kitaaba kanaa irratti balballi sirnoota safuulee ol'aanoo irratti qorannoo gaggeessuu yoomiyyuu banaa ta'ee hafa jennee turre. Balballi kun ibsa dabalataa kennuuf, keessa deebi'anii ilaaluu fi irra deebi'anii hubachuuf banaa ta'ee hafuu qaba. San keessaa furmaata ilaalchaa, dhimmoota hojiin agarsiifaman irra deebi'anii bocuu, fakkeenya hojiin mul'ifamu kan hojiiwwan guddisaa hojjatu, kan irraa barachuuf nama tajaajilu lafa kaayuu fa'a. Rabbiin waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye, qorattoota qabxiilee dubbanne kana keessaa

garii isaa irratti akka qorannoo godhaniif haala isaanii laaffisutu mala.

Karaa sirritti ka nama qajeelchu Rabbi. Nagayaa fi tolli Rabbii nabiyyii keenna Muhammadiin, maatii isaanii fi hiriyyoota isaanii hunda irratti haa jiraatu. Galanni ka Rabbii waan hunda uumeeti.

# Kitaabni Kun

Namoonni baay'een aqiidaa fi haalli jireenya isaanii gara gara ta'uu irratti walii galu. Akkasumas jireenyi ilma namaa kun safuulee baay'ee fuulleffannaa fi amala ykn ilaalcha isaa qajeelchaniin deeggaramuu akka qabu irrattis walii galu. Safuuleen ilmi namaa jireenyi isaanii irratti gadi dhaabachuu qaba jedhanii irratti walii galan maal fa'a? safuuleen kun haala kamiin wal-utubanii safuulee walii galaa kan wal-guutan bocuu danda'u? sadarkaalee safuudhanii kana akkamitti beeynee duraaf duuba fi sadarkaa barbaachisummaa isaanii tartiibessina? Akkamitti safuuleen gariin dameedha, isa bu'uuraa irraa fottoqan jennee murteessina? Duraaf duuba safuulee kanaa beekuu fi isa damee fi isa ijoo (bu'uuraa) addaan baafnee beekuuf ulaagaaleen jiran maal fa'a?

Akka ilaalcha Islaamummaan addunyaaf qabuutti, toowhiinni (Rabbiin tokkochoomsuun), lubbuu (keessoo) ufii badirraa qulqulleessuu fi dachii misoomsuun (ijaaruun) seerota safuulee gurguddoo safuuleen biraa isarraa fofottoqan yoo ta'e, dhimmoota ilaalchaan (aqiidaan) wal-qabatan irratti seeronni kunniin akkamitti jireenya namaa too'achuu, guddina ilama namaa sirreessuu, eenyummaa ilma namaa bocuu, seerota jireenya hawaasaa, diinagdee fi siyaasaa ijaaruu fi hariiroo hawaasni tokko hawaasa isa biraa waliin qabu murteessuu danda'u? seerota kanaaf wanti amala namummaa idil addunyaa raggaasisu hoo maali?

Kitaabni kun Qur'aana wabii godhachuun gaafiiwwan armaan olii kanaaf deebii kennuuf yaalii taasisee jira.